مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# الإسلام والتنمية الاجتماعية

الدكتور/ محسن عبد الحميد

# ISLAAMUMMAA FI MISOOMA HAWAASAA

Qopheessaan:
Dr. Muhsin Abdulhamiid

Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# الإسلام والتنمية الإجتماعية

## الدكتور محسن عبد الحميد

# ISLAAMUMMAA FI MISOOMA HAWAASAA


## Qopheessaan:

## Dr. Muhsin Abdulhamiid



**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/73**

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Maqaa Rabbii akkaan tola oolaa ta’ee fi akkaan mararfataa ta’eetiin jalqabna.

Faaruun kan Rabbii addunyaa hunda uumeetii, rahmataa fi nageenyi ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta’e irratti haa jiraatu.

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ العلق: 1-5

Maqaa Gooftaa keetii Isa waa hunda uumeetiin dubbisi, Isa (kan) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume, haala Gooftaan kee hunda irra Arjaa ta’eetiin dubbisi. Isa qalamaan barreessuu barsiise sani.(kan) ilma namaa waan inni hin beekne barsiise.

وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ٧٨ النحل: 78

Yeroo Rabbiin garaa haadha teessanii keessaa isin baasu homaa hin beektan ture, ergasii boooda akka isin galatoomfattaniif dhageettii, argaa fi onnees isinii godhe.

Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idila Addunyaa

Hirindan, Varjiiniyaa, Ameerikaa

1995

Mirgi maxxansaa fi raabsaa seeraan eeggamaadha.

Dar Alfiker for translation publication and scientific research dhaaf seeraan eeggamaadha.

Finfinnee - Ethiopia

2018-10-06

## Baafata

**Maxxansa------------------------------------------------------------------6**

**Seensa:-----------------------------------------------------------------------8**

**BOQONNAA TOKKO:-----------------------------------------------------16**

**DURSA---------------------------------------------------------------------16**

**BOQONNAA LAMMAFFAA-----------------------------------------------31**

**Adeemsa Islaamummaa------------------------------------------------31**

**Ijaarsa Adeemsa Islaamummaa-------------------------------------35**

**Dhimma Hawaa, Uumaa, Nabiyyummaa, Guyyaa Xumuraa Fi Ilma Namaa------------------------------------------------------------35**

**Wantoota Adeemsa Islaamummaa Adda Taasisan-----------38**

**BOQONNAA SADAFFAA---------------------------------------.--------45**

**Namaa fi Misoomaa-----------------------------------------------.-----45**

**BOQONNAA AFRAFFAA-----------------------------------------------..-90**

**Shari'aa Islaamaa keessatti Gahee Seerri Walii Galaa Misooma Irratti Qabu-----------------------------------------…----90**

**Sirna Rabbiin Gabbariinsaa fi Gahee Inni Misooma Keessatti Qabu-------------------------------------------------------------…..--93**

**Sirna Hawaasummaa Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu-------------------------------------------------------103**

**Seera Siyaasaa Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu------------------------------------------------------------------111**

**Sirna Diinagdee Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu------------------------------------------------------------------125**

**Gahee Sirni Murtii Islaamaa Guddina Keessatti Qabu-----158**

**Gahee Sirna Adabbii Islaamaa Guddina Keessatti Qabu---169**

**Gahee sirni Waraanaa fi Nagayaa Islaamaa Guddina Keessatti Qabu-------------------------------------------------------173**

**Gahee Sirna Baruu fi Barsiisuu Islaamaa Guddina Keessatti Qabu------------------------------------------------------------------190**

**Gahee Seerri Naamusa Islaamaa Guddina Keessatti Qabu…………………………………………………………………..203**

**Maxxansa**

Faaruun kan Rabbii addunyaa hunda uumeetii, rahmataa fi nageenyi ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta’e irratti haa jiraatu, akkasuma warra isaa, hiriyyootaa fi namoota hanga guyyaa xumuraatti karaa isaa qabatan irratti nageenyi haa jiraatu.

Dhaabbata xiinxala Islaama idila addunyaa yeroo kitaaba bareedaa kan barsiisaan yuuniivarisiitii Bagdaad barsiisan qoheessaan kana dubbistoota arabaatiif maxxansu gammachuu guddaatu itti dhagahama. Barsiisaan kuni yuunivaristiilee biyyoota arabaa fi Islaamaa keessa jiran naannawuudhaan hedduu isaanii daawwatee jira. Ammas barreessaan kitaaba kanaa hayyuu ammayyaa Muslimtootni damee xiinxala Islaamaa irraa qaban waan ta’aniif qorannoowwanii fi kitaabotaa isaaniitiin dameelee xiinxala Islaamaa fi dhimmoota ummanni itti haajaman hedduudhaan manneen kitaaba Islaamaa duroomsanii jiru. Kitaaba kana duraa mata duree *“Adeemsa Jijjiirama Hawaasaa Islaamummaa keessatti”*, jedhu barreessanii turan.

Akkasuma kitaaba “*Adeemsa Islaamummaa Fi Jijjiirama Qaroomaa*” jedhus maxxansiisanii jiru. “*Burjaaja’iinsa Hayyootni Ammayyaa Islaamummaa Irratti Qabanii*” fi kitaaba “*Xiinxala Islaamaa Haaromsuu*” jedhus barreessanii turan. Dabalataanis qorannoowwanii fi qo’annoowwan dameewwan xiixalaa adda addaa irratti kitaaboota gara garaa barreessanii jiru. Hayyuun kuni barreessaa cimaa fi qorataa jabaa waan ta’eef qorannoowwanii fi qu’annoowwan isaa yeroo amma nu keessa

jirru kanatti dargaggoota Islaamaaf xiinxala akkaan barbaachisaa ta'e dabalaafii dhufe.

Dhaabbanni xiinxala Islaama idil-addunyaa kana irraa ka'uudhaan kitaaba hayyuu kanaa dubbiftoota qorannoowaanii fi barruulee dhaabbatichi barreesse dubbisaniif kitaaba mat-duree "*Islaamummaa Fi Misooma Hawaasaa"*jedhu kana maxxansee jira. Namoonni kitaaba kana dubbisan cimina isaa, adeemsa garrii fi yaada bareedaa irratti hundaa'ee akka barreeffame arguu ni danda'u. Kunis sochiilee xiinxalaa hedduu demeelee adda addaa keessatti qajeelaan fayyada. Dameelee sanniin keessaa: dameelee xiinxalaa fi garee beekkumsa (Mazhaba) Islaamaa kaasuun ni danda'ama.

Rabbii guddaa fi qulqullaa'aa ta'e akka abbaa kitaaba kana barreesseef tola gaarii kennuu fi tattaaffiin isaa kuni Muslimtoota fayyadu ni kadhanna, Rabbiin nama isa kadhateef Dhagahaa fi Awwaataadha.

Dhaabbata Xiinxala Islaama Idila Addunyaa

**Seensa**:

Faaruun kan Rabbii addunyaa hunda uumeeti, rahmataa fi nageenyi ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta'e irratti haa jiraatu. Cufuma warra fi hiriyyoota isaanii irrattis nageenyi haa jiraatu.

Yeroo ammaa kanatti guddiinni cimaa fi daddaffiin hedduu jiruu qaroomaa fi hawaasummaa keessatti mul'ataa dhufee jira. Adeemsa aartii, barnootaa, industirii, abuurraawwaan adda addaa, teeknoolojii ammayyaa kan seera jiruu keessa kaawame abuurtee, gammachuu ilmi namaa dameelee adda addaa keessatti dabale of keessatti hammatee wantoonni hedduun jijjiiramaa dhufanii jiru.

Qorattoonni jijjiirama guddaa jiruu ilma namaa keessatti argame kana qorachuudhaan jijjiiramoota seenaa dhala namaa keessatti galmeeffamaniin wal bira qabanii ilaalanii jiru. Akka firiin qorannoo kanaa ibsutti wantootni jaarraalee xumuraa kana keessatti argman dachaa hedduun jijjiiramoota seenaa ilma namaa dheeraa darbe keessatti argaman caalanii jiru.

Guddinoota sanneen keessaa wantoonni adda dureedhaan dubbataman, misoomni qarooma hawaasaa baldhachaa dhufuudha. Kunis hariiroo ilmi namaa namoota biraa wajjiin godhu, amala fi sirna jiruu hawaasummaa irratti dhiibbaa guddaa fidee jira. Dubbiin kuni ta'uu kan danda'een, misooma kana keessatti seerri jiruu akka isiin badhaadhinna fiddee, dhiibbawwan diigamsaa, wallaalaa, beelaa fi dhukkubaa balleessitu erga raggaasifamanii booda. Hawaasa misoomni

keessatti dagaage biratti gara damee qabeenyaatiin firiiwwan argaman hedduu nama boonsu.

Garuu akka muuxannooleen adda addaa argisiisanitti firiiwwaan misoomaan argaman kunniin fedhii ilma namaa qajeelatti guutuu hin dandeenne. Bakki duwwaa hafte akka jirtu beekkamaadha. Sababni isaa dhimmi namaa qabeenya qofa waan hin taaneefi. Qabeenyi dhimma dimshaasha ilmi namaa barbaduuti. San keessaa dhimma hamilee yoo taatu, innis wantoota ilma namaa bineensotaa fi uumama biraa irraa adda isa taasiftu keessaa isa duraati.

Kanaaf misoomni qarooma ammayyaa bifa wahiitiin dhala namaa kan tajaajiles ta'u, garuu burjaaja'iinsa lubbuu, hafuuraa (ruuhii), hawaasummaa fi amala gaarii keessa galcheenii jira. Kana jechuun misoomni ammayyaa kuni adeemsa isaa qabeenyaa irratti qofa xiyyeeffachuun rakkoo ilmi namaa mataa isaa waliin qabu kan namoota biraan wajjiin qabus furuufi hin dandeenne. Namoonni kunniin garaa garummaa amantii, bifaa, xiinxalaa fi sanyii kan qabanis ta'uu danda'u. Sababni isaas misoomni kuni nama dimshaashessitee (bifa walii gala ta'ee) namummaa isaa guutuudhaan hin fudhanne.

Gara biraatiin misoomni ammayyaa adeemsa qabeenyaa qofa irratti kan hundoofte tuni ilma namaa fi jireenya isaa guyyama tokkollee hin kabajne. Inumaayyuu dhugummaa namaa beekuuf yaalii hin taasifne,

Asi irratti hayyuun biyya Faransaay *Aleksii Kaariil* akkana jedhe:

*'Ilmi namaa madaala waan hundaa ta'uu qaba. Garuu qabatamni faallaa kanaati. Ilmi nama addunyaa ofii uume keessatti keessummaadha. Duniyaa isaa mataa ofiitiin tartiibessuu hin dandeenne.Sababni isaas beekkumsa barnootaatiin haala ofii waan hin hubatiniifi. San booda guddinni saayinsiin lubbu dhabeeyyii sayiinsii lubbu qabeeyyii irratti fide. Rakkoolee dhalli namaa keessaseene irraa tokko. Naannoon sammuun teenna abuurtee fi dhalte dhaabbata keenyaafis ta'ee ijjannoo keenyaaf mijooftuu miti. Nutu ummata hoongooti, sababni isaas sammuu fi amala gaariidhaan waan diigamaa jirruufi. Garee fi hawaasni qaroomni industirii guddina jabaa bira gahe, ibsa qajeelaa ta'een yoo ibsine hawaasa gara dadhabinaa fi kufaatiitti deemaa jiruudha. Sunis gara garaa jabeenyaa fi badiinsaatti isaan jijjiiraa dhufa. Garuu sababa beekkumsi naannoo isaanii marsee jiruu fi wanti diinummaa kana irraa isaan tiiksu hin jirreef, rakkoo jiru hubachuun xiqqoo nama rakkisa'*

Shakkii tokko malee sababni misoomni ammayyaa nama gammachiisuu dadhabeef, sirna qaroomaa misooma kana duuban jirutti deebi'a. Qaroomni kunis qabeenya qofa irratti waan ijaarameefi. Namas akkuma bineensota birootti waan lakkaaweef. Kunis tiyoorii jijjiiramaa fi tiyoorii hawaasumaa dameelee adda addaatti jaarra ammayyaa kana qoodaman irrayi. Kanaaf xiinxallitoonni, falaasamoonnii fi hayyoonni warra dhihaa sirna qaroomaa misooma ammayyaa masaku qeequun sirrii akka hin taane mirkaneessanii jiru. Isaan keessaa hayyuu *Gaaroodii* jedhamuudha. Innis qarooma warra dhihaa ilaalchisee akkana jedhe:

“- *Qaroomni warra dhihaa fedhii nama dhuunfaa irratti hundoofti, yeroo hunda bu’aa fi ol’aantummaa mataa ofii argamsiisuuf addunyaa fi qarooma hunda barbadeessuu irraa of duubatti hin deebitu, kunis saayinsii fi teknoolojii mataa isaanii fayyadamuuni*.

- *Ilaalcha seekulaarizimii irratti waan hundooftuuf sammuun waan hundaahuu ni hiika jettee amanti. Rokkooleen biroo rakkoo amantii faayidaa hin qabneedha.*

- *Qaroomni kuni hanga har’aatti kaayyoo ilma namaa sirrii ta’e lafa hin keenne, ykn tooftaalee kaayyoo kanniinitti geessan beekuu hin dandeenne.*

- *Kanaaf qaroomni kuni ilma namaa gara dalagaa fi waan dalage soorachuu qofatti qajeelcha, xiinxala immoo gara cullummaa meeshaa teknoolojiitti qajeelcha, kanaaf namni jaalala, miira, fi amantaan akka dhabu ta’ee jira. Sababa kanaaf qaroomni kuuni of ajjeesutti dhihaatee jira.*

- *Amala qarooma kana ilaalchisee erga haasawa dheeraa kana taasisee booda, xumura irratti hayyuun kuni haalli hawaasummaa industirii irraa burqu kuni, dhala ilma namaa gara balbala cufaatti geessaa jira.”* jedhee murteesse.

Qaroomni warra dhihaa kuni yoo akka inni qabeenya irratti hundaa’uu isaa itti amanne taate, akkasuma damee diinagdee qofa yoo xiinxallite, akka bu’aan tokkollee hin jirre argita. Sirna dinagdee kaappitaalizimii keessatti gabaa dhuunfachuudhaan bu’uura amantii, miira dhala namaa, amala gaarii fi sona hawaasaatiif gatiin tokkollee hin kennamuufi. Sirna

Sooshaalizimii keessatti immoo jiruu diinagdee hunda mootummaatu too'ata, namni kamiyyuu waa dhuunfachuu hin danda'u, fakeenyota lamaan sirna diinagdee hawaasa warra dhihaa kana biyyoota Islaamaa keessatti hojii irra oolchina jedhanii yaaduun rakkoo guddaa fida. Kana kan jenneef tiyooriin (yaddidi) miisooma ammayyaa warra dhihaa dogoggora isaa wajjiin gara biyyoota Islaamaa dhufuu waan eegaleefi. Kunis kan hojii irra oolfamuuf yaadamaa jiru hawaasa jijjiirama seenaa fi ijaarama qarooma isaaniitiin ummata warra dhihaa irraa adda ta'an keessatti.

Hayyoonni fi xiinxaltoonni hedduu waggoota kurnan darban keessa rakkoo kana hubatanii turan garuu ilaalchi ifa bahuu dhabuun, marsaa qarooma warra dhihaa keessatti dhalatanii guddatan irra waan naannawanii fi misoomaaf karoora cimaa kaahuu dhabuun, adeemsa guutuu waa'ee misoomaa ibsu, hundeen isaa amantaa, qarooma Islaamaa fi haala hawaasa Islaamaa of keessatti hammate bira gahuun dadhabamee jira.

Sababa kanaaf qorattoonni waa'ee qarooma fi aadaa Islaamuma qarannoowwanii fi qo'annoowwan gara garaa kallattii dogoggoraa kana sirreessuu irratti xiyyeeffatu taasisuu irratti argamu. Kunis hundee Islaamummaa, bu'uura shiri'aa, seenaa Islaamaa keessatti bakkeewwaan burqaa xiinxala Islaamaa ta'an irraa ka'uudhaani.

Waggoota darban keessa tattaaffilee sanniin akka jabeessuu qabnuu fi waan hafe itti guutuu akka qabnu yaadaa ture, kanama irraa ka'uudhaan qorannoolee kiyya dhimmoota jijjiiramaa,

haaromsaa fi misoomaa irratti akka xiyyeeffatan taasise, qoronnoolee hedduu gaggeese keessaa qorannoo mat-duree *“Islaamummaa Keessatti, Adeemsa Jijjiirama Hawaasaa”, “Burjaaja’iinsa Hayyootni Ammayyaa Islaamummaa Irratti Qabanii”, “Adeemsa Islaamummaa Fi Jijjiirama Qaroomaa”,“Xiinxala Islaamaa Haaromsuu”*jedhuun maxxansiisee baasee jira.

Kutaan xumura qorannoowwan kana: Qorannoo jajjabina adeemsa misooma Islaamaa akka taatuuf yaadaa jira, qorannoo kana keessatti kan irratti xiyyeeffatamu damee misoomaa irratti karaan Islaamumaa fi sirnoonni shari’aa walii gala maal gumaachuu akka danda’an baldhinaan kaafnee irraa dubbachuu barbaanna.

Kitaabni amma harkaa qabdan kuni qarannoowwan sanniin lafa qabsiisuuf kan maxxanfameedha. Mata dureewwan isaa adeemsa Islaamummaa bu’uura kan godhateedha. Kunis duudhaa xiinxalaa cufaa fi adeemsa fiqhii dhiphataa irraa fagaateeti. Akkasuma yaada namoota dhuunfaa yeroon murtaawus of keessatti hin hammatu. Kanaaf wanti nu irratti hundoofnu namni Muslimaa lama kan bu’uura Islaamaa, seerotaa, dhugummaa wantoota Qura’aanaa fi hadiisa keessaa hubate irratti wal hin dhabne irraa kaana.

Xumura seensa kanaatti wanti ani jedhu: Misoomni hawaasummaa hiikkaa isaa walii gala kanaan kaayyoo hawaasa muslimaa yoo kan guutu taatee, wantoonni gaarii hin taane akka walitti hin tuulamneef qarqaara. Kunis hawaasa keenya irratti jaarraalee hedduuf tuulamee ture, yoo rakkoo kana injifannee,

yeroo ammaa kanatti qarooma jabaa sammuu beekkumsaatti gargaaramteen socho'u uumuun ni danda'ama.

Lubbuu ilma namaa keessatti hundeen Islaamummaa hanga har'aatti maliif cimtuu taatee argamtii? Sababni isaa amantaa hawaasaa, xalayaa qaroomaa, seera ruuhii fi amala qabeessa waan of keessatti hammateef. Bakkeewwan jajjaboo hunda irratti sadarkaa adda addaatiin hawaasa iimana irratti leenjisuun, dhugummma Islaamummaa hubachiisuun, hafuura shari'aa, qaroomaa fi adeemsa beekkumsa isaatiin walitti hidhuuf yaaluun, akkasuma sirna bulchiinsa isaa wal xaxaa, safuu amala gaarii fi sona lubbuu jabduu akka qabaatan taasisuun, hawaasa Islaamaatiif sochii fi cimina isaa deebisuufii ni danda'a.

Onnee ijoollee Islaamaa keessatti damee hundaan hawwii karaa Rabbii keessatti wareegamuu biratti uuma. Kunis gara tokkoon dalagaan misooma hawaasummaa fi qaroomaa akka fiixa bahu taasisa. Gara biraatiin immoo ummanni Islaamaa kuni hirribaa ka'ee, kabajaa fi madaala jiruu isaa deeffachuun wantoota naannoo isaa jiru hubatee, sochii barnoota addunyaa irraa waan gaarii inni qabu fudhachuudhaan tokkummaa xiinxala isaa argamsiisuun qarooma fuul duratti isaan eeggatu akka ijaarataniif qarqaara.

Hawaasni Muslimaa hundi dalagaan guddaan Rabbiin gabbaruu ta'uu yoo hubatan, hawaasa tajaajiluuf socho'uun amantii ta'uu yoo beekan, yoo bira dabarsanii fi hanqisan kan gaafataman ta'uu yoo hubatan, dalagaa kana guutuu fi ijaarsa haarawa ijaaruuf hawwii fi si'aa'inni guddaan isaan keessatti

uumama. Kunis kan ta’u damee jiruu hunda keessatti misooma dimshaashaa irratti xiyyeeffatanii yoo dalaganiidha.

Bagdaadii Magariisa – Ganda Ga’umsaa

Bara 17/6/1986 (ALA)

**BOQONNAA TOKKO:**
**DURSA**

Barri nuti keessa jiraannu kuni bara jiruu ilma namaa keessatti jijjiiramni guddaa dhufeedha. Kunis yaalii jijjiirama mataa ofii, jijjiirama ibsa ofii fi jijjirama hariiroo qaama alaa waliin qabnuu of keessatti hammata.

Bara keenya kana jiruun ilma namaa guddina daangaa hin qabne guddattee jirti, guddinni kunis qajeelfamaan ykn tasuma kan dhufe ta'uu danda'a. Akka walii galaatti jijjiiramni kuni firii rakkoolee addunyaa keenya keessatti uumamtee ta'uunshakiin hin jiru.

Qorattoonni dhimmoota mul'atanii fi gubbaa irra jiran qofa ilaalan, seera uumaa fi hawaasummaa, sochii dhala namaa kana masaku irratti hedduu hin xiyyeeffatani. Kanaaf qorannoon isaanii haala jiruu hawaasummaa irraa yoo dubbatan, rakkoolee dhokattuu ta'an gadi fageenyaan hin ibsan.

Haala kana namni gadi fageenyaan yaadu fi qoratu, sammuun isaa qorannoowwaan gadi fageenyaan hin qoratamin isa hin amansiistu. Namni xiinxalaan tokko rakkoo tokko hubatuuf gadi fageenyaan sababa rakkoo sanii qorata. Akkuma beektota damee saayinsii hawaa, rakkoo fi sababoota duuba deeme daakuu barbaada. Qorannoo isaa kanaan dhugaa waan mul'atan boodaan jiruu qoratee beekuu barbaada. Kunis seera sochii fi si'aa'ina qaama isaa keessa jiru baasuuf isa qarqaara.

Yoo dubbii dhugaa kan jennu taate sammuun cimtuugara kallattii kanatti nama geessiti. Wanti sammuun namaa hin

fudhanne akkamitti hawaan kuni guutuun seera sochii isaa, tartiibaa fi dhimmoota isaa murteessuuf jilbiiffataa kan jedhuudha? orgaanizimoota irraa ka'ee hanga orgaanikootaatti, xiqqaa irraa ka'ee hanga guddaatti, yoo akkas ta'ee argamu dhalli ilma namaa sirna jiruu kana akkamitti arguu didee? Akkamitti tasgabbiin dhabamee?Seerri adeemsa isaa sirreessu akkamitti hin jirree? Sochii namaa qaamni too'atu akkamitti dhabamaa? Karoorri jajallina kana sirreessu akkamitti hin jirre? Sababoota wantoonni kunniin ta'aniif ni beekna moo hin beeknuu?

Dhugaa hawaasummaa armaan olitti kaafne kana barri ammayyaa hedduu itti hin dhimmamu, amala isaatiis miti. Barreessitoonni Muslimaa dhimma kana ilaalchisanii hedduu barreessanii jiru. Isaan keessaa beekkamaanii fi gadi fageenyaan dhimma kana kan barreesse hayyuu Ibnu Kulduun jedhamaniidha. Isaanis akkana jedhan:

*"Aartiin seenaa aartii dhaloonni dhaloota irraa dhaalaa fudhatuudha. Seenaa beekuuf namoonni yaabbatanii imala bahanii barbaadu, namoonni dhama'oo fi beekkamoonis bifa wal-qixaatiin seenaa biyya ofii beekuu barbaadu, seenaan mootummoonnii fi abbootiin taaytaa kan irratti wal dorgomaniidha, seenaa hubachuu keessatti hayyootaa fi wallaltonnis waluma qixa. Seenaan gubbaa kana yoo ilaalan oduu guyyaa, biyyootaa fi taateewwaan jaarraa darbe keessa ta'an bira hin darbu. Jechoonni; isa keessatti dagaaganii, mammaaksonni isa keessatti uumamanii, wal-tajjiiwwan isaan gaggeeffamanii, yoo seenaan guuttamee jedhe, akkamitti haalli*

*isaanii akka jijjiirame nutti kennama, seenaan biyyootaa, daangaa fi dameen isaa babaldhatee jira. Mootummoonni Hanga guyyaan du'a isaanitti dachee tana ijaaranii misoomsanii san booda irraa goodanankanaaf gara seenaa keessa siyaasaa, dhugaa fi ilaalcha mariituu jira. Seenaan rakkoo lubbu qabeeyyiis addaan baasee lafa kaaya. Taateen takka akkamitti akka argamte sababa gadi fageenya qabu waliin ibsa. Kanaaf seenaan mala keessatti bu'uura waan hundaati.)*

Hayyuun kuni kitaaba isaa "*seensa"* jedhamee beekkamu keessatti bifuma armaan olitti dabarsine kanaan xiinxala gadi fageenyaa, seera biyyaa, karaalee fi haala jireenyaa, taateewwanii fi misooma ibsee jira. Sababa kanaaf hayyuu kana qorattoonni Muslimaa fi kan biroos *Filoosoofa Seenaa fi hundeessaa saayinsii Hawaasummaa* jedhanii moggaasanii jiru.

Qur'aanni kabajamaan dhugaawwan hawaasummaa fi uumamaa kanniin keeyyatoota isaa keessatti bakka hedduutti galmeessee jira. Kunis dhala namaatiif iccitii sochii jiruu isaanii fi hawaasa isaanii akka beekan taasisa. Keeyyanni muuxannoo ifa galaa kana keessatti akka jallattanii hin dogoggoree fi jiruu garee fi dhuunfaas yoo jalqaban bifa sirrii ta'een akka jalqabaniifis isa qarqaara.

Hayyuun ibnu Kulduun jedhaman kuni yeroo hundaahuu, dhugaa wanta tokkoo beekuuf yoo barbaadame gara seenaa fi taateewwaniitti akka deebi'uu qaban dhaamee ture. Kuni immoo badhaadhina Rabbiin ilma namaatii kenne sammuu fi xiinxala yoo fayyadaman malee hin ta'u.

Yeroo Rabbiin jecha isaa keessatti yaahuudaa Madinaa keessa jiraatan xumura ijjoollee Nadiira akkana jedhee ibsu

﴿ هُوَ ٱلَّذِيٓ أَخۡرَجَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡ أَهۡلِ ٱلۡكِتَٰبِ مِن دِيَٰرِهِمۡ لِأَوَّلِ ٱلۡحَشۡرِۚ مَا ظَنَنتُمۡ أَن يَخۡرُجُواْۖ
وَظَنُّوٓاْ أَنَّهُم مَّانِعَتُهُمۡ حُصُونُهُم مِّنَ ٱللَّهِ فَأَتَىٰهُمُ ٱللَّهُ مِنۡ حَيۡثُ لَمۡ يَحۡتَسِبُواْۖ وَقَذَفَ فِي قُلُوبِهِمُ ٱلرُّعۡبَۚ
يُخۡرِبُونَ بُيُوتَهُم بِأَيۡدِيهِمۡ وَأَيۡدِي ٱلۡمُؤۡمِنِينَ فَٱعۡتَبِرُواْ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَبۡصَٰرِ ٢ ﴾ الحشر: ٢

*Inni isa abbootii kitaabaa irraa isaan kafaran, godaansa jalqabaatiif gandoota isaa irraa baaseedha.bahuu isaanii isin hin yaadne turtan, isaanis da'oowwan isaanii Rabbiin nurraa dhoowwa jechuu yaadani, Rabbiinis bakka isaan hin yaadin irraa isaanitti dhufee, onnee isaanii keessatti soda darbe, manneen isaanii harka isaanii fi harka warraa Rabbitti amaneetiin diiganii onsan; yaa warra sammuu qabdan mee xiinxalaa!(Al-hashir 59:2)*

Asitti Rabbiin hasawa isaa xumura irratti warri sammuu qabdan xiinxalaa jedhee xumure.

Qur'aanni kabajamaan yeroo hunda ilma namaa kan yaadachiisu, Rabbii guddaa diduun, dhala namaa keessatti wantoonni badaan wal duraa duubaan akka dhufaniidha. Rabbii dhala nama hundaa iimaana irratti uume, uumaa balleessuun haala ilma namaa jallisuudha. Ilma namaa bakka jallinaa, dhukkuba lubbuu fi hawaasummaa keessa galchuudha. Raabbiin akkana jedha:

﴿ أَلَمۡ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ بَدَّلُواْ نِعۡمَتَ ٱللَّهِ كُفۡرٗا وَأَحَلُّواْ قَوۡمَهُمۡ دَارَ ٱلۡبَوَارِ ٢٨ ﴾ إبراهيم: ٢٨

*"Sila ati isaannan tola Rabbii kufrii fi diddaan jijjiiranii, ummata isaanii ganda badii qubsiisan hin ilaallee (arginee)?"(Ibraahiim 28).*

Rabbiin guddaan kitaaba isaa kabajamaa keessatti miidhaa irraa akeekkachiisa kennee, dhiibbaa diigamiinsaa fi rakkoo isiin babaldhachuu dhala namaa irratti fiddu ibsee jira. Kunis kan ta'u yoo seerri hojii irra hin oollee fi haqummaan hin jirreedha.Hawaasni tasgabbii dhaba, nageenyi ni boora'a. Dhaabbileen hawaasummaa ni dhama'an, xumura irratti diigamiinsaa fi tasgabbii dhabuutu dhufa.

Rabbiin seera kana irraa yoo dubbatu akkana jedhe.

﴿ وَإِذَآ أَرَدۡنَآ أَن نُّهۡلِكَ قَرۡيَةً أَمَرۡنَا مُتۡرَفِيهَا فَفَسَقُواْ فِيهَا فَحَقَّ عَلَيۡهَا ٱلۡقَوۡلُ فَدَمَّرۡنَٰهَا تَدۡمِيرٗا ١٦ ﴾
الإسراء: ١٦

*"Yeroo magaalaa tokko balleessuu feene, namoota qanani'oo ishee akka Rabbiin sodaatan ajajna, isaan ishee keessatti ajaja Rabbii didu, kanaaf adabbiin isaan irratti mirkanaa'a; magaala san guutumatti barbadeessine" (Israa'i 16)*

Dubbii kana jecha isaa keessatti ibse:

﴿ وَتِلۡكَ ٱلۡقُرَىٰٓ أَهۡلَكۡنَٰهُمۡ لَمَّا ظَلَمُواْ وَجَعَلۡنَا لِمَهۡلِكِهِم مَّوۡعِدٗا ٥٩ ﴾ الكهف: ٥٩

*"Warra magaalota saniis sababa isaan miidhaa hojjataniif isaan balleessine. Yeroo isaan itti balleeffamanis beellama murtaawaa isaaniif taasifne." (Al-kahfi 59)*

ammas Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَكَذَٰلِكَ أَخۡذُ رَبِّكَ إِذَآ أَخَذَ ٱلۡقُرَىٰ وَهِيَ ظَٰلِمَةٌۚ إِنَّ أَخۡذَهُۥٓ أَلِيمٞ شَدِيدٌ ١٠٢ ﴾ هود: ١٠٢

*"Qabaan gooftaa keetiis yeroo magaalota haala miidhaa hojjattuu taateen qabe, akkuma kana. Dhugamatti qabaan isaa laalessaa fi jabaadha." (Huud: 102)*

Seera sochii jiruu ilma namaa ilaalchisee immoo kitaaba Rabbii keessatti ifa galaadha. Rabbiin akkana jedha:

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوۡمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُواْ مَا بِأَنفُسِهِمۡۗ ١١﴾ الرعد: ١١

*"Raabbiin waan hawaasni tokko keessa jiru irraa hin jijjiiru hanga isaan lubbuu isaanii jijjiiranitti." (Al-ra'id :11)*

Seerota hawaasummaa akkaan barbaachisoo ta'an keessaa kan Qur'aanni kabajamaan keeyyatoota isaa hedduu keessaa ibse durummaa fi badhaadhinni of jajutti akka nama geessaniidha.Kanaaf sochii naannoo kana jiru too'achuu fi madallii argamsiisuun dirqama ta'a. Kunis kan godhamuuf karaa qajeellumaa irraa maqee sababa badii akka hin taaneefi.

Dhugummaa hawaasaa kana Rabbiin yoo ibsu akkana jedhe:

كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ٧ العلق: 6-7

*"Dhugamatti ilmi namaa of jajuu keessatti daangaa darbaadha, sababa durummaa qabaatuutiin." (Al-alaq: 6-7)*

Dubbii kana keeyyata Qur'aanaa biroo keessatti akkana jedhee itti akeeke.

﴿ وَلَوۡ بَسَطَ ٱللَّهُ ٱلرِّزۡقَ لِعِبَادِهِۦ لَبَغَوۡاْ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَلَٰكِن يُنَزِّلُ بِقَدَرٖ مَّا يَشَآءُۚ إِنَّهُۥ بِعِبَادِهِۦ خَبِيرُۢ

بَصِيرٞ ٢٧﴾ الشورى: 28

*"Rabbiin gabroota isaatiif kennaa osoo baldhisee, silaa dachii keessatti daangaa dabruu muldhisan, garuu waan fedhe qixa sirrii ta'een buusa, inni gabroota ofii keessa argaa fi beekaadha" (al-shuuraa 28)*

Firiiwwan of jajiinsaa keessaa, yeroo qabeenyi harka namoota gabaabootti walitti qabamee, hawaasani baldhaan irraa hin fayyadamneedha. Rabbiin akkana jedha:

﴿ مَّآ أَفَآءَ ٱللَّهُ عَلَىٰ رَسُولِهِۦ مِنۡ أَهۡلِ ٱلۡقُرَىٰ فَلِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ وَلِذِي ٱلۡقُرۡبَىٰ وَٱلۡيَتَٰمَىٰ وَٱلۡمَسَٰكِينِ وَٱبۡنِ ٱلسَّبِيلِ كَيۡ
لَا يَكُونَ دُولَةَۢ بَيۡنَ ٱلۡأَغۡنِيَآءِ مِنكُمۡۚ وَمَآ ءَاتَىٰكُمُ ٱلرَّسُولُ فَخُذُوهُ وَمَا نَهَىٰكُمۡ عَنۡهُ فَٱنتَهُواْۚ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۖ إِنَّ
ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلۡعِقَابِ ٧ ﴾ الحشر: 7

*“Wanti Rabbiin qabeenya warra magaalaa irraa argaman isaa irratti deebiseef, akka jidduu dureeyyii keessaniitti qabeenyi hin naannofneef jecha. Rabbiin egamaa, firoota isaanii, ilmaan abbaa hin qabne,, hiyyeeyyii fi nama imala irra jiru, haqa taasisee jira. Waan ergamichi kiyya isinii kennees qabadhaa; waan inni irraa isin dhoowwes irraa dhoowwamaa, Rabbiinis sodaadhaa, dhugamattii adabbiin Rabbii cimaadha.”(al-hashir 7)*

Akeekkachiisa seerota uumaa keeyyatoota Qur’aana keessatti dhufan hunda bakki itti ibsinu asii miti. Wanti asitti itti akeekuu barbaannee seenaalee hunda keessatti dhimmi seerotaa fi karaalee jiruu dhala namaa cufa biratti kallattii kan argisiisuu xiinxala Islaamaa ta’uu isaati.Kunis kan burqe keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbii irraayi.

Kana irraa ka’uudhaan nama kamiyyuu caala hawaasni Muslimaa sababoota hunda hordofuudhaan,mala sochii ijaarsaa fi jijjiirama qaroomaa beekuuf tattaafachuu qaba. Akkasuma hawaasni Muslimaa nama kamiyyuu caala walakkaa jiruu qofa irraa dhaabachuu hawaasa hin barbaanneedha.Namni Muslima jiruu hunda ilaalcha dimshaashaatiin fudhatee ilaala.Kunis dubbii hunda keessatti haala sochii hawaasummaa hanga xumuraatti deemee gadi fageenyaan beekuuf isa qarqaara. Kana taasisuuf sirna Islaamummaa ifa galaa fi gadi dhaabbataa ta’e

Qur’aanaa fi hadiisa irraa fudhachuudhaan seerota uumaa hunda irraa fayyadama. Kunis jijjiirama hawaasa keessatti ta’u beekuun hundee sochiilee isaanii hubachuuf gargaara. Garaa biraatiin hawaasni tokko akkamitti qarooma mataa isaa akka ijaaru baldhinaan hubatan.

Ofitti amanamummaa guddaadhaan wanti ani asitti jechuu barbaadu jaarraalee hedduu keessatti ummanni Muslimaa, ummata kamiyyuu caalaa waa’ee misooma hawaasaa fi qaroomaa kan hubatan ta’uu isaaniiti.Kutaa tokko qofa osoo hin taane, akka dimshaashaatitti hanga har’aatittuu hubannoo cimaa qaban.

Akkuma namootni dhimma kana hordofan beekanitti ummanni Muslimaa ammayyaa yeroo amma tana guddinni qaroomaa isaanii dhimma du’aa fi jiruu akka taa’e qajeelatti addaan baasanii hubatu. Kanaaf wantoota kanaan dura isaan jala darbe bakka buusuudhaaf tattaaffii taasisaa jiru.Kana gochuudhaaf immoo karoora misooma hawaasaa beekkumsaa fi dandeettii irratti hundaawe hordofuun humna cimaa ummata Muslimaa keessa jiru burqisiisee socho’uu qaba. Kunis humnaa fi cimina ifa gala ta’e fayyadamee jiruu hawaasa isaa bifa haarawaan akka ijaaru isa qarqaara.

Jaarraa amma keessa jiru kanatti namni Muslimaa kamiyyuu sochii bayeessa taasisee gahee isa irraa eeggamuun dhaabachuuf gara kallattii kanaatti socho’uu qaba. Humna qabeenyaa fi hamilee deebisanii of ijaaruudhaaf qarqaaru argachuudhaaf karoora cimaa nama barbaachisa. Karoorri akkasii suni guddina misooma hawaasaatiifis bu’uura ta’a.

Kanaaf kitaaba kana keessatti wanti nuti mirkaneessuu barbaannuu gahee Islaamummaan misooma hawaasaa keessatti qabduudha. Islaamummaan amantaa ummata kanaa fi karaa jiruu isaa akkasumaa muuxannooleen kanaan duraa dubbii kana waan mirkaneessaniifi.Amantaan kuni ummata Islaamaa jalqaba irratti jiruu baadiyaa, duubatti hafummaa fi wal-loliinsa irraa gara jiruu qaroomaa, tokkummaa fi sochii bu'a-qabeessaatti jijjiiree jira. Kunis seera haarawaa fi amantaa haarawa jalatti jiruu haarawa uumuu danda'ee jira.Jiruun haarofti tuni giddu-gala jaarraalee darbanii keessatti gara qarooma guddaa misooma hawaasaa mirkaneessitutti jijjiiramee jira.Xumura irratti guddinni misooma hawaasaa kuni gara qarooma Islaamaa hawaasa Muslimaa fi dhala namaa hunda tajaajileetti jijjiiramee ilma namaa hundaaf gumaacha guddaa kennee jira.

Dhugaa beekkumsaa irra osoo hin tarkaanfannee dubbiin kuni akka nutti fakkaatutti kayyooleen hawaasummaa, qabeenyaa, amala gaarii, sonaa fi safuu amantaan Islaamaa lafa kaa'e guddina ummata Muslimaa fi qarooma isaaniitiif bu'uura guddaa ta'ee jira. Kunis gara misooma dimshaasha hawaasummaatti geessaa jira.

Kanaaf nuti yeroo ammaa kana yoo yaad-rimee beekumsa Islaamaa misoomaaf qabu fayyadamuu barbaanna taate bu'uurota amantaa Islaamaa fi qajeelfamoota isaa hordofuu qabna.Kanas haala jiruu hawaasummaa amma keessa jirru kana irratti hundaa'uudhaan Qur'aanaa fi Hadiisota keessaa argachuu dandeennaa.Tarkaanfilee hojii keenna kana keessatti seeraa fi sonoota amantaa Islaamaayeroo fi bakka hundattuu dandeettii

isaan misooma hawaasaa fi guddina diinagdeef qaban qajeelatti hubachuu ni dandeenna.Kaayyoolee Islaamaa keessaa inni jabaan bu’aa ummata Islaamaa kabachiisuudha.Beektonni Islaamaa hanga seera “bakka bu’aan Islaamaa jirtu kamiyyuu shari’aan Islaaamaa jiraachuu qaba” jedhuu baasuutti gahanii jiru.

Ummanni Islaama ammayyaa bakka jiru hundatti gara sochii misooma guddaatti seenuu qaba. Kunis karaa dimshaashawa Islaamaa hordofuudhaan jiruun isaanii hundi jijjiiramuu qaba.Misoomni dalagaa guutuu waan ta’eef Islaamummaa keessatti immoo harka caalu misoomni dimshaashaa fi guutuu ta’e uumamuu qaba.Fakkeenyaaf osoo bu’uuraalee amantaa Islaamaa biroo hin ilaalin sirna qabeenyaa fi diinagdee Islamaa (Islamic economics) qofa hojii irra oolchuun bu’aa barbaadame fiduu dhabuutu mala.

Kanaaf karaan Islaamaa, dhimmoota hawaa, hawaasaa fi ilma namaa qoratutuu jira jechuudha. Jaarraalee hunda keessatti, Karaan Islamaa kuni sochii misoomaa; ummata Islaamaatiif kenna. Kunis bu’uurawwan Islaamaa fi muuxannoo isaa irraa burqa.

Namni addunyaan,‘jecha nama tokkoo irraa kaatee guddatte’ jedhu dogongoree jira. Garuu seera walii galaa qaroomni hunduu jalatti bulu namni baase lafa kaayuu ni danda’a. Kana jechuun qaroomni kamiyyuu burqaan isaa tokko jechuutti akeeka. Garuu akka qorannoon hedduun mirkaneessanitti qaroomni hunduu riqichi isaan walitti fidu jiraatus garaa garummaa guddaa akka qabaniidha. Riqichi isaan

walitti hidhu kuni jiraachuu kan argisiisu dalagaa ilma namaa ta’uu isiiti. Kanaaf qaroomaaleen kunniin hunda amala ijaarama ilma namaa qabatanii deeman jechuudha.

Wanti nama ajaa’ibsiisu nama qarooma tokkoo fi hawaasa tokko keessa jiraatu qabeenya horachuu keessatti garaa garummaan guddaan argamuudha. San booda akkamittii garaa garummaa qarooma namoota adda addaa miliyoonaan lakkaawaman of keessatti hammatee jiru biratti hin uumamu jennee fudhachuu dandeennaa? Namoonni kunniin garaa garummaa aadaa, xiinxalaa, gosaa, hawaasummaa, naannoo fi tooftaalee jireennya adda addaa kan of keessaa qabaniidha.

Seenaa keessatti qaroomni hunduu kallattii tokko qofa irra deeme jennee osoo fudhannee, qaroomni Islaamaan qaroomawwan kanneen irraa garaa garummaa guddaa waan qabuuf qarooma biroo waliin kallattii tokko irraa jiraatee hin beeku, jiraachuus hin danda’u. Qaroomni Islaamaa wanti adda isa taasisu, qarooma addunyaa irratti tokkochummaan Rabbii mirkaneessuu isaati. Qaroomni biraa immoo qarooma Rabbitti waa makuun qaamaa fi onnee isii keessa tartee argamtuudha.

Guddachuun qarooma Islaamaa adeemsa Islaamaa, namummaa, amala gaarii fi kayyoolee jiruu irraa ka’amee yoo ilaalamu, qarooma biraa irraa adda. Qaroomni Islaamaa fi qaroomni biraa adeemsa fi bu’uura isaanii irratti garaa garummaa guddaa qabu.

Ilaalcha qarooma warra dhihaa irraa kaanee qarooma Islaama madaaluus ta’ee hubachuun dogoggora guddaadha. Biyyoota Islaamaa keessatti dogoggora kana hayyoonni,

xiinxaltoonnii fi karoora qopheessitoonni misooma hawaasaa hedduu dalaganii jiru. Seensi dubbii kanaa waan dogoggoreef, sababa duubatti hafiinsaa, dammaqina dhabuu fi rakkoolee misooma hawaasaa kana beekuuf jaarraa tokko guutuu taasifamte bu'aa tokko osoo hin argamsiisin haftee jirti.

Hayyuun *Muniir Shafiiq* jedhamu akkana jedhan "akka yaada namoota tokko tokkootti hawaasni keenna seera walii galaa, qarooma Awurooppaa irraa fudhatan" jedhu. San booda jecha kana irratti hundaawuudhaan wanta Awurooppaa irraa dhufu hunda akkuma jirutti hojii irra oolchuu qabna yaada jedhu kaasan. Kana jechuun seerota kanniinii fi falaasamni faranjii akka bu'uura beekkumsaatti fudhatamu jechuudha. San booda wanta ummata Islaamaa adda godhu yaada keessa galfachuudhan dalagaan isaa itti fufa.) Dubbiin kuni shakkii tokko malee fudhatamuu qaba.

Eega nuti kaa amma yaadota lamaa kan wal faallessaan qabannee jirra.

**Tokkoffaa**: Yaadonni faranjii jaarraa 16ffaa keessa xiinxala faranjii irraa argaman dhimmoota akka biyyummaa, meeshaalee oomishaa, meeshaalee tajaajilaa fi yaada ykn xiin-sammu addunyaa fi naannoo akkasuma addummaa haala tokkoo beekuudhaaf tiyoorii(yaad-didda) ragaan deeggarame yoo ta'uu hanga har'aatti yad-rimee kanatu addunyaa tajaajilaa jira yaada jedhuudha.

**Lammaffaa**: Garaa garummaan warra dhihaa fi Islaamummaa jidduu jiru, akkuma hiikkaan jechoota kenniinii ibsutti, garaa garummaa ijjannoo, bu'uraa fi hundeeti. Hundi

isaatu waan isa adda taasisu qaba. Dubbiin asitti ilaalamuu qabu isa tokkoffaa isa lammaffaa irratti fe'uu osoo hin taane, isa lammaffaa isa tokkoffaa irraa bilisoomsuudha. Kuni qabxii jalqabaa tarsiimoo barnootaa hundaati. San booda wanta adda isa taasisuu fi yaadota seenaa isaa, mul'ata isaa, haala jiruu hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee, aadaa adda addaa fi hariiroo hawaasni Muslimaa wal wajjiin qaban ilaaluun ni danda'ama.

Karoorri misooma hawaasa sagantaa egeree addunyaa Islaamaa ta'a jedhamee yaadamu kuni amantaa ummata keenyaa, qarooma isaa, jijjiiramaa fi guddina seenaa isaa wajjiin wal gituu qaba. Yoo akkas hin taane xumurri isaa garaa kufaatiitti deema. Misoomni hawaasa warra dhihaa akkuma jirutti yoo kan garaagalchamu taate hawaasa keenya waliin wal hin gitu. Sababni isaa deebii qaroomni biraa hawaasa isaatiif akka furmaata rakkoo hiikuutti dhiheesse waan ta'eefi. Rakkooleen kunis guddinaa fi jarraa xumuraa kana irratti duubatti hafiinsa qarooma Islaamaa mudateen garaagarumaa qaba.

Xiinxalaan Islaamaa Maalik ibni Nabiyyi jedhmu tiyoorii (yaad-didda) kana biyya Indoonusiyaatti damee diinagdee hawaasa Muslimaa biratti hojii irra oolchee jira. Hayyuun kuni kitaaba "*Addunya Diinagdee Keessatti HaalaMuslimtootaa*" jedhus barreessee jira. Kitaaba kana keessatti karoorri diinagdee bareedduun hayyuun diinagdee biyya Jarman hojii irra oolche waraana addunyaa lammaffaa booda hedduu dagaagdee turte. Kunis biyya Jarman tattaaffii misooma guddaa akka taasistu isii godhee jira. Garuu biyya Indoonusiyaa keessatti tiyoorii kana

hojitti geeddaruun hin milkoofne. Damee misoomaa keessattis shoorri inni taphate hin jiru. Sababni isaas garaa garummaa hawaasa lamaan jidduu jiruu fi adeemsa ijaarama qarooma hawaasni lamaan hordofaniis addaa addummaa guddaa waan qabuufi.

Addunyaa Islaamaa ammayyaa biyya biyyaan qoonnee osoo ilaallee, karoorri misooma warra dhihaa isaan keessatti hojii irraa akka ooluuf yaaliin taasifamaa jiraachuu argina. Ta'us garuu sadarkaa qaroomaa dimshaashawaa fi ifa gala ta'e uummuu hin dandeenne. Garaa garummaanbaldhaan qaroomaa jiddutti uumame kuni dhufuu kan danda'een hawaasaa fi qaroomni hunduu seenaa mataa isaa waan qabuufi.

Biyyoota Islaamaa keessaa guddinni kan dhufuun sirna hawaasummaa fi qarooma warra dhihaa waan hunda keessatti yoo hordofan qofa jedhanii kan amananis ni jiru. Kanaaf damee aadaa fi jiruu hawaasummaa keessatti warra dhihaa fakkachuuf yaalii taasisaa turan. Dubbiin akkanaa kuni tasgabbii dhabuu jiruu hawaasummaa fi barnootaan duubatti hafuu dhalee jira.

Xiinxalaan biyya Hindii beekkamaan *Wahiid addiin Kaan* jedhamu biyya Turkii fakkeenya fudhatee akkana jedhe: 'Walakkaa jaarraa tokkoon dura, biyyi Raashiyaa kitaabota barnootaa; gara afaan isiitti hiikkachuuf tattaaffii cimaa yeroo gootu keessatti, aangoowwan biyya Turkii jiraattota isaanii akka *Baarmexaa* matatti godhataniif dirqisiisaa turan. Fincilli Biyya Raashiyaa fi Turkiitti adeemsifame waggoonni isaanii hedduu walitti dhihaata, adda dureen fincila biyya Turkii Kamaal Ataatorki (1881-1938)tti nama jiraataa tureedha. Kunis adda

duree fincila Raashiyaa wagga 15niin caala. Kamaal Ataatorki akkuma adda duree Raashiyaa osoo hundee ijaarsa biyya isaa tolchee, biyyi Turkii yeroo ammaa kana biyyoota humna qabeeyyii gurguddoo keessaa tokko taati tute, sababa kallattii kana dogoggoruutiif qofa yeroo ammaa kanatti yoo Raashiyaan waaqa keessa *misaa'ilii* dhukaaftu, Turkiin magaazina meeshaalee biyyoota addunyaa gara garaa taatee tajaajilaa jirti'.

Dursa kitaaba kana osoo hin goolabiniin duratti, dubbiin akkaan barbaachiftuu fi dubbatamuu qabdu, misoomni hawaasaa roga lama qaba.

- Roga adeemsaa, tiyoorii (yaad-didda) fi aayidiyoolojii (xiin-sammu) kallatti itti deeman nama argisiisuudha.
- Roga beekkumsa qofaa, innis seerota jiruu fi jireenyaa beeknee, irraa fayyadamanee karoora baasuu, hojii irra oolchuu fi jijjiirama fiduuf nu qarqaara.

Inni duraa wanta kitaaba kana keessatti itti kaayyeffanneedha. Sababni isaas hanga ilma namaa karaa sirrii irra kaayutti dalagaa wahyii Rabbii waan ta'eefi.

Kan lammaffaa immoo dalagaa sammuu namaatiin wal qabata, sammuun namaa, seera jiruu fi jireenyaa ilma namaa baasuudhaan misooma humnaa fi qophaa'inaa irraa gara misooma dalagaa fi sochiititti geeddaruu qaba. Adeemsi haala beekkumsa sammuu too'ata. Kanaaf adeemsi sirriin Bu'uura, hundee fi sirna qaroomaa bakka bu'a. Kanaaf kitaaba kana keessatti haasofni keenna waa'ee damee misoomaa fi beekkumsaa hin ilaallatu. Dubbii kana beektota fi karoorsitoota Islaamaa dameelee jiruu hedduu keessatti muuxannoo qabanii dhiifna.

# BOQONNAA LAMMAFFAA
## Adeemsa Islaamummaa

Qorattoonnii fi xiinxaltoonni shakkii tokko malee karoora misoomaa kaayan, iyidiyoolojii (yaada) fi tiyoorii qarooma wahii tan dalagaa karoora misoomaa baasuu irratti nama qarqaartu jiraachuun dirqama ta’uu irratti walii galu. Kana jechuun misooma hawaasaas ta’ee misoomni qaroomaa xiinxala ifa gala ta’e irraa madduu qaba. Akka misoomni haala jiruu ammaayyaa waliin si’aa’u yoo barbaadame, karoorri misooma saniif kaayamu haala jiruu fi seenaa qarooma hawaasa sanii faallessuu hin qabu. Keesumaayyuu yoo hawaasni suni amantii, aqiidaa, seenaa fi duudhaa isaanii qabatanii akka itti fufan kan yaadamu ta’e addummaa qarooma ummata kanaa eeguun barbaachisaadha.

Yoo aayidiyoolojii (yaada) qarooma biraa irraa walitti cuunfitee guddinaa fi jijjiirama hawaasa biraa ummata kee irratti addummaa isaanii osoo hin eegin hojii irra akka oolu barbaadde, ummata kee seenaa darbeen addaan kutaa jirta. Jechuun egeree ummata keetii kallatti murtaawaa addummaa hawaasa biraatiin akka deeman taasisaa jirta jechuudha. Bifa kanaan seenaa fi maalummaan ummata keetii ni xumurama jechuudha.

Dubbiin kun karaa hedduun ta’uu ni mala, bifa guddisaa fi barnootaa ykn gidiraa ummata irratti adeemsifamu, biyya keessaa fi biyya alaatii ola’aantummaa siyaasaa fayyadamanii nama miidhuun ta’uu ni danda’a. Fakeenyi dubbii kanaa seenaa dhala namaa keessatti hedduudha. Koloneeffatoonni Poorchugaalii fi Ispeen yeroo Ameerikaa Kibbaa

koloneeffatanitti qarooma isii barbadeessanii turan. Amantii, afaan fi amala gaarii isaanii hunda balleessan. Shakkii tokko malee yaaliin koloneeffatoonni taasisan kun gidira, cunqursaa fi hacuccaa cima akka ta'e ifa galaadha.

Akka yaada kiyyaatti namani dhuunfaa Muslimaa waa hubatu kamiyyuu, waan hawaasa isaa adda taasisu kan beekuudha.Amantaa, seeraa fi amala gaarii hawaasni isaa qabu namni qajeelatti beeku, murtii fi xiinxala isaa keessatti yerooma tokkoofillee hawaasa kana seenaa fi qarooma isaa kan darbe san irraa adda baasee, akka ummanni biraa seenaa ummata keennaa afaan, amantii fi duudhaa isaa kan darbeen wal hin fakkaanne umamuuf namni Muslimaa kamiyyuu haala mijeessa jedhee hin fudhadhu.

Dubbii akkanaa kana keessatti yaaduunuu, ummata keenna amantaa isaa irraa addaan baasuu, sababoota humna namaa kennan irraa fageessuu, kabajaa dhabsiisuu fi ijaarama qarooma cimaa fi ifa galaa ta'e irraa adda baasuudha.

Seenaa hunda keessatti ummanni keenya yaaliwwan adeemsa isaanii irraa isaan jijjiiruuf taasifamte hundaahuu dura dhaabataa turan. Akkasuma amantaa fi qarooma isaanii, amantaa fi qarooma biraa bu'uuraa fi ijaarama irrattis amantaa fi qarooma isaanii irraa garaa garummaa guddaa qabutti jijjiirachuu didan.

Dubbii kanaaf fakkeenyi ani kaasuu barbaadu, koloneeffatoota Poorchugaalii fi Ispeeni. Biyyoonni kunniin lamaanAmeerikaaKibbaa qarooma isaanii durii irraa adda kutuu

keessatti milkaawanii jiru. Kunis kan argame addaan fageenya odola *Aleeyibiiriyyaa* fi Ameerikaa kibbaa jidduu jiruu hedduu dheeraa ta'uu waliin. Garuu biyyoonni kolonii kunniin fageenyi isaan biyya Muslimaa Morookoo jedhamtu irraa qaban hedduu dhihoo ta'uu walii waggoota dhibbaaf kolonii isaanii irra turaniis seenaa fi qarooma biyya Morookoo jijjiiruu hin dandeenne.

Akkuma beekkamu sababni guddaan diddaa kana argamsiisuu danda'e, amantii Islaamaa ummannii naannoo kanaa itti amanan dachii Islaamaa san keessa qophachuu isaaniiti.

Seenaa dheeraa irraa jalqabee Islaamummaan ummata keenya amantaa tokkochummaa Rabbii fi seera haqummaa, amala gaarii fi wal qixxummaa barsiiftee jirti. Kunis gara bakka kabajaa fi ulfinnaatti isaan ol fuudhee jira.  Humni ijaarsaa cimaa ta'uun, kaayyoo jabaa qabaachuu fi lubbuu ofii too'achuun amala ummata kanaa keessaa isa gaariidha jedhamee yaadama. Kanaaf ummanni Islaamaa waan gaarii akkanaa kana waan badaan jijjiiruuf takkaahuu hin yaadne. Duudhaa isaanii kana tiiyfachuuf jecha lola hedduu gaggeessanii, rakkoo fi gadadoo hedduu arganii turan. Rakkoo fi gadadoon ummata Muslimaa irra gahaa ture kuni Bahaa hanga Dhihaatti Kaabaa hanga Kibbaatti biyyoota Islaamaa mudataa ture.

Sababa dhugaa dubbii kanaa gadi fageenyaan ilaaluu yoo barbaadame, ummata Islaamaa diinota amantii isaanii irraa isaan baasuu barbaadan kanniin hunda dura akka dhaabatu maaltu isaan qarqaare jennee of gaafachuu qabana. Deebiin gaafii kanaa

seenaa ummata Islaamaa keessatti duudhaan isaanii hedduu cimaa fi kan nama boonsuudha. Kanaaf ummanni Islaamaa akkuma hawaasa biraa duudhaa fi dhaala qarooma isaaniitiin dhaadatan waan ta'eef salphamatti amantaa isaanii gadi dhiisuu hin danda'an.

Sabaabni armaan olitti dubbanne kuni kan dhugoomuu danda'een wal qabatiinsa ummata keenyaati. Akkasuma ummanni keenya amanta Islaamaatti sammuu fi onneen itti amanuu isaaniiti.Islaamummaa karoorri jijjiirama hawaasaa fi misooma qaroomaa masakuu akka qabus asumaan itti amanan. Sababni isaas adeemsi dimshaashawaan qarooma kanaa kan madde seera jiruu fi jireenyaa, dhugummaa ijaarama ilma namaa fi wantoota hawwii isaanii uumaman ibsan irraa waan ta'eefi.

Adeemsi qorannoowwan beekkumsaa, dhala namaa biratti beekkumsa kallatti adda addaatti qajeelchuun sammuu fi miira keenya fayyadamnee dhugaa fuul dura jiru akka baafnuuf nu gargaara. Dhugaan sunis adeemsi Islaamummaan jiruu ijaaruuf, kallattii qaroomaa sirreessuu fi ilma namaa gaaddisa isii jalatti guddisuuf qabattee addummaa hawaa kanaa fi haala ilma namaatiif hedduu barbaachisoo waan ta'ee argameefi. Kanaaf sona, duudhaa, ilaalchaa fi hundeewwan qarooma hawaasaan walitti makaman kan qaroomni biraa uumuu hin dandeennee fi bifa isaan ittiin ibsaman kanaan ibsamuu kan hin dandeenne uumuu dandeettee jirti.

Addummaan qarooma Islaamaa kuni kan sadarkaa gosummaa fi muuxannoo gareewwanii haala murtaawaa keessatti argame irraa waan hin uumamneefi. Gara biraatiin

ta'uu kan danda'u immoo ilaalcha nama dhuunfaa barnootaa fi haala murtaawaa tokko irraa ka'uun, akka namni ilaalcha sirrii fi ifa gala hin taane hordofee baditti gahu irraayis qaroomni Islaamaa hin maddine. Adduummaan qarooma Islaamaa kuni kan argameen dhugummaa waaraa qabu fi Rabbiin dhugaa jiraachuu mirkaneessuu irraa wanta walitti hidhameedha. Rabbiin sunis kan uumaa hunda uume yoo ta'u seeraa fi heera uumamtoota isaatii kan baasuudha.

Dhugaan armaan olitti hubbanne kuni kan ifa bahu adeemsa Islaamaa hunda gadi fageenyaan ilaaluudha. Garuu nuti amma waan kitaaba darbe keessatti barreessinee irra deebinee hin ilaallu. Ta'us garuu dhuka dubbii kanaa ifa baasuudhaaf gabaabinaan wantoota armaan gadii kana ilaalla.

## Ijaarsa Adeemsa Islaamummaa

### Dhimma hawaa, uumaa, nabiyyummaa, guyyaa xumuraa fi ilma namaa

- Hawaan nuti keessa jiraannu tuni hawaa dhaabbattuu osoo hin taane, yeroo irraa gara yerootti jijjiiramtuudha. Kanaaf hawaan tuni dhimma yaadaa, madaallii fi isii irraa fayyadamu of keessatti qabatti. Wantoonni isii keessa jiran hunduu badiif kan uumaman osoo hin taane kaayyoo mataa isaanii qaban. Hubannoon nuti isaaf qabanus hubannoo sammuu fi muuxannoo ta'uu qaba. Akkasuma xiinxala ijaaramaa fi jijjiirama adda addaa irraattis xiyyeeffachuu qabna. Ilma namaa irraa wanti barbaadamu hawaa keessa jiraatu kana dirree ijaarsa qarooma guutuu fi wal madaalaa taasisuudha.

- Hawaan nuti keessa jiraannu kuni dameewwan isaa hundi kan walitti galanii fi wal madaalaniidha. Kana jechuun tokko tokkoon isaanii wal guutan jechuudha. Gara biraatiin adeemsi akkanaa kuni qaamni hawaa kana uume Rabbii tokkicha ta'uu mirkaneessa. Bifa kanaan jiruun wal faallessuu dhabuu isii mul'isa. Kunis wanta haasofnii fi beekkumsi namaa irratti xumuramuudha.

- Yoo hawaan akka armaan olitti dubbanne kana ta'e Rabbiin hawaa kana uume akka jiru amanuu qabna. Kanaaf amantaan Islaamaa Rabbitti amanuu fi tokkochummaa isaa mirkaneessaa. Isa qofa gabbaruun qaama biraa isa waliin gabbaruu irraa nama seera. Aqiidaan tuni tokkichummaa Rabbii keessatti seera dimshaasha hawaa waliin wal madaalti. Gaaddisa barnoota ammayyaa jalatti jiraachuu Rabbii fi tokkochummaa isaatti amanuun wanta irraa dheessanii jalaa bahan akka hin taane mirkaneeffamee jira. Jabinnii fi ciminni uumaa kanaa tasa akka hin uumamne mirkaneessiti. Tiyoorii (yaada) wantoonni ofumaan of dhalan jedhus ni cimsiti, tiyooriin (yaada) kuni seera ol'aantummaa, sochii, sirnaa fi kaayyootiin deegaramee ture.

- Wanta gara qabeenyaatti rarra'uuf immoo dirreen isaanii sammuudha. Kanaaf adeemsi sochii addunyaa tana masaku bifa dimshaashawaanis ta'ee bifa gar-tokkeen dalagaa sammuu keessaa isa tokko. Dhimmoota dhoksaa fi fagoo beekuu fi hubachuun immoo gara laafina Rabbii barbaada. Kunis nabiyyummaadhaan bakka bu'ama. Barbaachisummaa nabiyyummaa immoo sammuun ragaadhaan gargaarsiffattee, seenaa hawaasa ilma namaatiin mirkaneessiti.

Nabiyyummaan goolabamtee jirti. Kunis sammuu ilma namaatiif bakka addaa kenna. Amantiin Islaamaa bifa xumuraa kana keessatti dhuka aqiidaa, amala gaarii, sona, safuu fi duudhaa amatiilee biraa keessa jiran qajeelatti eeggachuun adda isa taasisa. Seerota jijjiirama bakkaa fi yeroo dhalli ilma namaa amantiin Islaamaa osoo hin dhufin dura keessa jiraataa ture fudhachuun yoo barbaachisa ta'ee wantoota amantii Islaamaatiin hayyamaman fudhachuun ni danda'ama.

- Jiruun teenna tuni waaraa kan qabdu osoo hin taane ooyruu jiruu biraa argachuuf namni waa keessatti facaafatuudha. Wanti ilmi namaa jiruu tana keessatti dalagu toltuus taatee hamtuu jiruu itti aanutti jannaataan yookiin ibiddaan galata isaa argachuun waan hin oolleedha. Kanaaf ilmi namaa itti gaafatamummaa guddaa xumura jiruu isaa ittiin murteessu baatee jira. Itti gaafatamummaan kuni fuul dura Rabbiititti waan ta'eef akkasuma Guyyaan Xumuraa kuni guyyaa ilmi namaa waan duniyatti isa hanqate itti guutatu waan ta'eef, guyyaa san madaallii Rabbiittiin namni tokkollee hin miidhamu. Namni Rabbitti amanee dalagaan isaa gaarii taate, guyyaa dhugaan dhugummaa jiruu keessatti ifa galtuu fi dharri dhara isiitiin saaxilamtu kana jiraachuu ni mirkaneessa.

Itti gaafatamummaa aakiraa jechuun itti gaafatamummaa duniyaa irraa doroomuudha jechuu miti. Isaan lamaanuu lubbuu fi hawaasa irratti shoora mataa isaanii qabu. Itti gaafatamummaan duraa itti gaafatamumaa lammataaf akka seensaatti tajaajilti. Ilmi namaa uumama bakka bu'ummaa fi itti gaafatamummaa qabuudha.Ammas filatamaa fi kabajamaa Rabbiin uumaa hunda caalchiseedha. Dachee tana keessatti

amaanaa bakka bu'ummaa qaba. Lubbu qabeeyyii dachee tana keessatti jiraniif akka tajaajiluu fi ilma namaatiif qarooma akka ijaaru ajajamee jira. Kanaaf mootii fi mootummaan ilma nama dachee tana keessatti malee isiin ala kan biraa hin jiru.

Rabbiin guddaan ilmi nama kaayyoo kana akka fiixaan baasuuf jecha, dandeettii sammuu, afuuraa fi qaamaa namaaf kenne. Dandeettiin kunis dangaa uumaa ilma namaa keessatti dagaagsuu fi guddisuun ni danda'ama. Kanaaf ilma namaa fi bineensota naannoo isaa jiran jidduu madaalli ajaa'ibaatu jira. Kunis bineensonni kunniin tajaajila ilma namaatiif akka oolan yaadameeti. Bifa kanaan ilmi namaa itti gaafatamumaa itti kenname akka barbaadametti hojii irra oolchuu danda'a. Qajeelfama Rabbiitti fayyadamee ergasii beekkumsa sammuu isaa guddaa san fayyadamee qarooma ijaaruu ni danda'a.

Ilmi namaa kortoo beekkumsaatiin Rabbii isaatitti akka dhiyaatu affeeramee jira.Kunis gara xiinxalaa fi qajeelfamoota lubbuun isaa itti ajajju hordofuudhaan gabbartii Rabbii irratti xiyyeeffatuun wantoota Rabbiin ala gabbaramanii ilma namaa namummaa isaa isa dhabamsiisan irraa fagaachuu qaba. Gabbartii dhugaa kana irraa sirni amala gaarii uumaa ilma namaatiin wal simatutuu madda. Kunis sochii ilma namaa too'achuuf isa qarqaara.

### Wantoota Adeemsa Islaamummaa Adda Taasisan

Adeemsa Islaamaa ilaalcha ilma namaa irraa wantoota adda isa taasisan hedduutu jira. Sanis akka armaan gadiitti dhiheessina.

**Rabbummaa:** Dubbuun kuni waan Rabbii guddaa biraa bifa *wahyiitiin* dhuftu yoo taatu yaada sammuutiin kan

deeggaramteedha. Kunis miiraa fi jiruu ilma namaatiin walitti guduunfaa guddaa kan qabu yoo ta'u, nama, jiruu fi Rabbiin walitti fiduuf garagaara. Amantiiwwan laaqamanii fi adeemsawwan ilmi namaa kaa'e hunda keessa dhimma Rabbummaa qofatuu hir'ina, wallaalaa fi akka feetee irraa qulqulluudha. Ijaarama ilma namaa fi geengoo hubannoo isaa keessas ni seena. Qorannoowwan wal maddii hedduun bifa ifa galaa ta'een dubbii damee kana irratti dubbatamu mirkaneessiti.

**Raggaasifama**: sammuun ilma namaasochii seera qabeessaa fi madaalawaa ta'e qabatee roga raggaasifamaa keessa socho'a. Moggaan roga raggaasifamee kuni immoo dhugummaa jiraachuu Rabbii irra naannawa. Rabbiin uumaa fi gabbartii haqa kan godhatu ta'uu mirkaneessa. Ilmi namaa dachii tana keessatti bakka bu'aa kabajamaa ta'uus ni murteessa. Dhalli namaa hunduu hundee tokko irraa dhufe. Namni kan uumameef Rabbiin gabbaruu, isa sodaachuu fi dalagaa gaarii akka dalaguufi. Wanti guddaan ilma namaa kana walitti hidhu amantiidha malee saala, saba, dachee, bifa, sadarkaa, ykn bu'aadhaa miti. Dhugaan asi jiru duniyaan ganda qormaataa yoo taatu guyyaa boodaimmoo ganda galataati.

Bu'aan Raggaasifamaa guddaan, ilmi namaa akka hin jallanneefi sarara daangaa sararuudha. Kunis miira, xiinxala, ilaalchaa fi sirna jiruu namaa keessa seenuudhaan isaa bocuudha. Kana hundaa wanti taasifnuuf akka feeteen lubbuu, fuqrummaa (masluufummaa) fi dhimmi karaa maleen qabeenya horachuu onnee ilma namaa keessatti akka hin dagaagneefi.

**Jijjiiramuu:** tasgabbiin kuni jiraachuu waliin adeemsi Islaamummaa sararri jijjiirama walii gala hawaa fi hawaasa

walitti hidhu akka jiru ni amanu. kunis daangaa mataa isaa kan qabu waan ta'eef dhuka hariiroo ilmi namaa qaama alaa waliin qabu keessatti jijjiiramni dhufu hin jiru. Dhugaa yoo dubbanne jijjiiramni barbaadamus kanuma. Haala jiruu hawaa fi seera uumaa wal hin dhabne uumaa keessatti addummaa wanta kamiituu hin jijjiiramu.

Hawaasa keessatti jijjiiramni argamu, hariiroo ilmi namaa qaama alaa waliin qabu irratti ifatti muldhata. Islaamummaa dubbii kanaaf beekkumtii kennee, namoonni seera uumaa fi jiruu kana abuuranii gammachuu ittiin argachuu fi qarooma isaanii ittiin dagaagsuu akka qaban Islaamummaan waamicha dhiheessiti. Seera jijjiirama jiruu keessatti dhufu kana eeguuf jecha, sammuun ilma namaa jiruu namaatiif tasgabbii akka fiduuf dirree baldhaa fuul dura isaa kaayee jira. Kunis seera walii gala mataa isaa kan qabuu fi waa'ee tasgabbii armaan olitti dubbannee dabarsine san irraa ka'a.

**Dimshaashawaa:** adeemsi Islaamummaa xiinxala ilma namaa yeroo, bakkaa fi bu'aan murtaawe irraa kan argamtee miti. inumaayyuu gara fedhii Rabbii waara qabeessaa fi walitti fufaa ta'e irraa kan dhufeedha. Rabbiin argamaa fi jiruu uume, hawaa guddaa kana bifa nama ajaa'ibsiisuun walitti qajeelchee uume. Fedhiin isaa argama hundaaf kan geettuudha. Jiruu tana keessatti ilmi namaa addummaa fi anbummaan itti hin dhagahamu, wantoota naannoo isaanii jiran wajjiin gammachuu sammuu fi onneetiin waliin jiraata. Sababani isaa waan Rabbiin too'annaa isaa jalatti hawaa hunda too'atuufi. Sammuu ilma namaa gabaabdu tana, sochii hawaa fi uumaa kana akka too'attu hin taasisne.

Kunis akka inni ilaalcha jallinaa qabatee yaada qabatama hin qabne irratti hundaa'uun hanga maraatumaatti akka hin deemne gochuuf. Ilmi namaa dhugummaa jiruu kana bifa dimshaasha ta'een yeroo fudhatu gara tokkummaa Rabbii, hawaa, uumaa, lubbu qabeeyyii fi tokkummaa dhala namaatti gaha. Akkasuma Rabbii tokko gabbaruu, qajeelfama kallattii tokko qofa irraa argachuu, yeroo ijaaramni dhala namaa dameelee hunda keessatti dhugummaa jiruutiin wal fakkaatu, sadarkaa cimaa humnaa fi wal dorgommii hawaa ol'aanaa irra akka jiru mirkaaneessa. Yeroo kana jijjiiramni gadi fageenya qabuu fi uumaa kanaan wal madaalaa ta'e ijaarama ilma namaa keessatti akka uumamu taasisa. Sababani isaa jiruu fi sochiin ilma namaa dimshaashaan gara gabbartii Rabbii addunyaa hunda uumeetti waan jijjiiramuufi.

## Wal-madaallii

Adeemsa Islaamaa keessa madda beekkumsaa irraa kan dhufe wal-madaalli ajaa'ibaatu jira. Akka sammuun wanta fagoo wallaalamaa ta'e keessa hin seenne wahyiin ni jira. Akka sammuun ajaja mataa isaatiin deemuuf jecha immoo dalagatu isaatti kenname. Kan jalqabaa waan fagoo wallaalamaatti nama geessee akka jiruun raagatti jijjiiramtu hin taasisu. kan lammaffaas sochii isaa gabaabsuudhaan oduuwwaan kijibaatti akka hin geenne nama hin dhoowwu. Ergaawwaan armaan olii beekkamoo fi wallaalamoo ta'an kana ilmi namaa akka beeku waamicha onnee keenya irraa goonaafi. Wanta dhokataa garuu hubannoo isa hin haguugginee fi ija jalaa hin dhokanne, akkasuma sammuu ilma namaatiif banaa kan ta'e kana yoo dandeettee hubatte miira guddina Rabbii ol'aanaattu sitti

dhagahama. Gara birootii hubannoo ilmi namaa qabu kana yoo ilaalte qayyabatte, hawaa kana keessatti namni hangam kabajamaa fi gati qabeessa ta'uu hubatta. Wal madaalliin amma ilaalle kuni kan mul'isu fedhii Rabbii kan ilma namaa uume, kan dandeettii dalagaa Rabbii mul'iftuu fi fedhii namaa kan waliti fiddu ta'uu argina. Kunis Ilmi namaa filannoo isaa akka murteeffatuuf, itti gaafatamummaa isaa akka bahuu fi wal diddaan fedhii lamaan jiddutti ni uumama jedhamee yaadamu akka sirraahuufi. Akkasuma miira dhukkubbii namatti dhagahamuu fi miira duniyaa fi aakiratti mindeeffamuus of keessatti hammata. Akkasuma madaallin kuni jidduu Rabbiin gabbaruu fi kabajaa ilmi namaa hawaa kana keessatti qabus ni ibsa. Bifa kanaan jiruu fi jireenyi ilma namaa akka barbaadamutti mirkanaawaa dhufa.

**Bayyeessummaa (gaarummaa):**

Bayeessummaa fi gaarummaan adeemsa Islaamaa keessatti argama. Kunis hariiroo gooftaan uumaa hunda waliin qabuu fi isaan tiiksuun madaalama. Gara biraatiin wanti akkanaa kuni dandeettii Rabbii guddaa fi beekkumsi isaa baldhaan akka jiru mirkaneessa.

Addummaan kuni jiruu ilma namaa, miira amala gaarii fi madaallii isaa hunda jajjabeessaa deema. Gara birootiin immoo dhimmi kuni garaa garummaa ilmi namaa gamtaa tokko keessatti walitti qabamuun dalagaa namaa ibsa. Akkasuma wal diigumsa gamtaa kana keessatti ta'uu fi dalagaa bu'uura isaaniis ni tarreessaa. Dubbii kana irraa wanti nuti hubannu nama Rabbi duudaa, fedhii fi miira hin qabnetti amanu fi nama Rabbii

danda’aa fi wanta hunda too’ataatti amanu jidduu garaa garummaan guddaan akka jiruudhaa.

Dubbiin inni lammataa immoo, waa’ee bayeessummaa fi gaarummaa ilma namaa irratti xiyyeeffata. Kunis karaa saayinsaawaa ta’een akka raggaasifamuuf sochiin taasifamaa jira. Namni Islaamummaatti amane, iimaanni onnee isaa keessatti raggaasifamuu kan danda’u, Islaamumaan yoo qaama jabaa ta’uun miira isaa keessatti uumame qofaadha. Akkasuma Islaamumaan lubbuu isaa fi uumama naannoo isaa jiru hunda irratti qaama jabaa ta’ee yoo argame qofa. Yoo akkas ta’ee argame qarqaarsi Rabbii isaa waliin ta’a. Kanaaf namni Rabbitti amane tokko luka lamaan wal-irra kaayatee raajiin wahii akka uumamu hin eegu, hanga danda’ameen jijjiirama wahii fiduu yaalii taasisa. Kunis Rabbii isaa biratti jaalatamaa isa godhuudhaan jannata akka seenuu fi ibidda irraa akka fagaatuuf isa qarqaara.

**Qabatama**: adeemsi Islaamaa qabatamaa fi kan yeroo hunda waliin deemuu danda’uudha. Adeemsi Isalaamaa bu’uurri isaa guddaan ilmi namaa Rabbii isaa akka beeku taasisuudha. Akkasuma mataa isaa akka beeku, dirqama jiruu isaa ibsuudhaan, dachii kana keessatti bakka bu’ummmaaguddaan akka itti kenname ilma namaa beeksisuudha. Wantoonni kunniin fiixa bahuu kan danda’an seerota uumaa fi dhimmoota dhugaa ta’an yoo hordofaman qofaadha.

Ilmi namaa dhugummaa Rabbii kan wantoota gaarii ta’anii fi qabatamaan jiruu namaa keessatti argaman hordofee beeka. Fakkeenyaaf dhugaan hawaa kan beekkamuun wantoota qabatamaan daawwataman irraayi. Dhugaan namaa kan

beekkamuun haala jiruu addunyaa tana keessatti inni dabarsu irraayi.

Haalli kuni kan ifatti mul’atuun hawaa kana keessatti amalli ilmi namaa fi akkaataan jiruu isaa maal fakkaata jennee yoo of gaafanneedha. Kunis haala uumaa isaa, qophaa’ina isaa, humna isaa, jabina isaa, laafina isaa, ciminaa fi dadhabina isaa irraa kaanee yoo madaalle qofa. Kanas kan taasifnuuf akka yaadni isaa hin fashillee fi ga’een namni addunyaa tana keessatti qabu akka tasa hin banneefi. Gara biraatiin immoo akka ilmi namaa sadarkaa ofii gara Rabbuummaatti ol ofi hin fuuneefi.

## BOQONNAA SADAFFAA
## Namaa fi Misoomaa

Ilmi nama haala jiruu hawaasummaa fi uumama keessatti karoora baasaa fi sochoosaa misoomaa erga ta'ee, Islaamummaan immoo ilma namaa itti gaafatamaa jijjiiramaa fi misoomaa taasisee jira. Laamsha'inna ilma namaatiin jiruun ni laamshofti. Guddiinni barbaadamus hin argamu, sagantaaleen misoomaa hundi ni diigamu.

### Ga'ee ilmi namaa misooma keessatti qabu

Isalaamummaan ilma namaatiif jiruu addunyaa tana keessatti gatii dhuga qabeessaa fi roga bu'uuraa kenniteefi. Kunis dandeettii qaamaa fi sammuu yeroo hunda haala jiru waliin wal simattu of keessatti qabata. Ragaan kanaa Rabbiin ilma namaa addunyaa tana keessatti itti gaafatamummaa fi bakka bu'ummaa guddaa itti kennee jira. Dachee namaaf bifa gaarii fi haala adda ta'een uumamte tana keessatti ilmi namaadandeettii isaaf kennamtetti fayyadamuun, itti gaafatamummaa fi bakka bu'ummaa isaatiin dhaabachuu qaba. Kanaaf dachee tana keessatti jiruu, sochii fi jijjiirama irratti nama qarqaaran hedduutu jira.

Rabbiin akkana jedha.

﴿وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّى جَاعِلٌ فِى ٱلْأَرْضِ خَلِيفَةً ۖ ﴿٣٠﴾ ﴾ البقرة: ٣٠

*"Yeroo Rabbiin malaa'ika isaatii Ani dahee tana keessatti qaama bakka bu'ummaa qabu uummuuf deema jedhee itti hime".(Al-baqara 30)*

Rabbiin akkana jedha.

﴿ هُوَ ٱلَّذِى خَلَقَ لَكُم مَّا فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا ﴾ البقرة: ٢٩

*"Rabbii isaa wantoota dachee keessa jira hunda isiniif uumeedha." (Al-baqara 29)*

Rabbiin akkana jedha.

﴿ سَخَّرَ لَكُم مَّا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ ﴾ لقمان: ٢٠

*"Wantoota samii keessa jiranis isinii laafisee jira."(Luqman20)*

Rabbiin akkana jedha.

﴿ سَخَّرَ لَكُم مَّا فِى ٱلْأَرْضِ ﴾ الحج: 65

*"Wantoota dachii keessa jiranis isinii laafisee jira."*

Rabbiin ilma namaa amaanaa kana kan itti kenne dachii tana qofa keessatti. Kanaaf ilma namaa irraa dirqamni eeggamu bifa barbaachisaa ta'een mataa ofii qajeelatti beekee hubachuudha. Dandeettiin sammuu namaa bu'uura bakka bu'ummaa isaa akka taate qajeellotti beekuu qaba.

Kanaaf wantoota naannoo isaa jiru ilaalee mallattoo jiraachuu Rabbii mirkaneessan hubachuu qaba. Seeronni isaa jiruu ilma namaa fi wantoota lubbuu qaban hunda irraa mul'atu. Ilmi namaa seerota kanniin irraa fayyadamuu fi isaa abuuree mataa ofii ittiin gammachiisuuf sochii cimaa taasisa. Ilmi namaa Qarooma hundeessuu, jiruu ijaaruu fi humnoota nama dhuunfaa walitti qindeessuun wantoota dirqama ta'aniif oolchuu qaba.

Kanaafuu ilmi namaa haalota jiran garagalchee jijjiiruuf sochii cimaa taasisee jiruu ijaaruu qaba malee taa'eetuma wantoota hawaa keessatti tasa uumaman eeguu hin qabu. Sabani

isaa ilmi namaa jiruu addunyaa tana keessatti jegna jijjiiramaa fi oomishaa ta'uu waan qabuufi. Qur'aanni kabajamaan dhugaa jiruu hawaasummaa kana ilaalchisee yaadachiisa nuuf taasisee jira.

Ammas Rabbiin akkana jedha

﴿ذَٰلِكَ بِأَنَّ ٱللَّهَ لَمۡ يَكُ مُغَيِّرٗا نِّعۡمَةً أَنۡعَمَهَا عَلَىٰ قَوۡمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُواْ مَا بِأَنفُسِهِمۡ وَأَنَّ ٱللَّهَ سَمِيعٌ عَلِيمٞ ٥٣﴾ الأنفال: 53

*"kun waan Rabbiin tola ummata irratti oole tokko* hanga isaan waan lubbuu isaaniiti jiru jijjiiratanitti kan hin jijjiirre ( Al-anfal:53) ta'eefi Rabbiinis dhagayaa beekaa waan ta'eef.

Ammas Rabbiin akkana jedha.

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوۡمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُواْ مَا بِأَنفُسِهِمۡۗ﴾ الرعد: ١١

*"Rabbiin waan ummanni keessa jiru irraa isaan hin jijjiiru hanga isaan waan lubbuu isaanii keessa jiru jijjiiranitti".(Ra'id :11)*

Fakkeenyas fudhatee Rabbiin akkana jedhe:

﴿وَضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا قَرۡيَةٗ كَانَتۡ ءَامِنَةٗ مُّطۡمَئِنَّةٗ يَأۡتِيهَا رِزۡقُهَا رَغَدٗا مِّن كُلِّ مَكَانٖ فَكَفَرَتۡ بِأَنۡعُمِ ٱللَّهِ فَأَذَٰقَهَا ٱللَّهُ لِبَاسَ ٱلۡجُوعِ وَٱلۡخَوۡفِ بِمَا كَانُواْ يَصۡنَعُونَ ١١٢﴾ النحل: ١١٢

*"Rabbiin magaalattii nagaa tasgabbooftuu turte, kan sooranni ishee iddoo hunda irraa baay'inaan ishetti dhufu, kan tola Rabbitti kafartee (tola Rabbii dide) Rabbiin waan isaan hojjachaa turaniin uffata beelaa fi sodaa ishee dhandhamsiise, (nama tola isaatti kafareef) fakkeenya taasise."( Al-nahal:112)*

Seera kana jecha isaakeessatti akkana jedhee murteesse

﴿ وَإِذَآ أَرَدۡنَآ أَن نُّهۡلِكَ قَرۡيَةً أَمَرۡنَا مُتۡرَفِيهَا فَفَسَقُواْ فِيهَا فَحَقَّ عَلَيۡهَا ٱلۡقَوۡلُ فَدَمَّرۡنَٰهَا تَدۡمِيرٗا ﴾
الإسراء: ١٦

*"Yeroo magaalaa tokko balleessuu feene namoota qanani'oo ishee keessa jiraatan ajaja Rabbiis ni didan, kanaaf jechi adabaa isaan irratti mirkanaa'a.ishee guutumatti barbnadeessine". (Al-isaraa'a: 16)*

Aayaan tuni jecha Rabbii kan biraatiin hiikamti

وَمَا كَانَ رَبُّكَ لِيُهۡلِكَ ٱلۡقُرَىٰ بِظُلۡمٖ وَأَهۡلُهَا مُصۡلِحُونَ ﴿١١٧﴾ هود: ١١٧

*"Rabbiin kee ganda kamiyyuu osoo namoonni isii keessa jiraatan gaarii tanii jiranuu miidhaadhaan isaan ni galaafatu."(Huud: 117)*

﴿ وَمَا ظَلَمۡنَٰهُمۡ وَلَٰكِن كَانُوٓاْ أَنفُسَهُمۡ يَظۡلِمُونَ ﴿١١٨﴾ ﴾ النحل: ١١٨

*"Nuti isaan hin miine garuu isaanumatu of miidhe" (Al-nahl: 118)*

Haalli dimshaashaan barbadeessuu kuni balleessaa seera hawaasummaa sochii jiruu ilma namaa faallessuudha. Kanaaf haala barbadaa'insaa kana keessa karoorri, haaromsii fi jijjiiramni hin jiru. Bu'uurri bakka bu'ummaan sochii walitti fufaa, murtiilee jiruu fi rakkoolee isii wajjiin waldhaansoo qabachuu waan ta'eef, Qur'aanni kabajamaan ilaalchi badaan jiruu keessatti argamu sochii uumaa akka faallessuu ilma namaatiif akeekkachiisa kennee jira. Kunis ilmi namaa dachee tana keessatti ga'ee ittii dhaabachuu qabu irratti akka milkaawuuf isa qarqaara.

Rabbiin kitaaba isaa kabajamaa keessatti akkana jedhe:

﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ كُلُوا۟ مِمَّا فِى ٱلْأَرْضِ حَلَـٰلًا طَيِّبًا ﴾البقرة: ١٦٨

*“Yaa warra Rabbi amantan waan dachee tana keessa jiru irraa waan Rabbiin isiniif hayyamee fi gaarii ta’e sooradhaa.” (Al-baqara:168)*

﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ أَنفِقُوا۟ مِن طَيِّبَـٰتِ مَا كَسَبْتُمْ ﴾ البقرة: ٢٦٧

*“Yaa warra Rabbitti amantan waan oomishatan (qadhaabdan) keessaa waan gaarii namaaf kennaa.” (Al-baqara:267)*

﴿ يَـٰبَنِىٓ ءَادَمَ خُذُوا۟ زِينَتَكُمْ عِندَ كُلِّ مَسْجِدٍ وَكُلُوا۟ وَٱشْرَبُوا۟ وَلَا تُسْرِفُوٓا۟ ۚ إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلْمُسْرِفِينَ ﴿٣١﴾ ﴾ الأعراف: ٣١

*“Yaa ilmaan Aadam yeroo gara masjiidaa deemtan uffata gaarii uffadhaa, nyaadhaatii dhugaa garuu hin qisaasessinaa.” (Al-a’iraaf:31)*

﴿ لَا تُحَرِّمُوا۟ طَيِّبَـٰتِ مَآ أَحَلَّ ٱللَّهُ لَكُمْ ﴾ المائدة: ٨٧

*“Waan gaggaarii Rabbiin isiniif eeyyame dhoowwamaa hin taasisinaa” (Al-maa’ida:87)*

Dhimmoonni armaan olitti dubbanne kunniin ilaalcha Islaamumaan dhimmi namummaa, hawaasummaa, qabeenyaa fisiyaasaa yoomiyyuu yoo ta’e hin Jijjiiramneedha. Ilaalchi kuni roga jiruu ilma namaa hunda bifa barbaachisaa ta’een haaromsuudhaafi. Kunis ilaalcha dimshaashaa jijjiirama hawaan keessa jirun of keessatti qabata. Gabrummaa fi harka kennuudha jechuu miti. Yookaan dadhabinaa fi carraadha jechuu miti. Inumaayyuu walabummaa, bilisummaa, dirqama namummaa fi sochii jijjiiramaaf taasifamu jedhamee fudhatama.

Ilaalchi kuni karaa mirga namummaa namaaf baqaqseedha. Mirgi kuni Islaamummaa dura gosa, maatii, sanyii fi garee murtaawaa qofa lkan ilaallatu ta’ee argama ture.

Nama itti gaafatamummaa fudhachuu danda’u uumuudhaaf qabxii kana irraa ka’uu qabna. Nabiyyummaan amantii Islaamaatiin xumuramte, kunis qajeelluma namaatiif dubbii ifa galaadha. Ga’een ilmi namaa seerota uumaa hafan abuuree bifa ilma namaatii taatuun haala mijeessee misooma qaroomaa cimaa ijaaruuf tattaafatu guddaa ta’uu qaba. Kana taasisuuf seerota hawaasummaa fi amala gaarii Nabiyyiin Rabbii kan xumura ergamtootaa fi Nabiyyootaa rahmataa fi nageenyi Rabii isaan irratti haa jiraatuu ittiin dhufan hordofuun dirqama nama kamiitiyyu.

Keeyyatoonni Qur’aanaa armaan gaditti tarreeffaman kunniin dubbii kana jajjabeessiti.

﴿ بَلِ ٱلۡإِنسَٰنُ عَلَىٰ نَفۡسِهِۦ بَصِيرَةٞ ١٤ ﴾ القيامة: ١٤

*“Dhugamatti namni of irratti ragaadha.” (Al-qiyaamaa: 14)*

﴿ ٱلَّذِي خَلَقَكَ فَسَوَّىٰكَ فَعَدَلَكَ ٧ ﴾ الانفطار: ٧

*“Isa si uumee, ergasii si guutee, si sirreesse”* (Al-infixaar:7).

**Mirga Ilma Namaa fi Misooma:**

Gamtaalee ilma namaa keessatti mirgoonni dhala nama hedduu kan eeggamee miti. Namoonni humna qaban mirgoota kanniin kan sarban argina. Yeroo akkanaa kana mirgi kan eeggamuuf namoota humna qabanii fi injifachuu danda’an qofaafi. Kana irraa ka’uudhaan mirga nama dhuunfaa jedhamee

wanti beekkamu hin jiru, sirna sadarkaa jiruu jedhutu hawaasa keessatti bakka guddaa qaba. Inni immoo akkuma beekkamu miidhaa hedduu of keessatti hammata. Hawaasni kolonii jala turan hundi warroota miidhaa kana raawwatan jalatti gabroonfataa turan. Hawaasa akkanaa san keessatti mirgi hojii dandeeffamaa ture. Dubartoonni guutumaan guututti jiruu gabrummaa keessa jiraatan. Namni namummaa isaa irraa ka'amee kabajaa silaa argachuu qabu argachuu hin dandeenne.

Suuta suutaan sadarkaan qarooma hawaasa dabalaa dhufuu fi Nabiyyoonni Rabbii ergamuun dhimmi kuni jijjiiramaa dhufee jira. Nabiyyoonni Rabbii erga dhufanii hundeen ilma namaa tokko ta'utti waamuu eegalan; ilma namaa akka Rabbii tokkicha qofa gabbaruuf waamicha taasisaafii turan; akkasuma mirga namoonni qaban hundaa mirkaneessuu jalqaban.

Sonoonni gaggaariin kunniinii fi kan biroos xiinxala sammuu ilma namaa irraa gara aadaa hawaasummaa ummataatti geeddaramaa dhufe. Aadaan tunis asiii fi achitti muldhataa dhufuudhaan moggaasa mirga dhala namaa jedhu qabattee akka gara hojitti geeddaramuuf gaafiileen yeroo irraa gara yerootti ka'aa dhufanii jiru. Garuu sanyiin dhala namaa seerotaa fi falaasama hawaasa isaanii irratti hundaawuudhaan waanuma duraan baratan hordofuu itti fufan. Mirgoonni dhala namaa kunniin seerota hedduu keessatti barreeffamanis namni nama akka isaa gabroonfatuun itti fufee jira. Seerota sanniin keessaa, *"Seera Hamuurabii, Giriikotaa fi Seera Bifa Kudha Lama"* jedhamee beekkamu keessatti waa'een mirga dhala namaa bifa ifa gala ta'een barreeffamee jira. Seeronni kunniin bu'uura Nabiyyoonnii fi Ergamtoonni Rabbii hawaasa kanaaf lafa

kaayan irraa ka'aniiti bifa kanaan kan barreeffamanii jiru. Islaamummaan dhufuun dura, gabrummaa, sirni sadarkaa jiruu fi ilaalchi gadi bu'aan namni dubartootaaf qabu hawaasa hunda keessatti dagaagaa dhufee jira.

Erga amantiin Islaamaa dhufee booda hubannoon namootaa; mirga dhala namaa irratti qaban dabalaa dhufuun shakkii tokko malee mirga namummaa mirkaneessuuf tattaaffiin cimaan godhamee jira. Bu'uuraalee amantiin Islaamaa qabatee dhufe hunduu mormii tokko malee hojii irra oolanii jiru. Keessumaayyuu jaarraa ergamaa Rabbii irraa kaasee sirna mootummoota kaliifotaa fi jaarraalee jalqabaa irratti mirgoonni kuni jiruu ilma namaa keessatti muldhataa dhufanii jiru. Moodela mirga dhala namaa Muslimtootas ta'ee namoota amantii biraa hordofaniif bifa bareedaa fi barbaachisaa ta'een hojii irra kan oole karaa sadihiini. Muslimtoota jidduutti, Muslimtootaa fi namoota amantii biraa hordofan jidduutti, akkasuma Muslimtootaa fi guutuma dhala namaa hunda jidduutti hojii irra oolee jira.

Seeronni Islaamaa waa'ee mirga dhala namaa ilaalchisee dhugaa qabatamaa namoonni namoota miidhanii fi mirga namaa sarbaa turan hundi mormuu hin dandeenneetti jijjiiramanii jiru. Inumaayyuu namoonni nama miidhuudhaan beekkaman kunniin jechoota seera Islaamaa kana bifa adda addaatiin jijjiiruun akka waan isaan mirga dhala namaatiif dhaabatanii of fakkeessuu jalqabanii jiru.

Wanti amantiin Islaamaa ittiin dhufe kuni mirga dhala namaa ilaalchisee lola "*Masqalaa"* jedhamee beekkamu booda wanta guddaa gara hawaasa Awurooppaa ce'e akka ta'e shakkii tokkollee hin qabu. Dubbiin kuni falaasamootaa fi xiinxallitoota Awurooppaa akkasuma abbootii amantii kiristaanaa mirga ilma namaa hawaasa isaanii keessatti akka hojii irra oolu gaafataa turan. Hawasni biyyoota dhihaa cunqursaa roga sadii jalatti akka kufee yeroo dheeraadhaaf gubataa ture ni beekkama. Isaanis mootii biyyaa, abbootii lafaa fi abbootii amantiiti.

Hawaasa warra dhihaa biratti miidhaan yeroo irraa gara yerootti dabalaa dhufa. Hooromsi ammayyaa kuni gaafii mirga dhala namaa kabajuu jedhu hedduu kaasanii turan. Biyyoota akka Ingiliiz, Ameerikaa fi Faransaayi keessatti mirgoonni kunniin barreeffamaan kaayamanii jiru. Ta'us garuu wal-dhaansoon koloneeffatootaa fi miidhaan isaan raawwataa turan hawaasa mirgi isaanii sarbame jidduutti itti fufaa jira. Waldhaansoon kuni miidhamtoota sadarkaa dhuunfaa fi hawaasa baldhaa irratti lolli, sanyii balleessuu, bifaa fi afaan irratti hundaawanii namoota addaan baasuu, cunqursaa, walabummaa fi bilisummaan namootaa fi biyyaa dhiitamuu, dhiiga namoota nagahaa dhangalaasuu itti fufee jira. Dhimmoota armaan olitti dubbanne kana dhabamsiisuu fi mirga ilma namaa eeguudhaaf bara 1948 koree mirga dhala namaa irraa tumanni mirga dhala namaa ni kabachiisa jedhamee yaadamuu bahee ture. Tumata kanas miseensonni biyyoota gamtoomanii mallattoo isaaniitiin mirkaneessanii jiru. Tumanni kuni biiftuu bilisummaa, wal-danda'uu, kabaja dhala namaa deebisuun qarooma ammaayaa ni dagaagsa jedhamee yaadamaa turee jira.

Kana irraa ka'uudhaan dhaabbanni biyyoota gamtoomanii biyya tumata kanatti hin amannee fi hin mallaatteessine miseensummaa isaanii keessatti akkaa hin fudhannee murteessanii turan. Kana bira taree biyyoota tumata kanatti hin amanne karaalee adda addaatiin dirqamsiisuunis akka jiru dubbatamaa ture. Keessumaayyuu qoqqabbii adda addaa isaan irraatti hanga darbuun danda'amu gahanii jiru.

Garuu beeksisa kana wajjiinuu bakka hundatti dhalli namaa, mirgi isaa sarbamuun, sanyiin addaan baafmuun, miidhaan hawaasummaa babaldhachuun warruma seera kana baasee irratti mallatteesseen itti fufee jira. Salphina Ameerikaa Kibbaatti ta'e, miidhaan tokkummaan biyya Raashiyaa godinaaleeIslaamaa fi biyya Afgaanistaanitti raawwataa ture akka fakeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Dubbii kanatti immoo diinummaa ummanni Yahuudaa hawaasa biyya Paalastaayin irratti raawwatan dabalii ilaali. Diinummaan kunis deegarsa biyyoota dhihaa fi Ameerikaa akka ta'e ifa galaadha. Akkasuma cunqursaa Itoophiyaa fi Filippiin Muslimtoota biyya isaanii irratti taasisan kaasuun ni danda'ama. Addaan baasinsa sanyii irratti hundaawe kan mootummaan Afrikaa Kibbaa namoota gurraachaa fi adii jiddutti taasisu akka fakkeenya biraatti fudhachuun ni danda'ama. Akkasuma biyyaa Bulgaariyaa cunqursa isiin Muslimtoota **mogool** irratt taasiftu fa'a kaasuun ni danda'ama.

Dubbii armaan olitti ilaalle kana moggaatti mootummoonni addunyaa hedduun ummata biyya isaanii dameelee jiruu baay'ee keessatti miidhaa, gadadoo fi gabrummaa guddaan cunqursanii kan bulchan argina. Kunis dhaadannoolee bu'aa qabsoo fi

dirqama nagaha biyyaa eeguu jedhu jalatti mirga dhala namaa dhiitanii akka bulchan beekkamee jira.

Tumata waa'ee mirga dhala namaa eeguu beeksisuu barreeffama waraqaa irratti barreeffamee hafu qofa ta'ee jira. Sababni isaa hanga har'aatti mirgi kan nama humna qabuuti. Hawaasas ta'ee namoonni dhuunfaa akkasuma gareeleen adda addaa hanga har'aatti cunqursa guddaa keessa jiraataa jiru.

Dubbii kana keessatti Sababni bu'uuraa mirgi namaa dhiibameef beeksisni mirga dhala namaa, beeksisa tokkochummaa Rabbiitiif gabroomuu waliin wal bira qabamee waan hin dhiheeffaminiif. Akkasuma qajeelfamaa fi gorsa ergamtoota Rabbii bifa barbaachisaa ta'een waan hin hordofiniifi. Keessaayyuu qajeelfamoota amantii Islaamaa kan guutumaan guututti nama hundaayyuu gabroota Rabbii isaan taasise hordofuu dhabuudha. Ilma namaa hunda jidduutti miidhaa laguu godhee jira. Gara dalagaa, toltuu, dhugaa fi dhugummaatti ilma namaa hunda waamee jira.

Tumata waa'ee mirga ilma namaa ibsu osoo irra deebinee keeyyatoota isaanii tokko tokkoon ilaallee wanta haarawa amantaa Islaamaa keessa hin jirre hin arginu. Mirgoonni amantii Islaamummaa keessatti dhufan sunniin jaarraalee jalqabaa fi seenaa ummata Islaamaa keessatti hojii irra oolanii jiru. Mirgoonni amantaa Islaamaa keessa jiran kunniin moodela addaa fi isaa qabatanii deeman ta'uu nuuf mirkaneessa. Kanaaf kitaaba kana keessatti ilaalcha Islaamummaan ilma namaatii qabu bifa gabaabaadhaan akka armaan gadiitti isiniif dhiyeessina.

**Wal-qixxummaa namaa:** Islamummaan waa'ee bu'uura ilma namaa ilaalchisee akka madda tokkotti deebi'u mirkaneessee jira. Uumamni ilma namaa dhugaa baayolojii tokko irraa akka ka'ee fi wantoonni akka dheerinaa, gabaabinaa, bifaa fi kkf dhiibbaa irratti uumuu akka hin dandeennes dubbatee jira.

Lubbuun takkittiin tuni maddi isii Aadamii fi Hawaa kan ilmoon ilma namaa irraa daraarteedha. San booda dachee tana keessa faca'anii bakka bu'ummaa misoomaa fi ijaarsaa jiruu gaarii akka taasisaniifi.

Rabbiin akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّا خَلَقۡنَٰكُم مِّن ذَكَرٖ وَأُنثَىٰ وَجَعَلۡنَٰكُمۡ شُعُوبٗا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓاْۚ إِنَّ أَكۡرَمَكُمۡ عِندَ ٱللَّهِ أَتۡقَىٰكُمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمٌ خَبِيرٞ ١٣ ﴾ الحجرات: ١٣

*"Yaa namoota, nuti dhiiraa fi dubartii irraa isin uumneeti, akka wal beektaniif jecha sabootaa fi gosoota isin taasifne, Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan nama Rabbii sodaatu, Rabbiin beekaa fi keessa hubataadha."(Al-hujuraat 13)*

Maddi ilma namaa tokko waan ta'eef garaagarummaan jidduu isaaniititti argamu dhugaa kana xureessuu hin danda'u. Dubartoonni, dhiironni, mootonni fi gosti damee ilma namaa hundi wal guutuudhaan ummata qaroomaa fi wal qarqaaraa ta'ee uumuu qabu. Kunis wal dhaansoo jiruu bifa barbaachisaa ta'een injifachuuf nama qarqaara.

Wal qixxummaa kana irraa ka'ee namni kamiyyuu obboleessa isaa miidhuu, xiqqeessuu fi mirgoota isaa kan bu'uuraa irraa hin sarbu. Kunis ilmi namaa qarooma ol'aanaa

waan qabuuf jecha. Ilmi namaa kuni kabajaa Rabbiin guddaan isaaf kennee fi uumamtoota hunda isa caalchise qaba. Rabbiin akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱتَّقُوا۟ رَبَّكُمُ ٱلَّذِى خَلَقَكُم مِّن نَّفْسٍ وَٰحِدَةٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَآءً ﴾ النساء: ١

*"Yaa ilmaan namaa gooftaa keessan kan lubbuu takkittii irraan isin uume san sodaadhaa, ishee irraayis cimdii uumee, cimdii kana irraa dhiirotaa fi dubartoota baay'ee uume rabbi ittiin wal kadhattanii fi firummaas kutuu sodaadhaa. Dhugamatti Rabbiin isin too'ataadha."( Al-isaraa'a 1)*

Dhimma wal-qixxummaa ilaalchisee ragaan qabatama hadiisa ergamaa Rabbii irraa dhufe dhaamasa isa xumuraa (*kuxbatal wadaa'i*) irratti dubbatan akkana jedha: *(yaa ilmaan namaa Rabbiin keessan tokkicha, Rabbiin keessan tokkicha, abbaan keessanis tokko, isin hunduu kan Aadami, Aadam immoo biyyee irraa uumame, namani arabaa tokko nama araba hin ta'in yookiin namni araba hin ta'in nama arabaa, akkasuma namni diimaan nama adii, namni adiin nama diimaa kan caaluun sodaRabbii qofaani. Sila dhaamsa kana isinitti geessee jiraa? Yaa Rabbiati ragaa naaf ta'i)*

Kanaaf dalagaan gaariin namni kamiyyuu dalagu, dubartiis ta'ee dhiirotaa yoo gaarii ta'e fudhatama qaba. Ilmi namaa seerota namummaa fi Islaamummaa keessa jiru osoo hin dabsine dalagaa kamiyyuu jiruu tana keessatti maalummaa ofii ittiin ibsu yoo dalage, dalagaan tuffatamtu hin jirtu. RAbbiin akkana jedha.

وَلَقَدۡ كَرَّمۡنَا بَنِيٓ ءَادَمَ وَحَمَلۡنَٰهُمۡ فِي ٱلۡبَرِّ وَٱلۡبَحۡرِ وَرَزَقۡنَٰهُم مِّنَ ٱلطَّيِّبَٰتِ وَفَضَّلۡنَٰهُمۡ عَلَىٰ كَثِيرٖ مِّمَّنۡ خَلَقۡنَا تَفۡضِيلٗا ٧٠ الإسراء: ٧٠

*"Dhugamatti nuti ilmaan aadam kabajnee jirra, dachii fi galaana keessattis isaan baadhannee jirra, wantoota gaggaarrii irraayis soorata isaanii kenninee jirra, irraa hedduu wanta uumnee irras isaan caalchifnee jirra." (Al-isaraa'a:70)*

Yeroon Islaamummaan sonoota ilma namaa gaarii kanaan dhufte, yeroo ummatoonni biraa qarooma isaaniitii fi amantaa isaanii jallataa kana qabatanii waan turaniif amantaa Islaamaa hin fudhanne. Amantaa Islaamaa fudhachuu dhabuun isaanii ifatti kan muldhatuu wantoota armaan gadii keessatti.

-Yeroo *aqiidaan Barhiimiyyaa* Hindii hiddaan lafa qabattee jirtutti sirni qoodinsa jiruu sadarkaadhaan kennama.

- \- Ummatoota Giriik ummatoota biraa caalchisanii ilaaluu, isaan moototа namoonni biroo immoo gabroota. Seera sirna jiruun sadarkaani jedhu kana falasafaan biyya Griik Aristootil jedhamutu kitaaba isaa '*siyaasa'* jedhu keessatti murteesse.
- \- Biyyi Roomaa immoo isaan malee namoota jiran hunda irraa mirga mulquu isaaniiti. Muuxannoon isaan qaban kuni akka yaada isaaniititti isaantu nama cimaa fi ulfaatoodha.
- -Amantaa ijoollee Israa'iil, isaantuu ummata Rabbii filatamoodha, wanti isaaniin ala jiru gabra ijoollee Israa'iil tajaajiluuf uumameedha.
- -Yeroo wallaalinaa keessa ummanni arabaa hawaasa guutummaa namaa qabuudha jedhanii of yaadu, ummanni biraa namummaan isaanii hanqina qaba jedhanii fudhatani. Akka fakkeenyaatti dubartoota isaanii namoota birootiif hin heerumsiisan.

Wanti hedduu nama ajaa’ibsiisu ummatoonni kunniin hundi isaaniituu namoota addaan baasanii of nama gaarii godhuu kana keessatti seena mataa isaanii wahii irratti hundaawaniiti.

Dhugaa namummaa kana Islaamummaan raggaasisuu waliin wanti dhufe qarooma guddaa addunyaan hundi itti fayyadameedha. Sirna bulchiinsa Islaaamaa yoo ilaalle humna ummata isaanii hunda qindeessuudhaan qarooma cimaa kana uumanii itti fayyadamuu isaanii argina. Kanaaf sirnoonni sunniin bu’aa ummata isaanii bifa wal-qixa ta’een kabajan malee bu’aalee xixiqqoo naannummaa, gosummaa, bu’aa dhiiraa ykn dubartii qofa addatti baasanii hin ilaalani. Bu’uurri akkanaa kuni amantiin Islaamaa amantii namummaatti amanu ta’ee argamee jira. Kunis bu’uura waaraa waan ta’eef yeroo fi bakkaan kan jijjiiramuu waan hin taaneef amantaan Islaamaa amantaa namummaa akka ta’e mirkaneessee jira.

Dubbii kana kan dhugoomsu jecha Rabbiin ergamaa isaatiin jedhedha:

﴿فَٱسۡتَجَابَ لَهُمۡ رَبُّهُمۡ أَنِّي لَآ أُضِيعُ عَمَلَ عَٰمِلٖ مِّنكُم مِّن ذَكَرٍ أَوۡ أُنثَىٰۖ بَعۡضُكُم مِّنۢ بَعۡضٖۖ

﴾ آل عمران: ١٩٥

*“Gooftaan isaaniis Ani dalagaa nama isin irraa dalagee kan dhiiraas ta’ee dhalaa hin balleessu.Gariin keessan garii irraayyi Jechuun isaanii deebise . (Aal-imran: 195)*

yeroon amantaan Islamaa duudhaalee namummaa kana hunda qabatee dhufekanatti yeroo ummatootni biroo amantaalee fi qarooma isaaniititti hinamanneedha. ummanni kuni akka amantaa hin qabne wantootni akeekanhedduutu jira, san keessaa:

- Hindi keessatti sirna ilma nama sadarkaan addaan qooduutu jira, kunisamantaa barhamatii Hindii jedhamee beekkama.

- ummatni biyya Giriik ummatoota addunyaa hunda ni caalla jedhanii yaadu,isaan gooftota namoonni hafan gabroota kunis filoosoofiin biyya GiriikAristootil jedhamu kitaaba isaa siyaasaa jechu keessatti sadarkaanhawaasummaa kun akka jiru mirkaneessa jira.

- qaroomni Roomaa namoota isaaniin ala jira hunda mirga namummaa irraamulqanii jiru. sababni isaa akka yaada isaaniitti waan ummata kabajamaata'aniif.

- amantaa Yahuuda, isaanis nuti ummata Rabbiin filateedha jedhu, namoonnibiroo gabroota akka nu tajaajilaniif Rabbiin nuuf uumeedha jedhanii yaadu.

- ummanni arabaa amantii Islamaa dura, nuti ummata namummaan isaaniiguutamteedha jedhanii yaadu, ummanni biroo namummaa guutuu hinqaban jedhanii fudhatu, sababa kanaaf nama araba hin taanetti ijoolleeisaanii hin heerumsiisan.

wanti nama ajaa'ibsiisu hawaasni kuni hundi isaaniituu addaa addummaa kanamirkaneessuuf seenaa isaanii keessatti falaasama wahii qabataniiti.Amantaan Islaamaa dhugaa namummaa mirkaneessuuf sirna qarooma cimaa kanqabuu fi wanti isa madaalu kan hin jirreedha. sirna qarooma amantii Islaamaakeessatti Islaamummaan dhala namaa hundaawuu namummaa isaatiin walqabsiiftee bifa wal-qixaatiin laalti. kanaaf sirni qarooma Islamaa kuni dhalanamaatiif bu'aa walii gala fi namni kamiyyuu bu'aa waliinii akka argatu xiyyeeffannaa cimaa taasifti. bu'aa dhiphaa mana tokkoof, ummata tokkoof, gosatokkoof, namoota muraasaaf, dhiiraa

qofaaf ykn dubartoota qofaaf kan ooluirratti hin xiyyeeffatu. dubbiin bu’uuraa akkana kuni amantiin Islaama amantiinamummaa akka ta’u isa taasisee jira. kana jechuun namummaan hanga addunyaan tuni jirtu yeroo fi bakka adda addaatti of dandeettee jiraattijechuiudha.

dubbii kana wanti mirkaneessu jecha Rabbiin ergamaa isaatiin jedheedha.

وَمَآ أَرْسَلْنَٰكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَٰلَمِينَ ﴿١٠٧﴾ الأنبياء: 107

Aalama hundaaf rahamata taasifnee malee (Waan biraatiif) si hin ergine. *” (Al-anbiya’i):107*

Gareen *Usuuliyyoota* jedhamanii yaamaman amantaa Islaamaa keessatti wanti isaan lafaa kaasan; bu’uura amantaan Islaamaa bu’uu ilma namaa eeguudhaaf dhufte jedhuudha. Kanas kan fudhatan keeyyata qur’aanaa armaan olii sanaa fi hadiisa ergamaa Rabbii kan adda addaa irraayi.

## Wal-qixxummaa mirga hawaasaa, itti gaafatamummaa fi galataa

Dhugaan namummaa jalqabaa wal-qixxuummaa guututti nama geessuu qabdi. Wal qixxummaan kunis kan mirkanaawuu qabu abbaa murtii walabaa, kabajaa ilma namaa eeguu fi sodaa irraa qulqulluu ta’e fuul duratti. Abbaan murtii dhiibbaa qaama biraatiin alatti humna qabu hunda fayyadamuun gahee isa irraa eeggamu seeraa fi heera uumaa kabajee amala gaariidhaan murteessuu yoo danda’eedha.

Dhimma akkaan barbaachisaa kana Qur’aanni kabajamaa fi hadiisni ulfaataan bakka gara garaatitti itti akeekamee jira.

Kunis namoota Muslimaatiif qofa osoo hin taane, ilma namaa kan ta’e hundaa of keessattii hammmata. Amantiin Islaamaa hangam takka akka namaa fi namummatti yaaddoftu asumaa hubachuu ni dandeenna.

Rabbiin akkana jedha.

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُونُواْ قَوَّٰمِينَ بِٱلۡقِسۡطِ شُهَدَآءَ لِلَّهِ وَلَوۡ عَلَىٰٓ أَنفُسِكُمۡ أَوِ ٱلۡوَٰلِدَيۡنِ وَٱلۡأَقۡرَبِينَۚ
إِن يَكُنۡ غَنِيًّا أَوۡ فَقِيرٗا فَٱللَّهُ أَوۡلَىٰ بِهِمَاۖ فَلَا تَتَّبِعُواْ ٱلۡهَوَىٰٓ أَن تَعۡدِلُواْۚ وَإِن تَلۡوُۥٓاْ أَوۡ تُعۡرِضُواْ فَإِنَّ
ٱللَّهَ كَانَ بِمَا تَعۡمَلُونَ خَبِيرٗا ﴾ النساء: ١٣٥

*“Yaa warra amantan! Osoma lubbuu keessan yookaan abbaa fi haadha keessan fi firoota keessan irrattis ta’eeyyuu haqaan dhaabbata; Rabbiif ragaa bahaa ta’aa. Yoo dureessa yookiin hiyyeessa ta’anis Rabbitu irra isaanitti aana. Haqa irraa dabuuf fedha lubbuu keessanii hin hordofinaa, yoo ragaa dabsitan yookiin ragaa irraa garagaltan dhugamatti Rabbiin waan isi dalagdan hundaa beekaa ta’ee jira.” (Al-nisa’i:135)*

Qur’aanni kabajamaan sadarkaa ol’aanaan haqummaan akka kabajamu waamicha dhiyeessee ture. Kunis sirna amala gaarii of keessatti yoo hammatu haqummaan ilmaan namaa jiddutti yoo argame dhalli namaa sadarkaa guddaa irra gahuu muldhisa. Kunis keeyyaata Qur’aanaa armaan gadii keessatti ibsamee jira.

﴿ وَلَا يَجۡرِمَنَّكُمۡ شَنَـَٔانُ قَوۡمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعۡدِلُواْۚ ٱعۡدِلُواْ هُوَ أَقۡرَبُ لِلتَّقۡوَىٰۖ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۚ إِنَّ
ٱللَّهَ خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ ٨ ﴾ المائدة: ٨

*“Yaa warra Rabbitti amantan Rabbiif gadi dhaabbataa ta’aa, haqaan ragaa bahaa jibbiin ummataa haqa dalaguu dhiisuu irratti isin hin kakaasin, haqa hojjadhaa isatu sodaa Rabbiitti irra dhihoodha,Rabbiinis sodaadhaa. Dhugamatti Rabbiin waan isin hojjatan hunda beekaadha.”(Al-maa’ida:8)*

إِنَّ ٱللَّهَ يَأۡمُرُكُمۡ أَن تُؤَدُّواْ ٱلۡأَمَٰنَٰتِ إِلَىٰٓ أَهۡلِهَا وَإِذَا حَكَمۡتُم بَيۡنَ ٱلنَّاسِ أَن تَحۡكُمُواْ بِٱلۡعَدۡلِۚ إِنَّ ٱللَّهَ نِعِمَّا يَعِظُكُم بِهِۦٓۗ ﴿٥٨﴾ النساء : 58

“Dhugumatti, Rabbiinamaanawwan gara abbootii isaanii geessuu fi yeroo namagiddutti murteessitanis haqaan murteessuu isin ajaja. Dhugumatti wanti rabbiin itinti isin gorsu (barsiisu) akkam tolaadha! . *(Al-nisa’i58)*

Hadiisni ergamaa Raabbii dhimma kana shakkii tokko malee mirkaneessee jira. Ergamaan Rabbii jiruu isaanii keessatti hojii irra oolchanii jiru. Jiruu isaanii guutuu dhimma kanaaf kennanii dalagaa turani. Kunis dhimmaa haqummaa irratti burjaaja’iinsi akka hin uumamne taasisee jira. Sababni isaas xumura ergamtootaa fi Nabiyyoota Rabbii, wantoota dimshaashaan addunyaa kana irratti akka eeganiif Rabbiin isa erge keessaa dhimmi haqummaa eeguu isa jalqabaa waan ta’ee fi dhala namaa jiruu bineensummaa seenaa isaa keessatti muudate keessaa nama baasuufi. Jiruun bineensummaa ilmi namaa yeroo dheeraadhaaf jiraataa ture tuni dhugaa namaa fi namummaa barbadeessutti dhiyaattee turte.

Ergamaan Rabbii akkana jedha:

*“Namoonni isiniin duraa wanti lafa kana irraa dhaba ta’aniin, namni isaan kabajan yoo hate ni dhiisan, namni*

*laafaan yoo hate ni adaban, Rabbitti isinii kakadhee osoo Faaximaan Muhaammad hattee harka isii mura."*

Dubbii kana bakka bu'oonni afran ergamaa Rabbii duubaan jechaa fi dalagaa isaaniitiinis miirii dhugaa irratti hundaawe qabatanii dhufan hojii irra oolchanii jiru. Yeroo gabaabaa mootummoota isaanii kana keessatti kaayyoo Islaamaa sirna bulchiinsaa fi siyaasaa keessatti moodelaa fi fakkeenya cimaa lafa kaayanii jiru. Muuxannoo bulchiinsaa cimaa kana hordofamuu fi duuka bu'uu barbaachisa. Kunis ragaa cimaa amantiin Islaamaa qarooma addunyaa masakuu akka danda'u mirkaneessuudha.

Hiriyyaan ergamaa Rabbii Abuubakar Al-Siddiiq jedhamu akkana jedhe;

*"Mee waa isitii himaa dhagahaa namni cimaan keessan hanga mirga namaa eegutti ana biratti dadhabaadha. Namni dadhabaan ana biratti cimaadha, hanga mirga isaa eegsisuufitti"*

Jechoonni kanaa fi kana fakkaatan mirga dhala namaa gara jiruu qabatama namatti geeddaranii jiru. Mootummoonni biroos hiikkaa jecha kanaa akkuma jirutti itti fayyadamanii jiru. Isaanis (Umar, Usmaan fi Aliyyi) Rabbiin isaan hunda irraa haa jaalatu.

**Wal-qixxummaa namaa Dalagaa argachuu keessatti**

Dalagaan wantoota oomisha dabalan keessaa is jalqabaati, dalagaadhaan ummani guddatee qaroomni cimaan argama. Ilmi namaa dachii tana keessatti bakka bu'ummaa isaa kan ittiin mirkaneeffatuu fi amaanaa cimaa isatti kenname kana kan

fiixaan baasuu danda'u yoo dalage qofa. Kanaaf Islaamummaan nama dalagaa danda'u hunda isaa akka dalaguu fi tattaaffii cimaa taasisuuf waamicha dhiheesseefii jira. Rabbiin nama hundaawuu yeroo uumetti humna cimaa bu'aa dalagaa isaa ittiin muldhisu kenneefii jira.

Rabbiin akkana jedha;

﴿ هُوَ ٱلَّذِى جَعَلَ لَكُمُ ٱلْأَرْضَ ذَلُولًا فَٱمْشُوا۟ فِى مَنَاكِبِهَا وَكُلُوا۟ مِن رِّزْقِهِۦ ﴾ الملك: ١٥

*"Inni isa dachii laaffifamtuu isinii godheedha. Naannoo isii irra deemaatii soorata isii keessaa nyaadha. Xumura irratti deebiin keessan gara Rabbiiti" (Al-mulki:15)*

Dhugaa Islaamummaa kana irraa ka'uudhaan mootummaa Islaamaa irraa wanti eeggamu tartiiba jiruu namaa kaayuu fi misooma haawaasaatti yaaddahuudha. Kunis ummata isaaniitii dalagaa uumuu fi namoota dalagaa danda'an gara dalagaatti fiduudhaani. Sababni isaa mirgi namaa mirkanaawaa waan ta'eefi. Mirgi kunis hawaasa Muslimaa qofa osoo hin taane, namoota amantii biraa hordofanii fi hawaasa Muslimaa waliin jiraatanis of keessatti hammata. Kunis seera amantaa isanii fi haala jiruu dhuunfaa isaanii bifa eeggateen ta'uu qaba.

Amantiin Islaamaa mirga dalagaa argachuu keessatti dubartii fi dhiiraas wal-qixxuummaa eegeefii jira. Islaamummaan mirga hawaasummaa, barnootaa fi dalagaa dubartootaaf eegee jira. Garuu wanta uumaa fi dirqama dubartoonni guddisa ijoollee keessatti qaban hin dhiibnee fi uffata Islaamummaan ajaju uuffattee dalaguu, akkasuma yeroo dalagaa nama dhiiraa qofa waliin bakka tokkotti adda dalaguu amantiin Islaamaa ni dhoowwa. Wantoonni kunnii seerota

amantii Islaamaa waliin wal-qabata. Kunis hawaasni kayyoo isaa kan dhugaa irraa akka hin maqnee fi jiruu gaarii akka hin dhabneef isa qarqaara.

**Jiruu diinagdee keessatti wal-qixxummaa namaa**

Dachee tana keessatti wanti beekkamaan ilmi namaa sababni bakka bu’ummaan kennamteef jiruu keessatti qarooma guutuu fi dimshaashaa ta’e akkaataan Islaamummaan ajajjuun akka ijaaruuf. Dhimma bakka bu’ummaa kuni akka barbaadamutti kan fiixa bahuu danda’u diinagdee fi qabeenyi guddaan too jirate qofa. Guddinaa fi dagaagina qarooma kamiifuu hedduu barbaachisaadha. Garuu misoomni diinagdee fi qaroomaas aragamuu kan danda’u ilmi nama si’aa’inaan yoo hirmaannaa isaanii cimsanii taasisan qofaadha. Kunis hirmannaa sammuu fi humnaa gaafata. Sababa kanaaf amantiin Islaamaa nama hundaafuu qabeenya horachuu keessatti mirga wal-qixaa kenneefi. Kunis guddina hawaasaa fi nageenya seenaa isaa jabeessaa dhufa. Miidhaa walii diigamsatu dhufa waan ta’eef, akka miidhaan hin uumamneefis ni qarqaara. Kuni jiruu hawaasummaa keessatti waan yeroo hunda deddeebi’ee argamu waan ta’eef, keeyyatoota Qur’aanaa hedduu keessatti akeekkaa cimaa taasisaniifi jira.  Sanneen keessaa jecha Rabbii guuddaa akkana jedhuudha:

﴿وَتِلْكَ ٱلْقُرَىٰٓ أَهْلَكْنَٰهُمْ لَمَّا ظَلَمُوا۟ وَجَعَلْنَا لِمَهْلِكِهِم مَّوْعِدًا﴾ الكهف: ٥٩

*“Warra magaalota sanii sababa isaan miidhaa hojjataniin isaan balleessine. Yeroo isaan itti balleeffamanis beellama murtaawaa taasifnee jira.” (Al-kahfi:59)*

Kana irraa ka'uudhaan Islaamummaan sirna diinagdee hundeewwaan ciccimoo aramaan gadii irratti ijaaruu danda'ee jira. Kunis wal-qixxummaa qabeenya horachuu fi mirga qabeenya wal-qixxummaan horachuu kana ni mirkaneessa jedhamee yaadama.

**Tokkoffaa**: carraan namoota hundaafuu wal-qixa argamuu, amantaa, saalaa, bifaan fi sadarkaa jiruutiin namoota osoo addaan hin baafne nama hundaafuu carraa dalagaa uumuu jechuudha. Kana jechuun tattaaffii fi humni ilma namaa hunduu waliin ta'uun misooma hawaasummaa dimshaashawaa uumuu jechuudha. Bifuma kamiinuu damee kana irratti nama addaan baasuun humna ilma namaa irratti gufuu guddaa uumuu ta'a. Sadarkaan gufuu hanguma guddatuun duubatti hafiinsi ummataa babaldhataa dhufa. Ummanni hundi wanta gaarii yeroo barbaadetti argachuu hin danda'u.

**Lammaffaa**: sobanii namatti fayyadamuun hin danda'amu, kuni mirga fi haqa nama biraa saamuun gara haqa nama isa kaanitti dabaluu jechuudha. Gara biraatiin qabeenya raabsuuirratti dhiibbaa guddaa fida. Kunis bu'aa humna nama tokkoo namni biraa saamuutiin dhufuudha. Sababa kanaaf amantiin Islaamaa akkaataa qabeenya horachuu seerota hedduu lafa kaayuudhaan namoonni akka wal hin miine taasisee jira. qabeenyi qabeenya Rabbii yoo ta'u jiruu hawaasummaa ittiin adeemsisuudhaaf tajaajila. Kanaaf gara seera qabeessa ta'een argachuun dirqama ta'a. Baasii seera qabeessaaf oolchuu qaba.

Hawaasa keessatti mirga diinagdee horachuun miidhaa irraa fagaachuudha. Miidhaan karaa ittiin namatti fayyadaman

keessaa isa duraati. Keessumaayyuu yoo aangoo murtaawaa wahiitiin kan deeggaramu ta’e miidhaan dagaagaa dhufa.

**Sadaffaa:** hawaasa keessatti garaa garummaa jiru heddummeessuudha.Ummanni garaa garummaa isaan keessa jirutti bifa barbaachisuu ol yoo amane ummanni suni ummata yeroo hunda miidhaan keessatti dagaage ta’ee argama. Mirgi namoota hedduu akka dhiibamuuf karaa bana. Kanaaf seeronni Islaamaa mootummootni Muslimaa waa’ee diinagdee ilaalchisee dalagaa too’annaa ol’aanaa taasisuun sochii diinagdee beekuu qabu. Kunis jiru sadarkaa hawaasa keessatti akka hin diriirree fi namni humna qabu nama humna hin qabne akka hin miineef qarqaara.

Dubbiin tuni yeroo amma kana sirna Kaappitaalizimii keessatti argamti. Kooppaniyyaan ciccimoon isaan xixiqqoo ukkaamsitee qabuun itti fayyadamti. Sirna Sooshalizimii keessatti qabeenyi hunda harka mootummaatti hafa, mirgi namoota dhuunfaa qabeenya horachuuf qaban ni xiqqaata. Mootummaa qofatu jiruu gaarii tasgabbooftuu keessa jiraata.

**Afraffaa:** hawaaasa Islaamaa keessattiaadaawal danda’uu uumuudha. Kuni karaa filatamaa mirga namni dhuunfaa qabeenya horachuu fiixaa bahuu danda’u yoo ta’u, miidhaas dhabamsiisuuf karaa gahee guddaa qaba. Sirni zakaa baasuu mala wal-danda’uu keessaa sadarkaa duraa irratti dhufa. Kunis namoota dalaguu hin dandeenne qarqaaruuf oola. Kennaan akkanaa kuni qaawwa misoomaa hawaasa keessatti argamu cuufuudhaaf nu qarqaara.

**Mirga waa dhuunfachuu keessatti wal-qixxummaa namaa:**

Amantiin Islaamaa mirga waa dhuunfachuu mirkaneessitee jirti. Garuu seerotaa fi heerota jiruu fi du’a nama dhuunfaa tolchan hedduu daangessitee lafa keettee jirti. Kunis miidhaan akka hin babaldhannee fi qabeenyi socho’us ta’ee hin sochoone harka namoota dhuunfaa keessatti walitti hin qabamneefi.

Akkasuma wanta namni gareedhaan horachuu danda’u lafa keettee jirti. Gareedhaan wanti namni walitti qabu ergamaan Rabbii wantoota afur lafa kaayanii jiru. Bishaan, kaloo, ibiddaa fi sooqidda. As irratti tilmaamuudhaan wantoota kanneen fakkaatan qabeenya walii gochuun ni danda’ama. Akka ilaalcha Imam Ahmaditti wantoota kanneen irratti albuudota dachee keessa jiran tilmaamuudhaan qabeenyawaliinii taasisee jira. Albuudotni qabeenyummaan isaa kan mootummaa ta’a jedhee yaada. Kanaaf osoo lafa nama dhuunfaa keessattis kan argamu taatee qabeenyummaan isaa kan garee ta’a. Sababni isaa abbaan lafaa waan isii irra jiru malee waan isii keessa jiruu dhuunfachuu hin danda’u. Albuudni immoo qabeenya Rabbii kan dachee keessa jiruudha. Qabeenya Rabbii immoo kan nama maraati. Kanaaf bu’aan isii irraa argamu hundi kan biyyaa ta’uu qaba. Albuudni bakka hundatti waan hin argamneef namni kamiyyuu itti hajama. Yaadni imaam Ahmad kuni kaayyoolee amantii Islaamaa waliin waan wal hin faallessineef deeggarsa isaanii yaada kanaaf argisiisanii jiru.

Mirga qabeenya horachuu ilaalchisee madaalliin namoota jidduutti akka argamuuf amantii Islaamaa keessatti seeronni hedduun mootummaa biyyaa too’annaa cimaa akka taasisu

kennameefii jira. Mirga sanniin keessaa qabeenya nama dhuunfaa bu’aa hawaasa baldhaatiif fudhachuu hanga dandeetttu takka karaa banee jira. Qabeenya nama dhuunfaa kana fudhachuun garuu miidhaa nama san irraan gahuu hin qabu.

Rabbiin akkana jedha

﴿ مَّآ أَفَآءَ ٱللَّهُ عَلَىٰ رَسُولِهِۦ مِنْ أَهْلِ ٱلْقُرَىٰ فَلِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ وَلِذِى ٱلْقُرْبَىٰ وَٱلْيَتَـٰمَىٰ وَٱلْمَسَـٰكِينِ وَٱبْنِ ٱلسَّبِيلِ كَىْ لَا يَكُونَ دُولَةًۢ بَيْنَ ٱلْأَغْنِيَآءِ مِنكُمْ ۚ ﴾ الحشر: ٧

*“Wanti Rabbi qabeenya warra magaalaa irraa ergamaa isaa irratti deebise akka jidduu dureeyyii isin irraa ta’aniitti hin naannofneef jecha, rabbiif ergamaa isaatiif, fira dhihootiif nama abbaa hin qabneef, harka qaldheeyyiif, nama imala irra jiruuf haqa godhamee jira. Waan inni irraa isin dhoowwes irraa dhoowwamaa. Rabbiinis sodaadhaa, dhugamatti Rabbiin adabbiin isaa cimaadha.”(Al-hashir: 7)*

Ragaan hadiisa irraa jiru immoo ergamaan Rabbii dachee kaloo namni marti itti fayyadamu ‘*Naqii’i’*jedhamtee beekkamtu irraa hanga takka muranii fardoon waraanaa fi gaalli isaanii akka dheedu taasisanii jiru.Umar Ibni Kaxxaabis (Rabbiin isaan irraa haa jaalatuu) dachee ‘*Rabdaa’* jedhamtu kaloo taasisaanii namni marti akka irraa fayyadamu hayyaman.

Dubbiin armaan olitti dubbanne kunniin wal-madaalliin qabeenya horachuu hawaasa keessatti akka argamu taasisa. Yoo bifa kanaan ta’e beelli, mana dhabuun, daaranii qullaa deemuu fi jiruu bineensonni jiraatan jiraachuun hin argamu. Jiruu namaa irraa namummaan fuudhamee kabajaan isaa sarbamee jiraachuun amantaa Islaamaa keessa hin jiru. Ilmi namaa

kabaajaa isaa sirna cunqursaa keessatti caldhisuu fi kophaa jiraachuun eeggachuu ni danda’a. Garuu namni qabeenya hin qabne kabajaa isaa eeggachuu hin danda’u.

Madaallii kana eeguudhaaf jecha ergamaan Rabbii Godaantotaa fi Tumsitoota *(Muhaajiriina fi Ansaarota)* walitti obboloomsan. Qabeenya lolaan ala ijoollee *Nadiir* irraa argatan Godaantotaa (*Muhaajiriina)* qoodan.

Madaalli kana eeguudhaaf jecha sirni dhaalaa qabeenya jiru namoota jiddutti bittineessuuf dhufe. Kanaaf Qur’aanni kabajamaan mirga fayyadamuu keessati hanga barbaachisuu ol akka bira hin tarres akeekkachiisee jira.

. Rabbiin akkana jedha:

﴿غَيْرَ مُضَآرٍّۚ﴾ النساء: ١٢

*“Haala miidhamuun hin argaminii” (Nisaa :12)*

Hadiisni ergamaa Rabbiis Dubbima kana mirkaneessa, ergamaan Rabbiin muka timira ‘Samraa Jundu’ kan inni oorruu namicha warra ansaaraa keessa jiru tokko waan godhe ilaaluun ni danda’ama. Namni Samraa Jundub jedhamu kuni oorruu tana yeroo hunda warra isaa waliin seenuu fi bahuu guddisa. Dubbiin kuni abbaa oorruu yaachisee ergamaa Rabbiitti himate, ergamaan Rabbii Samraa Jundub waamanii akkana jedhaniin. Muka kee san gurguradhu, hin barbaadu jedhee ergamaa Rabbiitii deebise, muka san muri kaa jedhaniin ni dide, kennaa kennadhu muka akkasii jannata keessatti argattaa jedhaniin, ammas ni dide, ergamaan Rabbii akkana jedhan rahmataa fi nageenyi isaan irratti haa jiraatuu, ‘ati nama nama miidhudha’.

‘Abbaa oorruutiin immoo akkana jedhan deemiitii muka timira isaa san hiddaan buqqisi’ jedhaniin.

Yahyaa ibnu Aadam namni jedhamu akka odeessetti, namni ‘Dahaakaa Kaliifaa’ jedhumu tokko bishaan lafa isaa gahuudhaaf lafa Muhaammad Salamaan keessa bahu malee bira hin gahu ture. Garuu Muhaammad bishaan akka lafa isaa keessa hin yaane dhooggee jennaan Dahaakaan mootii Islaamaa ‘Umar Ibni Kaxxaab’ jedhamutti himate, Umaris Muhaammad Salaamaa waamee akkana jedheen sila bishaan lafa tee keessa yoo yaa’e waan si miidhutuu jiraa jedheen? Homaa hin jiran jedhee deebiseef, Rabbitti sii kakadhee osoo bishaan kuni garaa kee irraan malee bakka biraatiin taruu kan hin dandeenne ta’ee silaa akkuma garaa kee irra yaa’ee taruuf ajaja kenna ture jedheeni.

Akkasuma wanti Bilaal Haaris jedhamu dalagees dubbii kana deeggara. ergamaan Rabbii nama kana *aqiiqa*lafa baldhaa hunda akka muru ajajan. abuu ubeeyidis yeroo bulchiinsa umar keessa Bilaaliin akkana jedheen “ergamaan rabbii akka ati dalagduufi malee akka ati nama irraa ittistuufii miti kan akka murtu si ajajaniif, waan yeroo san keessa qabdu hanga dandeette fudhadhu waan hafe deebisi”

**Mirga hawaasummaa keessatti wal-qixxummaa**

Mirga hawaasummaa jechuun namni tokko mirgaa fi dirqama isaa beekee qabeenya socho’uu fi hin sochoonettis fayyadamuu jechuudha. Amantiin Islaamaa daa’imman, maraattotaa fi gowwaa mirga kana keessa baasee jira. Saniin ala namoota Muslimaa fi Muslima hin ta’inis bifa wal-qixaatiin

fudhatee jira. Seera kanas bu’uura dalagaalee namaa tolchan keessa kaayee jira. ‘Wanti nuuf hayyamamu isaaniifi ni hayyama, wanta nu dalagnu isaanis ni dalagan.’ragaan kanaa Qur’aana keessatti hedduudha sanneen keessaa Rabbiin akkana jedha.

قَالَ تَعَالَى: ﴿ لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَٰتِلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ وَتُقْسِطُوٓاْ إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ ﴾ الممتحنة: ٨

*“Rabbiin isaan sababa amantiitiif isin hin waraaniinii fi manneen keessan irraa isin hin baasiniif tola ooluu fi haqaan waliin jiraachuu isin hin dhoorgu. Dhugamatti Rabbii warra haqa dalagan ni jaalata.”(Al-mumtahina:8)*

Dhimmi gabrootaa immoo mirga isaanii Qur’aanni kabajamaan mirga hawaasummaa guutuu akka qaban mirkaneessee jira. Kan akka bittaa fi gurgurtaa, qabeenya dhuunfachuu, maatii ijaaruu, fuudhuu fi xalaaqa raawwachuu ni danda’an. Akkasuma gooftaa isaa gara abbaa murtiitti himachuus mirga akka qabuu mirkaneeffamee jira. Nama walabaa fi gabra yoo halloo baafachuu keessatti wal-qixxeesse, erga bilisoomee boode maatii isaa waliin yoo jiraachise fi humnaa ol waan inni hin dandeenne yoo itti baachise ykn dalagsiise mana murtii deemee iyyachuu ni danda’a. Yoo gabri tokko of bitee walabummaa barbaadee gooftaan isaa dide abbaan murtii gooticha (abbicha) san dirqamsiisuu ni danda’a.

## Mirga bilisummaa amantii

Amantiin dhugaa onnee fi miira namaa keessa seenuudha. Kanaaf namni tokko osoo qaamni alaa irratti dhiibbaa hin fidin

ofumaa amanee fudhachuu qaba. Sababni isaa gabbartii Rabbii ol'aanaa ta'eef malee nama biraatii waan hin taaneefi. Wanti isiin ittiin ibsamtu qulqullummaa, jaalalaaa fi Rabbiif masakamuudha. Asi irraa ka'uudhaan amantiin Islaamaa dhimmi amantii miira nama dhuunfaatii dhiifte. Nama kamiyyuu akka Islaamummaa qabatuuf hin dirqisiifne.

Rabbiin akkana jedha.

﴿ لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّۚ ﴾ البقرة: ٢٥٦

*"Amantaa Islaamaa keessa dirqisiisuun hin jiru, karaan qajeellumaa karaa jallinaa irra ifa gala waan ta'eef." (Al-baqaraa :256)*

Sababa kanaaf warroonni amantii biraa hordofan biyyoota Islaamaa keessatti yeroo dheeraadhaaf amantii isaanii qabatanii bilisummaa guutuudhaan turuu danda'anii jiru. Mirga abbaa biyyummaa isaanii osoo hin dhabin jechuudha. Damee jiruu hunda keessatti hirmannaa taasisuu ni danda'u. namni Muslimaa tokko dubartii amantii biraa hordoftu fuudhuu ni danda'a, akka isiin amantaa ofii gadi dhiiftu dirqamsiisuu hin danda'u. Qur'aanni kabajamaanis yeroo mormii warra amantii biraa waliin taasisatan jechoota gaggaarii fayyadamaa jedhee Muslimtoota ajaja. Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَلَا تُجَٰدِلُوٓاْ أَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ إِلَّا بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ ﴾ العنكبوت: ٤٦

*"Warroota amantaa kiristaanaa fi yahuudaa hordofan jechoota gaggaarii yoo fayyadamtan malee waliin hin morminaa." (Al-ankabuut: 46)*

## Mirga bilisummaa yaadaa

Ilmi namaa bakka bu'aa fi itti gaafatamummaa itti kennamte fiixaan baasuuf mirga bilisummaa yaadaa qabaachuu qaba. Kunis mataa ofii beekee yaada isaa ibsachuun humna isaa guutuu gara wanta bu'a qabeessaa fi qabatama qabuutti geeddaree gufuu tokko malee qarooma barbaachisu akka ijaaruuf isa qarqaara. Amantiin Islaamaa namni yaada isaa sodaa tokko malee akka ibsatu kan taasisteef Kanaafi. Keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa keessatti dhufan hedduun isaanii gara yaadaa, xiinxalaa fi hubannaatti nama yaamti. Keeyyatoonni sunniin hundi isaaniituu dhimmi walabummaa yaadaa raggaasisa.

Ergamaan rahmataa fi nageenyi Rabbii isaan irratti haa jiraatu, hiriyyoota isaa yaada ofii bilisaan akka ibsatan jajjabeessaa fi leenjisaa turan, kunis bifa gorsa gaafaachuutii fi yaada haarawa burqisiisuu keessatti akka tattaafatan godhuutiini.  Gara biraatiin immoo dubbiin kuni gara fuul duraatti akka karaa ta'u waan barbaadameefi.

Yaada ergamaa Rabbii hiriyyoonni isaa yeroo hedduu mormanii jiru. Isaanis wanta dhugaa fi dhugaa ni ta'a jedhanii yaadan hundaa akka morman ragaan ni mirkaneessa. Fakkeenyaaf lola '*Hudeeyibiyaa'* irratti akkataa itti lolan ilaalchisee hiriyyoonni ergamaa Rabbi mormii dhiyeessanii turan. Namicha munaafiqaa 'Abdallah Ibnu Ubeyyi' jedhamu irratti salaatuu keessattis yaada mormii kaasanii turan. Namicha kana irratti salaatuun amantiin Islaamaa ilma namaa hangam

takka akka kabajju argisiisa. Kunis akka bu’uura mirga dhala namaatti fudhatama.

Yeroo hiriyyoonni ergamaa Rabbii isaan fuul-duratti yaada isaanii walabummaan akkanatti ibsatan ta’e akkamitti namoota biro jiddutti yaada ofii bilisaan ibsachuun dhooggamaa?Islaamummaan namni Amantii isaa ta’u filachuu yoo mirga kan kennitu taate; akkamitti namni tokko haala tattaaffii jiruu ilaalchisee yaada isaa bilisaan ibsachuu dhoorka jedhamee yaadamaa?

Gara biraatiin immoo amantiin Islaamaa seera jiruu tana beekuuf namoonni xiinxallaa beekkumsaa akka taasisuu qaban ibsee jira. Kuni immoo dalagaa sammuu Qur’aanni kabajamaan gara hubannoo, xiinxalaa fi wantoota dhokataa ta’an baasuuf ilmi namaa sammuutti fayyadamuu akka qabu eeree jira.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ أَوَلَمۡ يَنظُرُواْ فِي مَلَكُوتِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا خَلَقَ ٱللَّهُ مِن شَيۡءٖ ﴾ الأعراف: ١٨٥

*“Sila mootummaa dachii samii fi waan Rabbiin wantoota hunda irraa uume hin ilaalanii?”*

*(Al-airaaf:185)*

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ إِنَّ فِي خَلۡقِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَٱخۡتِلَٰفِ ٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ وَٱلۡفُلۡكِ ٱلَّتِي تَجۡرِي فِي ٱلۡبَحۡرِ بِمَا يَنفَعُ ٱلنَّاسَ وَمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مِن مَّآءٖ فَأَحۡيَا بِهِ ٱلۡأَرۡضَ بَعۡدَ مَوۡتِهَا وَبَثَّ فِيهَا مِن كُلِّ دَآبَّةٖ وَتَصۡرِيفِ ٱلرِّيَٰحِ وَٱلسَّحَابِ ٱلۡمُسَخَّرِ بَيۡنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يَعۡقِلُونَ ﴾ البقرة: ١٦٤

*“Dhugumatti uumama dachii fi samii, wal- irraa bakka bu’uu halkanii fi guyyaa doonii waan nama fayyaduun galaana keessa yaatu, bishaan Rabbin samii irraa buuseen dachiin duute jiraatuun, lubbu qabeenyii hunda irraa isii keessa facaasee, bubnbisa qilleensaa fi duumessaa samii fi dachee mijeeffamanii keessa namoota xiinxallaniif mallatttotuu jira.”(Al-baqara:164)*

Sababa kanaaf Islaamummaan sammuu ilma namaatiif dirree baldhaa inni irratti dalaguu qabu dhiisee jira. kunis akkka jiruun hin dhaabanneef qarqaara. Yoo bilisummaa yaadaa fi xiinxalaa baldhifnee ilaalla ta’e, jiruun namaa gara bu’a-qabeessaa fi filatamtuutti geeddarama. Xiinxalli bu’aa akkanaa kana uumuu danda’u yeroo kamiyyuu qajeelluma Rabbiin namaaf kennu irraa ka’eetii kan gara fuul-duraatti deemuu danda’u.

## Mirga bilisummaa siyaasaa

Mirga bilisummaa siyaasaa jechuun hawaasni burqaa aangoo ta’uu jechuudha. Mirgikuni hawaasaaf akkaan barbaachisaa waan ta’eef hawaasni burqaa aangoo ta’uu qaba. Kunis namni kamiyyuu nama isa bulchu filachuuf nirga qabaachuu qaba. Bifa dimshaashaatiin Qur’aana kabajamaa keessatti keeyyatoonni toltuu irratti akka wal qarqaaran, marii taasisanii fi hawaasa jiruu siyaasaa keessatti akka hirmaatu ajajan dhufanii jiru.

IbniTeeymiyaan (*Rabbiin ol’aane isaanii haa araramuu*) akkana jedhan. “*Imaamummaan karaan warra sunnaa hordofuu biratti kan argamuun warri matoota biyyaa yoo mirkanessan*

*qofa. Mootummaan immoo kan filatamuun walii galtee ummataatiini. Shakkii tokko malee imaama filachuu kana irraa namoonni lamaa fi sadih yoo hafan sirna filannoo irratti rakkoo tokkoohuu hin uumu. Warri mootota biyyaa namoota filannoo kana irraa bifa addaatiin dubbatti hafan kanaaf hin ajiifataman."*

Muftiin biyya Gibxii duraanii 'Muhammad Bakiit' namni jedhamu akkana jedhe: "aangoon mootummaa kan argamuunkan malu yoo warri matoota biyyaa mirkaneessan qofa. Mootummaan Muslimtootaa bakka bu'aa ummataa waan ta'eef aangoo isaa ummata irraa argata. Maddi humna mootummaa ummata.Kanaaf maddii aangoos ummata ta'a jechuudha. Seenaa keessatti maddi aangoo ummata akka ta'ee kan ibsan ummata Muslimaati."

Dubbima kana irraa ka'amee mootummmoota Islaamaa *Kulafaa'u Al-Raashidiin* jedhamanii beekkaman karaa kanaan filaman. Kunis bifa walii gala ta'een dhimma kana irratti ragaan akka jiru mirkaneessa.

*Ibni Teeymiyaan Rabbiin isaanii haa araramuu akkana jedhan 'Abuubakr' imaama kan ta'een namoonni humna qaban akkuma filataniin, osoo Umurii fi namoonni muraasni isa waliin jiran. Abuubakriin filatanii hiriyyoonni ergamaa Rabbii kan didan taatee sila imaama ta'uu hin danda'u ture. Inni imaama kan ta'uu danda'een ummanni baldhaan waan filateefi. Kanaaf filannoo kana irraatti namni Sa'ad jedhamu hin argamne. Garuu kuni filannoo kana hin miidhu ykn gatii hin dhabsiisu.*

*Gara biraatiin immoo waan Umar filateef qofa hin ta'uu, namoonni biroos filachuu qabu."*

Akkasuma Umaris mootummaa kan ta'ee erga isa filatanii booda, osoo isaan hin filatinii imaama hin ta'u ture. Ummanni erga mootummaa ofii filatee booda too'annoo cimaa taasisuu qaba. Ammas irra dubbii kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'aan, mootummmoota Islaamaa *Kulafaa'u Al-Raashidiin* jedhamanii beekkamaniidha.

*Abuubakri (Rabbiin isa irraa haa jaalatuu) akkana jedhe: "ani isin irratti mootii ta'e malee nama isin caaluu miti, yoo anaa dhugaa dalagu na argitan, irratti na qarqaaraa, yoo anaa dhara dalagu na argitan, na gorsaatii na qajeelchaa, waan ani Rabbii tole jedheen isinis tole naa jedhaa, yoo ani Rabbiin dide isinis anaaf ee hin jedhinaa.' Ani nama hordofamaadha malee nama waa jalqabuu waan hin taaneef, yoo ani karaa Rabbii irratti gadi dhaabadhe na hordofaa, yoo ani irraa dabe na qajeelchaa."*

*Ammas itti dabale akkana jedhe: 'ani nama hordofamu malee of irraa kaasee nama waa uumuu miti yoo ani karaa Rabbii irraati gadi dhaabadhe na hordofaa. Yoo ani karaa kana irraa dabe na qajeelchaa.'*

Umar Rabbiin isa iraa haa jaalatuu akkana jedhe: "Yaa ilmaan namaa namni anaa karaa irraa jallate arge naa haa qajeelchu" namni wahii umaritti dhufee akkana jedheen: "yoo karaa irraa dabuu kee si argine guraadee keennaan si qajeelchina" Umaris (Rabbiin isa irraa haa jaalatuu) akkana

jedhee deebii deebiseef; “galanni Rabbiin haa gahu hawaasa Umar keessa nama jallate guraadee isaatiin qajeelchuu kan naaf kaahe.”

Usmaan Rabbiin isa irraa haa jaalatuu akkana jedhe: “Ani wanta Muslimtoonni bifa hanqinaatiin laalan ni toowubadha, irraa of qulqulleessa akkasuma deebi’ees hin dalaguu, ergamaa Rabbii akkana kan jedhu dhagahe:‘namni salphate haa toowubatu, namni dogoggores haa toowubatu, karaa badii qabatee hin deemini, namni badii qabatee itti fufe karaa qajeelaa irraa fagaataa deema.’

Aliyyi ibnu Abii Xaalib immoo dhimma yaachisaa kana ilaalchisee xalayaa isaa tan nama Maalik ibni Ashtar jedhamuuf erge keessatti mirga hawaasaa fi mootummaas bifa ifa gala ta’een ibsa gahaa kennee jira.

Islaamummaa keessatti bu’uurri marii, mirgoota kanniin keessaa kan ifatti mul’atuudha. Mirka hawaasaa keessaa, namni seera Rabbii guddaa haa hojii irra oolchuu fi dhimma duniyaa isaanii akka tartiibessuuf namni isaan filatan kuni wantoota barbaachisoo ta’an hunda irratti hawaasa mari’achiisuu dirqama qaba. Kunis akka wal-ajiifachuu fi fofottoquun hin uumamneef qarqaara. Akkasuma sammuu fi onnee mootummaa biyya bulchuu biratti yeroo hundaa yaadni sirriin kiyya jedhee akka hin amannee isa taasisa. Yaad-rimeen marii seera hin qabnee yeroo irraa gara yerootti mala marii bareedaa kana hiikkaa fi bu’aa isaa xiqqeessitee jirti.

Jechoonni waa'ee marii ibsan Qur'aanaa fi Hadiisa keessattis bifa ifa gala ta'een bu'aa marii haala dimshaashawaan erga ibsitee booda, mariin dirqama ta'uu isii lafa keettee jirti. Kanaaf miriin dirqama ta'uu hubannee karaa sirrii ta'een jarraalee hunda keessatti itti fayyadamuu qabna. Kunis kan qarqaaruuf mirgi ummata sarbamee dhiibbaa abbaa irrummaa jalatti akka hin kufneef qarqaara. Mootummoonni abbaa irree diigamiinsa hawaasaatiif biyyoota Islaamaa keessatti jarraalee hedduudhaaf sababa ta'anii jiru.

### Miraga jiraachuu fi lubbuu eeguu

Amantiin Islaamaa jiruu ilma namaa kabaja guddaan bakka bu'ummaa dachii kanaa kenneefii jiru tana akka isiin hin badne eeggumsa cimaa taasiseefii jira. Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَلَكُمۡ فِي ٱلۡقِصَاصِ حَيَوٰةٞ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ﴾ البقرة: ١٧٩

*"yaa warra sammuu qabdan, haloo bahachuu keessan keessa lubbuu du'a irraa baraarutu jira. Akka isii lubbuu balleessuu irraa of eeggataniif kana goone."(Al-baqara: 179)*

Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَكَتَبۡنَا عَلَيۡهِمۡ فِيهَآ أَنَّ ٱلنَّفۡسَ بِٱلنَّفۡسِ ﴾ المائدة: ٤٥

*"Isaan irratti lubbuun lubbuudhaani jennee irratti barreessinee jira" (Al-maa'ida:45).*

Bifa kanaan amantaan Islaamaa, amantii nagahaa fi amaanaa guutu ta'ee argama. Mirgi dhala namaa amantii kana keessatti faarfamaa fi kabajamaadha. Namni nama ajjeessu akka ajjeefamuu qabu mirkaneessuun isaa jiruu ilma namaa dhuunfaas ta'ee jiruu garee eeguudhaaf waan taasifameedha.

Kanaaf namni Muslimaa tokko jiruu namaa eeguun dirqama ta'uu isaa hubatee jira. Kanas kan hubate keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa kan burqeedha. Namoonni gareedhaan ta'anii osoo nama tokko ajjeesanii isaan hunduu akka ajjeefaman keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa hubachuun ni danda'ama. Umar Rabbiin isa irraa haa jaalatuu biyya Yaman keessatti namoota gareedhaan nama tokko ajjeesan hundaa ajjeesee jira. Umar akkana jedhe: "Osoo warri '*San'aa'* hundi ajjeechaa kana keessatti wal qarqaaran, isaan hundaawuu ni ajjeessa ture"

Dubbiin asii olitti dubbanne kuni qixaatii aakiraa keeyyatoota Qur'aanaa keessatti dubbataman san of keessatti hin hammatu. Rabbiin akkana jedha.

﴿ وَمَن يَقْتُلْ مُؤْمِنًا مُّتَعَمِّدًا فَجَزَآؤُهُۥ جَهَنَّمُ خَٰلِدًا فِيهَا وَغَضِبَ ٱللَّهُ عَلَيْهِ وَلَعَنَهُۥ وَأَعَدَّ لَهُۥ عَذَابًا عَظِيمًا ﴾ النساء: ٩٣

*"Namni osoo beekuu nama Rabbitti amane ajjeesu, mindaan isaa ibbida jahannam keessatti hafuudha. Rabbiinis isa irratti dallanee isas abaaree jira. Adabbii guddaas isaaf qopheessee jira."(Al-nisa'i:93)*

Islaamummaa keessatti murtiin ajjeechaa dogoggoraa akkuma nama beekaa ajjeeseetti dhihaata (fudhatama). Murtiileen tunniin hedduun isii jiruu ilma namaa tan kabajjuu fi mirgi jiruu namaa akka hin dhiibamne tan mirkaneessituudha.

## Mirga qabeenya namaa eeguu

Amantiin Islaamaa mirga qabeenya horachuu daangaa beekkamaa fi burqaaeeyyamamu irraa argachuun akka

danda’amu mirkaneessitee jirti. Qabeenya nama dhuunfaa kana eeguudhaaf jecha adabbii cimaa namoota hatan irratti murteessitee jirti. Adabbiin kun gatii wanta hatamee, barbaachisummaa meeshaa hatamee, nama meeshaa kana hate, nama meeshaan sun jalaa hatame, fi firummaa dhiigaa hattichaa fi abbaan meeshaa waliin qabu irratti hundaa’a. Inni biraa immoo ragaadhaan waan wal-qabateedha. Yoo ragaan gahaan hin argamne adabbiin ni hafa. Garuu adabbiin hafuun hattichi qulqulluudha jechuu waan hin taanes abbaan alangaa naaf haa galuu gafatee haala yeroo fi bakkaa ilaaluun hanga xumuraattii deemuun dirqama abbaa murtiiti.

Amantiin Islaamaa namoota karaa namatti cufanii nama saamanii, nagahaa fi tasgabbii hawaasaa booressaan akkasuma dachii tana balleessan irratti adabbii hunda irra cimaa murteessee jira. Namoota akkasii sanneen irraatti murtii jiru ajjeesuu fi fannisuudha. Yoo erga isaan qabeenya namaa samanii fi namoota biraa ajjeesan booda qabaman, ni ajjeefamu. Yoo qabeenya qofa saamanii nama hin ajjeesin haka mirgaa fi miila bitaa akka irraa muraman murteeffamee jira. Yoo qabeenya namaa samuu fi nama ajjeesuuf yaalii osoo godhan qabaman murtiin isaanii hidhaa ta’a. Dhimma kana ilaalchisee Rabbiin ol’aanee akkana jedha.

﴿ إِنَّمَا جَزَٰٓؤُاْ ٱلَّذِينَ يُحَارِبُونَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَيَسۡعَوۡنَ فِي ٱلۡأَرۡضِ فَسَادًا أَن يُقَتَّلُوٓاْ أَوۡ يُصَلَّبُوٓاْ أَوۡ تُقَطَّعَ أَيۡدِيهِمۡ وَأَرۡجُلُهُم مِّنۡ خِلَٰفٍ أَوۡ يُنفَوۡاْ مِنَ ٱلۡأَرۡضِۚ ذَٰلِكَ لَهُمۡ خِزۡيٞ فِي ٱلدُّنۡيَاۖ وَلَهُمۡ فِي ٱلۡأٓخِرَةِ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴾ المائدة: ٣٣

*“Dhugamatti minda warra Rabbiif ergama isaatiin lolanii, dachii keessa balleessuuf deemanii ajjeefamuu yookiin fannifamuu, yookiin harkaa fi miilli isaanii faallaan irraa ciramu yookiin irraa ari’amuudha. Kunis addunyaa irratti isaaniif salphaadha. Aakiratti isaaniif adabii guddaatu jira.”(Al-maa’ida :33)*

Namni qabeenya namaa roorroodhaan same immoo qabeenya san ykn yoo balleesse gatii qabeenyi sun baasuu deebisuu qaba. Haala mara keessattuu adabbii abbaa murtiitiin itti kennama. Akeekkachiisa aakiraa ergamaan Rabbii jedhan hunda caala nama rifachiisa:“Namni lafa namaa humnaan fudhate Rabbii isaatiin kan wal arguun bifa inni dallanaa ta’een.” Ergamaan Rabbii ammas akkana jedhe:

“namni qabeenya nama Muslimaa tokko muree fudhate, Rabbii jannata isa irratti haraama taasisee ibidda isaa kenneejira.”

Amantaan Islaamaa abbaa qabeenyaatii mirga qabeenya isaa irraa deebisuyyuu kenneefii jira. Osoo qabeenya isaa irraa deebisaa jiru yoo nama ajjeesees itti hin gaafatamu, yoo ajjeefame akka nama karaa Rabbii keessatti du’eetti ilaalama. Ergamaan Rabbii nagahaa fi rahamanni isaan irratti haa jiraatuu akkana jedhan: “namni qabeenya isaa irraa hanga du’aattii deebisee akka nama karaa Rabbii keessatti du’eetti fudhatama.

Amantaan Islaamaa qabeenyas nama dhuunfaa eeguudhaaf kana qofa irratti hin dhaabanne. Tattaaffii namaa kan qaamaa fi sammuu hojii keessatti inni taasisuus akka eegamuu qabu

murteessee jira. Rogoota oomishaa keessaa wantoonni kunniin hedduu barbaachisaa ta'anii waan argamaniifi.

Kana irraa ka'uudhaan hojjatoota jajjabeessuu fi firiilee dalagaa isaanii kabajuun dirqama ta'a jechuudha. Dubbii kana dhugoomsu jecha ergamaa Rabbii nagahaa fi nageenyi isaan irratti haa jiraatruu "Rabbiin guddaan akkana jedhe: "namni sadih guyyaa xumuraa anaan wal-morman: nama beellama seenee osoo hin guutin hafe, namicha nama bilisaa gurguree gatii isaa nyaate, namicha hojjataa hojjachiisee erga hojii isaa xumursiisee booda mindaa isaa dhooggate"

**Mirga nagaha addunyaa dhala namaa hundaaf**

Amantiin Isalaamaa bu'uura hariiroo fi seerra addunyaa lafa kaayee jira. Kunis dhala namaa jiddutti jiruun gaariin akka uumamu, walii galteenii fi wal hubachuun akka taasifamu, akkasuma wal-falmii seer-qabeessaan nagaha buusuudhaan rakkoonii fi miidhaan namoota dadhaboo irra akka hin geenne taasisuuf qaraqaaree jira. Kunis dhalli namaa hundi wal qarqaaruun qarooma uummanii mirga amantii eeguudhaan seerota lolaa fi nagahaa baasanii samichaa fi namoota nagaaha irratti lola banuu dhabuun dhoorgaa akka ta'e mirkaneessuu qabu. Ijoollee, jaarsotaa fi dubartii ajjeesuun seeraan ala ta'uu lafa kaahuu qabu. Malaammaltummaa, abbaa irrummaa fi wantoota dachee tana balleessanii dhala namaa hoongessan hunda irraa seera nama dhoorgu baasuun hedduu barbaachisaadha.

Amantiin Islamaa namoonni akka waliin jiraataniif mirga isaanii kan hin jijjiiramne ta’uu mirkaneessee jira. Rabbiin guddaan akkana jedha,

﴿ لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَٰتِلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ وَتُقْسِطُوٓا۟ إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ إِنَّمَا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ قَٰتَلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَأَخْرَجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ وَظَٰهَرُوا۟ عَلَىٰٓ إِخْرَاجِكُمْ أَن تَوَلَّوْهُمْ ۚ وَمَن يَتَوَلَّهُمْ فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلظَّٰلِمُونَ ﴾ الممتحنة: ٨ - ٩

*“Rabbiin isaan sababaa amantiitiin isin hin waraaninii fi manneen keessan irraa isin hin baasiniif tola ooluu fi haqaan waliin jiraachuu isin hin dhoorgu. Dhugumatti, Rabbiin warra haqa dalagan ni jaalata. Kan Rabbiin iosin dhoorgu warra sababaa amantiitiin isin waraananii fi manneen keessan irraa isin baasan, akkasumas isin baasuu irraatti gargaaran jaalalloo godhachuudha. Namni isaan jaalalloo godhate, isaan warra of miidhoodha*. (Al-mumtahina 8-9)

Nageenya addunyaa haqa qabeessa mirkaneessuuf jecha amantiin Islaamaa ilmi namaa akka waan toltuu irratti wal-qarqaaruu waamicha dhiheessee jira. Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَتَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْبِرِّ وَٱلتَّقْوَىٰ ۖ وَلَا تَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْإِثْمِ وَٱلْعُدْوَٰنِ ۚ ﴾ المائدة: ٢

*“Wanta gaarii fi sodaa Rabbii irratti wal qarqaaraa malee badii fi diinummaa irratti wal-hin qarqaarinaa”(Al-maa’ida :2)*

Akkasuma ummatoonni addunyaa hundi akka obbolummaan jiraatan amantiin Islaamaa waamicha dhiheessee jira. Rabbiin guddaan akana jedha:

﴿ وَجَعَلۡنَٰكُمۡ شُعُوبٗا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓاْۚ ﴾ الحجرات: ١٣

*"Akka isin wal beektaniif jecha ummatootaa fi gosoota adda addaa isin taasifne" (Al-hujuraat: 13)*

Akkasuma walii galtee addunyaa kabajuu keessattis Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَأَوۡفُواْ بِٱلۡعَهۡدِۖ إِنَّ ٱلۡعَهۡدَ كَانَ مَسۡـُٔولٗا ٣٤ ﴾ الإسراء: ٣٤

*"Walii galtee keessan guutaa, walii galteen itti gaafatamummaa cimaadhaa."(Al-israa'i 34)*

Amantii Islaamaa keessatti lolli waan jibbamaadha, kanaaf lolli kan hayyamamu lubbuu ofii baraaruuf, amantii eeguu fi kkf yoo ta'an qofa.

Rabbiin guddaan akkana jedha,

﴿ كُتِبَ عَلَيۡكُمُ ٱلۡقِتَالُ وَهُوَ كُرۡهٞ لَّكُمۡۖ ﴾ البقرة: ٢١٦

*"Osoo isin jibbitanuu lolli dirqama isin irratti ta'ee jira." (Al-baqara: 216)*

Akkasuma amantiin Islaamaa adabbii dimshaashaa irraa dhoorgee jira. Rabbiin guddaan akkana jedha,

﴿ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٞ وِزۡرَ أُخۡرَىٰۚ ﴾ فاطر: ١٨

*"Badii namni tokko dalage inni kuun hin baatu"(Faaxir:18).*

Kanaaf imaam Awuzaa'ii hayyuun jedhamu adabbii gareedhaan mootii Abbaasotaa warra gaara libaanos sababa badii namoota dhuunfaatiif jecha murtii lafa isaanii irraa akka ka'an kenname mormee jira. Hayyuun kuni mootii saniin akkana jedhe;

“Akkamitti badii namoota dhuunfaatiif ummata guutuu qabeenyaa fi lafa isaanii irra akka ka’an maliif adabdaa? Rabbiin akkana osoo jedhu: “Badii namni tokko dalage inni kuun hin baatu” kuni dubbii sila bira gad dhaabattee ittiin qajeeluu qabduudha, dhaamsi cimaan dubbii kana irratti ati qabachuu qabdu dhaamsa ergamaa rabbiiti, nagahaa fi nageenyi isaan irratti haa jiraatu.

“Namni nama waadaa walii galaniin miidhe ykn hanga inni hin dandeennee ol isaa baachise anatuu raga isaati.”

Wantoonni armaan olitti duubbannee dabarsine sunniin mirga dhala namaatii Islaamummaan eegde yoo ta’u jaarraalee darban keessatti ummanni Muslimaa hojii irra oolchanii jiru. Mootummoonni Islaamaa haqummaadhaan ummata bulchanii jiru, mootummaa isaanii babaldhisuu keessattis bifa seer-qabeessa ta’an fayyadamanii socho’anii jiru. Qaroomni isaanii jaarraalee hedduuf dhala nama tajaajilaa turee jira. Dameen barnootaa mirgootni kannuun akkamitti hojii irra akka ooluu qaban ilma nama yeroo sanitti wallaalaan gonfamee fi dubatti hafummaa keessatti kufee badhaasa guddaa keenneefi jira. Namnis dubbiin kuni galeefii; gara mirgoota kana kabajuutti waamaa turanii jiru. Kunis miidhaa abbaa irrummaa, diina dhala namaa, garee duudhaa fi sona namaa balleessuuf socho’anii xumura ta’ee jira.

Yeroo ammaa kana tumata mirga dhala namaa kabajuu fi warroota bilisummaa namaatti waaman yoo arginu wanti gaariin nuti jechuu dandeennu meeshaan nu jalaa bade ture nuuf

deebi’ee jennee gammaduudha. Kanaaf tumata mirga dhala namaa kabajaa jedhu kana adeemsa Islaamummaa dimshaashaa irraa ka’uudhaan namootni tumata kana akka kabajan taasisuu qabna. Iyidiyoolojii warra dhihaa ijaarama dhala namaa jalliftee gara duniyaa gabbaruuti waan nama kakaaftuu fi Rabbii guuddaa uumaa kana hunda uumeef mataa gadi qabachuu irraa waan nama fageessituuf of eeggannoo cimaa taasisuu qabna.

Osoo yeroo ammaa kana mirgoonni dhala namaa kunniin hawaasa Muslimaa keessatti hojii irra oolanii ummanni Islaamaas ta’ee ummanni birooo miira gaariitu itti dhagahama ture. Kunis akka ofitti amanamummaa fi hawaasa ofiin boonuun argamu taasisa. Akkasuma dhaabbilee isaatiif kabajaa qabu ibsuun humna dhokataa heddutu gara fuul-duraatti baha ture. Humni dhokataan kuni jaarraa nuti amma keessa jiraannu kanatti misooma, jijjiirama fi guddina qaroominaa hedduu argamsiisuu ni danda’a ture.

## BOQONNAA AFRAFFAA

## Shari’aa Islaamaa keessatti Gahee Seerri Walii Galaa Misooma Irratti Qabu

**Dursa:**

Dhaabbilee ummataa jiddutti si’aa’inni fi wal-madaalliin akka argamuuf, oomishni barbaadamaan gara misooma guutuu ta’eetti nama geessu kan gulantaa jireenyaa hunda qixxisu akka argamuuf, hawaasni qaroomawaan kamiyyuu seera ittiin bulmaataa kan haala sosochiiwwan namoota dhuunfaa fi gareewwanii ittiin seer-qabeessa godhu, kan seericha san karaa sirrii ta’e ittiin qabsiisu akka isa barbaachisu shakkii hin qabu.

Qorannooleen ammayyaa kanneen seera walii gala Shari’aa Islaamaa fi seera namaan bocamanwal-dorgomsiisan akka raggaasisanitti, Shari’aan Islaamaa hundeewwan isaa, tiyooriileen isaa, maddeen carraaqqiiwwan isaa fi seeronni isaa kan gara garaa gama tokkummaa maddeen isaatiin, kallattiiwwan fuulleffannaatiin, gama wal-simiinsa kutaalee isaatiin, gama uumama namni irratti uumameen wal-fudhachuutiin, gama haala yeroo fi iddoo eeggateen bu’aawwan dhala namaa fiixa baasuutiin, gama si’aa’ina baay’ee cimaa ta’e qabaatuutiin; seerota namaan bocaman hunda caala jechuun mirkaneessan.

Namni utubaalee fi addummaa karaa Islaamaa bifa gadi bu’iinsa qabuun kitaaba kana keessa ilaale dhimmichi ifa isaaf ta’a.SababaShari’aan Islaamaa addummaa addaa baay’ee fi kan waa heddu of keessatti hammatu kan seerota namaan bocaman

keessatti argamuu hin dandeenne hunda of keessaa qabdi jenneefis hubachuu danda’a.

Wanti korri (konfaransiiwwan) idil-addunyaa akka shari’aa Islaamaa gamaaggamiinsa saayinsaawaa fi dhugaa irratti hundaa’e gamaaggamanii murtiiwwan ciccimoo shari’aa ilaalchisu irratti akka ibsa Kennan isaan godhes sababuma kana. Murtiiwwan kanniin keessaa:

- Murtii kora seera Idil addunyaa kan magaalaa *Laahaayitti* bara 1938 gaggeeffame isa tokko. Murtiin kunis: Shari’aan Islaamaa maddeen seerota walii galaatiif akka madda seeraatti fudhatama; shari’aan Islaamaa jirtu. Kan guddina/jijjiirama ofitti fudhachuu dandeettuu fi maddeen seera isaa qaama kamiyyuu irraa osoo hin taane kophaa isaatti kan of danda’e qabda jechuun raggaasisan.
- Murtii Kora abukaatoowwan idila addunyaa kan magaalaa *Laahaayitti* bara 1948 gaggeeffame. Qabiyyeen murtii kora kanaas: Seerri (Shari’aan) Islaamaa si’aa’inaa fi barbaachisummaa guddaa qabaachuu isaatti amanuun waldaan abukaatoowwan idi addunyaa seera kanaaf qo’annoo wal-dorgomsiisuu keessatti fudhachuu fi jajjabeessuun isaan irratti dirqama.
- Murtii kora mirga wal-dorgomsiisa idil addunyaa kan magaalaa Paarisitti bara 1951gaggeeffame. Korri kunis murtiiwwan armaan gadii kana dabarse:

Qorannoowwan torbee fiqhii Islaamaa keessatti dhiyaatan irraa faaydaawwan argamanii fi mariiwwan isa irratti taasifaman irraa wanti ijoon irra gayame:

I) Sonoonni fiqhii Islaamaa gatii seeraa kan homtuu isa hin ginne qaba;

II) Gareelee mirgootaa gurguddoo kana keessatti karaaleen (mazhaboonni) isaa wal-dhabuun kun hubannoowwanii fi akkaataa waliin jireenyaa (bittaa fi gurgurtaa) keessatti kuusaa of danda'e qabaachuu isaa agarsiisa. Kun immoo akka fiqhiin Islaamaa wantoota jireenya keessa (guyyaa keessa) argaman hundaaf deebii kennuu fi wal-simsiisuu danda'uuf isa gargaara.

- Dhaamsa hooggantoonni dameewwanseeraa fi Shari'aa, Simpooziyeemii magaalaa Bagdaaditti bara 1974tti gaggeeffame irratti dhaaman. Dhaamsi kunis akka asiin gadii kanatti dhiyaata:

Turtii jaarraalee hedduutiif shari'aan Islaamaa akka seera waan hunda of keessatti qabatuutti, gahumsa biyyoota Arabaa fi biyyoota Islaamaa bulchuuf qabu mirkaneessee jira. Dhufaatii teknolojiiwwan ammayyaatiin booda dirreewwan shari'aan hojii irra itti oolfaman daangeffamaa dhufuun hanqina murtiiwwan isaa osoo hin taane sababoota heduufi. Isaan keessaa: koloneeffattoonni seera mataa isaanii ummata irratti tumuun bakka shari'aa Islaamaa buusuu isaaniiti. Ragaan kanaa seerri shari'aa Islaamaa bifa muraasa ta'een dirreelee garii irratti biyyoota Arabaa hunda keessatti hanga ammaatti hojii irra oolaa jiraachuu isaaniiti. Kuni immoo murtiiwwan shari'aan Islaamaa keessa jiran kan jijjiirama ofitti fudhachuu danda'anii fi guddina dhufu kamiyyuu waliin wal-simuuf gahumsa qabaachuu isaa mirkaneessa.

Anis qo'annoo gabaabduu tana keessatti gahee seeronni walii gala shari'aa Islaamaa misooma hawaasaa argamsiisuu fi

madaala sosochiiwwan dhala namaa eeguu irratti qaban dhiyeessuuf yaala.

## Sirna Rabbiin Gabbariinsaa fi Gahee Inni Misooma Keessatti Qabu

Utubaalee Islaamaa osoo gadi qabnee ilaallee, kan gabbartii sirii ta'e namaaf argamsiisu bifa qulquluu fi dhugaa ta'een Rabbiin tokkochoomsuu ta'uu isaa agarra. Kunis namni Muslimaa tokko Rabbii samii fi dachii uume afaanumaan qofa ka isatti amane jedhu osoo hin taane, Rabbii gooftaa waan hundaa ta'e, kan homtuu isatti hin ida'amne kana gabbaruu irratti fuulleffata. Akkasumas waan Rabbiin malee jiru kamiyyuu bifa kamiinuu haa ta'u gabbaruu irraa of qulqulleessa.

Muslimoonni osoo akkana ta'uu baatanii, silaa Rabbiin gabbartii dhugaa hin gabbaran ture. Gabbartii Rabbi qofti haqa godhatu silaa nama/qaama biraatiif dabarsanii turan ykn uumama inni uume keessaa qaama wayii isaan walitti dabalanii gabbaran ture.

Dhugaan shakkiin wayiituu keessa hin jirre, Rabbiin gabbaruun wanta uumamumaan lubbuu namaa keessatti ragga'ee jiruudha. Ragaan jecha keenna kanaas jecha Rabbi Qur'aana keessatti jedhe kana:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَإِذۡ أَخَذَ رَبُّكَ مِنۢ بَنِيٓ ءَادَمَ مِن ظُهُورِهِمۡ ذُرِّيَّتَهُمۡ وَأَشۡهَدَهُمۡ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِمۡ أَلَسۡتُ بِرَبِّكُمۡۖ
قَالُواْ بَلَىٰ شَهِدۡنَآ ﴾ الأعراف: ١٧٢

*[Yeroo Rabbiilmaan Aadam gudeeda abbootii isaanii irraa ilmaan isaanii fuudhee, lubbuu isaanii irratti akka ofitti ragan*

*goosisee, ‘Ani Rabbii keessanii mitii jennaan, eyyeen ragaa baana’ jedhanii yaadadhu] (Al-A’araaf: 172).*

Kana irratti hundaa’uun, gabbartiin Rabbii ilma namaa birattigama gara laafinaa bakka bu’a. Dirqamni ergamtootaa, nabiyyootaa, namoota jijjiiramaaf onnatanii fi kan guddiftootaa immoo ilma namaa keessatti qooda gara laafummaa kana cimsuu fi akka inni yeroo hundaa dammaqiinsa keessa jiraatu taasisuudha. Sababni isaas tasa ta’ee ilmi namaa kun karaa sirrii irraa maqee gama kallattii bineensummaa isa keessa jiru kan Sheyxaanni lubbuu baditti nama ajajjutti fayyadamuun nama keessatti uumutti dabuu danda’a.

Wal’aansoon kun yoo gara laafummaan tun bineensummaa nama keessa jiru injifattee hin argamin, akka ilmi namaa jiruu isaa guutuu dhiphinaa fi gaaga’ama qaroomaa cimaa keessatti hafu isa taasisa. Rabbiin guddaan ol ta’aan waa’ee kanaa akkana jechuun nuuf hima:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ قَالَ ٱهۡبِطَا مِنۡهَا جَمِيعَۢاۖ بَعۡضُكُمۡ لِبَعۡضٍ عَدُوّٞۖ فَإِمَّا يَأۡتِيَنَّكُم مِّنِّي هُدٗى

فَمَنِ ٱتَّبَعَ هُدَايَ فَلَا يَضِلُّ وَلَا يَشۡقَىٰ ١٢٣ وَمَنۡ أَعۡرَضَ عَن ذِكۡرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةٗ ضَنكٗا ﴾

طه: 123-124

*[(Rabbi) akkana jedheen: isin hunduu (Aadamii fi Hawwaan Sheyxaana waliin) isii (Jannata) keessaa bayaa. Gariin keessan gariif diina. Yoo qajeellumni na biraa isinitti dhufe; namni qajeelluma kiyya san hordofe, hin jaalatu karaa sirrii irraa hin maqu. Namni waan ani isaan yaadachiise irraa dugda gale, isaaf (jireenya addunyaa kana irratti) jiruu dhiphotu jiraaf](Xaahaa: 123-124).*

Kallattiin gara laafummaa nama keessa jiru gama bineensummaa san injifatee argamuun, akka namni karaa namummaa isaa irraa hin dabne eega, akka inni fedhii ofii too'achuu danda'uu fi jallina (dabnana) qaroomni fide hunda akka sirreessuuf isa gargaara.

Galmi guddaan gabbartiin Rabbii wal'aansoo kana karaa qabsiisuuf godhu, gaaga'ama ilma namaa biratti sababa walitti bu'iinsa miira qabeenyaa (meeshummaa) fi afuuraatiin argamu dhabamsiisuufi. Kun immoo akka namni amala gaarummaa (guutuu) qabaatu, akka inni amaanaa isatti kennamte baadhatuuf gargaara.

Kunis gammachuu keessaa, tasgabbii qalbii fi wal-madaaliinsa fedhii namaaf kenna. Kun faallaa amantii Yahuudaa kan ilma namaa keessatti fedhii qabeenyaa (meeshummaa) qofa keessatti uumuuf tattaafatuu fi faallaa Kiristaanummaa kan ilma namaa kana Malaa'ikaa (kan hir'inaa fi cubbuu hunda irraa qulqullaaye) godhuuf yaaleeti.

Amantii Islaamaa keessatti gabbartiin Rabbii, seera guutuu ilma namaa dachii kana irratti bakka bu'aa ta'e kana sadarkaa isaa ol guddisuu irratti fuulleffateedha. Kunis akka inni sadarkaa bakka bu'ummaa kan baay'ee kabajaa qabu kana irra gayee, bakka bu'ummaa gooftaan isarra kaaye kana bifa bareedaa fi barbaadamaa ta'een bayatuufi.

Amantii Islaamaa keessatti seerri gabbartii Rabbii jireenya irraa cituttu nama hin ajaju. Sababni isaas, ilmi namaa yeroo gama afuuraa (amantiitiin) sadarkaa barbaadamu irra gaye, cal-

jedhee sanuma qofa irratti kan hafu osoo hin taane, gara addunyaa qabeenyaa (meeshaattis) dhufuun cubbuu fi yakkoota adda addaa lafarratti dalagaman qulqulleessuun sheyxaana namaa fi Jinnii keessaa ari'a waan ta'eefi.

Nabiyyiin kabajamaan yeroo gara samii ol'aantuutti bayan, ol bayiinsi sun afuuraaf wanta baay'ee mi'aawaa ta'uu waliinuu achitti hin hafne. Gara dachiitti gadi deebi'anii jiila yeroo waliin imala isaanii itti fufuun seenaa sirreessanii bifa addunyaan fakkeenyummaa gaarii namaa taatuttu jijjiiruu irratti dalagaa turan.

Kanarraa ka'uun tiyooriiwwan falaasama afuuraa kanneen gama hawaasa Islaamaatti dhufan kan jireenya keessatti injifatamuu fi itti fayyadama qabeenyaa diduun moloksummatti geessan dhugumaan seera afuura Islaamaa kan ijaarsa, sochii fi dhaloota haala gaarii irratti guddisuu ta'een wal-faallessa. Wanti kana jenneefis mootummaan ilmi namaa jireenya addunyaa kana keessatti qabu dachii irra jira malee, addunyaa afuura qofaa kan namatti fakkaate keessaa miti. Kana irratti waa'ee nabi Aadam ilaalchisee Rabbiin Malaa'ikaan akkana jedhe

قَالَ تَعَالَى: ﴿إِنِّي جَاعِلٌ فِي ٱلْأَرْضِ خَلِيفَةً ۖ ﴿٣٠﴾ ﴾ البقرة: ٣٠

*[Ani dachii keessatti bakka bu'aa godhuufi] (Al-Baqarah: 30).*

Kana jechuun amantii Islaamaa keessatti gabbartiin Rabbii yoomiyyuu ilma namaa gara kophummaa hawaasummaatti hin geessu. Sababni isaas seerri gabbartii Rabbii Kun seera sammuun itti amantu Kan sababa wanta tokkoo waan argama isaatiif sababa ta'een walitti hidhuudha. Akkasumas hariiroo argamaa keessatti dogongoroota jiran dhabamsiisa.

Namoonni gariin amantii Islaamaa keessatti seerri gabbartii Rabbii hojiiwwan Rabbiin gabbaruu kan akka soomaa, salaataa, Hajjii fi kkf qofa irratti waan gabaabatu se'u. Dirqamoonni kunniin Gama jireenya ilma namaa hunda keessatti jijjiiramni isaan fidan sirritti barbaachisaadha. Dirqamoonni kunniin ilma namaa kan seera kabajuu fi gadi dhaabbataa ijjannoo ofii qabu uumuuf gargaara. Akka inni jaalala (mi'aa) Rabbii guddaa gabbaruu argatu, akka inni amala gaarii horatu, bifa tasgabbaayyaa fi nagaya qabeessa ta'een jireenya isaa akka jiraatuuf isa fayyada. Fedhii bineensummaa isa keessa jiru too'achuun gara kallattii ijaarsaatti akka inni gargalchu, amala fafee, gadhee, dhiphinaa fi karaa irraa maqiinsa irraa isa eeguuf gargaara.

Haa ta'u malee amantii Islaamaa keessatti, *ibaadaan* (gabbartiin Rabbii) dirqamoota armaan olitti tarreessine san qofa irratti hin gabaabbatan. *Ibaadaan* hubannoo (hiika) bal'aa kallattiiwwan jireenya ilma namaa hunda qixxisan – kan jireenya addunyaa fi jireenya guyyaa boodaa (*aakiraa*) tiin wal-qabatu- hunda of keessatti hammata. Dhugummaa tana ifa godhuuf gaafiin nuti kaasuu barbaannu: *ibaadaa* jechuun maali? *Ibaadaa* jechuun akka hiika afaaniitti 'uf gadi qabuudha.'

Akka hiika irratti walii galamaa ta'eetti immoo, ibaadaa jechuun Rabbii guddaa waan isaan hin malle irraa qulqullaayeef uf gadi qabuudha. Sunis: waan inni itti nama ajajae tole jechuun, kan inni irraa nama dhoorge irraa fagaachuun, uumama isaa xiinxaluun, isa faarsuu fi karaa isa biratti jaalatamaa ta'e irra jaalalaa fi fedhiin irra deemudhaani. Ibaadaan tun waa lama of

keessaa qabdi. Kan duraa ajaja isaa jala deemuu fi isaaf masakamuu yoo ta’u, inni lammataa immoo jaalala isaa qabaachuu fi isaaf jecha uf gadi qabuu (uf xinneessuu) dha.

Eega dubbiin akkana ka ta’u taate, wanta Rabbiin ol’aanaan uumama isaa akka dalagan itti ajaje hunda dalaguun isa tole jechuu, isaaf uf gadi qabuu fi isatti dhiyaatuudha. Akkuma kanaan dura dubbanne, Rabbiin ilma namaa dachii kana irratti bakka bu’aa taassisee amaanaa guddaa isatti baachisee jira. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تعَالَىٰ: ﴿إِنَّا عَرَضْنَا ٱلْأَمَانَةَ عَلَى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَٱلْجِبَالِ فَأَبَيْنَ أَن يَحْمِلْنَهَا وَأَشْفَقْنَ مِنْهَا وَحَمَلَهَا ٱلْإِنسَٰنُ ۖ إِنَّهُۥ كَانَ ظَلُومًا جَهُولًا﴾ الأحزاب: ٧٢

*[Nuti amaanaa samii, dachii fi gaarren irra finnee, sodaatanii (amaanaa kana) baachuu didan. Booda ilmi namaa (amaanaa kana) baadhate. Inni (ilmi namaa) wallaalaa fi kan lubbuu ufii miidheedha] (Al-Ahzaab: 72).*

Namni kamiyyuu kan bu’aa hawaasaa kamiyyuu argamsiisuuf gama kallattii wayiitti socho’u nama Rabbiin gabbaru, kan kaayyolee bakka bu’ummaa ilma namaatti kennaman san keessaa kaayyoo wayii galmaan gayuuf tattaafatu keessatti lakkaayama. Kana irraa ka’uun hojjataan warshaa keessa hojjatu oomishni warshichaa akka dabaluuf sirritti tattaaffii kan godhu, Rabbitu itti na ajaje jedhee kan amanu nama Rabbiin gabbaruudha. Qotee bulaan oomisha midhaan isaa dachaan dabalee akka hawaasni isaa irraa fayyadamuuf tattaafatu nama Rabbiin gabbaru.

Injinarri (ogeessi) mootummaan amanee akka inni ijaarsa adda addaa raawwatuuf mallaqa biliyoonaan lakkaayamu itti kenne, yoo hojii isaa san bifa isarraa eeggamuun xumure, harka hojjattootaa fi ijaartota amaanaa ganuuf deemanii yoo kute, inni gabbartii Rabbii irra jira. Ogeeyyonni biraas kan akka: ogeessa fayyaa, ogeeyyiin hojii humnaa fi ogummaas yoo Rabbitti amananii, isa gabbaranii, hojii hojjatan san niyyaa hawaasa fayyaduutiin bifa qulqullina qabuun raawwatan, isaan dhugumaan Rabbii isaanii tole jedhanii, seera isaatiif bitamaa jiraachuu mul'isa.

Kanaafuu, wanti jireenya kana keessa jiru hundi yoo yeroo hojjannu niyyaa Rabbiin tole jechuutiin hojjanne, yoo niyyaa haga danda'ameen bu'aa mataa keennaa fi hawaasaas argamsiifna jechuun dalagaa seer-qabeessa wayii dalagne, cufti hojii keennaa gabbartii Rabbii keessatti nuuf laakkayama. Kana irratti ragaan keenna jecha Rabbii ol'aaneeti:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ كَانَتۡ لَهُمۡ جَنَّٰتُ ٱلۡفِرۡدَوۡسِ نُزُلًا ﴿١٠٧﴾ ﴾ الكهف: ١٠٧

*[Isaannan amananii wantoota gaggaarii dalagan, isaan Jannata Firdoows jedhamtu keessa qubsiifamu] (Al-Kahf: 107).*

*Ergamaan Rabbiitis (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan: {Namni Islaamummaa keessatti waan gaarii wayii karaa godhe, nama saniif mindaan isii (waan inni karaa godhee) fi mindaan namoota isa boodaan dhufanii waan sanitti dalaganii osoo isaan irraa homa takka hin hir'atin isaaf gala}[1]. Ammas ergamaan Rabbii akkana jedhan:*

[1]- Sahiih Muslim.

*{Namichaan osoo karaa deemu, damee mukaa kan qoree qabu karaa irratti argee karaa irraa fuudhe. Rabbiin (gochuma isaa kanaaf) isa galateeffatee isaaf araarame}*[2].

Hadiisonni hedduun fuula namaatti seeqachuun (fuula ifaan nama simachuun), nama gurraan hin dhageenne dhageessisuun, nama ijaan hin argine karatti qajeelchuun, nama dhama'eef fala godhuun, nama waa barbaade dhimma isaa sanitti qajeelchuun sadaqaadha jedhuun nuuf ibsu.

Haala kanaan, namni Muslimaa hawaasa isaa keessatti madda waan gaggaarii, burqaa barakaa, kan yeroo rakkoo dura dhaabatu, kan rakkataa hunda gargaaruu fi dalagaa isaa hunda bifa qulqulluun kan hojjatuudha. Kanas wanti jenneef gocha isaa kanaan Rabbiin tole jedha isa qofa gabbara. Dalagaa hojjate hunda irratti mindaa isaa guyyaa nama qalbii nagayaatiin dhufe malee qabeenyaa fi ilmaan nama hin fayyanne san argadha jechutti waan amanuufi.

Seenaawwan gadaalee Islaamaatii fi turtiilee biroo keessatti turan yoo uf duuba deebinee ilaalle, Muslimoonni jireenya fuul-dura dhaabachuu fi isii ijaaruuf baay'ee kan socho'an ta'uu argina. Akkasumas kallattiiwwan hundaan socho'uun yeroo gabaabduu keessatti seerota qabeenyaa (meeshaatti) dhimma bayuun wantoota isaanii fi dhala namaa hunda bu'aa buusu hojjachuun qarooma Islaamaa fakkeenya ta'u uumanii jiru.

---

[2]- Bukaari fi Muslimtu odeesse.

Muslimoonni dhugaa, kanneen waa hubatanii fi qayyabatan; imala isaanii ka jalqabaa san keessatti jecha Rabbii kan asii gadii kana dhugumatti hubatanii beekanii jiru:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَلَقَدْ كَتَبْنَا فِي ٱلزَّبُورِ مِنۢ بَعْدِ ٱلذِّكْرِ أَنَّ ٱلْأَرْضَ يَرِثُهَا عِبَادِيَ ٱلصَّٰلِحُونَ ﴾ الأنبياء: ١٠٥

*[Kitaaba Zabuur keessatti dachii kan dhaalu gabroota kiyya kan gaggaarii ta'an jechuun barreessinee jirra] (Al-Anbiyaa: 105).*

Amantiin Islaamaa gama seera gabbartii Rabbiitiin hawaasa keessatti qabsoo godhutti nama ajaja. Keessa namaattis seera cimaa uumuun, akka namni jireenya isaa hunda keessatti qalbii qulqulluun gara tarkaanfii sirrii ta'e fudhachuutti tarkaanfatu godha. Keessi namaa quuqama qabaachuun bifa walitti fufiinsa qabuun akka hawaasni sochii bu'a-qabeessa godhuuf gargaara. Rabbiin tole jechuun, mindaa isaa kajeeluun, akka inni guyyaa boodaa nama hin adabneef isa sodaachuun keessi namaa akka sochii jijjiirama hawaasaa hunda fiduuf tattaafatu kakaasuu keessatti bu'uuraa fi hundeedha. Sababni isaas hundee kana irraa quuqamni hawaasummaa kan waliif tumsuu hawaasummaa ykn itti gaafatamummaa hawaasaa kan Qur'aanni kabajamaan bu'uura isaa cimsee dhaame sanitti nama geessutu irraa argama waan ta'eefi.

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَتَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْبِرِّ وَٱلتَّقْوَىٰ ۖ وَلَا تَعَاوَنُوا۟ عَلَى ٱلْإِثْمِ وَٱلْعُدْوَٰنِ ۚ ﴾ المائدة: ٢

*[Toltuu fi waan gaggaarii dalaguu irratti wal-gargaaraa. Cubbuu dalaguu fi diinummaa irratti wal-hin gargaarinaa] (Al-Maa'idah: 2).*

Hadiisni ergamaa Rabbiitis *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkana jedha: **{**Dhagayaa! Isin hundinuu tikseedha, waan tiksitan irraa ni gaafatamtu. Hoogganaan nama hoogganu tikseedha, waan hoogganu san irraa ni gaafatama. Abbaan warraa tiksee maatii mana isaati, isaan irraa ni gaafatama. Dubartiin (haati manaa) tiksee mana abbaa manaa ishee fi ilmaan isaati, waan tiksitu san irraa ni gaafatamti. Dhagayaa! Isin hundinuu tikseedha, waan tiksitan irraa ni gaafatamtu**}**[3].

Kanarraa ka'uun wanti nuti shakkii tokko malee hubannu, cufuma ummataa sirna gabbara Rabbii (ibaadaa) irratti gama dhaabbilee amantii, hawaasummaa, barnootaa fi dhaabbilee sab-qunnamtiitti dhimma bayuun isaan leenjisuun, ummata xurree tokkummaa aqiidaa, itti gaafatamummaa hawaasaa, hojii gaarii fi ijaarsa seera amala gaarii kan naamusa nama dhuunfaa fi garees daangessu cimsuu irratti waliif birmannaa hawaasummaa, wal-utubuu fi waliif tumsuu jajjabeessaa dhufa. Wal-utubiinsaa fi wal-gargaariinsi kunis qarooma namaa irratti bu'aa guddaa fida. Guddina ariifachiisaa fi fuulleffataa waan hunda uf keessatti hammatutti geessa. Kun immoo gaaga'ama ummanni Islaamaa yeroo ammaa keessa jiru kan sababa utubaalee Islaamaa, aqiidaa, seeraa fi naamusa isaa gadi dhiisuun isa qunname kanarraa isa baraaruuf gargaara.

---

[3]- Muktasar Sahiih Muslim 2/88.

## Sirna Hawaasummaa Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu

Saayinsii hawaasummaa namummaa keessatti wanti beekkamaan, dhalli namaa seeraa fi sosochii isaa keessatti tiyoorii qaroomaa ykn seera qaroomaa kan seenaa ummataa fi guddina isaanii irraa cuunfame irratti irkachuun dirqama. Akkasumas dhimma hawaasaa irraa kan burqe, duudhaalee fi aadaalee isaanii waliin kan wal-simatu, muxannoolee ilma namaa hundarraa kan fayyadame ta'uu qaba. Akkasumas ilmaan dhalootaa kana kan tokko godhu, jireenya bareeda uumuu keessatti kan wal-hubannaa fi wal-qayyabannaa jidduu isaaniitti uumu ta'uu qaba.

Amantiin Islaamaa yeroo hawaasni isaa osoo garaagarummaa jidduu namaa jiruu fi addummaa naannoo hin ilaalin, karaa amantii irratti akka jiraatan ykn aqiidaa Islaamaa kan Muslimoota hunda tokko godhu, kan tokkichummaa Rabiititti nama yaamu irratti jiraachutti nama ajajutti yeroo nama yaamu wanta faantuu (waan addaa) kan hin baratamin wayii uumuufi miti. Kana irraa kan akka dameetti uumamu, hawaasni Islaamaa shari'aa Islaamaa kan hawaasni gara tokkummaa aqiidaa fi hawaasummaatti akka dhufan ajaju jalatti buluu qabu.

Aqiidaan amantii Islaamaa kun, ilma namaatiif naamusa addaa kan akka dhalli namaa gara hawaasa wal cicciruu, badii wal irratti dalaguu fi hawaasa wal irratti duulu hin taane irraa isaan tiksuuf gargaara. Akkasumas guddinni ilmi namaa irra gaye, hawaasa boonsee (dagee) akka isaan gara hawaasa

bosonaa (hawaasa humna qofatti amanu) kan nageenyi, tasgabbiin, mirgaa fi kabajaan namummaa keessatti hin eeggamneetti hin jijjiiramne eeguuf gargaara.

Hawaasa jajjabaa fi tokko ta'e ijaaruuf, amantiin Islaamaa kallattii hundaanuu, wareegama fedhes gaafatu wal-qixxummaan dhugaa jiraachuu akka qabu dhaamee jira.

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُونُواْ قَوَّٰمِينَ بِٱلْقِسْطِ شُهَدَآءَ لِلَّهِ وَلَوْ عَلَىٰٓ أَنفُسِكُمْ أَوِ ٱلْوَٰلِدَيْنِ وَٱلْأَقْرَبِينَ ۚ ﴾ النساء: ١٣٥

*[Yaa warra natti amantan! Dhugaa irratti Rabbiif ragaa ta'uun osoo lubbuu keessan ykn haadhaa fi abbaa keessanii ykn fira keessan irrattis ta'ee (raga bayuun) dhaabadhaa] (Annisaa: 135).*

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَإِذَا حَكَمْتُم بَيْنَ ٱلنَّاسِ أَن تَحْكُمُواْ بِٱلْعَدْلِ ۚ ﴾ النساء: ٥٨

*[Yoo jidduu namaatti waa murteessitan, bifa dhugaa (wal-qixa ta'een) murteessaa]*

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَلَا يَجْرِمَنَّكُمْ شَنَـَٔانُ قَوْمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعْدِلُواْ ۚ ٱعْدِلُواْ هُوَ أَقْرَبُ لِلتَّقْوَىٰ ۖ ﴾ المائدة: ٨

*[Jibbaan (diinummaan) isin tuutaaf qabdan wal-qixxummaa dalaguu irraa isin hin dhoorgin. Wal-qixxeessaa! Santu sodaa Rabbiititti irra dhiyaata] (Al-Maa'idaa: 8).*

Amantiin Islaamaa waan gaaritti wal ajajuu fi badii irraa wal-dhoorguu wanti dirqama godheef, madaala hawaasaa eeguu fi kufiinsaa fi karaa badiinsa irraa isaan tiksuufi. Rabbi akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ﴾ آل عمران: ١٠٤

*[Isin irraa gareen waan gaaritti nama yaaman, kan toltutti nama ajajan, kan badii irraa nama seeran haa jiraatan. Namoonni sunniin warra milkaa'e (nagaya baye) irraayyi] (Aala Imraan: 104).*

Amantiin Islaamaa cimina maatiitti baay'ee dhimmamee jira. Seera cimaa gadi bu'iinsaan waa ibsu kan mirgaa fi dirqama namoota dhuunfaa eegu, kan seera horannaa, gaa'ilaa, dhaaliinsa qabeenyaa, guddisa ilmaanii, jidduu ilmaaniitti firii jaalalaa fi waliif mararfannaa facaasuu irratti baay'ee fuulleffatee jira. Kunis wanti ta'eef cimina maatii fi naamusa miseensa isaa kabachiisuu keessa cimina hawaasaa fi sosochii isaa too'atutuu, akka dhaloonni walitti bu'iinsa, seer malummaa fi gaaga'ama naamusaa irraa baraaramuuf ilmaan jiddutti safuulee namummaa fi hawaasummaa faffacaasutu keessa jira.

Seera hawaasummaa Islaamummaa irratti qu'annaa godhuun dhugaa ifa bayaa wayii nuuf ibsa. Innis: hawaasni Islaamaa hawaasa cufamaa osoo hin taane hawaasa banamaa ta'uu isaati. Hawaasa Islaamaa keessatti hariiroon ummataa gosummaa, naannummaa ykn amantii cufaa waa ofitti hin dhiyeessine irratti kan bu'uureffamee miti. Hawaasa Islaamaa keessatti ka'umsi bu'uuraa ilmi namaa hundi Rabbiin biratti wal-qixa, namni kamiyyuu nama biraa kan caaluun sodaa Rabbii fi dalagaa gaarii dalaguu qofaani. Muslimootaa fi namoonni biraas mirgaa fi dirqama qaban irratti shar'aa Islaamaa keessatti wal-qixa. Namni tokko jaalatus jibbus ilma namaa isa kaaniiti.

Kana irratti Rabbiin ol'aanaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱتَّقُوا۟ رَبَّكُمُ ٱلَّذِى خَلَقَكُم مِّن نَّفْسٍ وَٰحِدَةٍ ﴾ النساء: ١

*[Yaa ilmaan namaa! Rabbii keessan kan lubbuu takka irraa isin uume sodaadhaa] (Annisaa: 1).*

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَـٰكُم مِّن ذَكَرٍ وَأُنثَىٰ وَجَعَلْنَـٰكُمْ شُعُوبًا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓا۟ ۚ إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِندَ ٱللَّهِ أَتْقَىٰكُمْ ﴾ الحجرات: ١٣

*[Yaa ilma namaa! Nuti dhiiraa fi dubartii irraa isin uumnee, ummataa fi gosoota adda addaa isin goone (sunis) akka wal-beeytaniifi. Rabbiin biratti irra ulfaataan keessan nama caalatti isa sodaatu] (Al-Hujuraat: 13).*

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: لَآ إِكْرَاهَ فِى ٱلدِّينِ ۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشْدُ مِنَ ٱلْغَىِّ ۚ ﴾ البقرة: ٢٥٦

*[Amantii keessatti nama dirqisiisuun hin jiru. Karaan qajeellumaa isa jallinaa irraa adda bayee jira] (al-Baqarah: 256).*

Kanarratti hundaa'uudhaan amantiin Islaamaa carraan nama hundaafuu wal-qixa akka laatamuuf ajaja. Namni kamiyyuu hawaasa isaa keessatti humna qabutti fayyadamuun hojii gaaritti nama yaamuudha waan ta'eef, hawaasa isaa tajaajiluu irraa ugguramuu hin qabu. Hojiin gaariin kun immoo humna nama keessa jiru kana burqisiisuu irraa dhalata. Yoo carraan wal-qixa ta'e nama hundaaf kennamee wal-dorgommii wal-miidhaan keessa hin jirre akka wal-dorgomaniif haalli hin mijaayin, addummaa kanaaf gatiin ilmi namaa qabaatu ayiituu hin jiraatu. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَفِي ذَٰلِكَ فَلْيَتَنَافَسِ ٱلْمُتَنَٰفِسُونَ ﴿٢٦﴾ ﴾ المطففين: 26

*[Warroonni wal-dorgoman san irratti wal- haa dorgoman] (Al-Muxaffifuun: 26).*

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَأَن لَّيْسَ لِلْإِنسَٰنِ إِلَّا مَا سَعَىٰ ﴿٣٩﴾ ﴾ النجم: ٣٩

*[Ilma namaatiif waan inni carraaqate malee (wanti biraa) isaaf jiraa] (Annajmi: 39).*

Wanti beekamaan, amantiin Islaamaa wal-dorgommii ykn carraaqqii kana jidduu namoota Muslimootaa qofatti kan hayyame qofa osoo hin taane, haala dachii kana irratti bakka bu'aan ilma namaa hunda malee Muslima qofa hin ta'iniin, namoota hawaasa san keessa jiraatan Muslimaa fi kan Muslima hin ta'in hunda gara guddina hawaasummaa keessatti hirmaachuu fi qarooma namaa ijaaruutti yaama. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَلَقَدْ مَكَّنَّٰكُمْ فِي ٱلْأَرْضِ وَجَعَلْنَا لَكُمْ فِيهَا مَعَٰيِشَ ۗ قَلِيلًا مَّا تَشْكُرُونَ ﴾

الأعراف: *10*

*[Dachii tana keessatti haala isiniif mijeessinee jirra. Isii keessatti jireenya (waan ittiin jiraattan) isiniif goonee jirra] (Al-A'araaf: 10).*

Hiikkaa keeyyata kanaa irratti Al-Raaziin akkanatti hike: "Kana jechuun iddoo fi bakkee qubannaa isiniif goonee jirra, haala isiniif mijeessinee jirra, akka dachii kana keessa sosochootanii dhimma bayattan dandeettii isiniif kenninee jirra, waan nyaattanis dachii tana keessa isiniif keennee jirra

jechuudha”[4].Kanaafuu dachii kanarratti ilmi namaa hunduu wal-qixa haala mijeeffaman waan ta’eef, yaamichi kun cufuma ilma namaatiif kan dhiyaateedha.

Mallattooleen hawaasni Islaamaa seenaa keessatti ittiin beekkamu mallattoolee namummaa akka ta’e dhugaaleen seenaa ragaa ni bayu. Seenaa qarooma ummata keennaa osoo duubatti deebinee ilaallee, Muslimootaa fi kanneen Muslimoota hin ta’inis, hojii ijaarsa hawaasummaa keessatti kan hirmaatan ta’uu argina. Hundinuu jiraachuu fi dandeettii qaban mirkaneessuuf jecha carraan wal-qixa ta’e kennameefi dirree jireenyaa hunda keessatti carraaqqii taasisaa turan.

Hayyuun *Aadam Miitzi* jedhamu akkana jedhe: “Seera Islaamaa keessa, balbala hojii kamiyyuu warra karaa nagayaatiin harka kennatanii Muslimoota jalatti bulan *(Ahlu Azzimmaa)tti* kan cufu hin jiru. Hojiiwwan waa hojjachuu kanneen bu’aa guddaa argamsiisan keessatti bifa ijoon kan hirmaataniidha. Warroonni sharafa irratti hojjatan, daldaltoonni, ogeeyyiin fayyaa fi ogeeyyiin hojii ogummaa harkaa isaan ture”.

Biyya *Shaamii* keessatti, *Ahlu azzimmaan* sirritti uf gurmeessanii turan. Hayyootaa fi warroonni mallaqa sharafan hedduun warra Yahuudotaa yoo ta’an, ogeeyyiin fayyaa fi barreessitoonni hedduun immoo warra Kiristaanotaa turan.

Ammas dhimmi biraa kan baay’ee barbaachisaa ta’e, kan asitti waa’ee isaa kaafnee ijjannoo amantiin Islaamaa isarratti qabu dubbachuu barbaannu; dhimma dubartii fi gahee isiin guddina hawaasummaa keessatti qabduudha. Kunis dubartoonni

---

[4]-Attafsiir Al-kabiir, 14/28.

walakkaa hawaasaa waan ta'aniif, gaheen isaan taphatan guddaa fi dhaabbataa ta'ee argama.

Wanti baay'ee gaddisiisaanani asitti kaasuu barbaadu, dhugaawwan waa'ee dubartootaa irratti amantiin Islaamaa dubbate hedduun, hiikkaa dogongoraa fi itti yaadamee maqaa balleessaaf godhameef saaxilamtee jirti. Namoonni baay'een waa'ee dhimma kanaa irratti murtii kan kennan, garee durii wallaalaa fi dhukkubsataa ta'e kan gadaa dadhabina sodaa Rabbii fi duubatti hafiinsa qaroomaa keessa jiraataa ture, kan ilaalcha aadaa gosummaa fi duudhaalee hawaasummaa durii kan xiinxala jaamaa irraa madde ka'umsa godhatan irratti bu'uureeti.

Amantiin Islaamaa maatii jajjaba bocuuf bu'uura cimaa kaayee jira. Wabiiwwan sirna gaa'ila raawwachuu, ilmaan horuu fi guddisuu fiixa baasan karaa godhee jira. Kunis akka maatiin gocha misoomaa fi jijjiirama fiduu irratti gahumsa gahaa qabataaniifi.

Amantiin Islaamaa gaa'ilaaf bu'uura bareeda kaayee jira. Gaa'ila raawwachuuf gurbaa fi intalli jaalatanii itti seenuu seera bu'uuraa godhee jira. Mahrii (kennaa gurbaan intalaaf kennuu qabu) keessatti waliif laaffisuu fi baasiiwwan sirna gaa'ilaatiif bayan xinneessuu dirqama godhee jira. Dirqamaa fi mirga dhiirsaa fi niitiin wal- irraa qabanis daangessee lafa kaayee jira. Akka maatiin diigamee, diigamiinsi isaa sun guddina hawaasaas gufachiisee karaa irraa hin dabsineef jecha, seera naamusaa gaarii qabu, kan bu'uura isaa irratti maatiin waliin jiraachuu qabu lafa kaayee jira.

Gaa'ila diiguu (xalaaqa) waan Rabbiin karaa (halaala) godhe keessaa irra jibbamaa godhee jira. Akka inni hin

argamneefis gufuuwwan heddu kaayee jira. Keeyyatoonni Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti waa'ee haadha manaa takkaa ol fuudhuu dubbatan akka amantiin Islaamaa gocha kana seera walii gala hin godhin mul'isa. Heddu fuudhuun kun wanta Rabbi namaaf laaffise (ruksaa) kan yeroo dirqaman malee itti hin fayyadamamne ta'uu agarsiisa.

Sonoota gurguddoo sadarkaa dubartootaa ol fuudhuuf amantiin Islaamaa fide keessaa tokko: namummaa isii raggaasisuu, eenyummaa isii kan uf danda'e godhuu, nama amantii qabatuu fi Rabbiin gabbaru keessatti isii lakkaayuu, akkuma dhiiraa hooggansa filachuu danda'uu fi sochii hawaasummaa keessatti akka hirmaattuuf yaamicha isiif dhiyeessuudha. Akka isiin hojii uumama isii waliin deemu hojjattu hayyameefi jira. Qabeenya dhaaluu keessatti qooda isii lafa kaayeefii jira. Dhimma maatii fi guddisa ilmaanii gaggeessuu keessatti qooda kenneefi jira. Haala (naamusa) gaariin waliin jiraachuu fi namummaa isiitiif isii kabajuu dirqama godhee jira. Abbummaa qabeenyaa qabaachuu fi walii galteewwan adda addaa bakka buutee mallatteessuu irratti mirga dhiiraan wal-qixa ta'e kenneefi jira. Sirna murtii loogii irraa bilisa ta'e keessattis mirga isii eegeefi jira.

Gulantaalee jireenya ammaa hedduu keessatti sadarkaan dubartoonni yeroo ammaa biyyoota Islaamaa keessatti qaban duubatti hafaa fi carraaqqii guddinaa fi misoomaa kan gufachiisus ta'u, kun kan argamuu danda'e jireenya hawaasummaa kan kallattiiwwan hedduun faallaa sonoota, bu'uura, seerotaa fi murtiiwwan shari'aa waan deemaniifi. Duudhaaleen durii fi aadaanwwan hawaasummaa kan

hariiroowwan ummataa fi dhuunfaa irratti ol'aantummaa qaban gariin miidhaa malee bu'aa waan hin qabneefi.

Jaarraalee Islaamummaa dabran uf duuba deebinee qorannoo ariifataa wayii goonee yoo laalle, iddoon dubartoonni qaban kan nama boonsu ta'uu mul'isuu irratti ragaa ifa gala ta'e argachuu dandeenna.

## Seera Siyaasaa Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu

Seerri siyaasaa Islaamawaan sirna waliin marii (shuuraa) irratti kan bu'uureffameedha. Kana jechuun Imaamni, hoogganaan ykn bulchaan biyya Islaamaa tokko, wal-dhabbii hambisuu fi badii abbaan irrummaa fidu dhabamsiisuuf jecha, yaada miseensonni mana marii hedduun ykn beektonni fi hayyoonni kennan dhagayuun isarratti dirqama jechuudha.

Haala kanaan sirnichi kun amaanaa bulchiinsaa namatti kenname baadhachuuf, bakka buutotaa fi hoogganaa biyyattii kan Rabbiin irraa osoo hin taane ummata irraa bakka bu'ee murtiiwwan seerota Islaamaa kan hojitti jijjiiru, kan dhimmoota siyaasaa hoogganu, kan gulantaalee jireenyaa hunda keessatti haala sosochii hawaasa isaa too'atu filachuuf hirmaannaa ummataa irratti hundeeffama.

Inni ummata irraayyi malee Rabbiin irraa bakka hin buune wanti jenneef, siyaasaa Islaamaa guutumatti ilaalcha *tiyooqiraaxii*[5] ykn tiyoorii bulchiinsa Rabbii jedhu kan seenaa

---

[5]- Tiyooqiraaxii jechuun jecha Girikii lama irraa kan fudhatameedha. Isaanis: Tiyoo – hiikni isaa amantii jechuu yoo ta'u, kan lammataa immoo jecha Kiraayits jedhu kan hiikni isaa murtii jedhu irraa

addunyaa durii fi jiddu-galeessaa keessa faca'ee jiru san dhabamsiisuufi.

Imaamni ykn hoogganaan ykn bakka bu'aan (*kaliifaan*) sun ummata irraa kan bakka bu'e ta'uun isaa, yoo bulchaan ykn mootiin sun seera murtiiwwan shari'aa faallesse ykn yoo inni daangaa dabre ykn amantii keessatti waan haaraya fiduu eegale ykn seerota bakka bu'ummaa san yoo kan faallessu ta'e, akka ummanni salphamatti uf irraa buusuuf gargaara. Sababni isaas qaamni mirga nama muuduu qabu mirga aangoo irraa nama buusuus qaba waan ta'eefi.

Mootummaa (biyyoota) Islaamaa ilaalchisee dhugaan guddaan jiru, mootummaan sun mootummaa seeraa ta'uu isaati. Sirna ittiin bulmaataa (constitution) maddi isaa Qur'aana kabajamaa, sunnaa nabiyyii, yaada beektonni Islaamaa irratti walii galanii fi qiyaasa ta'e qaba. Akkasumas maddeen maxxantoota ta'an kan kaayyoon isaanii jireenya guyyaa irraa jijjiiramaa deemu kanaan wal-simuu ta'e irrattis hundaa'a. Maddeen san keessaa tokko carraaqqii (ijtihaada) beektonni Islaamaa dhimma guyyaa keessa argameef murtii kennuuf tattaaffii mataa isaanii godhanii rakkina saniif furmaata ittiin laataniidha.

---

fudhatame. Kana jechuun sirna bulchiinsaa kan Rabbiin irraa bakka buufame jedhuudha. Kana jechuun mootii Rabbitu fila, mootichi maqaa Rabbiitiin bulcha, maddi aangoo isaas Rabbi biraayi kan jedhuudha. Mooticha kanas abbootiin amantii isa marsuun namoota inni bulchu irratti ol'aantummaa isaanii mirkaneessuun namoota saamu.

Daangaan qaamota seeraa sadanii: qaama seera tumu, kan seera hojii irra oolchuu fi seera kabachiisuu shari'aa Islaamaa keessatti daangeffamaa fi ifa galaadha. Sonootaa bifa gadi bu'iinsa qabuun waa ibsan kan wal-qixxummaa dhugaa irratti hundaa'e hawaasaa fi namoota dhuunfaatiif argamsiisuu danda'aniin irratti kan bu'uureedha.

Seera siyaasaa shari'aa Islaamaa kan adda isa godhu, jiraattota mootummaa (biyya) Islaamaa keessa jiraatan hunda isaanii nama tokko isa kaan irraa osoo addaan hin baafne mirgaa fi dirqama walii gala nama hundaaf wal-qixa mirkaneessuudha.

Seerri kunis kan dhufeef, hawaasa keessatti namummaan namaa bifa gayaa ta'een akka ragga'uuf, akka namni seera san jalatti bulu miirri nagaya hawaasaa fi tasgabbiin lubbuu isaa itti dhagayamee anniisaa qabu hunda fayyadamuun siyaasaa fi tajaajila hawaasaa keessatti hirmaatee hawaasa isaa gara guddina qaroomaatti ceessisuufi.

Namni dirqamaan hawaasa keessa harkifamu, kan namummaan isii jalaa sarbamu, kan eenyummaan isaa irraa hir'ifamu, nama humni isaa hojiin ala ta'ee, eenyummaan isaa jalaa sarbamee, yeroo hunda sodaa keessa jiraatuudha. Namni akkasii sun bifa humna gahaa fi amaanaa qabuun ijaarsa hawaasaa keessatti hirmaachuu hin dada'u. Humni siyaasaa hawaasummaa, wal-qabatiinsi isaa, waliin mariin isaa fi duratti deemiinsi isaa kallattii fuulleetiin kabajaan namaa eeggamuu fi namummaan isaa kabajamuu waliin wal-moggaa deema. Kabajaan namaa kun sonoota armaan gadii lamaan kanaan ala hin eeggamu:

**Tokkoffaa**: Bilisummaa isaa raggaasisuu- Qur'aanni kabajamaan ilma namaa kana bakka bu'aa itti gaafatamaa akka godhe dubbannee jirra. Itti gaafatummaan kunis walabummaa mirga waa filachuutiin ala hin mirkanaayu. Yoo mirga waa filachuu hin qabaanne akkamitti itti gaafatamaa ta'a?

Kana jalatti mirgoonni tarraayanii dhufan immoo, mirga amantii, mirga bilisaan yaada fedhan ibsachuu, mirga waa dhuunfaachuu, mirga humna uumamaan qabu ifatti baasee irraa fayyadamuu fa'a.

Mirgoonni kunis kan hin daangeffamnee miti. Mirgi namni amantii fedhe hordofuu mirga amantiiwwan nama biraa jeequutti geessuu hin qabu. Mirgi waan fedhe dhuunfachuuf namni tokko qabu mirga gadi dhiifamaa qabeenya namoota biraa irratti miidhaa qaqqabsiisu ta'uu hin qabu. Mirgi inni anniisaa ufii ifatti baasuuf qabu, anniisaawwan hojiif qopheeffaman ykn kan namoota biraa irratti kan miidhaa fidu ta'uuu hin qabu.

**Lammaffaan**: nama ta'uu isaatiif isatti fayyadamuu hin qabnu. Namni biraa isatti fayyadamuun (isa saamachuun) namummaa isaa ajjeesuu fi anniisaa isaa hojiin ala godhuu jechuudha. Kun immoo miidhaa guddaa ilma namaa irraan gaya, akka hawaasnis bifa barbaachisuun anniisaa san irraa hin fayyadamne godha. Yoo akkas ta'e hawaasni sun gara hawaasa moo'aa fi moo'atamaatti geeddarama. Hawaasni akkasii sun immoo hawaasa nama miidhuu irratti bu'uure kan Qur'aanni mormee hawaasa qisaasessaa gufuu jijjiiramaa jedhee yaameen keessatti lakkaayamu.Rabbi akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا فِي قَرۡيَةٖ مِّن نَّذِيرٍ إِلَّا قَالَ مُتۡرَفُوهَآ إِنَّا بِمَآ أُرۡسِلۡتُم بِهِۦ كَٰفِرُونَ ﴾
سبأ: ٣٤

*[Ergamtootuma kamiyyuu ganda wayiitti erginee, namoonni qisaasessitoonni nuti waan isin ittiin ergamtanitti dugda gallee jirra (kaffarrea) jedhan malee hafanee hin beeku] (Saba'a: 34).*

Seenaa hawaasa Islaamaa kan gadaalee ifnanaa san osoo duuba deebinee ilaallee, amantiin Islaamaa mirga amantii fedhan hordofuu fi gosa xiinxalaa fedhan qabaachuu namaaf kennuun sun, guddina qaroomaa fi jajjabina hawaasaa keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu isaa agarra. Hawaasa Islaamaa san keessatti namni hundinuu too'ataa tokko malee ykn gufuu tokkoon alatti gahee isaan irraa eeggamu bayataa turan.

Barruuleen waa'ee saayinsii, falaasamaa, hog-barruulee fi aartiiwwanii irratti harkaan barraayan kan manneen kitaabota warra Dhihaa fi Bahaa keessatti miliyoonotaan lakkaayaman bu'aa qaroomni Islaamaa argamsiise irratti ragaa guddaadha. Bu'aan kunis kan argameen amantiin Islaamaa warraaqsa beekkumsaa, walabummaa fi xiinxalaa hunda waan tumseefi.

Wanti baay'ee barbaachisaan kan yeroo baay'ee namoota biratti ka'u, kan nuti asitti irraa haasayuu barbaannu waa'ee seera waliin marii (*shuuraa*) Islaamaati. Yeroo hedduu shuuraan akka waan *Dimookiraasii* warra Dhihaatiin tokko ta'eetti fudhatama. Kana irratti deebiin ani qabu:

Qu'annoolee waa'ee namummaa ammayyaa keessatti wanti namn hundi irratti walii gale, jechoonni (terms) qarooma gadaa keennaa kunniin, guutumatti waa'ee seera qarooma isaa kan ibsanii fi hubannoo isaas kutaalee isaa kan keessaa saniin waan

hidhata qabu irraa kan fudhatan ta'uu isaati. Kanaafuu hubannoon kun seera san irraa wanta adda baafamee ilaalamuu hin dandeenneedha.

Jecha wayii qofa seera isaa keessaa luqqifnee (ergifannee), seera qarooma biraa keessatti itti fayyadamuun, hubannoo wal-keessa naquu fi dhugaa jecha sanii kan keessaa (kan dhugaa) gara tasgabbii dhabsiisuutti geessuudha. Kanaafuu ilaalchi keenna jechoota saniif sirrii kan ta'u, yoo guddina qaroomni sun seera isaa keessatti irra gaye hunda hubanne qofa.

Qaroomni kamiyyuu ilaalcha qarooma mataa isaa ykn *aydiyoolojii* mataa isaa ykn adeemsa (*mazhaba*) mataa isaa akka qabu shakkiin hin jiru. Ilaalchi qaroomaa kunniin yoomiyyuu kan ifa galuun jechoota (*terms*) qaroomni sun itti fayyadamuuni. Qaroomaa fi jechoonni isaa walitti hidhama qabu. Yoo qarooma san diignee, kallattii fuulleffannaa isaa jijjiirree bifa haarayaan ijaaruu barbaanne malee, yoomiyyuu qaroomaa fi jechoonni isaa gargar hin baafaman.

Seerri qaroomaa kun gadaa kanaan duraa keessatti akka gadaa ammaa kana keessatti ifa ta'etti namaaf ifa ta'ee hin beeku. Ilaalchonni qarooma ammaa baay'ee wal-keessa seenaa fi wal-xaxaadha. Ergaa isaas guututti hubachuun kan danda'amu yoo jechoota inni itti fayyadamu hunda bifa guutumatti ifa galaa ta'een hubanne qofa.

Jijjiiramni qaroomaa ykn hawaasaa kamiyyuu jidduu jechoota (terms) baay'ee hundee fi guddina seenaa isaaniitiin gareelee adda addaa jalatti qoodaman walitti qabuun, karoora barbaachisaa ta'e dhabuu isaa agarsiisa. Akkasumas warraaqsaa fi xiinxala keessatti gaaga'ama cimaa qaqqabsiisa. Bifa kanaan

immoo guddinni dhufuu kan wal-madaalu hin ta'u. Sona kanarraa ka'uun, warraaqsi jijjiiramaa sun babbaraaxayee cal-jedhee geengoo duwwaa keessa naannayuun bu'aa qabatamatti osoo hin geessine hafa.

Wanti asitti cimsinee ibsuu barbaannu, barreessitoonni keenna –kan Islaamotaa fi isaan biroos- hanga dhuma shantamoota jaarraa nuti amma keessa jirruu kanatti, dhugaa qarooma kanaa hubachuu hin dandeenne. Sababni isaas yeroo sanitti hawaasa Islaamaa jiddutti walitti bu'iinsi ilaalchaa waan hin ciminiifi. Akkasumas yeroo sanitti haala baay'ee bareeda keessa waan jiraniif eenyummaa isaanii irraa ittisaa turan. Qarooma ifaa biyyoota Dhihaa keessatti argamu hundaaf, gama wal-maddii qabiinsa godhuutiin gita isaa Islaamummaa keessatti argaa waan turaniifi.

Seensa gabaabduu kana irraa ka'ee wanti ani jechuu danda'u:

Dimokiraasiin warra Dhihaa sirna waliin marii (*shuuraa*) Islaamaatiin guutumatti tokko jechuun dhimmicha gubbaa isaa qofa ilaaluu fi dunuunfatanii waan wal-hin fakkaanne walitti qabuu agarsiisa. Kunis bifa gadi bu'iinsa qabuun sirnoota lamaan wal-maddii qabanii sirritti ilaaluu barbaachisa. Wal-gitu jedhanii ilaaluun sun jechoota qarooma tokkoo dhuka (fakkaataa) isaa irraa kutanii jechoota qarooma biraa moggaa kaayuu jechuudha. Kunis qu'annoo kutaalee sirnoota lameeniikeessatti hundi isaaniituu roga mataa isaanii qabu waan ta'eef osoo roga san hin qu'anne bira kutuu jechuudha.

Bifa kanaan adeemsi kun irra gubbaa dhimmootaa qofarratti fuulleffachuun, sababa gadi bu'iinsaan dhimmicha

qoratanii madaala sirrii ta'e irra gayuu dhabuutiin gaaga'amaaf saaxilama.

Sirna dimokiraasii gita sirna shuuraa Islaamaa godhanii ilaaluu hin fudhannu. Sababni isaas, sirni dimokiraasii ummata bal'aa murtii fi bulchiinsa keessatti hirmaachisuu irratti yoo bu'uureffamu, amantiin Islaamaa immoo san hin fedhu. Ilma namaa ilaalchisee imaammanni amantii Islaamaa isa kabajuu fi namummaa isaa tiksuudha. Sunis sarbamiinsa mirgoota namummaa kan mirga isaa irraa mulqee, gabra isa godhee, kabaja namummaa isaa irraa fuudhu dhabamsiisuuni.

Bifuma wal-fakkaatuun, sirni siyaasaa Islaamaa akkuma kanaan dura jenne hoogganaa biyyattii bakka bu'aa Rabbii osoo hin taane bakka bu'uu ummataa godhe. Bulchaan (hoogganaan) ummataa kun seerota ummanni ittiin uf bulchuuf bocate keessaa seeruma tokkicha diigee yoo argame, akkuma madden fiqhii siyaasaa Islaamaa keessatti ibsame, walii galtee isa waliin qaban diiguuf mirga guutuu qabu.

Kana moggattis, amantiin Islaamaa dhimmoota jireenya addunyaa kanaa adeemsifachuu keessatti harka caalu warraaqsa sammuu Muslimaatiif dhiisee jira. Gadaa hunda keessa bulchiinsa keessatti hirmaannaa dhugaa tooftaan ittiin mirkaneessan yeroo irraa gara yerootti fooyya'aa dhufuu danda'a. Seenaan Islaamaa hundinuu mormii ifa galaa fi qulqulluu hundee qabate irratti kan bu'uureffame ta'uun isaa ifa galaadha. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* dhimma wahyiin hin ibsin keessatti, yaada sahaabonni (waahillan isaanii) baay'een deeggaran bira hin

dabran. Kanaaf taateen lola *Uhud* dura argamte fakkeenya guddaadha. San irratti keeyyanni tun buute:

قَالَ تَعَالَى: ﴿وَشَاوِرْهُمْ فِي ٱلْأَمْرِ ۖ فَإِذَا عَزَمْتَ فَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِ ۚ﴾ آل عمران: ١٥٩

*[Dhimma argame irratti isaan mari'achiisi. Yoo murteessite (kutatte) Rabbiin irratti irkadhu] (Aala Imraan: 159).*

Namni Ibn *Marduwiih* jedhamu *Aliyyi Bin Abuu Xaalib* irraa odeessee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* kutannaa jechuun maali? Jedhamanii gaafatamnaan, "hayyoota (beektota) mari'achiisuu fi saniin booda isaan hordofuudha" jedhanii deebisaniif[6].

Kunis yaada imaamu Ahmad Abdurahmaan bin Ganam irraa odeessannii wal-cimsa. Innis ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Abuu Bakrii fi Umariin akkana jedhan jedhe: "osoo isin dhimma wayii irratti walii galtanii silaa isin hin faallessu"[7].

Beektonni seenaa keennaa gariin immoo, wal-dhabiinsa lola (saffeeyni) jedhamuutiin booda, wanta baay'ee nama qaanfachiisu wayii raggaasisanii turan. Sunis ilaalcha hoogganaan biyyattii yaada manni marii ykn gareen beektotaa baay'een irratti walii galan hordofuuf hin dirqamsiifamu jedhu fidan. Kanas wanta cuunfama Qur'aanaa, Hadiisa nabiyyii fi jireenya waahillan nabiyyii irraa baay'ee fagoo ta'eedha. Gadaa kana keessa galtee seenaa dabre keessatti argamte hordofuuf hin dirqamnu. Wanti kana jenneefis wahyiin Rabbiin irraa bu'e

---

[6]- Fathu Al-Qadiir, Shoowkaanii: 1/395.
[7]- Ruuh Al-Ma'aanii, Al-Aaluusii: 4/106.

galtee seenaa caalaa hordofamuu waan qabuufi. Wahyiin haqamiinsa (jijjiirama) irraa tikfamaadha, yeroo fi iddoo irraa kan uf danda'eedha. Seenaan immoo warraaqsa ilma namaati, warraaqsi namaa immoo dhugaa, dharaa fi dogongoraaf saaxilama.

Barreessitoonni hedduun waa'ee sirna siyaasaa Islaamaa irratti barreessan, keessattuu gadaa kana keessatti ilaalcha abbaa irrummaa kan olitti kaafne san dogongorsiisanii jiru. Sababni isaas ilaalchi sun turtii yeroo dheeraatiif namummaa ummata Muslimaa cunqursanii, fedhii dhuunfaa isaaniitiin guutamanii kufiinsaa fi gaaga'ama qarooma Islaamaatiif hundee waan turaniifi.

Kanarratti, wanti dubbiftoonni kitaaba kanaa kaasuu danda'an: wanta silaa dimookiraasiin fiixa baasuuf deemu hunda sirni waliin marii (*shuuraa*) Islaamaas bifa ifa galaa ta'een eega kan itti yaamu ta'e, maaliif jecha dimookiraasii jedhu jecha waliin marii (*shuuraa*) Islaamaa jedhu waliin wal-maddii hin qabne? Jedhuudha.

Kana irratti wanti ani jedhu:

Yaada olitti dubbanne kana waliinuu, jechoota lamaan jidduu garaagarummaa guddatu jira. Isaan lameenuu akka afaaniitti hiika wal-fakkaatu kan qabanii miti. Shuuraan sirna Islaamaa kan waan hunda uf keessatti hammatu keessaa kutaa isa xinnaa wayiiti. Dimokiraasiinis akka barreessitoonni gariin hubatanitti mul'ata siyaasa walii galaa osoo hin taane, kutaa sirna wal-xaxaa gaaddisa qarooma warra Dhihaa jedhu jalatti dhokateedha.

Wanti beekamaan, qaroomni warra Dhihaa dimshaashummaa jirtu kanaan qarooma Islaamaa irraa gama aqiidaa, safuulee fi seerotaatiin wal-dhaba. Kana jechuun ilaalchi (ideology) qaroomni warra Dhihaa argamaaf (uumamaaf) qaban ilaalcha amantii Islaamaatiin adda waan ta'eefi.

Akkuma hayyuun *Koosdoorv* jedhamu jedhetti: seerri duudhaalee hundaatuukan daangeffamuun, mul'ata seerri sun waa'ee Rabbii, waa'ee ilma namaa, waa'ee addunyaa fi hariiroo jidduu qaamolee sadan kanaatti uumamuu danda'an irratti qabu irratti kan hundaa'eedha.

Kana irraa ka'uun, seera dimokiraasii keessatti kan ummata boce, seerotaa fi safuuleen utubaalee fi dameewwan isaa keessa jiraniidha. Wanti kana jenneefis, hiikkaan dimokiraasii deeggartoota isaa biratti: ummanni kallattiin ufumaa uf bulchuu ykn gama bakka buutota isaa mana marii bakka buutotaatiif kaadhimuutiin uf bulchuu waan ta'eefi.

Seerri walii galaa kan dimokiraasii irraa madde seera amantii fi siyaasaa addaan baasuu irratti kan bu'uureedha. Amantiin Islaamaa immoo gama aqiidaa fi shari'aatiinis hawaasa keessatti kana hin deeggaru. Sababni isaas seeronni walii galaa kan isarraa maddan keeyyatoota Qur'aana kabajamaa fi Hadiisa nabiyyii irratti bu'uureffamuun dirqama waan ta'eefi. Ummanni Islaamaa murtii Rabbii kan keeyyata Qur'aanaa ykn hadiisaa keessatti raggaasifame gonkumaa jijjiiruu hin danda'an. Akkasumas waa'ee argamaa (uumamaa) irrattis ilaalcha addaa kan ilaalcha Islaamaa hin ta'inis ka'umsa godhachuun hin hayyamamu.

Kanaafuu gara Islaamummaa fi gama adeemsa isaatiinis sirna Islaamummaa sirna dimokiraasiitiin ykn jechoota qarooma ammayyaa isa biraa waliin tokko jennee akkamitti yaamna. Sirna Shuuraa Islaamaa jedhamu maaliif dinna? Wanti yeroo mara jecha qarooma warra Dhihaa jala akka deemnu nu dirqu maali? Wanti yaada dimokiraasii kan amantii fi siyaasaa addaan baasutti ajaju, kan qajeelluma amantiin Islaamaa itti nu ajajeef hin bitamne jala deemnuuf maali? Sonoota Islaamaa kana osoo hubannaa hundee irratti ijaarameen hubannee, silaa jechoota isaa daangessuuf haalli nuu mijata, silaa gama xiinxalaatiin tokko taanee ilaalcha wal-faallessanii fi yaaddan wal-dhiiban irraa bilisa baana.

Barreessitoonni jecha dimokiraasii jedhuu fi jecha shuuraa Islaamaa jedhuun wal-maddii qaban, kanneen jechoota lamaan kana irra gubbaa isaa malee hundee isaa gadi bu'iinsaan hin ilaalin; qabxiilee armaan gadii kana irratti yaada qaban nuuf hin ibsine:

I) Sirna dimokiraasii keessatti ilaalcha amantii fi siyaasaa addaan baasuu jedhu irratti yaada maalii akka qaban nuuf hin himne. Yaada kanatti ni amanan moo? Sirna dimokiraasii jalatti shari'aa Islaamaa hojii irra oolchuun ni danda'amaa? Sirna dimokiraasii kan yeroo ammaa biyyoota Islaamaa heddu keessatti faffaca'ee jiru kana keessatti dhugumaan shari'aa Islaamaa kana hojirra oolchuun ni danda'amaa?

II) Sirna dimokiraasii kana jalatti, paartilee siyaasaa kan sonoonni bu'uureffama isaanii utubaalee amantii Islaamaa, seerota hundee fi seerota isaa kan walii galaatiin wal-faallessan dhaabuutti ni amanuu?

III) Mirga walii gala kan nama dhuunfaa fi garee kan namoonni sirna dimokiraasii keessatti waan fokkisaa fi qaanyii fedhan hojjachuu isaaniif hayyamu, kan mootummaan biyyattii safuulee fi qaanyii sirna naamusa Islaamaa keessa hin jirre raawwachuu irraa nama hin dhoorgine kana hoo ni deeggaruu?

Yoo akkuma amantii Islaamaa siyaasaa irraa adda baasan kanattuu, nuti bakka seera *shuuraa* Islaamaa kana sirna dimokiraasii buusuu barbaanna kanjedhan taate, kun waan namni utubaalee Islaamaa kan bu'uuraa qoratee beekus irraa hin fudhanneedha. Sababni kana jenneefis, amantiin Islaamaa seera guutuu uf danda'aa kan haala jireenyaa kamittuu waliin wal-simatu waan ta'eefi.

Lakki nuti shari'aa Rabbii hawaasa jiddutti hojii irra oolchuu barbaanna, sirna dimokiraasii itti amannu keessatti paartiin siyaasaa kan amantii fi siyaasa addaan baasutti waamu akka jiraatu hin hayyamnu yoo jedhan… akkana isaaniin jedha: kanaafuu wal-dhabiinsi jidduu keenna jiru wal-dhabiinsa jechaa ta'ee jira. Kanaafuu jecha dimokiraasii jedhu kan jijjiirraa hubannootiif saaxilame, kan dhokatiinsa qabu fayyadamuun dirqamaa miti. Isaan sirna abbaa irrummaa mormuu, namummaa ilma namaa mirkaneessuu, bulchiinsa keessatti hirmaannaa sirrii ta'e qabaachuu, caffeen bakka buutota ummataa jiraachuu, paartiileen mormitootaa jiraachuu, gaazexaan bilisaa kan dhugaa jiru ummataaf ibsu jiraachuufi qabxiilee biroo kan sirna dimokiraasii keessatti itti nama yaaman san, sirna waliin marii

(shuuraa) Islaamaa keessattis yoo itti yaaman wanti isaan dhabantokkoyyuu hin jiru.

Garuu rakkinni guddaan, biyyoota Islaamaa keessatti beektonni sirna qarooma warra Dhihaa jalatti jiraatan hedduun, waan ufii irratti guddatan saniin ala tooftaa biraatiin wal-hubachuun ni jiraata jedhanii hin yaadan.

Kanaafuu, yoom jechoota mataa keennaa ijaaranna? Akkamitti eenyummaa keenna tikfanna? Addummaa qaroomni keenna qabu kan akka Muslimootaatti karaa amantii irratti ta'uu qabu san akkamitti deebifanna?

Namni gariin, adeemsi (karaan) ati itti nama yaamaa jirtu kun garaaufii keessatti cufamuu fi qarooma ammayyaa amma dhufe kanaaf banaa ta'uu dhabutti nu hin geessuu? Jedhee gaafatuu danda'a.

Akkasii miti jedhaan: wanti cufamiinsatti akeeku hin jiru. Qarooma biraatiif banamuu jechuunis, jechoota goggogaa fi qophaayaa ta'an irratti tarkaanfii (ijjannoo) ifa galaa ta'e qabaannu malee, ragaa qabatamaan alatti akkuma jirutti ufitti fudhachuu jechuu miti. Kan nurraa eeggamu jechoota san qu'achuu, bifa waliin marii qaroomawaa ta'een ufitti fudhachuun hanga danda'ameen beekkumsaa fi ergaa isiin qabdu irraa fayyadamuudha.

## Sirna Diinagdee Islaamaa fi Gahee Inni Guddina Keessatti Qabu

Beektotaa fi qorattoota birattis wanti beekamaan, rakkinni diinagdee kan dur durii irraa kaasee hanga yeroo ammaatti jiru, amala namaa fi gocha isaanii irratti kallattiin jijjiirama fiduu kan danda'uudha yoo jechuu baannes, jireenya hawaasaa keessatti bakka guddaa kan qabatuudha. Kana irraa ka'uun amantiin Islaamaa fuulleffannaan namaa gara rakkina kanaatti akka ta'u akeekee jira. Rakkina kana furuufis bu'uura qabatamaa kan sirna diinagdee sirnoota biraa kanneen haala jireenya namaa bifa gadi bu'iinsa qabuun qindeessan waliin hidhata qabu fikan isaaf karaa ijoo ta'uun tajaajilu, kan gara nageenyaa, gammachuu fi tasgabbiitti nama geessu, kan ilaalcha uumamaaf qabu irratti ka'umsi isaa karaa Islaamummaa ta'e lafa nuuf kaayee jira.

Sirni Islaamummaa kan bifa kanaan wal-qixxummaa kabaju jiraatuu waliinuu, seenaa ummata kanaa keessatti jaarraalee hedduuf gufuuwwan baay'een jiraachuun, keessattuu kufaatii sirna Kilaafaatiin booda akka sirnichi kaayyolee fi galma isaa hin geenne godhee jira. Kun immoo bifa barbaadamuun sirni kun akka hojii irra hin oolle gufuu ta'ee jira. Akkasumas hiddi isaa lafa qabatee utubaaleen isaas cimee, bifa kaayyolee isaa jijjiiruun ykn ittiin taphachuun hin danda'amneen hojiin lafa irratti argisiisuun ulfaataa dhufee jira.

Wanti asitti beekamuu qabu, jijjiiramni wal-qixxummaan amantiin Islaamaa fidu eenyuufuu ifa galaadha. Gadama dubbiin dhugaa irraa dabaa dhufte san keessattuu seenaan diinagdee keenyaa osoo seenaawwan diinagdee ummatoota biraatiinuu kan

wal-maddii qabamu ta'ee, seenaan keenna kan isaanii caalaa haqqummaa fi wal-qixxummaa kan eege ta'uun ifa galaadha.

Xiinxallitoonni, beeektonni fi hayyoonni diinagdee hedduun sirna diinagdee Islaamaa kanaaf boca isaa kan sirrii ta'e ifatti baasuuf tattaaffii cimaa godhanis, gufuuwwan xiinxalaa haaroyni mul'ataa dhufann hanga ammaatti, sirna diinagdee kanaaf bu'uura ifa galaa ta'e akka hin lafa hin keenneef gufuu ta'anii jiru. Bu'uurri sirna diinagdee Islaamaa kun osoo lafa qabataa dhufee, silaa namni dhugaa arguu barbaadu bu'uura san dubbisee iddoo haqaa, jajjabinaa fi wal-qixxummaa sirna san keessa jiru salphamatti arga. Keessattuu yeroo qorannooleen sadarkaa Yunivarsitiitti bifa adda addaatiin qophaayanii qabxiilee xixinnoo (kutaalee) fi dimshaashaa seera kanaa hunda qorataa jiran kana keessatti, seera kana bifa saayinsaawaa ta'een bocanii ifatti baasuun akka inni miila isaatiin ijjatee tiyooriilee diinagdee kan sirna kana faallessan hunda uf irraa qolachuu danda'uuf isa gargaara.

Nutis qorannoo keenna kana keessatti, adeemsota muraasa kanneen sirna diinagdee Islaamaa bifaaayinsaawaa, dimshaashawaa fi barbaachisaa ta'een bocuu irratti yaadachiisa muraasa armaan gadii kana kennuuf yaalla:

**Yaadachiisni duraa**: Qorataan tokko ka'umsa isaa yaada sammuu isaa keessa dur jiru san ka'umsa godhatee socho'uudha. Qorataan kun yaada dur jiru san sammuu isaa keessaa haquu fi firii isaa san irraanfachuu dhabuun isaa akka inni dhugatti hin geenne isa godha. Fakkeenyaaf: qorattoonni kunniin Qur'aana kabajamaa fi sunnaa ergamaa Rabbii keessa

keeyyatoota ilaalcha isaanii deeggaran barbaadu. Yoo argatan osoo gadi bu'anii hiika isaa hin hubanne, hiikuma irra gubbaa qofaan gammadanii fudhatuun ariitiin ilaalcha isaanii san murteessanii, hiika irra gubbaa san akka ragaatti dhiyeeffatuun sadarkaa keeyyatoota jala muramanii (kan hiikni isaanii shakkii tokko hin qabeetti) ilaalu.

Garuu osoo dhugaa jirtu gadi bu'anii qoratanii, adeemsa sirrii fi saayinsaawaa ta'een hiika keeyyatoota sanii ilaalanii hubatanii, silaa hiikni irra gubbaa isaan hubatan sun akka sirrii hin ta'inii fi isaanis dogongora guddaa keessa akka jiran ni hubatu ture. Inumayyuu, hiika irra gubbaa san qofa ilaaluun hiika keeyyatootaa waan itti fedhame (hiika sirrii) irraa dabsaa jiraachutu mul'ata.

Kanaafuu seerota keeyyatoota shari'aa (Qur'aanaa fi Hadiisa) bifa sirrii ta'een ittiin qayyabatan keessaa wanti namni irratti wal-hin dhabne; keeyyatoota ergaan wal-fakkaatan hunda bakka tokkotti walitti qabanii, gama afaanii fi hundeetiin bifa gadi bu'iinsa qabuun qoratanii, kallattii fuulleffannaa, ergaa fi booddee murtii isii olii fi gadi qabanii ilaaluudha.

Adeemsi dogongoraan namoonni akkanaa kunniin hordofan qorannoolee yeroo ammaa waa'ee sirna diinagdee Islaamaa irratti gaggeeffaman rakkinoota hagana hin jedhamneef saaxilee jira. Hundee fi maalummaa sirna sanii haga guututti dhabamsiisuutti geessee jira.

Qorataan tiyoorii diinagdee ammayyaa qoratuu fi kan kallattii isiin itti imaltu san dinqisiifatu hunduu, keeyyata dhimma isaatiin wal-simatu san keeyyatoota biraa kan isiin wal-

fakkaatan irraa addaan qooduun gara kallattii ufii itti fuulleffachuu barbaaduu san qofatti fudhachuuf tattaafata. Ka'umsi isaas jechoota diinagdee Islaamaatiif haaraya ta'an, kan uumama sirna kanaa irraa hin maddin irraa ka'uuni.Gadaa kana keessatti, jechoonni dameelee hundaatuu bifa daangeffameen haala diinagdee, hawaasummaa fi fedhii namaa jala galee waan jiruuf, kophatti qayyabatamuu waan hin dandeenneef dogongorri akka uumamu godhee jira.

**Yaadachiisa Lammaffaa:** wanti qorattoonni beekuu qaban, sirni diinagdee Islaamaa akkuma sirnoota shari'aa Islaamaa kan hafanii sanitti, uumama irratti ka'umsi isaa xurree amantii Islaamaa bu'uura kan godhate ta'uu isaati. Xurreen tunis akkuma kanaan dura dubbanne, addummaa addaa kan ilaalcha qabeenya qofatti amanuu (materialsim) warra ammayyaa kana irraa adda. Kanaafuu qaorataan diinagdee Islaamaa ka'umsa ifa galaa ta'e, bu'uraa fi seera Rabbi karaa godhe kan haqamiinsaa fi itti dabaliinsa irraa bilisa ta'e irraa ka'a.Kanaafuu qorataan kun ijjannoo kamiyyuu yeroo fudhatu, seeraa fi utubaalee shari'aa kana ka'umsa godhatee achirraa gara yaada isaa sanitti imala waan ta'eef, gara ilaalcha diinagdee ammayyaa ka'umsa godhachuutti fuulleffachuu hin qabu.

Fakkeenyaaf: qorataan Muslimaa tokko, waa'ee guddina sirna diinagdee *kaappitaalizimii* yeroo ilaalu ija warra *Maarkistoonni* durii *Kaappitaalizimii* ittiin ilaalan saniin ilaaluu hin qabu. Akkasumas waa'ee sirna diinagdee *Sooshaalizimii* beekuuf, ilaalcha warri *kaappitaalizimii* durii isaaf qaban saniin ilaaluun dogongora.

Seera adeemsa Islaamaa kan dhugaa irratti bu’uure kana hordofuun ololoota adda addaa kan eessaanuu amantii Islaamaatiin hidhata hin qabnetti laaqamuu irraa nu tiksa. Akkasumas wal-dhabiinsaa fi hiikni nuti ilaalcha (keeyyata) wayiitiif qabnu baay’achuu irraa nu eega. Karaa Islaamummaa ifa gala ta’e ka’umsa godhachuun walii galtee keennaa fi yaadichi ifa galaa ta’uu hiddaan lafa qabsiisa. Keessattuu dhimmoota dimshaashaa fi bu’uuraa kanneen hojiiwwan diinagdee guyyaa guyyaan raawwatamanii hundee isaa nuuf cimsa.

**Yaadachiisa Sadaffaa*:*** Yeroo baay’ee qorattoonni ykn beektonni ammayyaa gariin yeroo ilaalcha isaanii murteessan, gadaa (jaarraalee) murtaa’e wayii ykn nama beekaa (beektota) wayii qofa irratti gabaabatuun dhimmi qorataan san irratti hidhanni jidduu fiqhii Islaamaa fi haala yeroo fi bakkaa jiru maal akka ta’e osoo hin hubanne bira kutu.

Sirni diinagdee Islaamaa akkuma sirnoota Islaamaa isaan hafaniitti sirna guutuu fi kan walii galaati. Gadaan hundinuu, sirna kana irraa akka dandeettii hubannoo sammuu isaanii fi qarooma yeroo saniitiin irraa fayyadamu. Sammuun ilma namaa hir’uun tun guutamiinsa (dimshaashummaa) amantii Islaamaa kana gadaa ykn jaarraalee heddu keessatti guutumatti hubachuun waan hin yaadamneedha.Akkaataan jijjiiramiinsaa fi hojii irraa ooliinsi sirni sun gadaa tokko keessatti argamsiise, sirna diinagdee saniif bu’uura ykn fakeenya yeroo hundaati jedhamee fudhatamuu hin qabu.

Haasoyni sirna diinagdee Islaamaa irratti taasifamu oduulee seenaa Islaamaatiin ala, sababa wal-tuqiinsa qarooma gadaa banamiinsa Islaamaa booda argameetiin oduu seenaa aadaa fi hojii irra oolchiinsa qarooma keenya kan Islaamaatti ala irraa itti seenan kana irraa qulqullaayuu qaba.

Gadaan nuti amma keessa jiraannu kun gadaa isa keessa beekkumsi seerota jireenya hawaaasummaa fi diinagdee itti ifa baayeedha. Akkasumas gadaa isa keessa waa'ee beekkumsaa bifa gadi bu'iinsa qabuun odeeffannoo gahaa itti argachuu dandeenneedha. Amala amantii Islaamaa irraa bifa haala yeroo fi bakkee eeggateen sosochii godhuudha. Amantiin keenna dhimmoota wayii irratti yeroo murtii kenninu waan gadaalee dabrame dhimma san irratti jedhame qofa ilaaluu osoo hin taane, gadaalee itti aananii dhufan keessa maaltu akka dalagame gamaggamnee, dogongoroota yeroo sanitti argaman irraa fayyadamnee, sirna diinagdee Islaamaa kallattii sirrii ta'e kan bu'uuraa fi seerota sirna Islaamaa isa walii gala waliin wal-simatu irra gayuuf murtiin keenna kan dhumaa haala yeroo fi bakkaa kan gadaa keennaa kan eege ta'uu qaba.

Qorattoonni hedduun wantoota gadaa durii keessa argaman hunduma isaatiif kabaja guddaa fi bifa jijjiirama hin fudhanne kennuuf. Yeroo kana godhan immoo adeemsa qorannoo saayinsaawaa gaggeessuu kan dhugaa irra gayuu barbaannutti gayuuf Qur'aanni hordofaa nuun jedheef bakkee kennuu dhabutu mul'ata.

Adeemsa qorannoo dhugaatti gayuu san keessaa inni tokko, wanta durii tokko waan inni kan durii ta’eef qofa kabajuu dhabuudha. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ بَلْ قَالُوٓاْ إِنَّا وَجَدْنَآ ءَابَآءَنَا عَلَىٰٓ أُمَّةٍ وَإِنَّا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم مُّهْتَدُونَ ﴿٢٢﴾ وَكَذَٰلِكَ مَآ أَرْسَلْنَا
مِن قَبْلِكَ فِى قَرْيَةٍ مِّن نَّذِيرٍ إِلَّا قَالَ مُتْرَفُوهَآ إِنَّا وَجَدْنَآ ءَابَآءَنَا عَلَىٰٓ أُمَّةٍ وَإِنَّا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم مُّقْتَدُونَ ﴿٢٣﴾
قَٰلَ أَوَلَوْ جِئْتُكُم بِأَهْدَىٰ مِمَّا وَجَدتُّمْ عَلَيْهِ ءَابَآءَكُمْ ۖ قَالُوٓاْ إِنَّا بِمَآ أُرْسِلْتُم بِهِۦ كَٰفِرُونَ ﴿٢٤﴾ الزخرف:
24-22

*[Inumaa wanti isaan jedhan, nuti abbootii keenna karaa (amantii) kana irratti argine, nuti faana isaanii jala deemna. Akkuma kana sihiin dura (yaa Muhammad) ergamtoota kamiyyuu gara ganda wayiitti akka isaan nama seeraniif erginee, (namoota ganda sanii keessaa) warroonni bobboonan nuti abbootii keenna karaa kana irratti argine, nuti faana isaanii dhooyna jedhan malee hin hafne. Osoo ani waan isin abbootii keessan irratti argitan san waan caalu qabadheellee dhufee moo jennaan, nuti waan isin ittiin ergamatanitti dugda gallee jirra jedhan] (Zukruf: 22-24).*

Beektotaa fi xiinxallitoonni gadaa kanaa, carraaqqiiwwan yeroo dabree kan haala yeroo ammaa qaroomni keessa jiru faallessaniin alatti bu’aa ummataa raggaasisuun ni danda’ama jedhanii yoo kan itti amanan ta’e, carraaqqii yeroo dabree kan haala yeroo ammaa faallessu san uf irraa dhiisuuf kutannaa gahaa qabaachuu qaban.

Warroota Usuulaa biratti walii galli usuulaa (hundee) beekkamaadha. Wanti saniin ala jira hunduu, guddinaa fi

fooyya'iinsa hawaasni keenna gara hawaasa qaroomaa jajjaba kan seera, heeraa fi hundee Islaamaatiin bitamutti jijjiiramuuf godhu irratti yoo gufuu kan ta'u ta'e, waan akka ragaatti fudhatamuuf hin qabu.

*Waa nama dinqisiisu keessaa tokko, Imaamu Abuu Haniifaan (Rabbi isaan irraa haa jaalatuu) akkana jechuu isaaniiti: "Yoo sahaabonni (hiriyyoonni ergamaa Rabbii) dhimma wayii irratti walii galan, (walii galtee saniif) harka kennanna. Yoo beektonni isaaniin booda dhufan (Taabi'oonni) dhimma wayii irratti waliif galan immoo isaan danqina" ykn (dhimmicha gadi buunee sirritti qorannee gamaaggamnee saniin booda sirrii ta'uu fi dhabuu isaa murteessina). Imaamu Ahmad bin Hambalis (Rabbi Isaan irraa haa jaalatuu) akkana jedhan: "Wanta irratti walii galame (Ijmaa'a) jechuun, waan ergamaa Rabbii (SAW) fi hiriyyoota isaanii irraa dhufe hordofuudha. Waan beektonni isaaniin booda dhufan (Taabi'oonni) irratti walii galan hordofuun immoo dhimma filannooti".*

Eega kuni hundi jedhameen booda, beektota ykn barreessitoota Hijraa jaarraa 15[ffaa] keessa jiraataa yaada nama beekaa (faqiiha) wayii ykn yaada gareeleen ulamaa'aa muraasni jedhan wayii akka keeyyata Qur'aanaa fi Sunnaatti fudhatu arguun baay'ee nama dinqisiisa. Sababa yaada san irratti cichaniif yeroo gaafataman, waan durii kabajuu fi balbala carraaqqii ykn Ijtihaadaa cufuufi jechuun deebii kennu. Kun immoo xurree fi akkaataa warroonni salafa duraanii hundee amantii fi damee isaa itti hubatan, akkasumas akkaataa guddina

hawaasummaa ilmi namaa galmeessaa dhufe itti hubatan kan faallessuudha.

Yaadachiisa kana xumuruun duratti wanti nuti wal-yaadachiisuu qabnu, dabree dabree wanta ‘sirna diinagdee Islaamaa kan xumurame ykn kan guutame’ jedhu dhageenna. Jechi kun dimshaashawaa waan ta’eef, addaan babaasanii ilaaluu barbaachisa. Yoo hundeewwan isaa fi seeronni isaa kan walii galaa dur lafa jira murtaa’aadha jechuu barbaadan kuni yaada sirriidha. Hundee Islaamummaa irratti eenyummaanuu wal-hin dhabu. Yoo lakki sirni diinagdee kun gama hundeewwanii qofaan kan guutame osoo hin ta’in, gama kutaawwan isaatiinis, gama tooftaalee isa ittiin mirkaneessuutiinis guutuudha, carraaqqiiwwan jaarraalee garagaraa keessatti isarratti taassifaman hunduu guutuudha irra deebi’anii ilaaluu hin barbaachisu yoo ka jedhu taate kuni yaada sirrii miti.

Wanti kana jenneefis, gadaan kamiyyuu seera wayii kan jiru irraa cuunfee irra gayuu, itti dabaluu fi guutumattuu seera dur jiru san haquu danda’a. Fakkeenyi isaa akka fakkeenya fiqhiiti. Nuti fiqhiin Islaamaa, kutaalee dhimma carraaqqii irratti gaggeessee keessatti guutumatti guutuudha, haala jireenyaa kan yeroo gara yerootti jijjiiramaa hanga guyyaa qiyaamaatti itti fufu kana hundaa simachuu danda’a jechuu hin dandeennu.Osoo akka jedhamu san guutuu kan ta’u ta’ee, silaa carraaqqii jedhamee hin yaamamu tureeyyu.

**Yaadachiisa Afraffaa:** Haala diinagdee gadaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* keessa

jiru qu'achuu.Wanti kana jenneefis haala diinagdee yeroo sanii beekuun keeyyatoota dhimma san waliin walitti hidhata qaban beekuu fi ergaa isaa hubatuuf waan nu gargaaruufi. Beektonni keenna yeroo durii akkas godhaa turan waan ta'aniif, hayyoota keenna kan ammaa heddu caalaa dhimmicha sirritti hubachuu danda'anii jiru. Akkasumas dhuka shari'aa fi ergaawwan isaa kan dhugaa sirritti hubatanii jiru.

Fakkeenyi kanaa, waan sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan *(Rabbi isaaniif haa araaramu)* hadiisa gatii daangessuu kan *Anas* odeesse irratti jedhaniidha. Anas Rabbi isarraa haa jaalatuu akkana jedhe: "Gadaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* keessa gatiin meeshaa gar malee qaalayee jennaan, yaa ergamaa Rabbii osoo gatii kana nuuf daangessitee? Jedhanii gaafannaan, "Kan nama dhoorgatu, kan waa namatti bal'isu, kan namaaf waa hiru, kan gatii godhu Rabbi. Ani nama kamiyyuu qabeenya isaa ykn dhiiga isaa keessatti osoo isa hin miine Rabbii kiyya guddaa fi ol ta'aadhaan wal-gayuu barbaada jedhanii deebisaniif"[8].

*Ibnu Teeymiyyaan* haala diinagdee yeroo san Madiinaa keessatti ture hunda qoratanii wanti isaan dhuma irratti irra gayan; akka irra gubbaa hadiisa kanaatti gatii meeshaa daangessuu dhoorguun sirrii miti jechuun akkanatti ibsan: "kuni dhimma murtaa'e wayiiti malee jecha walii galaatii miti. Isa keessa namni waan gurguruun isarratti dirqama ta'u dide ykn dalagaa dirqamaa bayachuu dide ykn waan haqa godhatu caalaa

[8]- Nasaa'ii malee Imaamman Shanantu odeessan, Attirmiziin hadiisni sahiiha jedheen.

naa kaffalaa kan jedhe hin jiru. Akkuma beekkamu namoonni wanta wayii yoo fedhii isaa qabaatan gatiin isaa ni qaalaya. Madiinaa (magaalaa ergamaa Rabbii) keessatti wanti baay'inaan gurguramu meeshaa alaa seenu. Wanti facaafamus keessatti ni gurgurama. Wanti facaafamu Garbuudha. Bitattoonnis gurgurtoonnis namoota muraasa ykn abalu jedhamanii himamanii miti. Namni qabeenya isaatti ykn dhuunfaa isaatti namoonni itti hajaman ykn akka inni waa dalagu ykn gurguru dhuunfaan dirqisiisan hin jiru. Muslimoonni hunduu qaama tokko, hundi isaaniituu karaa Rabbii keessatti duula deemu. Muslima ta'ee ka umriin isaa gayee fayyaa qaamaa fi sammuu qabu ka duula irratti hin hirmaatin hin jiru. Kanaafuu namoota waa gurguratan akka isaan gatii murtaa'een gurguratan dirqisiisuun sirrii miti. Akka isaan waa gurguran dirqama irratti godhuun kan hin hayyamamne yoo ta'e, akkuma san gatii waan gurguranii saniis akka daangessan dirqisiisuun hin gayu"[9].

*Kana irratti Ustaaz Muhammad Al-Mubaarak akkana jedhe:*

"Gamaaggamiinsi Ibnu Teeymiyyaan haala Madiinaa fi gabaan isii gadaa ergamaa Rabbii keessatti irra turte ibsu kun haala diinagdee irratti ija qaroo fi hubannoo qabaachuu agarsiisa. *Ibnu Teeymiyyaan* gabaa cufaa hammi meeshaa seenuu keessatti daangeffamu kan sababa saniin namoonni waa gurguratan gabaa too'atanii gatii fedhan namatti qabatan, kan san hambisuuf jecha mootummaan harka keessa galchuu fi gatii meeshaa sanii daangessuun dirqama irratti ta'uu fi jidduu gabaa

[9]- Al-Hasbatu fi Al-Islaam, fuula 35.

meeshaa alaa galamuuf banaa taate ykn gama qotiinsaatiin meeshaa biyya keessatti dagaagsuu addaan baasee jira. Akkuma *Ibnu Teeymiyyaan* ibsetti, haalli gabaa Madiinaa hedduun nyaata (meeshaa) isii alaa seena. Gamaaggama kana keessatti wanti ifa namaa ta'u, yaada sirritti qayyabachuu, wantoota diinagdee irratti jijjiirama fiduu danda'anii fi bu'aawwan isaanii gadi bu'iinsaan hubachuu, irra gubbaa keeyyatootaa qofa ilaaluu osoo hin taane, kaayyoowwan keeyyatoota shari'aa fi ergaawwan isaan dabarsuuf deeman gadi bu'iinsaan qayyabachuu isaa agarsiisa".

**Yaadachiisa Shanaffaa:** Diinagdee Islaamaa kaayyoowwan (ergaalee) shari'aatiin wal-maddii qabuun qo'achuu. Wanti kana jenneefis, xurree seenaa garii fi qabatteewwan lubbuu namoota garii akka gareen barreessitootaa hedduun dhimma diinagdee Islaamaa tokko furuuf karaa ergaa shari'aa irraa fagoo ta'e akka hordofan godhee jira. Akka isaan keeyyatoota hiika gubbaa isaa qofa ilaalanii ergaa dhugaa irraa maqaniif sababa ta'ee jira.Akkuma beekamu, ergaawwan shari'aa keessaa tokko bu'aa gabrootaa mirkaneessuu, bu'aa ummata bal'aa kan dhuunfaa caalchisuu, wanta nama rakkisu nama irraa kaasuu, rakkinoonni lama yoo nama mudatan kan irra salphaa filachuu, dhimmoota caalatti barbaachisaa ta'aniif dursa kennuu, ilma namaa kabajuu fi bifuma kamiinuu isatti fayyadamuu ( rakkina isaa laalanii isa saamachuu) dhabuu fi mirgoota isaa akka kabachiifatuuf isatti gufuu ta'uu dhabuu fa'a.

Kaayyoleen (ergaawwan) shari'aa qabxiiwwan gurguddoo armaan olitti tarreessine kana ta'uu waliin, akkasumas bifa ifa galaa fi jala sararamaa ta'een keeyyatoota Qur'aanaa fi sunnaa

keessatti dubbatamuu isaanii waliinuu, garuu namoonni gariin sababa keeyyatoota muraasa gubbaa isaanii qofa ilaaluutiin fiixa bayiinsa kaayyoo kanaatti gufuu ta'aa jiraachuu isaanii argina. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)*, waahillan isaanii fi beektonni jaarrolee jalqabaa gurguddoon sunniin kaayyolee shari'aa kana dhugumatti itti dhimmamanii, haqa isii eeganii, jireenyi namaa akka isii irratti fuulleffatu kallattii kaayanii jiran.

Nutis kaayyolee ykn ergaawwan shari'aa kana ifa godhuuf, mee fakkeenyota garii akka asii gadii kanatti dubbachuuf yaalla:

Hojiiwwan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* bu'aa gabrootaa mirkaneessuuf dalagan keessaa iddoo maqaan isaa Annaqii'i jedhamu kan jidduun isaa fi Madiinaa *farsaka* digdama deemsisu faradoo muslimtoota muhaajiraa fi ansaaraa kanneen rabbiif jecha duulaniitiif kaloo godhan. Kana jechuun faaydaa raayyaa ittisa waraanaatiif akkana jechuun kaloo godhan: "Kaloon Annaqii'i kaloo dheediinsa Faradoo bareeda kan ta'e, kan isaaniif (Faradoof) kalamee fi kan karaa Rabbii keessatti ittiin duulaniiti"[10].

*Abuu Bakri Assidiiqis(Rabbi isarraa haa jaalatu)* isaaniin booda eega angoo qabate iddoo *Azzabdaa* jedhamtu akka gaalleen zakaaf kennaman keessa dheedan kaloo godhe. Isaan booda Umar bin Al-Kaxxaabis *(Rabbi isarraa haa jaalatu* dhufee iddoo sadaffaa maqaan isaa *Naqii'u Al-Khadamaat*

---

[10]- Al-Amwaal fuula 298 fi Ishtiraakiyyatu Al-Islaam, Assabaa'ii: kutaa 2ffaa, fuula 160.

jedhamu Faradoo fi Gaallan waraanaaf qophoofteef kaloo godhe[11].

*Umar bin Al-Khaxxaab*, kaloo ummataa kana keessaa namoota dureeyyii osoo hin taane hiyyeeyyiin keessatti tikfachuu ni danda'u jedha. Akka kaloo kana tiksuuf nama maqaan isaa Huniyyi jedhamu itti qacaree akkana jechuu isaa dhaame: "Yaa Huniyyi Koola kee namaaf gadi qabi (hin boonin), kadhaa (abaarsa) nama miidhamee eeggadhu isiin ni awwaatamtii. Gaallan Ibnu Awufi fi Ibnu Affaan irraa uf eegi, yoo Loon jara lamaanii kan miidhamtu taate jarri qonnaa fi Timira dalagutti deebi'u, rakkataan kun immoo yoo loon isaa jalaa miidhame ilmaan isaa boochisaa dhufee: Yaa hoogganaa Mu'uintootaa!naan jedhee natti booya, waan (akka booyan sanitti) isaan dhiisee biraa kutu sitti fakkaataa"?[12].

Bu'aa ummata bal'aa eeguuf jecha wantoota Umar *(Rabbi isa irraa haa jaalatu)* dalage keessaa wanti inni dachii biyya Iraaq keessatti dalage waan guddaadha. Sunis eega Muslimoonni biyya *Iraaqitti* duulanii biyyattii bananiin booda abbootiin lafa qaban hunduu lafti isaanii akka irraa hin fudhatamne, irratti hojjatanii kaffaltii muraasa qofa akka kaffalan godhuu isaati.

Biyya *Shaamittis* akkuma Iraaqitti dalage san godhe. Sahaabaa kabajamaan *Mu'aaz bin Jabal, Umariin* akkana jedheen: "(Dachii) tana namootaaf yoo kan qoqooddu ta'e,

---

[11]- Assarwatu fi Al-Islaam Bahiyyi Al-Khuulii, fuula 228, kutaa 2ffaa, bara 1391H.

[12]Al-Amwaal, Abu Ubeeyd: fuula 298.

dachiin guddaan harka namoota muraasaatti galee booda wal-dorgomuu eegalu. Sunis deemee harka nama dhiiraa tokko ykn dubartii takkaatti gala. Namoonni isaan boodaan dhufan immoo waan qooduma kamiyyuu hin arganneef, amantii Islaamaa irraa nama deebisuu beeki! Waan dhaloota ammaa kanaa fi kan dhufus gayu wayii murteessi"[13] jedheen. *Umaris* yaada sahaabaa kanaa guutumatti fudhate.

*Umar* beekkumsa Qur'aanaa fi Sunnaa gadi bu'iinsaan waan hubatee qabuuf, yaada qabeenyi harka namoota muraasaa qofa keessatti kuufamuu kana hin fudhatu.

*Abu Ubeeydi* akkana jedhe: "*Abuu Bakri Assiddiiq*, *Xalhaa ilma Ubeeydillaah* tiif lafa wayii kuteefi.San irratti (ragaaf akka ta'u) waraqaa wayii barreesseefii ture. *Xalhaanis* waraqaa kana qabatee *Umaritti* dhufee, ragaadhaaf waraqaa kana irratti naa chaappessi jedheen. *Umaris* waraqicha eega dubbiseen booda, hin rukutu! Nama biraa irraa addatti lafti kun hundi maaliif sii kennama jedheen! *Xalhaanis* dallanee gara Abuu Bakriitti dhufee: *Kaliifaan* (Bulchaan) sihi moo *Umari*? Jedheen. *Abuu Bakris* bulchaan *Umar* garuu (aangoo fudhachuu) dide malee jedheen. Dhimmuma kanaan wal-fakkaatutu *Umarii* fi nama *Uyeeynatu bin Hisnii* jidduttis argame[14].

Dhimma dachii namaaf kutamanii turanii irrattis, *Umar* karama kana fakkaatu hordofaa ture. San keessaa: Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)Bilaal*

---

[13]- Al-Karaaj, Abu Yuusuf: fuula 33, kutaa 3ffaa, bara 1382H

[14]Al-Amwaal, fuula 276-277.

*ilma Haarisiif* dachii wayii kutanii kennaniifi,; innis osoo itti hin fayyadamin dallawee qofa dhiise. Umar gadaa bulchiinsa isaa keessa Bilaaliin akkana jedheen: Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akka ati dallawa itti gootee nama irraa kalattuuf osoo hin taane haa ati irratti dalayduuf siif kennan. Haga irratti hojjachuu dandeettu hambifadhuu isa hafe deebisi.

Oduu (riwaayyaa) Yahyaa ilma Aadam keessatti, Umar Bilaaliin akkana jedheen: Yaa Bilaal! Ergamaan Rabbii akka dachii siif kennan gaafatteenii jennaan sii kennan. Garuu lafa harkaa qabdu kana hunda irratti dalaguu hin dandeenne. Eyyeen (hunda irratti dalaguu hin dandeenne) jedhee deebiseef. Umaris akkana jedheen: haga dandeettii laalii hambifadhu, kan irratti hojjachuu dadhabde nutti kennii Muslimootaaf qoonnaa jedheen. Hin kennu, kuni waan ergamaan Rabbii naaf kennani jedhee dide. *Umaris* wallaahi ni kennita! Jedheen…lafa inni kunuunsuu dadhabe irraa fuudhee Muslimootaaf qoqqoode[15].

Booda irra, beektota Mazhabaa biratti adeemsi kun fudhatama guddaa argatee jira. Kana irratti abbaan kitaaba *'Al-Mugannii'* akkana jedhe: Imaamni (bulchaan) lafa jirtuu kunuunsanii irraa fayyadamuun danda'amu malee, lafa duutuu (kan misoomsuun hin danda'amne) namaaf kennuu hin qabu. Lafa duutuu san namaaf kennuu keessa, waan silaa (osoo qoodamuu baatee) hafee namni hundi bifa wal-qixa ta'een irraa fayyadamuu danda'u, waan bu'aa hin qabneef nama dhuunfaatiif qoodutu keessatti argama waan ta'eefi.

[15]- AL-Karaaj, Yahyaa bin Aadam.

*Waan bu'aa nama hundaatti dhimmamuu kana bifa adda addaatiin jira. san keessaa: Abuu Sa'iid Al-Kudriin akkana jedhe: "Osoo ergamaa Rabbii waliin imala deemaa jirru, namni wayii yaabbatee ka deemu nutti dhufee. Namni kun ija isaatiin gara mirgaa fi bitaa olii gadi mimil'atuu eegale. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan: 'Namni waan yaabbatu irraa kan hafe qabu, nama yaabbii hin qabneef haa kennu. Namni siinqii (nyaata) qopheeffate irraa waan hafeef qabu nama siinqii hin qabneef haa kennu…' jechuun gosoota qabeenyaa heddduu maqaa dhayanii turan. Booda irratti qabeenya nurraa hafe kamiyyuu keessatti mirga hin qabnu hanga jennu takkaa geenne"[16].*

*Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan: "Qabeenya warqii kan guddinni isaa hanga gaara Uhud gayu qabaadhee osoo jiru inni akkasii sadaffaan natti dhufee, san keessaa Diinaarri takkittiinis akka na biratti haftu na hin gammachiisu. Diinaara takkittii liqii Aliyyii ittiin uf irraa kaffalu malee"[17].*

*Muslim Kitaaba isaa Sahiiha keessatti, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan jedhe: "Rabbii Ka'abatiin kakadhee jaratu caalatti hoongaye". Isaan sun eennu yaa ergamaa Rabbii jedhee Abuu Zarri gaafannaan, warroota qabeenya baay'ee qaban. Isaan keessaa nama qabeenya isaa gara duraa, gara duubaa, gara*

---

[16]- Muslimtu Sahiiha isaa 3/1354 keessatti, lakoofsa Hadiisaa 1728 irratti odeesse.

[17]- Mukhtasar Sahiihu Muslim.

*bitaa fi mirgaa akkana akkana akkana godhan (faffacaasan) malee jedhaniin"*[18].

*Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) qabeenya gosa Yahuudaa kan Banuu Annadiir jedhaman handhuurfatanii jennaan, warra Ansaaraa (Tumsitoota)tiin akkana jedhan: "Obboleeyyan keessan warri Muhaajiraa (baqattootaa) qabeenya wayiituu hin qaban…yoo feetan kanaa fi qabeenya keessanis jaraaf qooda, kana immoo jaruma qofaaf qooda jedhaniin. Isaanis (warri Ansaaraa) kana jaraaf addaan qoodi, qabeenya keenna irraayis waan feete qoodiif jedhaniin"*[19].

Ragaa Qur'aanaa, Hadiisaa, kaayyolee shari'aa fi seerota fiqhii keessatti mirga ufii fayyadamuuf jecha nama biraa miidhuun, bu'aa dhuunfaatiif jecha mirga hawaasa bal'aa sarbuun dhoorgaadha. Fakkeenyaaf: wanta itti fayyadamuun hayyamamu tokkotti fayyadamuun seera 'bu'aa ummata bal'aa hubuu dhabuu' jedhuun daangeffama. Fakkeenya isaa namni kamiyyuu laga nama dhuunfaa hin ta'in tokko osoo faaydaa ummataa kamiyyuu irrati miidhaa hin geessisin jallifachuu danda'a. Garuu bishaan guututti jallifatee ummata irraa addaan kutuun isaaf hin hayyamamu.

Ammas kanumaan kan wal-fakkaatu, lafa ummataa dallawa itti godhatanii daangessuun albuuda isii keessaa baasuuf, qoraan isii irraa fayyadamuuf ykn hara ummataa dallawanii kophatti Qurxummii keessaa baafadha jechuun hin ta'u. Akkasumas

---

[18]Mukhtasar Sahiihu Muslim.

[19]- Futuuhu Al-Buldaan, 33,34.

bu'aa ummataa eeguuf jecha, dachii garii dhimma dhuunfaatiif kunuunfachuun hin hayyamamu. Fakkeenyi kanaa: moggaa galaanaa kan yeroo heddu lolaan keessa yaa'u jallisii dhuunfaatiif oolfachuun hin hayyamamu. Warroonni hayyamanis, bu'aa ummata bal'aa irratti miidhaa kamiyyuu qaqqabsiisuu dhabuu ulaagaa godhan.

Ammas fakkeenya biraa keessaa inni tokko, qabeenyi dhuunfaa yoo qabeenya nama biraa ykn garee biraa irratti miidhaa ka qaqqabsiisu ta'e kunuunfamuu hin qabu. Seera kana bu'uura godhachuun, amantiin Islaamaa dhala, nama gowwoomsuu, nama sobuu (daguu), bu'aa badii qabuu fi qabeenya ol kaayatanii yeroo ummanni beelaye gatii qaaliin ummataaf raabsuu haraama godhee jira.

Amantiin Islaamaa qabeenya maatii jiddutti addaan qoqqooduu irratti sirna dhaaliinsa qabeenyaa kan baay'ee bareeda ta'e wanti tumee baaseef, bifa itti fufiinsa qabuun qabeenya harka namootaa jiddutti haa faffaca'uufi. Qoqqoodiinsa kanaan harka namoota muraasaa qofa keessatti kuufamuun xinnaataa dhufa.

Ammas bifa raabsiinsa qabeenyaa keessaa tooftaan biraa, namoota qabeenya gahaa qaban irraa yoo Kaaznaan qabeenya ummataa duwwaa ta'ee, dhaabbileen biyyattii dhimmoota bu'uuraa kan akka: baasii raayyaa ittisa biyyattiitiif bayu, ummata beelaan hubame baraaruuf, namoota harka qalleeyyiif manneen jireenyaa ijaaruuf mallaqa gahaa yoo kan hin qabne ta'e, qabeenya zakaaf kennamuun alattis isa dabalataa irraa fuudhuun ni hayyamama.

Ammas seerri biraa, qabeenya cal-jedhanii kuusuu dhabuudha. Kuusuun dhoorgaadha waan ta'eef, qabeenya san hojii hawaasa bal'aa fayyadu irratti hojii irra oolchuu qabu.

Ammas ijjannoolee amantiin Islaamaa bu'aa ummata bal'aatiif dhimmamuu agarsiisan keessaa inni biraa, mootummaan mirga ummata bal'aa kabachisiisuuf jecha, mirga qabeenya dhuunfaa fudhachuu ni qaba. Fakkeenyi kanaa, iddoon masgiidaaf qophoofte wayii yoo namatti dhiphattee salaataaf gayuu baattee, ollaamasgiida san namni dhuunfaa kan lafa qabu jiraate, gatiin lafa sanii kennameefii osoo dirqamaanis ta'ee lafti irraa fuudhamuun dirqama. Bifuma kanaanis yoo karaan ummanni irra deemu dhiphates, lafa dhuunfaa irraa kutamee karaan bal'ifamuu qaba.

Ragaan lafa dhuunfaa gatii sirrii ta'e kaffalaniifi bu'aa ummata bal'aatiif oolchuu, hojii sahaabonni (waahillan ergamaa Rabbii) manneen ollaa Masjida Haramaa jiran bitanii osoo namoonni gariin fedhii gurgurachuu hin qabne irraa bitanii masgiidatti dabalaniiti. *Umarii fi Usmaanis (Rabbi hunda irraayyuu haa jaalatuu*) kanuma dalagan. Bu'uurri isaaniis jecha ergamaa Rabbiiti *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu):* (Miidhamuunis nama biraa miidhuunis hin jiru).

Kana irratti amantiin Islaamaa qabeenya dhuunfaa tiksee jira yaada jedhu dahoo godhachuun hin ta'u. Maaliif yoo jenne, amantiin Islaamaa qabeenya kan tikse hattuu irraa, roorristoota irraa fi namoota fakkeessanii nama nyaatan fa'a irraa tikse malee, qabeenyi dhuunfaa sun faallaa bu'aa ummata bal'aa yoo ta'es tikfamuu qaba hin jenne.

Dhugaan jirtu, amantiin Islaamaa jireenya diinagdee ilma namaa keessa harka galfachuu gadaa kamiyyuu caalaa yeroo ammaa kana raggaasisa. Maaliif yoo jenne; ilmi namaa yeroo durii sanitti, dandeettiin isaa kan qabeenyaa, kan teknoolojii fi gahumsi inni akka nama dhuunfaa tokkootti gara hundaanuu qabu, dimshaasha qabeenya walii galaa irratti hubaatiin ykn jijjiiramni inni qaqqabsiisuu danda'u baay'ee xiqqaa waan ta'eefi.

Yeroo ammaa kana immoo, gahumsi saayinsiin qabu, namni dhuunfaan tokkichi qabeenya biyyattiin qabdu keessaa harka guddaa irratti akka dhiibbaa geessuu danda'uuf haala isaaf mijeessee jira. Gahumsi isaa kun haala jireenya ummatichaa irratti gaaga'ama guddaa fiduu danda'a. Kanaafuu duula cimaa nutti as deemaa jiru kana fuul-dura dhaabachuun seera cimaa baafannee, duula qabeenya gar-malee kuufachuu kanatti karaa cufuu qabna. Kana irratti ragaan keenna ifa galaan jecha Rabbii guddaati:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿كَيۡ لَا يَكُونَ دُولَةَۢ بَيۡنَ ٱلۡأَغۡنِيَآءِ مِنكُمۡۚ ۝٧﴾ الحشر: ٧

*[Akka jidduu dureeyyii keessanii (qofatti) kuufama hin taaneef] (Al-Hashr: 7).*

Qur'aanni kabajamaan bifa ifa galaa fi akeekkachiisa cimaa of keessatti hammateen, seenaa jireenya ilma namaa irraa waan uf duuba deebinee arguu fi hubachuu dandeennu nuuf himee jira. Innis durummaan sababoota badii dalaguu, waa qisaasessuu, jallinaa fi booniinsatti nama geessan keessaa isa ijoo ta'uu isiiti. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَلَوۡ بَسَطَ ٱللَّهُ ٱلرِّزۡقَ لِعِبَادِهِۦ لَبَغَوۡاْ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَلَٰكِن يُنَزِّلُ بِقَدَرٖ مَّا يَشَآءُۚ إِنَّهُۥ بِعِبَادِهِۦ خَبِيرُۢ بَصِيرٞ ﴾ الشورى: ٢٧

*[Rabbi osoo gabroota isaa irratti hiree baay'isee itti diriirsee, silaa dachii kana keessatti jallatanii badan. Garuu Inni hamma barbaadamuun waan ufii fedhe (isaaniif) buusa. Inni gabroota Isaatiif beekaa fi argaadha] (Ashuuraa: 27).*

Rabbitu isaan uume waan ta'eef, isa qofatu iccitii fi waan isaan yaadan hunda beeka. Keeyyata biraa keessatti Rabbiin akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ﴾ العلق: ٦ - ٧

*[Dhugumatti ilmi namaa yoo duroomee arge ni jallata] (Al-Alaq: 6-7).*

Dhugaa ifa gala ta'e kana Qur'aanaa, Sunnaa nabiyyii fi seerota Islaamaa kanneen raggaasifaman keessatti eega argineen booda, sirni diinagdee Islaamaa, sirna haqummaa hawaasummaa guutumatti argamsiisuu irratti fuulleffatu, kan ilmi namaa tokko obbolaa isaa saamuu dhabamsiisu, garaagarummaan qabeenyaa jidduu gareelee hawaasaatti gar-malee babal'achuu irratti kan duulu, namoota hundaaf carraa hojii wal-qixa ta'e kan laatu, qabeenyi harka namoota baay'ee muraasa qofa ta'anii keessatti kuufamuu irratti kan duulu, qabeenya ummataa badii, qisaasessuu fi bashannana gar-malee irratti balleessuu osoo hin taane hawaasa san gama xiin sammuu fi qabeenyaatiinis kan cimsu ta'uu irratti kan dalagu ta'uu qaba.

Kanas fiixa baasuuf, dachiin oomishaaf taatu hundi harka qaama biyya bulchuu jalatti deebi'ee, qaamni kunis bifa haqa

qabuun jidduu namootaatti qoqqooduu qaba. Namoonni kunis dandeettii fi cimina qaban hunda fayyadamuun oomisha lafa san irraa argamu dachaan dabalanii hawaasaa fi mataa isaaniis fayyaduuf kutannoon kan sosocho'an ta'uu qabu. Mootummaan Islaamaas kuufamiinsi qabeenyaa gar-maleen namoota biratti baay'achuu fi dureessi quufee jallinaan lafa balleessuu hambisuuf jecha diinagdee irratti hojii isaan irraa eeggamu seeraan bayachuun , namoota dhuunfaatiif dirree hojii banuu qabu, sosochii diinagdee cimsuu, warshaalee fi pirojektiilee adda addaa kan diinagdee namaa cimsan hundeessuu qabu. Kallattiin diinagdee keessa harka naqachuun naamusa namoonni dhuunfaan dabiinsa diinagdee irratti qaban, kan amantiinis dhoorgu kan akka dhalaa, gar-malee kuufachuu, gatii meeshaa gar-malee qaalessuu fi nama gowwoomsuu ariitiin dhabamsiisuu irratti duula cimaa gaggeessuu qabu.

Dhugaa burqaan isii hundeewwan Islaamaa irraa ta'e kana raggaasisuun nurratti dirqama. Hawaasa Islaamaa fi qabeenya isaa hedduu seerri karaa amantiin Islaamaa lafa kaaye san irraa faallaa ta'e yeroo ammaa dhuunfatee jira. Innis seera sirna kaappitaalizimiitti dhiyaatuudha. Sirni diinagdee Islaamaa sirna haqqummaa fi wal-qixxummaa handhuura godhatee fi ifa galaa waan ta'eef, seera diinagdee dhuunfaa ykn gareewwan wayii irraa kan maddee miti. Wanti kana jenneefis, seeronni diinagdee amantii Islaamaa kun jechoota (terms) gara garaa kan hiikaa fi ergaa mataa isaanii qaban, kan haallummaan argama isaaniituu utubaalee fi hundeewwan amantii Islaamaa waliin hin deemne irratti bu'uureffaman kunniin, sirna diinagdee Islaamaa kan

bu’uurri isaa Qur’aanaa fi Sunnaa ta’e kana liqimsuuf yaaluu itti hin dhiisnu.

Sirni diinagdee Islaamaa, sirna addaa kan fakkaataa hin qabneedha. Wanti kana jenneefis, hundeewwanii fi dameewwan isaa seera bal’aa waan hunda hammatu; seera Islaamaa kan walii galaa kan haala jireenya namaa hunda bifa uumamaa fi yeroo waliin wal-simatuun qindeessu, kan gabbaramaan Rabbii waan hunda uume qofa jechatti amanu keessa waan sosocho’uufi.

Adeemsi kanaa olitti mallattoolee isaa ibsuuf yaalle sunniin, madda ka’umsa sirna diinagdee Islaamaa kan daangessaniidha. Innis dandeettii jijjiiramiinsaa gahaa qaba. Sababni isaas, yeroo hundaa seerri socsohii fi jijjiiramiinsaa seera uumamni irratti deemu jechutti waan amanuufi.

Ammas seerri diinagdee Islaamaa kun sababaa sosochii hawaasaatti geese waa heddu ta’uu waan beekuuf, dandeettii jijjiiramuu gahaa qaba. Wanti sosochii hawaasaa kanatti geese jaalala qabeenyaa (meeshummaa) qofa akka hin ta’in, ammas dhimma hamilee keessaa ykn afuuraa qofas akka hin taane beeka. Sababoota qabeenyaa fi miira (afuuraan) wal-qabatan kanneen sosochii kanatti hawaasa geessan hunda isaa yaada keessa galcha. Kana keessatti immoo ilmi namaa dachii kana keessatti bakka bu’aa ta’e gahee guddaa qaba. Hubannaan isaa guutuun, sosochiin isaa kan yeroo hundaa, argama kana keessatti handhuurummaa isaa sirritti hubachuun isaa akka hawaasichi gara guddinaatti fuulleffatu taasisa. Faallaan kanaas dhugaa ta’a.

Amantiin Islaamaa bu’uuraalee fi seerota walii galaa kan seera diinagdee kana gadaa fi jaarraalee hunda keessatti bifa isaan maluu fi bu’aa argamsiisuun akka sosocha’uu danda’u godhee bocee jira. Jaarraa wayii keessa, rakkinni namoonni dhuunfaa gar-malee qabeenyaaf haafayuu yoo mul’ate, mootummaan Islaamaa tarkaanfii ni mala jedhu irratti fudhachuu mirga qaba. Jaarraa biraa keessatti immoo, sosochiiwwan namoota dhuunfaatiif karaa saaquuf yeroon amma jechuu yoo kan itti mul’atu ta’e, akka bu’aan murteessutti bifa faaydaa ummata bal’aa hin sarbineen carraa namoota dhuunfaa babal’isuu danda’a. Haala kanaan amantiin Islaamaa mirga sosocho’uu gadaa hunda keessatti seera gogaa hin jijjiiramne jalatti kan hidhu osoo hin taane, akka haala yeroo fi bakkaa waliin maluun bocee lafa nuuf kaaye.

Mallattoolee sirna diinagdee Islaamaa garii yoo ilaalle, sonoota isaa kan bu’uuraa keessaa sonni jalqabaa, mirga qabeenya dhuunfachuu raggaasisuudha. Kunis fedhii uumamaan namni qabu kan akka namni cimee hojjatu gargaaruu fi akka namoonni wal-dorgomanii hojjachuun oomisha dhuunfaa isaanii dabalanii oomishni biyyattiis akka ida’u godhuuf isaan kakaasuudha. Garuu seerri kun abbootiin qabeenyaa kunniin qabeenya isaanii akkuma fedhanii fi bakkee fedhanitti akka gadi naqan mirga gadi dhiifamaa hin kennineef. Jireenyaa fi du’a isaaniitiin boodas akkaataa horannaa qabeenyaa fi itti fayyadama isaas daangessee jira.Karaa seer-qabeessa hin taaneen, bifa namoota dadhaboo fi harka qalleeyyii miidhuun dhuunfaa isaaniitiif jecha qabeenya horachuu dhoorgee jira.

Mirga qabeenya dhuunfachuu nama dhuunfaatiif kenne cinattis, amantiin Islaamaa qabeenya walii galaa (kan ummata bal'aa) fi qabeenya mootummaas ni raggaasisa. Yoo qabeenyi namni dhuunfaa horate kun gama humna namootaa saamuutti kan geessu ta'e, mootummaan mirga qabeenya dhuunfaa san keessa akka harka naqatu isaaf hayyamee jira.

Oomishaa fi oomishtummaa ilaalchisee, amantiin Islaamaa kaayyoo oomishaa fi oomisha biyyattii bifa haqa ta'een qoqqooduu sirritti walitti hidhee jira. Oomishuu fi raabsuun kun seera safuu fi naamusa hawaasummaa mataa isaa qaba. Safuun kunis obbolummaan dhugaa kan ilmaan namaa jidduu jirtu; akka isaan harka qalleeyyii, kan hojii hin qabne, kan qaamaan hir'uu ta'e, dhukkubsataa fi kan beekkumsa barbaada bayee dhabe hunda akka hin hoongessinee fi harka qullaa gadi hin lakkifne waan isaan dirquufi.

Amantiin Islaamaa sonoota isaa kan bu'uuraa keessatti utubaalee hojii oomishaa kan gama qindoominaa fi teknoolojiitiin jiru hunda waliinuu wal-simata. Wanti kana ta'eefis teknoolojiin oomishaa beekkumsaan daangeffama. Amantiin Islaamaas beekkumsa horachutti nama kakaasa. Ragaan kanaa jecha Rabbii ol'aaneeti:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ قُلْ هَلْ يَسْتَوِي ٱلَّذِينَ يَعْلَمُونَ وَٱلَّذِينَ لَا يَعْلَمُونَ ﴾ الزمر: ٩

*[Namoonni waa beekanii fi kan hin beekne wal-qixxaayuu jedhiin. Kan waa yaadatu warroota waa xiinxallani] (Azzumar: 9).*

*Ammas Rabbi akkana jedha:*

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ يَرۡفَعِ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مِنكُمۡ وَٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡعِلۡمَ دَرَجَٰتٖۚ ﴾ المجادلة: ١١

*[Rabbiin isin keessaa warra amanee fi warra beekkumsa kenname sadarkaa isaanii ol fuudha] (Al-Mujaadalaa: 11).*

Wanti beekkamaan, amantii Islaamaa fi beekkumsa jidduu wal-dhabbiin kamiyyuu jiraachuu dhabuudha. Bu'aa ilma namaatiif argamsiisu hunda irratti wal-simatiinsaa fi wal-fudhatiinsatu jira. Gumaachi saayinsiin argannaa maashinootaa, elektirikaa fi atoomiidhan keemikaala hunda keessa galuun jijjiirraa fiduu danda'an irratti taasise hundi dhuka amantii Islaamaa waliin kan wal-fudhatuudha.

Gama adeemsa oomishtummaatiin immoo, amantiin Islaamaa qindoomina baay'ee gadi bu'iinsa qabu godheefii jira. Innis hariiroo humni oomishu wal-jiddutti qabuu fi hariiroo humni kun tooftaalee oomishaa waliin qabu irraa ifatti mul'ata. Keessattuu ijjannoo hojii fi kaappitaala irratti qabu irratti ifa galaadha.

Ijjannoon amantiin kun hojii irratti qabu immoo, ilaalcha dachii irratti bakka bu'aa ta'uu kan sosochii, jijjiiramaa fi hojiin malee hin mirkanoofne irraa kan burqeedha. Ragaan kanaas jecha Rabbii ol ta'eeti:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ ثُمَّ جَعَلۡنَٰكُمۡ خَلَٰٓئِفَ فِي ٱلۡأَرۡضِ مِنۢ بَعۡدِهِمۡ لِنَنظُرَ كَيۡفَ تَعۡمَلُونَ ﴾ يونس: ١٤

*[Eegasii isaaniin booda, dachii irratti bakka buutota isin goone. Sunis maal akka dalgdan isin ilaaluufi] (Yuunus: 14).*

Ammas Rabbiin akkana jedha:

﴿ هُوَ ٱلَّذِي جَعَلَ لَكُمُ ٱلۡأَرۡضَ ذَلُولٗا فَٱمۡشُواْ فِي مَنَاكِبِهَا وَكُلُواْ مِن رِّزۡقِهِۦۖ وَإِلَيۡهِ ٱلنُّشُورُ ﴾ الملك: ١٥

*[Inni (Rabbiin)kan dachii tana xinneeffamtuu (ajajamtuu) isiniif godhe. Kutaalee isii hunda keessa deemaa hiree isii irraa nyaadhaa] (Al-Mulk: 15).*

Kanaafuu, amantiin Islaamaa jireenya kana keessatti hojii ulaagaa godhe. Qananiin ykn qabeenyi ifaajee ilmi namaa gama xiinxala sammuutiin ykn gama qaamaan waa hojjachuutiin alatti argamu hunduu fudhatama hin qabu. Yoo haala addaa kan akka: dhaalaa, kennaa namaa, namoota hojjachuu hin dandeenneef gargaarsa godhuu fi kkf fa'a ta'e malee. Sababni isaas namni Rabbiin dachii kana irratti bakka bu'aa godhe kun dhugummaa argama isaa kan mirkaneessuun hujiini. Wanti Rabbi bu'aa ifaajee nama biraatiin argamtetti qanani'uu laguu irratti godheefis kanaafi. Bu'aa namaa irratti irkachuun nama saamachuu, humna hojiin ala godhuu, oomishtummaa hir'isuu fi imala qaroomaa irratti miidhaa guddaa waan qaqqabsiisuufi.

Amantiin Islaamaa hawaasa hojjatu uumutti dhimmamuun, bu'uurri isaa seera dhaabbataa irraa waan burqeefi. Seerri kunis: oomishni kaappitaalaa qabeenya dhuunfaa qofa irratti kan gabaabatu osoo hin taane hojii ilma namaa irrattis kan fuulleffatuudha. Kanaafuu amantiin yeroo kamiyyuu hojii ni faarsa, akka gabbartiin Rabbii beekkumsa barbaadutti gufuu taatus hin deeggaru. Kana irratti Rabbiin ol'aanaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ فَإِذَا قُضِيَتِ ٱلصَّلَوٰةُ فَٱنتَشِرُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَٱبۡتَغُواْ مِن فَضۡلِ ٱللَّهِ وَٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ كَثِيرٗا لَّعَلَّكُمۡ تُفۡلِحُونَ ١٠ ﴾ الجمعة: ١٠

*[Yeroo salaanni geeffamte, dachii keessa bashannanaatii tola (hiree) Rabbii barbaadadhaa] (Al-Jum'aa: 10).*

Duudhaa hawaasa Muslimaa keessatti, hojiin si'a tokkotti mirgas dirqamas ta'a. Hojiin hawaasaaf dura dhuunfaaf mirga isaati, akkasumas hawaasa dura dhuunfaa irratti dirqama.

Kana irratti kan hundaa'u, hawaasichi nama dandeettii qabu hundaaf hojii uumuun dirqama. Namni hojiin uumameef kunis hojii bifa barbaadamuun fiixa baasuun hawaasichaaf dhiyeessuu qaba. Hawaasa Muslimaa biratti namni beekaa ykn dirqamee hojiin ala jiraatu hin jiru. Sababni isaas humni ilma namaa hundi oomisha, misoomaa fi sababa guddina argamsiisuu keessatti gumaachuu waan qabaniifi.

Hawaasni hundi hojii kana argamsiisuu keessatti yoo harka wal-qabatee waliin hin soso'u ta'e, hawaasni hundi (keessattuu mootummaan biyya bulchu) ni cubbifama. Sababni isaas akka namni dandeettii fi qophaa'ina qabu agarsiisee amaanaa bakka bu'ummaa Rabbiin biraa itti kenname bayatuuf haala waan hin mijeessiniifi.

*Anas bin Maalik*, namichi warra Ansaaraa irraa ta'e tokko ergamaa Rabbiititti *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* kadhachuuf dhufee jennaan, isaanis akkana jedhaniin jedhe: "Mana kee keessa homaa hin jiranii"? jennaan, eyyeen uffata wayii kan cinaa isaa uffannee cinaa hafe afannuu fi washoo (huboo) bishaan keessaa dhugnutu mana jira jedheen. "Jara lamaan natti fidi" jedhaniin. Namichis fidee jennaan, ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* harka ufiitiin qabanii, "Eennu namni kanniin bitayu" jennaan,

namichi tokko, ani dirhama takkaan ni fudha jedhe. “Namni dirhama takkarratti dabalee fudhatu eennu”? jedhanii yeroo lama moo sadi gaafannaan, namichi wayii, ani dirhama lamaan ni fudha jedhe. Isaanis meeshaa kana kennaniifi dirhama lamaan irraa fuudhanii namicha Ansaaraatti kennanii, “Dirhama takkaan waan nyaatamu bitii warra keetiif raabsi. Dirhama takkaa hafteen immoo qottoo mukaan cabsitu bitii natti deebi’i”jedhaniin. Bitee itti fidee jennaan, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* ufumaa qabata sirritti itti godhaniifi, booda akkana jedhaniin: “Deemii qoraan cabsii gurguri, guyyaa kudha shaniif akka si hin argine”. Namichis deemee qoraan cabsee gurguratee, dirhama kudhan argatee, garii isiitiin uffata bitee, gariin nyaata bitee dhufe. Ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu)* akkana jedhaniin: “Guyyaa qiyaamaa kadhaan kun fuula kee si gurraachessuu irra kanatu siif caala. Kadhaan nama sadiif malee hin eyyamamtu: kan dhugumaan hiyyummaa baay’ee cimaa ta’e irra jiru, kan liqiin namaa gar-malee itti baay’atee ufirraa kaffaluu dadhabee fi kan gumaan namaa irra jiruuf”[20].

Ilaalchi amantii Islaamaa kan hojii akka ibaadaa (gabbara Rabbiititti) ilaaluu kun akka namni hojiif kaka’uumsa qabaatu, akka hojii sanis bifa bareedumaa fi qulqullina qabuun raawwatu, dirqama isarraa eeggamu san yoo bayachuu dhabe ykn hojjatee garuu bifa barbaadamuun yoo fiixa baasuu dhabe immoo akka

[20]- Abuu Daawuud, lakkoofsa Hadiisaa 1641, Attirmizii, lakkoofsa 1218 irratti.

anumatu ceem’ee duubatti irraa harkifadhe jedhee fudhatu godha.

Hamilee fi kaka’umsi onnee namoota Rabbitti amananii, hojii kiyya kana fiixa baasuu kootiin Rabbitti dhiyaadha, jaalala isaa argadha, adabbii isaa jalaa bayuuf na fayyada jedhanii amanani keessatti ciminni isaan hojiif qaban gaarii ta’uun isaa kun akka hawaasichi oomisha itti fufiinsa qabu dachaa dachaan galmeessuuf gargaara.

Kaappitaala ilaalchisee immoo, amantiin Islaamaa isa kunuunsuu fi dagaagsutti ajajee jira. Isa qisaasessuu fi homa argine irratti baasii goonee balleessuus haraama godhee jira. Isaa fi bu’aa isarraa argamu keessaa namoota hajamtoota (harka qalleeyyii) fi bu’aa ummata bal’aatiif akka keessaa arjoomnus nu ajajee jira. Kanarratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَءَاتِ ذَا ٱلْقُرْبَىٰ حَقَّهُۥ وَٱلْمِسْكِينَ وَٱبْنَ ٱلسَّبِيلِ وَلَا تُبَذِّرْ تَبْذِيرًا ﴿٢٦﴾ إِنَّ

ٱلْمُبَذِّرِينَ كَانُوٓا۟ إِخْوَٰنَ ٱلشَّيَٰطِينِ ۖ وَكَانَ ٱلشَّيْطَٰنُ لِرَبِّهِۦ كَفُورًا ﴿٢٧﴾ ﴾ الإسراء: ٢٦ - ٢٧

*[Nama firaatiif, miskiina (rakkataaf) fi nama karaa deemuuf haqa isaa kenniif. Mallaqa (qabeenya) bifa qisaasessa fiduun hin qisaasessin. Namoonni waa qisaasessan obbolaa sheyxaanaati. Sheyxaanni (tola Rabbi isatti ooletti) kan kafare (dugda gale) ta’ee jira] (al-Israa: 26).*

Ammas Rabbi akkana jedha:

﴿ وَلَا تَجْعَلْ يَدَكَ مَغْلُولَةً إِلَىٰ عُنُقِكَ وَلَا تَبْسُطْهَا كُلَّ ٱلْبَسْطِ فَتَقْعُدَ مَلُومًا مَّحْسُورًا ﴾ الإسراء: ٢٩

*[(Qabeenya arjoomuu keessatti) harka kee ka morma keetitti hidhamte hin godhin. Maras’s diriirsitee bira hin dabarsin uf*

*komatamaa fi hoongayaa (sheenayaa) taatee hafta] (al-Israa: 29).*

Kanarraa wanti hubannu, amantiin Islaamaa bu'uura naamusaa kan walitti qabamiinsa kaappitaalaa daangessu lafa kaayee jira. Seerri sunis yeroo itti fayyadamnu gar-malee qisaasessuu dhabuu fi mallaqa (qabeenya) kana investimantii irra oolchuun akka inni dachaan misoomu godhuudha.

Diinagdeen Islaamaa diinagdee badhaadhina bira kutaa ta'e sanii miti. Dhimmi diinagdee wantoota dirqamaan nama barbaachisan (kan isa malee jiraachuun hin danda'amne), wantoota haga tokko nama barbaachisanii fi wantoota qananiif nama barbaachisan jidduu akka naanna'u inuma beekama. Garuu fedhiileen bu'uuraa kun hundi, ykn dhimmoonni barbaachisoon marti ykn wantoonni jireenya bareechifachuuf nama barbaachisan hundi dirqama kan babal'ifannaa nama barbaachisanii miti.

Bifa kanaan, sirni diinagdeen Islaamaa qabeenyi hawaasaa akka hin bqisaasofne eega. Kana jechuun, diinagdeen Islaamaa ilmi namaa kan uumameef wantoota gaggaaritti qanani'uufi yaada jedhutti kan amanu osoo hin taane, waan gaggaaritti qanani'uun tooftaa argama isaa fi dirqama isatti kenname bayachuu ittiin mirkaneessuudha jedhee fudhata.

Bifa kanaan diinagdeen Islaamaa diinagdee waan argatanitti quufuuti jedhamee ibsamuu danda'a. Sababni isaas, qabeenya jirutti seeraa fi karooraan fayyadamuun ilaalcha dogongoraa kan *'qabeenya uumamaan jiru hanquudha'* jedhu san dhabamsiisuu dandeenna waan ta'eef, rakkoon diinagdee hin argamu. Qabeenya qabnu seeraan itti fayyadamnee, haala soorannaa

seer-qabeessa ta’e kan naamusaa fi amantiin hayyamuun yoo fayyadamne, oomisha barbaachisu fiduu fi soorannaa sirrii ta’etti gayuuf karaan dhugaa isa kana ta’a.

Bifa qaroomina ammaa kanaan, falaasama isaa fi karoora misoomaa kan isarraa madde kanaatiin, tarkaanfiileen diinagdee Islaamaa hawaasa ammaa kan fuulleffannaan isaa qabeenyatti amanuu (meeshummaa) qofa ta’e kana keessatti diinagdee si’aa’aa ta’uu hin danda’u. Tarkaanfiileen sunniin bu’aa isaanii kan argamsiisan, yeroo hawaasni kallattii isaa gara amantii Islaamaa fi akkaataa naamusa inni itti nama ajaju hordofutti fuulleffateedha. Akkasumas ilmaan hawaasa saniis guddina gaarii guddatanii, gaaddisa aqiidaa Rabbiin tokkichoomsuu kan ilma namaa hunda Rabbiif qofa gadi jedhutti yaamu, kan nama hunda obbolaa walii godhe, kan nama garii nama kaaniif gabra godhee gara laafummaa tokko malee fedhii lubbuu isaanii jala deemanii wal-nyaachuun kaayyoo guddaa dachii kana irratti uumamaniif irraanfatan osoo hin taane, isaan hundayyuu kan waliif mararfatanii fi gabra Rabbii qofa godhe kana jalatti yoo bulan qofa.

Namni Muslimaa tokko, hawaasa keessatti diinagdee dhoowwaa osoo hin taane, diinagdee halaalaa naannessuu irratti yoo guddate, hawaasnis harka isaa irratti guddata, qabeenyis wal-gaya. Sababni isaas fedhiiwwan namoonni akkasii qaban kan akkuma horii waan lubbuun namatti qabatte hunda guuttachuuf tattaafachuu osoo hin taane, fedhii kaayyoo guddaa Rabbiin dachii kana gubbatti bakka bu’aa nama godheef waliin wal-simattu, seera Rabbii guddaa kan waan hunda of keessatti

hammatu (kan seerri diinagdee Islaamaas isa keessaa tokko ta'e waliin) guutumatti kan wal-gitu waan ta'eefi.

Mallattoolee adeemsa sirna diinagdee Islaamaa sirnoota diinagdee isaan hafan irraa guutumatti adda godhan keessaa kanneen gubbatti tarreessine kun isaan muraasa. Mallattooleen sirna kunis yeroo hojitti jijjiiraman, misooma hawaasa keessatti gaggeeffamu irratti karaa sadaffaa bu'aa (profit) qofaaf tattaafatuu miti, kan gahumsa diinagdeetiif qofa warraaqu osoo hin taane, karaa oomisha naamusa namummaa isa gaarii ta'e kan fedhiilee bu'uura ilma namaa guutumatti guutu, kan dhimmota barbaachisaas isaaniif guutee, dhimmoota badhaadhinaaf (luxury) barbaachisanis haga tokko isaaniif guututti geessuu qaba.

Hayyuun diinagdee kan lammii biyya Faransaay ta'e *JaakOostiriin* akkana jedhe: "karaan misoomatti nama geessu adeemsota lamaan nama biratti beekkamaa ta'an; kaappitaalizimii fi sooshaalizimii qofa irratti kan gabaabatee miti. Adeemsi biraa kan lameen caalatti filatamaa ta'etu jira. Innis: sirna diinagdee Islaamaa jedhama. Adeemsi kunis tooftaa haala jireenyaa guutuu waan ta'eef, addunyaa egaree guutumatti waliin gayuuf deema".

### Gahee Sirni Murtii Islaamaa Guddina Keessatti Qabu

Amantiin Islaamaa hundeewwanii fi seerota isaa keessatti, seera haala qabatama yeroo waliin wal-simatu kan bu'aa hawaasaa argamsiisuuf deemuudha. Hawaasa naamusaa fi haala gaarii qabu kan namni hunduu isa keessatti naamusa gaarii horatee daangaa mirgaa fi dirqama isaa beekee, jaalala Rabbii

barbaaduuf jecha dirqama isaas fedhii isaa guutuun bayatee mirga isaas kabachiifatee keessatti jiraatu uumuuf karoorfatus, naamusa dhuunfaa fi garee seeraan wal-simsiisuu fi maqiinsa isaan seera irratti fidan daangaa itti godhuuf jecha seera murtii kennu lafa kaayee jira. Gaheen seera murtii kanaas: seerarraa maqiinsa dhaabsisuu, yakkoota dhabamsiisuu fi walitti bu'iinsaa fi wal-dhabbiilee namoota dhuunfaa fi dhaabbilee hawaasummaa jiddutti uumaman irratti furmaata kennuudha.

Isa kana bu'uura godhachuun, hayyoonni Islaamaa murtiin dirqamoota namoota muraasa irratti dirqama ta'aniidha jechuun murteessan. Ammas murtiin hojii namoonni walitti bu'iinsa namootaa ittiin furan, kan murtii amantii Islaamaa gara hojiitti ittiin jijjiiran, kan haqa ittiin baasanii dhara ittiin kuffisan, kan miidhamaa ittiin tumsanii fi roorrisaa ittiin adaban, kan namootaaf haqa isaanii ittiin kennaniif, kan ittiin waan gaaritti wal-ajajanii badii irraa ittiin wal-seeran, akka seerri hawaasa hunda keessa tamsa'ee namni hunduu qabeenyi isaa, dhageettii fi bilisummaan isaa kabajameefii oomishni dabalee, biyyoonni gugurdatanii, ijaarsi babal'atee, ilmi namaa waan dhimma addunyaa fi amantii isaatiif isaaf tolu ifaa fi bilisaan sodaa tokko malee akka shaakalatuuf seerri murtii kennu jiraachuun dirqama jechuu irratti walii galan.

Murtii haqa qabeessa hawaasa Islaamaa keessatti lafa qabsiisuuf jecha, amantiin Islaamaa qabxiilee armaan gadii kana lafa kaaye:

**Tokkoffaan**: seerri murtii guutumatti uf danda'ee geengoo seera shari'aa Islaamaa fi murtiiwwan isaa hojitti jijjiiruu

keessaa osoo hin baane dhaabbachuu qaba. Kunis wanti godhameef murtii haqaa kennuu kana keessatti namni dhuunfaan ykn dhaabbanni wayii ykn mootummaan dhiibbaa akka irratti hin qaqqabsiifneefi. Mootummaan (biyyattiin) Islaamaas isa kana seerotaa fi heera mootummaa isaa keessatti mirkaneessuu qaba. Bifa ifa galaa ta'eenis labsuu qaba. Namoota adeemsa murtii haqaa kennuu dhiisuu fi roorroo adeemsisuu keessa harka naqataniif seera adabbii bocuufii qaba.

Seenaan amantii Islaamaa gadaa nabiyyii irraa qabee, gadaa bakka buutota isaanii afran keessa dabarfatee, gadaalee isaanitti aananii wal-duraa duubaan dhufan hedduu keessatti, seerri murtii kennuu uf danda'aa ta'uu fi murtii haqaa namootaaf kennuu, wal-qixxummaa fi namootatti tola ooluu isaa irratti ragaadha.

**Lammaffaa**: beektonni Islaamaa wantoota Qur'aanaa fi sunnaa, akkasumas qajeelfamoota bakka buutota afranii keessatti ragga'an bu'uura godhachuun, ulaagaalee abbaan murtii guutuu qabu lafa kaayanii jiru. Ulaagaan kunis: abbaan murtii nama umriin isaa gahe, kan sammuun isaa fayyaa guutuu qabdu, kan yaada gabbataa fi bilchaataa ta'e burqisiisuun beekkamu ta'uu qaba.

*Al-Maawurdiin* akkana jedhe: "sammuun nagaya qabaachuun wantoota isarratti dirqama ta'an hubachuu danda'uu qofa irratti kan gabaabatuu miti. Nama sirritti waa addaan baafatu, kan dafee waa hubatu (nama dubbiin daftee galtuuf), fedhii lubbuu isaa jala kan hin deemne, qarummaa isaatiin

wantoota wal-xaxoo furuu kan danda'uu fi waan nama rakkise addaan namaa baasuu kan danda'u ta'uu qaba"[21].

Abbaan Murtii nama Muslima ta'e, kan seerota murtii shari'aa irraa hubannaa gahaa qabu, kan haqummaa qabuu fi hojiiwwan namummaa isaa hir'isan dalaguu irraa kan bilisa ta'e ta'uu qaba[22].

Akka *Al-Maawurdiin* jedhutti haqummaan kan ittiin mirkanooftu, namni murtii kennu sun nama dhugaa dubbatu, kan amaanaa qabu, kan waan Rabbi dhoorkaa godherraa uf eegu, cubbuu dalaguu irraa kan uf eegu, wantoota shakkaman irraa kan fagaatu, yeroo gammachuu fi dallansuu qabus kan amanamu fi nama kabajamaa namummaa isaa eeggatu ta'uu qaba.

Hayyoonni Islaamaa, abbaan murtii nama dhageettiin (gurri) isaa, ijaa fi arrabni isaa nagaya qabu ta'uu irratti walii galanii jiru. Namni gurraan hin dhageenne himannaa namoota wal-dhabanii waan hin dhageenneef, kan ijaan hin argine himataa kan himatamu irraa, kan ragaa bayu isa irratti bayamurraa, kana mana isa amanameef irraa waan adda baasee hin beekneef, namni dubbatee hin dandeennes, namoonni hundi akeekkii harkaa hin qayyabatan waan ta'eef, innis dubbiidhaan murtii dabarsuu waan hin dandeenneef aangoo abbaa murtii fudhachuu hin qaban.

Kanarratti ragaan hayyootaa, rakkinoonni kunniin ragaa nama saniituu fudhachuu irraa eega kan nama dhoorgitu taate,

---

[21]- Al-Ahkaamu Assulxaaniyyaa: fuula 65.

[22]- Badaa'i'u Assanaa'i'i. Kaasanii: 9/4079, mana maxxansaa Al-Imaam, Kaayiroo.

aangoo abbaa murtii ta’uu keessatti immoo san caalaa dhoorgamuu qabayyu jedhu. Sababaan isaas, ragaa ta’uun aangoo dhuunfaa yoo ta’u, abbaa murtii ta’uun immoo aangoo ummata bal’aa ufitti fudhachuudha.

Dandeettii jijjiirama ufitti fudhachuu fiqhiin Islaamaa qabu keessaa, Hnafiyyoonni [warroonni karaa (*mazhaba*) *Abuu Haniifaa* hordofan] namoota Muslimoota hin ta’iniif abbaan murtii isaan keessaa kennamuufiin ni ta’a jedhu.*Zimmiyyiin* warra *zimmiyyii fi musta’aminaa* jiddutti murtii kenna, musta’aminni immoo warruma musta’minoota jiddutti malee warra *zimmiyyootaa* jiddutti murtii hin kennu.Abbummaan aangoo murtii kennuu qabaachuu abbummaa ragaa bayuu waliin deemti. *Zimmiyyiin* namoota akka isaa jiddutti abbummaa ragaa bayuu waan qabuuf, fakkaattota akka isaa jiddutti mirga abbaa murtii ta’uu ni qaba. Ragaan kanaa, *sahaabaan Amri bin al-Aas*, yeroo biyya *Masrii* bulchaa ture wal-dhabbii warroota Gibxootaa jiddutti argamu furuuf, abbootii murtii isaanuma keessaa file. *Umar bin al-Khaxxaabis* aangessa kana dhageennaan mirkaneesseef.

Ammas dandeettii jijjiirama ufitti fudhachuu fiqhii Islaamaa keessaa fakkeenyi biraa, Hanafiyyoonni dubartiin dhimmoota yakkaan wal-qabataniniin alatti, dhimmoota biraa keessatti mirga abbaa murtii ta’uu ni qabdi jedhu. Ragaan isaanii dhimmoota yakkaa keessatti ragaa hin baatu malee dhimmoota biraa keessatti mirga ragaa bayiinsaa waan qabduuf, abbummaan aangoo abbaa murtiis abbummaa ragaa bayuu waliin deemti jedhu.

*Al-Xabariin* immoo, dubartiin dhimma kamiyyuu keessatti abbaa murtii ta'uu ni dandeetti jedha. Ragaan isaas murtee kennuun wal-maddii qabee ilaalee murteen saalaan hin daangeffamu jedhe. *Aalimni Ibnu Hazmis* yaada *al-Zabarii* kana deeggaru.

**Sadaffaa**: shari'aa Islaamaa keessatti aangoon abbaan murtii qabu baay'ee bal'aadha waan ta'eef, Kaliifaa (bakka bu'aa), mootii ykn hoogganaa biyya Muslimaa bulchus uf jalatti qabata. Abbaan murtii mootii biyya bulchu saniin filatamus, aangoo himannaa mootiin dhiyeeffate ilaaluu ykn himata mootii irratti baname ilaalee murtii isaaf kennuu ykn irratti kennuu qaba.

*Al-Maawurdiin* akkana jedhe: "*Imaamni* (mootiin) nama wal-dhabbii qabuun himachuu yoo barbaade, abbootii murtii biratti himachuu danda'a. Sababaan isaas, abbootiin murtii kunniin mootiin filamanis, garuu isaan mirgoota Muslimootaa irratti murtii kennuuf aangeffaman"[23].

Seenaaleen dabranis kanarratti ragaa guddaa ta'u. Aliyyi bin *Abuu Xaalib(Rabbi isarraa haa jaalatuu)* nama *Shureeyhi* jedhamu aangoo abbaa murtii kenneefii ture. Kanuma waliinuu dhimma namni hundi beeku san keessatti himatamaa ta'ee abbaa murtii kana fuul-duratti dhiyaatee ture. Namni Yahuudaa tokkos, abbaa murtii *Abu Yuusuf* jedhamu hiriyyaa *Abu Haniifaa* biratti himannaa Kaliifaa Abbaasiyyootaa *Haaruun al-Rashiid* irratti banee ture. *AbuuYuusufis,* namni isa aangesse *Haaruun*

---

[23]- Adabu Al-Qaadii (naamusa abbaa murtii): 1/417.

*al-Rashiidiin* ta'us himannaa nama Yahuudaa san irraa dhageeffatee ture[24].

**Arfaffaa**: seera amantii Islaamaa seerota namaan bocaman irraa kan adda isa godhu, aqiidaa abbaa murtii sanitti bifa adda ta'een itti dhimmamuu isaati. Sababni isaas aqiidaan abbaa murtii kana gabra nama biraa osoo hin taane, gabra Rabbii qofa akka ta'u isa dirqiti waan ta'eef, haqummaa, mararfannaa fi wal-qixxummaa duuka deema malee fedhii lubbuu isaa jala hin deemu.

**Shanaffaa**: abbaan murtii seera Rabbii guddaa waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye biraa dhufe gabroota isaa irratti hojii irra oolchaa jira waan ta'eef, murtiwwan dabarsu hunda keessatti guutumatti kan uf danda'e (dhiibbaa adda addaa fi dhugaa dabsuu irraa kan bilisa ta'e) ta'uu qaba.

Mootiin ykn bulchaan kamiyyuu dhimma abbaa murtii keessa harka galfachuun isaaf hin hayyamamu. Yoo harka keessa galfate inni nama cubbuu dalage ta'a. Mootiin nama dhugaa jirtu baasuu fi namootaaf murtii haqaa kennuu irratti nama nama gargaaru ta'uu qaba malee, mirga (aangoo) seera Rabbii faallessuu hin qabu. Wanti isarraa eeggamu dhugaa jirtu ifatti baasuu fi namoota jiddutti murtiin haqa qabeessa ta'e akka kennamuuf tumsuudha.

Haa ta'u garuu, bulchaan ykn hoogganaan murtiiwwan abbootiin murtii dabarsan hordofuun shari'aa Islaamaa kan hin faallessine ta'uu isaa mirkaneessuu mirga qaba. Abbaan murtii

[24]- Ziidaan, fuula 50.

kun hoogganaa saniin waan filameef, murtiin inni kennaa jiru bifa sirrii ta’een adeemsifamaa jiraa addaan baafachuu ni danda’a. Kunis kan ta’uun hojiiwwan abbootii murtii kana hordofuu, isaaniif qajeelcha kennuu, akkaataa raawwii abbootii murtii kana sakatta’uuf, salphisuu fi akka inni haqqummaa fi wal-qixxummaa mirkaneessu taasisuuf qajeelfamoota dirqama ta’an baasuuni.

**Jahaffaa**: namni kitaabota Islaamaa kanneen waa’ee murtii dubbatan dubbise, sirni murtii gadi bu’iinsaan waa qoratu kan beektonni Islaamaa Qur’aanaa, sunnaa fi dalagaalee bakka buutota afranii fi sahaabotaa irraa fudhatan hunda keessatti argata. Kitaabota isaanii kana keessaa akkaataa himannaa itti dhiyeeffatan, bu’uura hundeeffama isaa, haala kamiin gara abbaa murtiitti akka dhiyeeffatan, hundee himannaa san dhageeffachuu, tooftaalee himannaa san ittiin raggaasisan, akkaataa ol iyyannaan itti gaggeeffamuu fi waa’ee murtii dabarsuun wal-qabatu, akkaataa isaa, akka itti mormatan, akka itti hojirra oolchanii fi kkf hunda keessaa argata.

Fiqhiin Islaamaa utubaalee Islaamaa, seerota isaa fi shaakalliiwwan isaa kan guyyaa guyyaan jireenyaan hidhata qaban ka’umsa godhachuun haqqummaa mirkaneessuu fi walitti bu’iinsa jidduu namaatti uumaman hambisuu keessatti sirna murtii seenaa ilma namaa keessatti baay’ee guddaa ta’e gumachee jira. Kunis hawaasa keessatti madaala guddaa uumuun jaarraalee hunda keessatti akka namoonni bu’aalee fi kabaja isaanii eeggataniif tumsa guddaa godhee jira.

Namni qabatama seera murtii Islaamaa sanii fi adeemsa dimshaashawaa inni irra socha'aa ture hubatee ilaale, seerri isaa kan jijjiirama ufitti fudhatu, murtiiwwan isaa ergaa lafa kaayamteef waan qabduu fi hawaasa Rabbitti amane kan wal-qixxummaa jaalatu uumuu irratti waan fuulleffateef, akka seerri kun har'as wanta haaraya guyyaa keessa argameen hin dhiphanne ni hubata.

Nutis asitti gorsootaa fi xalayaalee muraasa kan bakka buutonni fi hooggantoonni Muslimootaa yeroo gara garaa keessa abbootii murtii isaaniitiif barreessan isiniif dhiyeessuun dhugaalee haga ammaatti dubbataa turre kana isiniif mirkaneessuu barbaanna.

Xalayaa *Umar bin Al-Khaxxaab (Rabbi isarraa haa jaalatuu)Abuu Muusaa Al-Ash'ariif* barreesse yoo ilaalle, xalayaan sun seera ittiin bulmaataa (constitution) murtii jedhamee fudhatama. Umar xalayaa san keessatti utubaalee murtii, seerota isaa fi qindoomina isaa hunda agarsiisee jira. Seerri sun seera ol iyyannaa murtii ammayyaa, sonoota seera walii gala fi murtiiwwan ol iyyannaa seera namaan bocamanii hunda dursee kan dhufeedha. Xalayichis akkana jedha:

*[Kanatti aansuun: murtiin dirqamaa kan ta'ee fi sunnaa (seera) hordofamaadha. Yoo sitti himatan sirritti hubadhu. Dhugaa hojirra hin oolle haasayuun bu'aa hin qabu. Akka namni kabajamaandabnana murtii keetii hin hawwinee fi akka namni dadhabaan haqummaa kee irraa garaa hin kutanne, teessuma kee, fuula keetii fi murtii kee keessatti namoota bohaarsi (abdachiisi). Ibsa ykn ragaa dhiyeeffachuun nama*

*himannaa dhiyeeffaterra jira, kakuun immoo nama himannaa san mormerra jira. Muslimoota walitti araarsuun hayyamamaadha, yoo araara waan halaala ta'e* dhoorkaa *godhee kan dhoorkaa ta'e halaala godhe ta'e malee. Nama waan dhokataa wayii kiyya jedhee himateef yeroo murtaa'e wayii kenniif. Yoo hagasitti inni ragaa gahaa fidate haqa isaa kenniif, yoo dhiyeeffachuu dadhabe dhimma inni himate san irraa dhaabsisiifta. Murtiin har'a murteessite tokko uf duuba deebitee ilaaltee dhugaan yoo addaan siif baate irraa deebi'uu irraa si hin dhoorgin. Dhugaan wanta turaa dur irraa jiru waan ta'eef homtuu isa hin balleessu. Irra deebi'anii murtii dabarsan keessatti haqa barbaaduun dhara murteessan irratti cichuu caala filatama. Muslimoonni waliif ragaa bayoodha yoo nama kanaan dura kijibaan ragaa baye ta'e ykn adabbiin shari'aatiin rukutame malee ykn yoo nama aantummaa ykn firummaan isaa itti hin amanamne ta'e malee. Rabbiin guddaan keessa gabrootaa ufiratti fuudhe, (badii isaan raawwataniif) adabbii itti kennuu immoo ragaadhaan daangesse. Waan (dhimma) sitti fidame kan Qur'aanaa fi sunnaa keessa hin jirre sirritti hubadhu, dhimmoota walirratti madaali (wal-maddii qabii) fakkeenyota isaa beeki saniin booda kan caalatti Rabbiin jaalachiisa dhugattis irra dhiyaata jettu fudhu. Dallanuu, dhiphachuu, nama rakkisuu, yeroo namaan wal-falmitu dhugaa jijjiiruun nama san miidhuu irraa cimsee si dhoorga. Iddoo dhugaan jirtutti murtii kennuun waan Rabbiin mindaa ittiin namaa kennu, waan isa dubbachuun bareedu. Namni wanti inni uf keessatti yaadu (niyyaan isaa) osoo matama isaa irrattis ta'ee qulqulluu ta'e, waan jidduu isaa fi namaa jiru Rabbiin*

*isaaf gaya. Namni waan keessi isaa hin qabneen uf bareeche Rabbiin isa fokkisa. Rabbiin guddaan gabroota isaa irraa waan qulqulluu ta'e malee hin fuudhu. Namaaf tola ooluun hiree Rabbii namaa ariifachiisuu, kaaznaa tola isaa namaaf banuu keessatti maal ta'a jettee yaadda. Nagayaa fi tolli Rabbi sirratti haa jiraatu]*[25].

*Ibnu Al-Qayyim eega xalayaa kana kitaaba isaa keessatti barreesseen booda akkana jedhe: "Kuni barreeffama guddaa ulamaa'onni tole jedhanii ufitti fudhatanii hundeewwan murtii fi ragas irratti hundeessaniidha. Bulchaa fi namni murtee godhu innuma caalayyuu ergaa kana hubachuu fi gadi bu'anii xiinxallutti hajamu".*

Akkasumas Aliyyi ilmi Abuu Xaalibis xalayama kana fakkaatu Ashtar Annaka'iif barreesse. San keessaa cinaa xalayaa sanii akka asii gadiitti isiniif dhiyeessina:

[Saniin booda namoota bulchitu keessaa nama irra gaariidha jettee yaaddu akka inni wal-dhabbii jidduu namootaatti uumaman hiikuuf isa filadhu. Namni filamu sun nama jireenyi isaatiin rakkataa hin ta'in, kan wal-dhabbiin inni nama waliin qabu itti hin baay'atin, kan lubbuun isaa bolola hin baay'anne, kan dhimma (himannaa) isatti dhiyaate haguma xinnoo qofa irraa qayyabatu osoo hin taane kan haga danda'ameen sirritti waa hubatu, kan wantoota namatti wal-fakkaatan (kan eeyyamamaa fi laguu isaa nama dhiban) keessatti gadi bu'iinsaan beeku, dhimmoota ifa baasuu keessatti kan sirritti obsa qabu, kan yeroo murtiin murteessuu qabu isaaf ifa

[25]- I'ilaamu Al-Muwaqqi'iin, Ibnu Al-Qayyim: 1/92.

galetti nama faaruun namni isa faarsu isa hin dagnee fi kan mallaqni isa hin binne filadhu. Kan akkasii namoota muraasa.Saniin booda nama murtiif isa filatte san waan rakkinarraa isa duroomsu kenniif akka inni harka namaatitti hin hajamneef, ammas sadarkaa (kabaja) guddaa namni kamiyyuu itti gayuu hin yaanne uf biratti kenniif akka ufitti amantummaan ummata tajaajiluuf].[26]

**Gahee Sirni Adabbii Islaamaa Guddina Keessatti Qabu**

Amantiin Islaamaa gareelee gorsaa fi dhaamsa waa'ee naamusaati miti. Inni seerota wal-qabatoo fi wal-guutaa ta'an kan seera uumamaa wal-qabataa ta'an keessatti hojii irra oolu fi haala ilma namaa ilaalchisee guddaa fi xiqqaa isaa hunda keessatti murtii isaa kan qabuudha.

Amantiin Islaamaa haallan kanas itti nama yaamee, onnee, sammuu fi lubbuu namaa keessatti bocamee namoota uumamni isaanii nagaya ta'ee gama guddisaa fi barsiisuutiin akka isaan ufitti fudhatanii, seera kana irratti gadi dhaabatanii, jireenya isaanii keessatti gadi dhaabatiinsa saniin akka gammadan godhuu qofa osoo hin taane, haala jireenya keessatti nama qunnaman kana hundaaf murtiiwwan xixiinsaa fi adabbii tumuun akka lubbuun namoota uumaan isaanii nagaya hin ta'inii fi guddisni isaanii hin tolinii daangaa hin dabrineef seera adabbii lafa kaayee jira.

Sababa kanaaf jecha, amantiin Islaamaa naamusa namoota dhuunfaa fi gareewwanii gara madaalawaa ta'etti deebisuuf,

---

[26]- Nizaamu Al-Qadaa fi Al-Islaam, Al-Marsafaawii: fuula 135.

akka kutaalee hawaasaa kan qulqullina qaban keessatti hin faffacaaneef jecha, bifa yakkootaa fi seera jalaa maqiinsa hambisuun seera xixaa naamusa namaa sirreessu tumee lafa kaayee jira.

Beektota saayinsii hawaasummaa biratti wanti beekkamaan, naamusni hawaasaa madaalamaan nagaya hawaasichaa babal'isutti geessa. Akkasumas tasgabbii karoora guddina qaroomaatiif karaa banutti geessa. Wantoonni gaariin ni babal'atu, wantoota babbareedattis qanani'uun dabalaa deema. Haalli jireenya hawaasichaas dagaagaa dhufuun gammachuun kallattii jireenyaa hunda guuta.

Seerri adabbii Islaamaa kun keeyyatoota, seerota walii galaa fi addaa kanneen Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti dhufan qofa irratti hin gabaabbatu. Jaarraalee hedduuf fiqhiin guddaan tiyooriiwwan, sonootaa fi akkaataa shaakallii seeraa baay'ee guddaa ta'e uf keessatti hammatu kuufamaa dhufee jira. Qorataan seeraa tokko dhimmoota fiqhiin uf keessatti hammate kana irratti yeroo yaada kennu akkana jechuun dubbbate: "Hanga kitaabota waa'ee seeraa qu'achuu eegalee tiyooriiwwan abbootii seeraa warra Dhihaa gurguddoo ta'an kan akka *Jaarson, Jaaru, Hiilii, Shoofoo, Laambiiri* fi isaannan biroo kanneen seera adabbii warra Dhihaa bocuu keessatti sadarkaa guddaa qaban dubbatan hunda isaa yeroo argu, beektota Muslimootaa biratti hundee tiyoorii isaanii san argu malee bira kutee hin beeku. Beektonni Muslimootaa kunniin jaarraalee heddu dura hayyoota seeraa warra Dhihaatiin dura waa'ee

seera/tiyoorii isaa tokko bifa ifa galaa ta'een ykn bifa itti akeekiinsaatiin dubbatanii jiru"[27].

Shari'aan Islaamaa seerota adda isa godhan kan seeronni adabbii namaan bocaman hin qabneen kan badhaadheedha. Sanniin keessaa muraasni:

**Tokkoffaa**: Shari'aan Islaamaa heerota naamusaa, kabajaa fi safuulee amantii irraa maddan irratti kan hundaa'eedha. Seeronni namaan bocaman garuu, waa'ee naamusaa fi safuu kana yoo kallattiidhaan namoota dhuunfaa irra ykn nagaeenya ummataa ykn seera biyyattii miidhee argame malee itti hin dhimmamu.

Shari'aan Islaamaa sagaagalummaa raawwachuun hojii fokkisaa naamusa uumamaan namni qabuun ala nama baasu waan ta'eef, cimsee irraa dhoorga. Badiin sagaagalummaa raawwachuu kun babal'achuun, miidhaa hawaasummaa, diinagdee fi fayyaa cimaa waan qaqqabsiisuuf, hawaasa balleesutti geessa, akka inni diddiigamu godha.

Seeronni namaan bocaman, fakkeenyaaf nama farsoo dhuge waan dhugaatiin sun fayyaa isaa miituuf, waan mallaqa qisaasessituuf ykn waan naamusa nama sanii balleessituuf isa hin adabu. Kana jechuun seeronni namaan bocaman kunniin waan dhugaatiin farsoo kun hojii fokkisaa haadhoo badii ta'eef jecha kan nama adabu osoo hin taane, yoma adabbii irratti

[27]- Shari'aa Islaamaa fi seera namaan became keessatti adabbii beekaa nama ajjeesuu- Nizaamuddiin Abdulhamiiditu qopheesse: fuula 6.

raawwates namni farsoo dhugee machaaye kun namaa fi seera irrattis daangaa dabruu danda’a gama jedhuun ta’uu danda’a.

Dhiibbaan shari’aa fi seeronni namaan bocaman qaban kana keessatti ifa galaadha. Yakkoonni naamusaan hidhata qaban hawaasa seera namni boce jalatti bulan keessatti garmalee yoo baay’atan, hawaasa shari’aa Islaamaa hojii irra oolchan keessatti sadarkaan naamusaa, amala gaarii fi safuulee kabajuu guddaa ta’ee mul’ata.

Hawaasni Islaamaa kanneen gadaalee fi jaarraalee heddu keessa turan kana irratti ragaa guddaadha. Kana qofaa miti, yeroo ammaatti hawaasni Islaamaa amantii isaa irraa fagaataa dhufuu waliinuu, dhibbeentaan babal’ina yakka naamusaan walqabatanii kan hawaasa Muslimaa keessatti argamu isa hawaasa warra dhihaa biratti argamuu gadi ta’uu isaa ragaa ni baya.

*Ustaazni Abdulqaadir Awudaan Rabbi rahmata isaaniif haa godhu akkana jedhan: “Wanti seeronni namaan bocaman waa’ee naamusaatiif baay’ee iddoo hin kennineef, bu’uurri seerota kanaa amantii osoo hin taane, aadaa fi duudhaalee namoonni irratti guddatan irratti kan bu’ureffame waan ta’eefi. Seerota namaan bocaman kana kan bocus hawaasa keessaa namoota bebeekkamota qaama biyyattii bulchu waliin wal-ta’uun boca. Yeroo seera kana bocanis fedhii lubbuu isaanii fi dadhabina namummaa isaaniitiif saaxilamuun waan hin oolle. Akkasumas seeronni kunniin akka fedhii namoota isa bocaniitti jijjiirraa fi kan biraatiin bakka buufamiinsa ufitti fudhatu waan ta’eef, seeronni namaan bocaman kunniin yeroo gara yerootti dhimma naamusaan wal-qabataniif iddoon qaban*

*hir'ataa dhufuun homa jiru. Yeroon badii fi sagaagalummaan akka waan gaariitti ilaalamu dhufuun hin oolu. Tariitii biyyoonni seera namaan bocaman kanaan bulan yeroo ammaa kana sadarkaa kanarra gayanii jiru"*[28].

**Lammaffaa**: maddi Shari'aa Islaamaa Rabbii guddaa waan isaan hin malle hundarraa qulqullaayaa ta'eedha. Maddi seerota namaan bocamanii immoo ilmuma namaati waan ta'eef akka fedhii, bu'aa isaanii fi jijjiirama jireenya waliin isaaniif deemutti bocatu. Yeroo garii bifa dhimma gadaa muraasa qofa waliin deemu ykn nama dhuunfaa tokko waliin deemu ykn kutaa namoota muraasaa qofa waliin deemuun bocatu.

Kun immoo wantoota lama ciccimoon wal-qabata:

I) Seeronni fi hundeewwan shari'aa Islaamaa yoomiyyuu kan hin jijjiiramne ta'uu. Bulchiinsi nama dhuunfaa ykn garee wayiis osoo kufee, sirni biyyattiin ittiin bultu sirna mootii, sirna rippaablikii, sirna abbaa irree ykn sirna shuuraas osoo ta'ee seerri shari'aa hin jijjiiramu. Seeronni fi sonoonni isaa sunniin nama dhuunfaa tokko ykn gosa tokkoon ykn kutaa hawaasaa tokko qofaan kan hidhata qabuu miti. Seerri kun amantii Islaamaa kan amantii hawaasa hundaa ta'e, kan mootiin tokko Muslima jedhamuuf dirqama isatti amanuu qabu walii hidhata qaba.

II) Dhimma moototaan ykn namoota moototа san jalatti bulan waliin wal-qabatu keessatti, namoonni hunduu shari'aan kun Rabbii isaan uume biraa dhufe jechutti waan amananiif, Shari'aadhaaf kabaja guddaa onnerraa burqe kennuuf. Isaan

[28]- Attashri'u Al-Janaa'ii Al-Islaamii: 1/71.

shari'aa kanaaf bitamuun gara toltuu addunyaa fi aakiraatti isaan geessiti. Shari'aaf bitamuu dhabuun isaanii immoo jireenya addunyaa kana keessatti cubbuu isaan cicciruu fi ganda boodaatti immoo ibiddaaf isaan saaxila.

Wanti beekamaan, seerri addunyaa kanarra jiru hunduu gatiin isaa kan madaalamuun kabajaa fi iddoo inni onnee namootaa keessatti qabuuni. Kabajaa fi isaaf bitamiinsi kun tasgabbitti geessa, fooyya'iinsi haalaa akka jiraatu godha, toltuu, hawaasaaf waan gaarii hawwuu fi sodaa Rabbii qabaachutti geessa.

Kabajaan ilmi namaa seera namaan bocameef qabu, gonkumaa kabaja isaan shari'aaf qabaniin walitti hin madaalamu. Kunis waan seerri namaan became kun yeroo gara yerootti jijjiiramuu fi waan inni bu'aalee wal-faallessan jala deemuufi. Kun immoo seera kabajuu dhabuu, isaaf gurra kennuu dhabuu fi sodaan namoonni isaaf qaban onnee isaanii keessaa dhabamutti geessa. Kun immoo yeroo hundaa bu'uurri jireenya akka qaawwa godhatuu fi haalli jireenya hawaasaa akka burjaaja'u taasisa.

Gaheen seerri adabbii Islaamaa guddina keessatti qabu immoo, yeroo akkaataa isaa qorannu sirritti ifa nuuf ta'a. Seerri adabbii kun maddeen yakkaa kan hawaasa burjaajessan san hundeen buqqisuu irratti kan bu'uureedha. Kunis kallattii sirrii seera Islaamummaa kan hawaasa tokkoomee badii fi dabnana irraa fagaate uumuuf fuuleffate waliin wal-simata. Seeronni kunniin hawaasa gaarii uumuu irratti xiyyeeffata. Seerri naamusaa gama guddisaa, naamusaa fi afuuraatiin lubbuu namootaa haala gaarii irratti yeroo guddisu, seerri adabbii

immoo maddeen karaa dhugaa irraa dabiinsaa dhabamsiisuu yoo xinnaate hir'isuun akka inni hawaasatti rakkoo cimaa isa furuun duula guddaa barbaachisu hin taane dhoorga.

Hundeen ka'umsa seera Islaamummaa dhaadannoo 'dursanii uf eeggannoo godhuun yaalamiinsa caalti' jedhuudha. Kana jechuun amantiin Islaamaa yakka tokko osoo inni hojjatamee lafarratti hin argaminiin dura lubbuu namaa keessaa dhabamsiisuu irratti duula. Haala kanaan sadarkaa faffaca'iinsa yakkaa gara gadi aanaa ta'etti gadi xinneessa. Kun immoo hawaasa ilma namaatiif carraa guddaadha.

Gara yakka sagaagalummaatti yeroo dhufnu, sirni adabbii yakka Islaamaa namoota kanaan dura gaa'ila raawwatan dhagaan rukutanii ajjeesuu fi kanneen gaa'ila hin raawwatin immoo uleen rukutamuu itti murteesse. Kana mirkaneessuuf immoo ragaan nama afurii kan dhugaa dubbatan kanneen sagaagalummaan raawwatamuu ijaan arganii argamuu dirqama godhe. Haala kanaan hawaasichi duudhaa uumamaan qabu irraa bayee gara badii dalaguutti akka hin bobbaane ittisee jira. Sagaagalummaa raawwatamu kana ifatti rukuttaa ulee fi dhagaatiin yoo hin dhaabsisin, gara wanta baratamaa kallattii hundaan diigamiinsa hawaasaa fiduutti deema.

Namni akkaataa haala jireenya hawaasa warra Dhihaa gadi qabee xiinxale, sababa sagaagalummaan hawaasa san keessatti gar-malee faffaca'ee seerri biyyoota saniis nama badii kana raawwate adabbii tokkos adabuunii dhabeef jecha gaaga'amiinsa guddaa keessa akka galan ni hubata.

Miidhaa fafaca'iinsi badii sagaagalummaa kanaa fide keessaa: dhibee sababa qunnamtii saalaatiin dhufu kan lubbuu namoota miliyoonaan lakkaayamanii galaafate, daa'imman abbaan hin beekamne baay'inaan karaa irratti darbamanii argamuu, madaalli maatii dabuu, dubartoonni haala jireenyaa tasgabbaayaa ta'e dhabuun jaalala haadhummaa fixataa dhufuu fi kkf fa'a.

Gara adabbii hannaa kan Qur'aanni harka muraa jedhutti yoo dhufne, sababbii adabbiin kun karaa godhameef, ulaagaa raawwii adabbii kanaa fi dhugummaa isaa gadi qabnee yoo xiinxalline, akka inni hanna kana dhaabsisuu fi miidhaa inni nagayaa fi tasgabbii jireenya dhuunfaa fi gareelee irratti fidu guutumatti dhaabsisuuf furmaata hundee ta'uu isaa arguu dandeenna. Adaabbii kana hojitti jijjiiruun tooftaa sirrii fi irra filatamaa jireenya namaa guddisutti geessuudha. Yoo nageenyi jiraate anniisaan namaa gara hojiitti jijjiirama, yeroo san bu'aan carraaqqii ilma namaa lafa hin badu.

Seenaa Islaamaa of duuba deebi'anii ilaaluu fi haala qabatamaa biyyoonni Islaamaa kanneen adabbii kana hojii irra oolchanii keessa jiran hubachuun, waan olitti jenne kanaaf ragaa ta'a. Faalaa kanaa immoo, haala biyyoota adabbii seera namaan bocamee kan hidhaa waggaa muraasaa fa'a namatti murteessuu kana yoo ilaalle, rakkina hannaa yeroo hunda mul'atu kanatti daangaa godhuu hin dandeenne. Inumayyuu istaatiksiin biyyoota sanii akka agarsiisutti rakkoon hannaa gar malee dachaan akka dabalaa dhufe mul'isa.

Adabbiiwwan shari’aan tumee lafa kaaye hunda isaatuu haaluma kanaan osoo ilaallee, bu’uureffamni isaa hundee cimaa uumama ilma namaa waliin wal-simatuu fi kan qabatama haala jireenya isaanii eegu ta’uu isaa agarra. Haala kanaan, shari’aan Islaamaa hawaasicha jireenya gadi aanaa yakkaa fi naamusa gadheen guutamerraa gara dirree nagayaatti ol baasa. Akka yakkamtoonni nageenya hawaasichaa hin booressine, akka isaan daangaa Rabbii kan ergamtootaa fi nabiyyoonni ittiin hin ergamin hin dabrine ittisa.

Seerri adabbii Islaamummaa haddii qofaa miti. Gosoota harka deeffannaa (qisaasa) kanneen Qur’aanaa fi Sunnaa keessatti hin dubbataminis of keessatti hammata. Yakkootaa fi raawwii seera cabsuu kan Qur’aanaa fi sunnaa keessatti hin dubbatamin san abbootiin murtii hundeewwanii fi seerota shari’aa bu’uura godhachuun bifa haqa ta’een akka murtii itti kennan amantiin Islaamaa mirga guutuu isaanii kennee jira. Murtiin isaan dabarsanis jecha Rabbii kana kan mirkaneessu ta’uu qaba;

قَالَ تعَالَى: ﴿ إِنَّ ٱللَّهَ يَأۡمُرُ بِٱلۡعَدۡلِ وَٱلۡإِحۡسَٰنِ وَإِيتَآيِٕ ذِي ٱلۡقُرۡبَىٰ وَيَنۡهَىٰ عَنِ ٱلۡفَحۡشَآءِ
وَٱلۡمُنكَرِ وَٱلۡبَغۡيِۚ يَعِظُكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَذَكَّرُونَ ٩٠ ﴾ النحل: ٩٠

*[Rabbiin haqqummaa, tola ooliinsa, firaaf arjoomutti nama ajaja. Jechootaa fi dalagaawwan fofokkisaa ta’an, cubbuuwwan shari’aan jibbu hojjatuu fi daangaa namatti taruu (nama miidhuu) irraa dhoorgee jira. Akka isin gorfamtaniif (yaadattaniif) isin gorsa] (Al-nnahl: 90).*

## Gahee sirni Waraanaa fi Nagayaa Islaamaa Guddina Keessatti Qabu

Amantiin Islaamaa akka amantii qabatama yerootiif furmaata kennuutti yeroo garii dhugaa ifatti baasanii dhara hiddaan buqqisuuf, miidhaa haqarratti adeemsifamu dhabamsiisanii miidhaa ummatarraa dhaabsisuuf humna fayyadamuu akka barbaachisu ni raggaasisa. Akkuma namni dhuunfaan tokko nama biraa dhugaa tokkoon alatti yoo ajjeese harka irraa kaffalamuu (qisaasni bayuu) qabu, yoo hawaasni tokko hawaasa isa biraa irratti ykn ummanni tokko ummata isa biraa irratti yoo duule ummanni addunyaa hundi nagaya diriirsanii miidhaa miidhamtootarraa ittisuuf waraana kana ufirraa qolachuun dirqama.

Kunis (nama nama ajjeese ajjeesuun) kan hayyamameef akka namoonni biraa isa laalanii yakka namtti dalaguu irraa of qusataniifi. Akka yoo namni sun bilisa ta’ee dhiifame hawaasichi suuta suutsaan gara hawaasa (bineensa) bosonaatti jijjiiramee gareen tokko isa biraa, ummanni tokko ummata isa biraa ajjeesuu irratti hin bobbaaneefi. Seera hawaasummaa kanas Qur’aana kabajamatu raggaasise:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَلَكُمْ فِي ٱلْقِصَاصِ حَيَوٰةٌ يَٰٓأُوْلِي ٱلْأَلْبَٰبِ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴿١٧٩﴾ ﴾ البقرة: ١٧٩

*[Yaa warra sammuun nagayaa (kan waa xiinxallitan)! Harka deeffannaa (qisaasa) keessa isiniif jiruu nagyaatu jira, akka isin (Rabbiin) sodaattaniif] (al-Baqarah: 179).*

Ammas Rabbiin akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَلَوۡلَا دَفۡعُ ٱللَّهِ ٱلنَّاسَ بَعۡضَهُم بِبَعۡضٖ لَّفَسَدَتِ ٱلۡأَرۡضُ ﴾ البقرة: ٢٥١

*[Osoo Rabbi garii namaa garii isaatiin dhiibuu (dhabamsiisuu) baatee silaa dachiinuu badde] (al-Baqarah: 251).*

Islaamummaa keessatti waraanni kan hayyamamee fi diina humnaan ofirraa qolachuun dirqama kan ta'eef kaayyoon isaa namummaa namaa eeguu fi bu'aa hawaasa bal'aa kabachiisuufi eega jenne, amantii Islaamaa keessatti lolli kaayyoo kana mirkaneessuuf malee hin hayyamamne. Kanaafuu Muslimoonni yoomiyyuu akka lola bananiif dirqamaniiti malee lola (waraana) jaalatanii hin jalqabne.

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan Rabbi isaaniif haa araaramuu akkana jedhan: "Seenaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* nama hordofaa amantii biraa ta'ee isaanitti harka kennate kamiyyuu waraana irratti labsanii hin beekan. Isaan eennumayyuu jalqabaan lolaan eegalanii hin beekan. Osoo Rabbiin kaafira hunda ajjeesaa jedhee silaa ajjeechaa fi lola irratti labsuun eegalu ture".

Kana ka'umsa godhachuun Qur'aanni ajjeechaa ilmi Aadam obboleessa isaarratti yeroo jalqabaatiif raawwate morme. Sababa saniif jecha Rabbiin ummata Israa'iil irratti:

﴿ أَنَّهُۥ مَن قَتَلَ نَفۡسَۢا بِغَيۡرِ نَفۡسٍ أَوۡ فَسَادٖ فِي ٱلۡأَرۡضِ فَكَأَنَّمَا قَتَلَ ٱلنَّاسَ جَمِيعٗا ﴾ المائدة: ٣٢

*[Sababa saniif ilmaan Israa'iil irratti namni nama lubbuu namaa baase ykn nama dachirratti badii dalageen ala lubbuu*

*biraa ajjeese akka waan lubbuu hunda galaafateeti, namni lubbuu takka baraare (jiraachises) akka waan nama lubbuu hunda jiraachiseeti jechaa isaan irratti murteessine] (Al-Maa'idaa: 32).*

Kanaafuu lubbuu ilma namaa baraaruun dirqama, nageenya hawaasaa eeguunis dirqama, ilmaan namaa jiddutti nageenyaa fi tasgabbii uumuunis dirqama namummaa namaa eeguu fi kabajaa isaa tiksuu irraayyi.

Amantii Islaamaa keessatti kuni sona ifa galaadha. Yoo cuunfamu: bu'uurri hariiroowwan jidduu namootaa fi gareewwanii jiruu lola ykn wal-waraanuu osoo hin taane, waan gaggaarii irratti wal-gargaaruu fi kaayyoo ilmi namaa kabajamaan kun dachii kanarratti argameef fiixa baasuudha. Kanarratti ragaan jala muramaan jecha Rabbii guddaati:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَـٰكُم مِّن ذَكَرٍ وَأُنثَىٰ وَجَعَلْنَـٰكُمْ شُعُوبًا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓا۟ ۚ إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِندَ ٱللَّهِ أَتْقَىٰكُمْ ۚ ﴾ الحجرات: ١٣

*[Yaa ilma namaa! Nuti dhiiraa fi dubartii irraa isin uumnee, akka isin wal-beeytaniif jecha ummatootaa fi gosoota (adda addaa) isin goone. Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, kan caalatti (Isa) sodaatu] (Al-Hujuraat: 13).*

Kana irratti hundaa'uun, Qur'aanni kabajamaan hawaasa Islaamaa cufa isaarratti nama miidhuu dhabuu dirqama godhee jira. Garuu yoo miidhamni isaanirratti raawwatame akka ufirraa deebisan (qolatan) hayyameefii jira. Ragaan kanaa jecha Rabbii guddaati:

﴿ وَقَٰتِلُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ ٱلَّذِينَ يُقَٰتِلُونَكُمۡ وَلَا تَعۡتَدُوٓاْۚ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُعۡتَدِينَ ﴾
البقرة: 190

*[Warroota karaa Rabbii irratti isiniin lolaniin lolaa. Daangaa hin dabrinaa, Rabbiin warroota daangaa dabran (bira dabarsan) hin jaalatu] (Al-Baqarah: 190).*

Qur'aanni kabajamaan bifa ifa gala ta'een sona walii galaa kan karaa isaarratti Muslimoonni duuluu qabaniif dubbatee jira:

قَالَ تَعَالَى: ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ يُقَٰتِلُونَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۖ وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ يُقَٰتِلُونَ فِي سَبِيلِ ﴿٧٦﴾ النساء: ٧٦

*[Warroonni amanan karaa Rabbii keessatti duulu. Warroonni Rabbitti hin amanne (kafaran) immoo karaa badii keessatti duulu] (Annisaa: 76).*

Karaa Rabbii kana keessaa inni jalqabaa, amantiin Islaamaa amantii nabiyyootaa fi ergamtoota hundaa waan ta'eef, amantii ilma namaa hundaaf dhufe, kan gabrootaaf tola ooluuf dhufe, kan isaan badii, Rabbitti waa ida'uu, nama biraatiin xiqqeeffamuu, tuffatamanii kabaja namummaa ufii dhabuu jalaa isaan baraaruuf dhufe waan ta'eef, akka humni babal'ina isaa ittisu kamiyyuu isa dura hin dhaabbanne hayyamuu ofii eeguudha.

Kana jechuun amantiin Islaamaanamni hundi yoo isa hordofe ganda addunyaa fi guyyaa boodaattis ni milkaaya waan ta'eef, akka ilmi namaa hundi amantii kana qabatuuf futuna guddaa qaba. Qaamni tolaa fi qajeelluma kanarratti duulan immoo namummaa namaa irratti duulu, akka namni waan gaarii hin argannee fi namummaa isaatiin hin boonne isaan ugguru. Kanaafuu haga ilmi namaa hundi dhiibbaa kamiyyuu irraa bilisa ta'ee amantii Islaamaa fudhachuu fi fudhachuu diduu addaan

filatutti humna bilisummaa namaa ugguru kanaan loluun dirqama. Kana jechuun amantiin Islaamaa yoo namni amanticha fudhachuu dide nama hin dirqisiisu, kan inni waraana irratti labsu namoota nama gowwoomsanii akka isaan mirga waa dhageeffatanii kan barbaadan keessaa filachuu nama dhoorganiidha.

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّۚ فَمَن يَكۡفُرۡ بِٱلطَّٰغُوتِ وَيُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱسۡتَمۡسَكَ بِٱلۡعُرۡوَةِ ٱلۡوُثۡقَىٰ لَا ٱنفِصَامَ لَهَاۗ ﴾ البقرة: ٢٥٦

*“Amantii irratti nama dirquun hin jiru. Karaan qajeelli isa dabaa irraa adda bayee jira. Namni waan Rabbii gaditti gabbaramu hunda waakkatee, Rabbii tokkichatti amane, naqattoo (haada) jajjaba hin cinne qabatee jira. Rabbiin dhagayaa fi beekaadha” (Al-Baqarah: 256).*

Kanaafuu humni goonfataa fi cunqursaan nama ugguran karaa irraa haxaayamuu qabu. Kunis akka namoonni fedhii fi mirga isaanii guutuun sammuu isaanii fayyadamanii karaa fedhan filachuu danda’aniifi.

Kanarratti hundaa’uun hubannoo jihaadaa kan hiikkaan isaa wantoota gubbatte tarreessine kana fiixa baasuuf karaa godhamee fi hubannoo dogongoraa Jihaanni akka namoonni dirqamaan amantii Islaamaa fudhataniif karaa godhame jedhu addaan baasuu qabna. Dirqamaan amantii nama seensiuu kana sammuun kamiyyuu hin fudhatu. Dhimmi amantii yoo lubbuun itti quuftee keessi isii itti gammadee fuula ifaadhaan itti hin amanin dirqamaan namarratti fe’uun waan hin danda’amne.

Namni Muslimaa tokko yeroo lubbuu ufii wareegu qabeenya booji’uuf ykn dachii nama biraa weeraree isaan

gabroonfachuuf hin deemu. Akkasumas guutummaa fi cimina isaas agarsiisuuf hin waraanu. Kan inni loluu fi lubbuu ufii itti wareeguuf namoota biraatiif karaa qajeellumaa saaquu, bu'aa isaaniif argamsiisuu fi kabaja isaanii tiksuufi.

*Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaanirra haa jiraatuu) nama boojii argachuuf lolu, kan isa haa dubbataniif lolu, kan isa haa arganiif lolu keessaa isa kamtu karaa Rabbii irratti duule jedhamanii gaafatamnaan, akkana jedhanii deebisan: "Namni jechi Rabbii ol haa ta'uuf lole (waraane) isatu karaa Rabbii keessatti duule"[29].*

Yeroo jechi Rabbii ol ta'u, ilmi namaa gabrummaa amantiiwwan biraa keessaa gara haqqummaa Islaamaatti dhufu, gabroota gabbaruu irraa gara Rabbii tokkicha qofa gabbaruutti as deebi'u. namoonni bilisummaa argatanii filannoo ufii fedhan filachuun fiixxee mirga namummaa isaanii dhuunfatu. Rabbiin malee homtuu hin gabbaraman, Rabbiin malee homtuu hin sodaatamu hin kajeelamus. Rabbi akkana jedha:

وَقَٰتِلُوهُمۡ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتۡنَةٞ وَيَكُونَ ٱلدِّينُ لِلَّهِۖ فَإِنِ ٱنتَهَوۡاْ فَلَا عُدۡوَٰنَ إِلَّا عَلَى ٱلظَّٰلِمِينَ ﴾ البقرة: ١٩٣

*[Isaaniin lolaa akka balaan hin argamnee fi akka amantiin Rabbiif ta'u. yoo isaan (isiniin loluu) irraa uf qusatan diinummaan nama nama miidhe qofarratti] (Al-Baqarah: 193).*

Kana jechuun, akka namoonni amantii isaanii kan dhugaa kanarraa hin dhoorgamneef, akka isaan waan barbaadan gabbaruu keessatti bilisa ta'aniif lolaa. Yeroo san amantii Rabbiif qofa ta'a. Homa argan walitti qabanii amantii jedhanii

[29]- Attajriid Assariih Li Ahaadiis Al-Jaami Assahiih, Al-Huseen bin Al-Mubaarak: 2/16.

moggaasuun bu’aa qaamota nama roorrisanii eeguuf jecha dirqamaan nama qabsiisuun ni hafa.

Balaa namatti deemu namarraa deebisuu san keessa; namoota Muslimmaa ykn hawaasa isaa kan dadhaboo ta’an, kanneen amantiin isaanii cunqurfamu, kan maqaan isaanii xureeffamu kanneen qabeenaa fi lubbuun isaanii cunqursaa fi saamichaaf saaxilamuuf tumsa godhutu keessa jira. Rabbiin akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَمَا لَكُمْ لَا تُقَاتِلُونَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ وَٱلْمُسْتَضْعَفِينَ مِنَ ٱلرِّجَالِ وَٱلنِّسَآءِ وَٱلْوِلْدَٰنِ ٱلَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَآ أَخْرِجْنَا مِنْ هَٰذِهِ ٱلْقَرْيَةِ ٱلظَّالِمِ أَهْلُهَا ﴾ النساء: ٧٥

*[Karaa Rabbii keessatti maaliif hin duulle. Namoota dadadhaboo dhiiraa, dubartootaa fi daa’imman yaa Rabbi ganda nama miidhu kana keessaa nu baasi jedhaniin kadhatan tumsuuf maaf hin lolle] (Annisaa: 75).*

Namoonni dadhaboon tumsi godhamuuf kun Muslimoota ta’uun dirqamaa miti. Osoo Muslimootas ta’uu baatanii miidhaa fi roorroon isaan irratti gaggeeffamee, Muslimoonni isaanii tumsuu yoo kan danda’an ta’e, amantiin Islaamaa ilma namaatiif mararfatuuf dhufe waan ta’eef, namoota sanniin cunqursaa fi gidira san jalaa baasuun dirqama. Ragaan kanaa jecha Rabbii guddaati:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ ٱلَّذِينَ إِن مَّكَّنَّٰهُمْ فِي ٱلْأَرْضِ أَقَامُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَوُا۟ ٱلزَّكَوٰةَ وَأَمَرُوا۟ بِٱلْمَعْرُوفِ وَنَهَوْا۟ عَنِ ٱلْمُنكَرِ ۗ وَلِلَّهِ عَٰقِبَةُ ٱلْأُمُورِ ﴾ الحج: ٤١

*[(Namoonni nuti isaaniif tumsuu waadaa galleef) osaannan yoo nuti dachii keessatti bakka bu’aa goonee haala mijeessineef salaata salaatanii, (qabeenya isaanii irraa) zakaa baafatanii,*

*waan gaggaaritti wal-ajajanii waan badii irraa wal-seeraniidha. Booddeen waan hundaatuu gara Rabbiitti deebi'a] (Al-Hajji: 41).*

Kanarraa ka'uun qabsoon Islaamaa kaayyoo fi galama deemuuf keessatti waraana (lolaan) gara gara. Ogeeyyota seeraa biratti waraanni (lolli) bu'aa qabeenyaa argamsiisuu fi faaydaa biyya ufii kabachiisuuf jecha, fedhii kophaa ufii qofa eegsisachuuf, diinagdee ufii cimsachuu fi jaalala namarratti ol ta'uuf qabanirraa ka'uun kan biyyi takka biyya biraa irratti labsituudha. Amantii Islaamaa keessatti qabsoon kan kaayameef yeroo diina wliin wal-waraansi argameefi. Kanaafuu qabsoon kan labsamuuf diina ufirraa qolachuuf ykn garee Muslimootaa takka eeguufi.

Hayyoonni seenaa warra Dhihaa hedduun kanaaf ragaa bayanii turan. Hayyuun *Joostaaf Looboon* jedhamu akkana jedhe: "Yeroo waa'ee biyyoota baniinsa Arabootaa fi sababoota injifannoolee isaanii irraa dubbannu wanti hubatamu, babal'ina Qur'aanaatiif humni sababa ta'uu dhabuu isaati. Araboonni biyyoota bananii seenan keessatti jiraattota biyya sanii amantii irratti osoo hin dirqine bilisa godhanii dhiisan. Gosoonni amantii Kiristaanaa hordofan gariin wanti isaan amantii Islaamaa qabatanii afaan Arabiffaa fayyadamaniif yoo jiraate, wal-qixxummaa Arabootaa keessatti waan kanaan dura warroota isaan bulchaa turan irratti hin argin waan arganiifi ta'a, waan tokko amantiin Islaamaa salphaa namaaf godhuu isaatiif ta'utu mala. Seenaan akka raggaasisetti amantiin kamiyyuu humnaan namatti hin fe'amu. Kiristaanonni Araboota *Andalusiin* keessa jiran dirqanii amantii ufii qabsiisuuf yaallaan, amantii Islaamaa

gadi dhiisuu irra ajjeechaa fi biyyaa baqachuu filatan. Amantiin Islaamaa seeyfiin (waraanaan) osoo hin taane da’awaa (itti nama yaamuu) qofaan babal’ate...”[30].

Hayyuun *Toomaas Arnoold* jedhamus akkana jedhe: “Ilaalchi akka namoonni amantii Islaamaa qabataniif sababa kan ta’e waraana (seeyfii)dha jedhu yaada dhugarraa fagaate ta’uun isaa ifa bayee jira. Waraanni (seeyfiin) yeroo garii dhimma amantichaa cimsuuf itti fayyadamamus, warraaqsa da’awaa (yaamicha amantii) babal’isuuf sababa kan ta’e,nama yaamuu fi nama amansiisuudha malee jabinaa fi laafina humnaatii miti”[31].

Amantii Islaamaa keessatti lolli sababa karaa godhameef qaba malee, mataan isaa barbaadameetii miti. Kanaafuu amantiin Islaamaa yoomiyyuu bakka nageenyi dhugaa raggaasisuu, miidhaa namarraa deebisuu fi hawaasa dhala namaa keessatti tasgabbii fiduu danda’utti nagaya buusuu filata. Rabbiin guddaan akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَإِن جَنَحُواْ لِلسَّلْمِ فَٱجْنَحْ لَهَا وَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْعَلِيمُ ﴾ الأنفال: ٦١

*[Yoo isaan nagayaaf bitamanii (nagaya buusuu filatan) atis nagaya san buusii. Inni dhagayaa fi argaadha] (Al-Anfaal: 61).*

Kana jechuun, yoo gareen siin lolu sun nagayaaf harka kennee waraana dhaabe ta’e, atis yaa Muhammad nagaya buusi jechuudha.Osoo amantii Islaamaa keessatti dubbiin akkana ta’uu baattee, lolli ykn waraanni ufirraa deebisuuf osoo hin taane matuma isaatiif kan barbaachisu ta’ee, silaa amantiin Islaamaa nagaya ufitti fudhatu. Silaa dachiin baddee, dachii hunda keessa

[30]- Qarooma Arabaa: 162.
[31]- Adda’awatu Ilaa Al-Islaam: fuual 88.

seenee ilmaan isaa gabroonfatee qabeenya isaanii saama ture. Kun immoo yoomiyyuu seenaa keessatti argamee hin beeku. Ragaan kanaa Muslimoonni biyyoota bananii qabatan hunda keessatti dachii isaanii isaanumaaf dhiisanii gibira qofa akka kaffalan goossisaa turan. Keeyyata biraa keessatti Rabbi murtii kana deeggaruuf akkana jedhe:

﴿ فَإِنِ ٱعۡتَزَلُوكُمۡ فَلَمۡ يُقَٰتِلُوكُمۡ وَأَلۡقَوۡاْ إِلَيۡكُمُ ٱلسَّلَمَ فَمَا جَعَلَ ٱللَّهُ لَكُمۡ عَلَيۡهِمۡ سَبِيلٗا ﴾ النساء: ٩٠

*[Yoo isaan isinirraa goranii isiniin loluu baatanii nagaya buusan, (isaaniin loluu) Rabbi karaa isiniif hin goone] (Annisaa: 90].*

Ammas akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ فَإِن لَّمۡ يَعۡتَزِلُوكُمۡ وَيُلۡقُوٓاْ إِلَيۡكُمُ ٱلسَّلَمَ وَيَكُفُّوٓاْ أَيۡدِيَهُمۡ فَخُذُوهُمۡ وَٱقۡتُلُوهُمۡ حَيۡثُ
ثَقِفۡتُمُوهُمۡۚ وَأُوْلَٰٓئِكُمۡ جَعَلۡنَا لَكُمۡ عَلَيۡهِمۡ سُلۡطَٰنٗا مُّبِينٗا ﴿٩١﴾ النساء: ٩١

*[Yoo isaan isinirraa goranii, nagayaaf harka isinitti kennatanii lola hin dhaabin, bakka argitanitti isaan qabaa isaaniin lolaa (waraanaa). Jara akkasii saniin loluu Rabbi isiniif hayyamee jira]. (Annisaa: 91).*

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ فَمَا ٱسۡتَقَٰمُواْ لَكُمۡ فَٱسۡتَقِيمُواْ لَهُمۡۚ ﴿٧﴾ ﴾ التوبة: ٧

*[Haala isaan (waadaa waliif galtan irra) gadi dhaabataniin isinis (waadaa sanirra) dhaabadhaaf] (Attowbaa: 7).*

Keeyyatoonni kunniin hunduu kan mirkaneessan, bu’uurri hariiroo jidduu biyyoota Muslimaa fi Mislima hin ta’inii jiru nagaya buusuudha malee waraana banuu ta’uu dhabuu isaati. Kanaafuu Rabbiin akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَٰتِلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ
وَتُقْسِطُوٓا۟ إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ إِنَّمَا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ قَٰتَلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَأَخْرَجُوكُم مِّن
دِيَٰرِكُمْ وَظَٰهَرُوا۟ عَلَىٰٓ إِخْرَاجِكُمْ أَن تَوَلَّوْهُمْ ۚ وَمَن يَتَوَلَّهُمْ فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلظَّٰلِمُونَ ﴾ الممتحنة: ٨ - ٩

*[Rabbi namoota isiniin hin lolle, kan ganda keessan irraa isin hin baasinitti tola ooluu fi wal-qixxummaa jidduu isaaniitti argamsiisuu irraa isin hin dhoorgine. Rabbi nama wal-qixxeessu jaalata. Kan Rabbi irraa isin dhoorge, isaannan amantii keessan irratti isiniin lolan, kanneen ganda keessan irraa isin baasan, kanneen biyyaa isin baasuu keessatti qaama biraatiif tumsa ta'an jaalalallee godhachuudha. Namni isaan jaalallee godhate nama (lubbuu isaa) miidherraayyi] (Al-Mumtahinaa: 98-9).*

Bifa kanaan amantiin Islaamaa, sona seera idila addunyaa kan bu'uurri hariiroo jidduu biyyootaa nagaya ta'uu qaba, lolli dhimma battalaa (rakkina ariifachiisaaf) qofa jedhu dursee jira.

Amantiin Islaamaa walii galteewwan lola hambisuuf taaasifamiin booda akka nageenyi sun nagaya dhugaa ta'ee argamuuf jecha walii galticha san ni cimsa. Nagaya kana tiksuuf immoo tarkaanfiiwwan barbaachisan hunda fudhachuun dirqama. Tarkaanfiiwwan kunis rakkinoota gama diinaatiin walii galtee cabsanii tasa dhufuu danda'an hundaaf uf qopheessuudha. Kana irratti Rabbi akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَأَعِدُّوا۟ لَهُم مَّا ٱسْتَطَعْتُم مِّن قُوَّةٍ وَمِن رِّبَاطِ ٱلْخَيْلِ ﴾ الأنفال: ٦٠

*[Haga dandeettaniin humnaa fi guluffii fardaa fa'aan isaaniif qophaayaa. Saniin diina Rabbii fi diina keessan sodaachiftu] (Al-Anfaal: 60).*

Hiikkaa keeyyata kanaa irratti Imaam Arraaziin akkana jedhe: “Rabbiin waan qophaayaa jedheef kana dubbatee jira. Innis diina Rabbii fi diina ufii ittiin sodaachisuudha. Kana jechuun warroonni hin amanin (Kuffaartonni) Muslimoonni qabsoof qophaayoo ta’uu, gahumsa qabaachuu fi meeshaalee waraanaaf barbaachisan hundaan qophaayoo ta’uu isaanii yeroo dhagayan waan sodaataniifi”[32].

Wanti beektonni hedduun bu’uurri hariiroo idila addunyaa waraanarratti kan hundaa’e jedhaniif, dhimma battalaa yeroo san Muslimoonni keessa turan kan akka isaan waraananiif isaan dirqimsiiseedha. Jechuun siyaasaa yeroo saniitti tureedha. Sunis haala yeroo san diinonni Islaamaa lolaa fi diinummaa Islaamotaaf qaban ufirraa qolachuuf kan jedhameedha. Yoo gaafa wayii ummatoonni walii galanii balaa waraanni fide kana mormatanii nagaya waaraa buusuu, nageenya addunyaa guutuu eegsisuu fi dhiiga dhangala’u dhaabsisuuf jecha walii galtee fi wal-hubannaa irra gayuuf walii galan, sonoonni amantii Islaamaa nagaya kana ni raggaasisa.

Garuu ummatoonni hafan walii galtee san kabajuu dirqama irratti taasisa. Yeroo ammaa kana amantii Islaamaa ragaa fi dhugaa sammuun namaa itti amantuun namoootaa fi biyyoota addunyaa hedduu jiddutti diddiriirsuuf haalli baay’ee mijaayaadha. Bifa guutumatti bilisa ta’een amantii Islaamaa kana addunyaaf qaqqabsiisuu yoo dandeenne, kanaaf jennee wanti waraana wayiituu banuu nu barbaachisuuf hin jiru. Sababni isaas yeroo ammayyaa kanatti humnoonni gurguddoo fi qaamni cunqursaan akka yaamichi amantii Islaamaa ummata

[32]- Mafaatiihu Al-Geeybi, Arraazii: 4/377.

biyya isaa hin qaqqabneef karaa fi tooftaalee hunda cufu sun akka hubannoo yeroo ammaatti hin jiru.

Hariiroo bu'uurri isaa nagaya buusuu ta'e hawaasa Islaamaa fi hawaasota biraa jiddutti cimsuun, jireenya hawaasa hundaa guddisuu, karoora guddinaa fi misoomaaf became tumsuu, ummatoota guddatan irraa sirritti fayyadamuun jijjiiramaa fi ijaarsaaf onnachuun qaroomaa fi guddina nama jala dabre hunda dhaqqabachuuf nama gargaara.

Sonni walii galaa kun hawaasni Islaamaa diinota dachii isaa weeraranii ummatoota isaa cunqursaa jiran irratti jihaada labsuu hin dhoorgu. Sababni isaas qabsoon bifa kanaan labsamu diina ufirraa qolachuuf, kabaja lammii isaa eegsisuuf, balaa as deemutti karaa cufuu fi amantii tiksuudhaaf kan hayyamame waan ta'eefi.

## Gahee Sirni Baruu fi Barsiisuu Islaamaa Guddina Keessatti Qabu

Ogeeyyiin barnootaa hundinuu sirni dhaloota barsiisuu akka isaan naamusa hawaasaa irratti guddatan godhuuf baay'ee barbaachisaadha jedhu. Sirni barumsa argachuu kun akka dhaloonni sun humna jajjaba hawaasa cimaa oomishuu fi xiinxalu argamsiisuuf gargaara.Garuu wanti hayyoonni kun irratti wal-dhaban akkaataa haala hawaasa saniiti moo akkaataa ilaalcha qaroomaa kan guddinaa fi misoomni biyyattii oofu san ta'uu qaba jechuu irratti.

Ogeessa barnoota Islaamaa biratti, sonoonni bu'uura guddisaa fi barsiisa ilmaanii kan walii gala kallattii hundaanuu: gama qabeenyaatiin, gama naamusaatiin, gama namummaa fi

hawaasummaatiin maddi isaa adeemsa Islaamawaa ta’uu isaa shakkiin hin jiru.

Kanarratti hundaa’uun, sonoota adeemsa Islaamaa keessaa sonni inni jalqabaa ilma namaa kan ragaa fi xiinxala gahaa irratti hundaa’ee Rabbii isaa tokkichoomsu, kan Rabbii isa uume beeku, kan Isa malee waan biraa hin gabbarre bocuu (uumuu) dha. Sammuun qofti irra gubbaa kanaan amanuun naamusa gadi dhaabbataa bocuuf gahaa miti. Kana madditti Rabbii tokkicha gabbaruu fi isatti waa ida’uu dhabuun dirqama.

Amantiin Islaamaa nama isatti amane gara kallattii takkaatti deebisuu danda’ee jira. Innis Rabbii isaan uumetti amanuun guutumatti gara isaa fuula deeffachuu, adeemsa hunda isarraa fudhachuu, isa gabbaruun seerota inni namaaf tume jala deemuu, uumama (hawaa) kanarraa fayyadamuun qarooma ufii ittiin guddifachuudha.

Aqiidaa toowhiidaa (Rabbiin tokkichoomsuu) keessatti, namni Muslimaa dhugaa gooftummaa Rabbii kan Inni qofti itti kophaa bayee fi dhuka gabbartii kan namni hundi irratti wal-simu hubatee jira.

Kun immoo akka Muslimni uf gabbaruu irraa qulqullaayu isa godhe. Sunis fedhii ufii jala deemuu dhabuu fi lubbuu waan badiitti nama ajajju tan qajeelluma Rabbi lafa namaa kayeen hin qajeelfamne tole jechuu diduudha. Lubbuu akkasii tole jechuun gaaga’amaa fi dhiphina haala jireenyaatti nama geessiti. Akkasumas dhugaa hubachuu irraa ija namaa jaamsiti, tooftaalee waan dhugaa ta’an beekuu hunda namatti duuchiti.

Namni Muslimaa uf gabbaruu qofarraa hin qulqulloofne. Namoota akka isaa gabbaruu irraayis bilisa baye. Sababni isaas

inni nama biraa gabbaruun sammuu fi lubbuu isaa duucha, dandeettii qabeenya isaa hojiin ala godha, itti gaafatamummaa hawaasummaa irraa isa baasa.

Akkuma uf gabbaruu fi nama akka isaa gabbaruu irraa bilisa baye kana, ammas wantoota jireenya kana keessa jiran kan akka: qabeenyaa, namootaa fi bu'aalee gabbaruu irraayis bilisa ta'a.Wantoota akkasii gabbaruun ilma namaa walitti buusa. Kunis namoonni dhuunfaa fi gareeleen karaa dhugaarraa dabutti geessa. Waraanni cimaan jidduu isaaniitti akka ka'uuf sababa ta'a. Hawaasa san keessatti safuun, dhugaan fi fakkeenyumaan dhalli namaa qabu akka kufu taasisa. Yeroo sanitti ulaagaan wantoonni ittiin madaalaman, adeemsa Rabbii kan bu'aa nama hundaa eegee, kaayyoo fi tooftaa itti gayamuun barbaadamu kan uumaa dhala namaa waliin deemu san cinatti gatuun, wanta sanirraa hamma baay'ee ta'e karaa fedhaniin horachuu ta'a.

Adeemsa sonoota Islaamaa keessaa, akkuma kanaan dura ibsaa turre ilmi namaa dachii kanarratti bakka bu'aa ta'uu isaati. Ilma namaa kana Rabbiin uumama hedduu keessaa kabajaa isaaf kenne, akka inni dachii tana kunuunsu amaanaa itti kenne, itti gaafatamummaa hawaasa fakeenya ta'u horachuus itti kenne. Kanaafuu uumama bineensota Rabbiin uume irraa kan adda isa godhu, afuuraan, sammuu fi gama hawaasummaatiin gama oliitti (waan gaariitti) guddachuuf tattaaffii taasisuu isaati.

Adeemsi Islaamaa akka ilmi namaa kun kallattiiwwan isaa hunda bifa gadi bu'iinsa qabuun wal-madaalsisu ajaja. Gamni afuuraa, gamni sammuu fi gamni lubbuu wal-madaaluun osoo gamni tokko gama kaan hin caalle dirqama amaanaa namatti kennamee bifa bareeda ta'een bayachuun dirqama.

Gamni tarreessine kunniin yoo qajeelfam sirrii ta’e qajeelfamanii, gamni tokko isa kaan too’achuun karaa sirritti ka deebisu ta’e, ol guddachuuf yoomiyyuu qophiidha. Lubbuu hubannootu qajeelcha, miiratu seeratti isa deebisa. Sammuun dhugarraa dabuu argama (uumamatu) sirreessa. Afuura immoo wahyii (beeksisa) Rabbirraa dhufutu qajeelchuun akka inni tasgaabbii fi sodaa Rabbii argatu godha. Sodaan Rabbii immoo duungoo cimaa hubannaan, miirri fi argamni (uumamni) ittiin ifa argataniidha.

Adeemsa sonoota Islaamaa keessaa ilaalchi inni hawaaf (uumamaaf) qabu ilaalcha dimshaashawaa kutaalee isaa addaan hin qoqqoonneedha. Kunis waan saayinsiiwwan uumamaa mallattoolee tokkichummaa Rabbii mul’isan kan hawaa keessa jiran kana saaqanii namaaf argisiisaniif, saayinsiiwwan uumamaa kana iimaana namaa keessatti hojirra oolchuun mirkanaaya.

Kanarraa ka’uudhaan, qaroomni Islaamaa waan amantii fi addunyaa addaan fooyuu jedhu kana argee hin beeku. Ka’umsi qarooma Islaamaa uumama hunda ija wal-qixa ta’een kan ilaaluu fi hundinuu gareelee uumaa Rabbii argisiisan kan waliin ta’uun waliin sosocho’ani jechutti amanurraa ka’e. Kunis ilaalcha walii galaa fi wal-guutaa ta’e kan ilma namaa gara Rabbii guddaa waan isaan hin mallerraa qulqullaayutti geessuudha.

Kunis dhugaa tokkoomuu beekkumsaa kan barnoonni Islaamaa itti nama yaamuuti. Sababni isaas beekkumsi tokkoome sun saayinsiiwwan uumamaa kana iimaana namaa, gammachuu qabeenyaa fi afuura isaa keessatti argamsiifti.

Saayinsiiwwaan hawaasummaa fi namummaas akka amantiin Islaamaa jedhetti ilma namaatiif haala qilleensaa mijataa uumuu keessatti akka gumaachu taasisa.

Kun hunduu gama utubaalee Islaamaa, seerotaa fi ilaalcha inni hawaa, jireenyaa fi hawaasa ilma namaatiif qabu hundee godhatuutiini. Ilaalchi kunis Qur'aana Rabbii keessa bifa addaan baasuu hin dandeenneen walitti hidhamtee argamti. Akka seera qarooma warra Dhihaa ammaa kan guutumatti amantii fi beekkumsa ykn amantii fi jireenya addunyaa addaan baasanii sanii miti.

Yaad-rimeen guddisa/barnoota Islaamaa nama dhuunfaa tokko bifa qaroomawaa ta'een bocuu, qophii guutuu fi dimshaashawaa ta'een gama hundaan isa qopheessuu, gama aqiidaa, gama fedhii, gama xiinxalaafi gama qabeenyaatiin isa qopheessuu. Kunis akka inni nama ummata jiddu galeessa bocuu danda'u mirkaneessuufi. Haala kanaan namni Muslimaa tokko daa'imummaa isaarraa kaasee, dargaggummaa fi jaarsummaa isaa keessas dabree kaayyoo qaba. Hundinuu akka iddoo fi sadarkaa isaatti gahee bayatu qaba. Hunduu waan dalagu san bareechee tolchuun, waan haaraya irratti dabaluun ummata isaa yeroo hunda kalaqa haaraya isaaniif laachuurratti futuna. Kunis ajaja Rabbiin haga dandeettaniin humnaa fi qabsoo kallattiiwwan jireenyaa hunda qixxistuun qophaayaa jedhe san awwaachuudha.

Barnoota ykn akkaataa guddisa dhaloota Islaamaa ilaalchisee, dirree dimshaashaa kanarraa gara dirree dhuunfaatti yoo sochoone, hundeen guddisa dhalootaa kun akka armaan gadii kanatti cuunfamee ibsamuu danda'a:

- Barnoota ykn guddisa afuura, sammuu fi qaama namaa hunda uf keessatti hammatuudha. Kanarratti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu) akkana jedhan: “Qaamni kee haqa sirraa qaba, lubbuun tee haqa sirraa qabdi, maatiin kee haqa sirraa qaba. Hundaafuu haqa isaa kenniif (eegiif).

- Barnoota ykn guddisa madaalawaa carraa addunyaa fi guyyaa boodaas uf keessatti hammatu. Rabbiin akkana jedhe:

﴿وَٱبۡتَغِ فِيمَآ ءَاتَىٰكَ ٱللَّهُ ٱلدَّارَ ٱلۡأٓخِرَةَۖ وَلَا تَنسَ نَصِيبَكَ مِنَ ٱلدُّنۡيَاۖ﴾ القصص: ٧٧

*[Waan Rabbiin siif kenne kanaan ganda guyyaa boodaatiif (ittiin) waa carraaqadhu. Qooda kee ka ganda addunyaa kanas hin irraanfatin] (Al-Qasas: 77).*

- Guddisa ilaalcha (afaan qofaan) kennamu osoo hin taane, guddisa naamusa gaarii kan nama hojiin waa mul’isu fi seera qabatama naamusaa fi amala gaarii irratti qopheessuudha. Rabbi akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿قَدۡ أَفۡلَحَ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ١ ٱلَّذِينَ هُمۡ فِي صَلَاتِهِمۡ خَٰشِعُونَ ٢ وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَنِ ٱللَّغۡوِ
مُعۡرِضُونَ ٣ وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِلزَّكَوٰةِ فَٰعِلُونَ ٤ وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِفُرُوجِهِمۡ حَٰفِظُونَ ٥ إِلَّا عَلَىٰٓ
أَزۡوَٰجِهِمۡ أَوۡ مَا مَلَكَتۡ أَيۡمَٰنُهُمۡ فَإِنَّهُمۡ غَيۡرُ مَلُومِينَ ٦ فَمَنِ ٱبۡتَغَىٰ وَرَآءَ ذَٰلِكَ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ
ٱلۡعَادُونَ ٧ وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِأَمَٰنَٰتِهِمۡ وَعَهۡدِهِمۡ رَٰعُونَ ٨ وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَلَىٰ صَلَوَٰتِهِمۡ يُحَافِظُونَ ٩
أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡوَٰرِثُونَ ١٠ ٱلَّذِينَ يَرِثُونَ ٱلۡفِرۡدَوۡسَ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ ١١﴾
المؤمنون: ١ - ١١

*[Warroonni Rabbitti amanan dhugumaan milkaayan. Isaannan salaata isaanii keessatti gadi uf qaban. Isaannan tapha (bu’aa hin qabnerraa) dugda gara galan. Isaannan zakaa*

*kennatan. Isaannan qaama saalaa isaanii (badii irraa) tikfatan. Yoo haadha manaa isaanii fi waan harki isaanii dhuunfate waliin qunnamtii raawwatan, san keessatti hin komataman. Namni isaan kanaan alatti nama biraa waliin qunnamtii godhuu barbaade adabbii ufitti murteesse. Isaannan amaanaa fi waadaa galan tikfatan. Isaannan salaata isaanii (yeroo isii fi qulqullina) sirritti eeggatan. Isaan akkasii sunniin yeroo dhuma hin qabneef Jannata Firdoowsaa dhaalan] (Al-Mu'uminuun: 1-11*).

- Namoota dhuunfaa naamusa gaarii fi kabajarratti guddisuu fi gareelee immoo wal-gargaaruu irratti leenjisuu. Rabbiin akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَتَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡبِرِّ وَٱلتَّقۡوَىٰۖ وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡعُدۡوَٰنِۚ ﴾ المائدة: ٢

*[Waan gaggaarii irratti wal-gargaaraa, waan badii fi diinummaa ta'erratti wal-hin gargaarinaa] (Al-Maa'idaa: 2).*

Ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: "Wal-jaalala, waliif mararfannaa fi waliif nayuu keessatti fakkeenyi Mu'umintootaa akka fakkeenya qaama (nama tokkoo)ti. Isa (qaama namaa) keessaa yoo tokkichummaan dhukkubsate, qaamni hundi hirriba malee bowwaafataa bula"[33].

- Guddisa keessa ykn miira nama tokkoo akka inni naamusaa fi hojii isaa ittiin uf too'atuuf gargaaru irratti guddisuu. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: "Eessayyuu yoo jiraatte Rabbiin

[33]- Muslimtu kitaaba isaa Muktasara keessatti, lakkoofsa Hadiisaa 1774 irratti odeesse.

sodaadhu. Badii yoo dalagde toltuu itti dhaqqabsiisi sirraa haqxi. Ilma namaa naamusa (amala) gaariin waliin jiraadhu".

- Guddisa uumaa namni irratti uumame waliin deemu. Guddisa uumama xurree walakkeessa gadi butuu fi bira dabarsuu hin qabne irratti deebisu. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تعَالَىٰ: ﴿ فِطْرَتَ ٱللَّهِ ٱلَّتِي فَطَرَ ٱلنَّاسَ عَلَيْهَا ۚ لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ ٱللَّهِ ۚ ذَٰلِكَ ٱلدِّينُ ٱلْقَيِّمُ وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴾ الروم: ٣٠

*[(Amantiin Islaamaa) uumama Rabbi irratti nama uume. Uumaan Rabbii hin jijjiiramu. Sun amantii gadi dhaabbataadha. Garuu namoonni hedduun hin beekan] (Arruum: 30).*

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: "Daa'imni dhalatu hundi uumaa (Islaamummaa) irratti dhalata, abbaaf haadha isaatu kiristaana ykn Yahuudaa ykn warra ibidda gabbarutti isa jijjiira malee"[34].

- Ilma namaa gama waan gaarii fi haqqummaa lubbuu isaatiif, maatii isaatiif, hawaasaa fi cufuma dhala namaatiif mirkaneessuutti qajeelchuu. Rabbiin guddaan akkana jedhe:

قَالَ تعَالَىٰ: ﴿ وَلْتَكُن مِّنكُمْ أُمَّةٌ يَدْعُونَ إِلَى ٱلْخَيْرِ وَيَأْمُرُونَ بِٱلْمَعْرُوفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ ٱلْمُنكَرِ ۚ وَأُولَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ ﴿١٠٤﴾ ﴾ آل عمران: ١٠٤

*[Isin keessaa gareen waan gaaritti nama yaaman kan toltutti nama ajajanii badii irraa nama dhoorgan haa jiraatan. Isaan akkasii sun warra milkaaye] (Aala Imraan: 104).*

[34]-Al-Bukaarii, 6/143.

*Imaam Al-Gazaaliin* akkana jedhe: “Waan nama fayyadu namaaf argamsiisuu fi waan isaan miidhu irraa deebisuun ergaa shari’aati. Tolinni uumamaa (ilma namaa) kaayyoo isaanii argamsiisuu keessa jira. Bu’aan Shari’aan kaayyeffatteef waa shani: amantii isaanii, lubbuu isaanii, sammuu isaanii, hortee (ilmaan) fi qabeenya isaanii tiksuudha. Wanti bu’uuraalee shanan kana uf keessatti qabatu hunduu bu’aadha. Wanti bu’uurota shanan kana faallessu hunduu miidhaa waan ta’eef, isa deebisuun (balleessuun) bu’aadha”[35].

- Guddisni ykn barnoonni Islaamaa guddisa itti fufaa iddoo kamittuu hin dhaabannee fi dirreelee heddu keessatti kan fayyaduudha. Manatti, hawaasa keessatti, mana barumsaa fi Masjiidattis fayyada.

- Guddisa hundee fi ammayyaawaa ta’e kan tooftaalee gaggaarii ta’an hunda waliin wal-simatuu fi qajeelchaa fi sirreeffama kan namaaf kennuudha: ‘Ogummaan waan Muslima jalaa bade, eessumattuu yoo arge inni eennumayyuu caalaa haqa itti qaba’.
- Guddisa addunyaawaa dhala namaa hundaaf kaayame, kan daangaa hin beeyne, kan gosummaa fi firummaa dhiphoo taateef iddoo hin kennineedha. Guddisa ilma namaa eessattiyyuu tajaajiluuf argame, kan gaarii isaaniif dalagu, kan ilmaan isaanii jiddutti firii jaalalaa facaasuudha. Kanarratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّا خَلَقۡنَٰكُم مِّن ذَكَرٖ وَأُنثَىٰ وَجَعَلۡنَٰكُمۡ شُعُوبٗا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓاْۚ إِنَّ أَكۡرَمَكُمۡ عِندَ ٱللَّهِ أَتۡقَىٰكُمۡۚ ﴾ الحجرات: ١٣

[35]- Al-Mustasfaa, 1/139, 140.

*[Yaa ilma namaa! Nuti dhiiraa fi dubartii irraa isin uumnee, akka isin wal-beeytaniif jecha ummatootaa fi gosoota (adda addaa) isin goone. Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, kan caalatti (Isa) sodaatu] (Al-Hujuraat: 13).*

Guddisa ykn barnoota Islaamaa fi guddisni warra Dhihaa kanarratti addaan bayan. Guddisni warra Dhihaa aantummaan isaa inni guddaan namaaf osoo hin taane biyyaafi. Ragaan kanaa lammiin warra Dhihaa biyya isaa keessatti akka hin hanne, akka hin kijibne, akka saamicha hin raawwannee fi akka hin dallanne gorfama. Garuu biyya isaatiin alatti, fakkeenyaaf biyyoota ufii koloneeffatan keessatti ufittummaa fokkisaa, bolola daangaa kute, nama gowwoomsuu, nama ganuu, kijibuu, nama saamuu, qabeenya namaa barbadeessuu, safuulee biyyi sun qabdu hunda lafatti dhiitanii qabeenya biyyattii saamuun beekkamu.

Bu'uuraalee guddisa Islaamaa eega beekne booda, kaayyoleen isaa ifa galaa waan ta'uuf, akka armaan gadii kanatti gabaabsinee ilaaluu ni dandeenna:

- Amantiin Islaamaa sonootaa fi shari'aa isaa keessatti ilma namaa guddisa dimshaashawaa guddisuu irratti fuulleffata. Kunis gama ilma namaa kana boca iimaanaatiin bocuun akka inni jireenya isaa keessatti nama gadi dhaabataa fi qulqulluu ta'u godhuudha. Yoo ilmi namaa guddisa Islaamaa sanitti fayyadamee sadarkaa sodaa Rabbiititti yoo gaye, karaa beekkumsaa isa dhugaa kan jireenya isaa isaaf ibsuu fi sosochii uumama naannoo isaa hubachiisutti geessa. Rabbiin guddaan akkana jedhe

قَالَ تَعَالَى: ﴿ وَاتَّقُوا اللَّهَ وَيُعَلِّمُكُمُ اللَّهُ ﴾ البقرة: ٢٨٢

*[Rabbiin sodaadhaa Rabbi isin barsiisa] (Al-Baqaraa: 282).*

Rabbiin ilma namaa kana sammuu waa hubatuun kan ittiin waa addaan baasu kan itti gaafatamummaa dachii keessatti bakka bu'ummaa isatti kennamte ittiin bayatu kenneefi jira. Kanaafuu Qur'aanni kabajamaan ilma namaa akka isaan sammutti fayyadamanii xiinxala bu'a qabeessa irra gayan cimsee itti yaama. Kanaafuu keeyyatoonni Qur'aanaa hedduun jechoota osoo kan yaadan ta'ee, namoota waa yaadaniif, namoota waa hubataniif, namoota xiinxallaniif fi kkf kan guutameedha. Namni sammuu isaatiin waa yaadu waan hunda keessatti homa argee fi waan sababa fudhatamaa hin qabnetti hin amanu.Adeemsi guddisaa kuniyyuu sammuu beekkumsaan qaramte kan jireenya kana keessatti qaroomaa fi guddinatti nama geessituudha.

- Dhugumaan Rabbitti amanuu fi isatti waa dabaluu dhiisuun dalagaalee gaggaarii gama safuu, kabajaa fi gammachuutiin guutuutti geessa. Kaayyoon guddisa dhugaa inni guddaan dalagaan namaa kan namummaa namaa ibsitu ta'uu, kan wal'aansoo fedhii bineensummaa qaama isaa kan dhumni isaa hawaasa jiraataa bosonaa fakkaatutti nama geessu san irraa isa fageessuudha.

Kaayyoo guddaa kanatti gayuuf jecha, yeroo maraa Qur'aanni kabajamaan dalagaawwan gaggaarii iimaanaan walitti hidha. San keessaa:

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ إِنَّا لَا نُضِيعُ أَجۡرَ مَنۡ أَحۡسَنَ عَمَلًا ﴾ الكهف: ٣٠

*[Isaannan amananii waan gaggaarii dalaganiif nuti mindaa nama dalagaa isaa tolchee hin balleessinu] (Al-Kahaf: 30).*

قَالَ تَعَالَى: ﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ كَانَتۡ لَهُمۡ جَنَّٰتُ ٱلۡفِرۡدَوۡسِ نُزُلًا ﴿١٠٧﴾ ﴾ الكهف: ١٠٧

*[Isaannan amananii waan gaggaarii dalaganiif qubsumni isaanii Jannata Firdoowsiiti] (Al-Kahf: 107).*

Dalagaan gaggaariin akkuma dhugumaan Rabbitti amanuu irraa burqu, naamusa gaarii ergamaan Rabbii isa guutuuf dhufan sanirratti gadi dhaabatuu irraas ni dhufa: *"Ani kan ergameef amallan gaggaarii namaaf guutuufi"* jedhan.

- Ilmi namaa sadarkaa guutamiinsaa isa ol'aanaa irra kan gayuun: tokkoffaa: nama gaarii ufii isaatii gama afuuraa, hawaasummaa, sammuu fi qaamaatiin guddisa gaarii qabu yoo ta'eedha. Lammaffaa: lammii gaarii maatii fi hawaasa Muslimaa keessatti guddisuun. Sadaffaan: nama gaarii hawaasa dhala namaa hundaaf guddisuuni.

  Guutamiinsi nama tokkoof yoo argame, ganda lachittuu gammachuu argata. Ganda addunyaatti namoota waa hojjatan kan Rabbitti amanan, kanneen seera kabajanii fi bilchaatoo ta'an qindeessa. Ganda boodaatti immoo jaalala Rabbii argachuu fi jannata qananii san keessatti sadarkaa ol'aanaa argachuun gammada.
- Uumaa ilma namaa kana akka isiin daangaa Rabbi isaaf uume keessaa hin baane kallattii qabsiisuu. Kunis daangaa kana keessaa osoo hin baane bifa madaalawaa ta'een osoo bira hin dabarsine osoo hin hanqisne akka keessa socho'uufi. Uumaan xurree sirrii isaaf lafa kaayame keessaa bayuun kaayyoo namni dachirratti bakka buufameef balleessa. Kararraa dabiinsi tokko kararraa dabiinsa biraatti geessa. Kun immoo nama sanis balleessee jireenya isaas balleessa. Kanaafuu guddisni Islaamaa sadarkaa isaa hunda keessatti daa'imummaa isaa irraa kaasee

hanga ilmi namaa sodaa Rabbiitiin cimutti uumama ilma namaa kana tiksa.

➢ Ummata tokkoome, kan amanee fi ummata jajjaba irra waliif dabru bocuun kaayyolee guddisa/barnoota Islaamaa keessaa isa guddaadha. Kunis namoota aqiidaa Islaamaa irratti guddisuudhaan akka isaan gabbara isaanii Rabbii tokkicha qofaaf qulqulleessan, akka isaan gara qiblaa (kallattii) tokkootti fuula deebi'anii fi akka isaan amala gaarii horatan godhuudhaani.

Haala kanaan namoonni walitti baquun walitti makamu. Dhuma irratti immoo ummata Rabbiin irra filatamtuu ummataa jedheen san ta'u. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ إِنَّ هَٰذِهِۦٓ أُمَّتُكُمۡ أُمَّةً وَٰحِدَةً وَأَنَا۠ رَبُّكُمۡ فَٱعۡبُدُونِ ۝٩٢ ﴾ الأنبياء: ٩٢

*[Isiin tun ummata keessani, ummata tokkicha. Ani Rabbii keessani na gabbaraa] (Al-Anbiyaa: 92).*

Dubbiin walii galaa qorataan dhugaa barbaadu tokko osoo sonoota guddisa Islaamaa qoratee, akka isiin guddisaa fi barnoota irratti adeemsa walii galaa bocutti geessitu ni hubata. Ammas akka guddisni kun utubaalee fi kaayyolee ifa galaa ta'an kan hundee Islaamaa kan walii galaa irraa burqan, seerotaa fi adeemsa hawaa fi hawaasummaa hunda uf keessatti hammatan ta'uu isaa ni arga. Adeemsi guddisa Islaamaa kunis ilma namaa akka inni geengoo namummaa isaa keessaa hin baane eega. Sunis osoo akka Malaa'ikaatti isa hin qulqulleessine, osoo akka bineensotaattis gadi isa hin buufne bifa madaalawaa ta'een akka jiraatu godha.

Sirni guddisaa kun imaammata barnoota gadaa ammaa kana keessaa kan dhabamaadha. Sababni isaas imaammanni barnoota

ammaa gama sammuu fi qaamaatti fuulleffachuun kallattii afuuraan wal-qabatu kan silaa irra cimaa ta'e guutumatti lafatti kan gateedha.

*Doktor Is-haaq Al-Farhaan*yaada isaanii keessatti akkana jedhe: "ilma namaa kamiyyuu biratti afuuraan guddachuun dhimma bu'uuraati. Hayyoonni xiin-sammuu kallattiiwwan guddinaa waa afuri yeroo jedhan dogongoranii jiru. Isaanis: guddina miiraa, hawaasummaa, sammuu fi qaamaati. Guddinni afuuraa gosoota guddinaa afran kana hunda caalatti barbaachisaadha".

Kun dhuka dubbii ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaanirra haa jiraatuu): "Dhagayaa! Qaama namaa keessa kutaa foonii wayiitu jira. Yoo isiin tolte qaama hundatu tola. Yoo isiin bade qaama hundatu bada. Dhagayaa! Isiin sun (kutaan foonii sun) onneedha"[36] jechuun nuuf himaniiti.

## Gahee Seerri Naamusa Islaamaa Guddina Keessatti Qabu

Qorataan dhugaa barbaadu tokko haala lubbuu, sammuu fi hawaasummaa ilma namaa kana osoo duubatti deebi'ee ilaalee, akka inni kallattii lamarraa walitti qabame ifa ta'aaf. Kallaattiin inni duraa kallattii fedhii qabeenyaa (meeshummaa)tti amanuu kan gara addunyaa bineensummaatti nama harkisu yoo ta'u; kallattiin inni lammataa immoo kallattii miira mararfataa Rabbii isa uume isa yaadachiisuudha.

Kallattiiwwan lameen kunniin yeroo hundaa wal'aansoo cimaa walirratti gaggeessu. Inni tokko isa kaan injifachuuf tattaafata. Wal'aansoon kunis yookii gamni qabeenyaa

[36]- Al-Bukaarii fi Muslimtu irratti walii gale.

injifachuun fedhiin meeshummaa ilma namaa injifatee gara addunyaa bineensummaatti geessa ykn immoo gamni miiraa kan afuuraan wal-qabatu injifatee jireenyarraa isa fageessee gara addunyaa moloksummaatti isa ceessisuun fedhii meeshummaa kan uumamaan jirtu san ajjeessuuf ifaaja.

Gama lamaan keessaa inni kamiyyuu isa kaan injifachuun, ilma namaa geengoo uumamaa keessaa baasuun jireenya isaa keessa gaaga'ama galchutti akka geessu shakkiin hin jiru.

Ilmi namaa qabsoo namummaa isaa osoo olis uf hin fannisin osoo gadis uf hin buusin kabachiifachuuf taasisu keessatti, seera naamusaa madaalawaa ta'e kan geengoo uumamaa isa sirrii ta'e keessatti akka hafuuf gargaara. Kallattiiwwan lamaan keessaa garamiyyuu akka inni hin dabne godha. Kunis akka inni amaanaa bakka bu'ummaa dachii kana irratti qabu bayatuu fi akka inni itti gaafatamumaa guddaa kana galmaan gayatuuf gargaara. Rabbiin guddaan akkana jedhe:

قَالَ تَعَالَىٰ: إِنَّا عَرَضْنَا ٱلْأَمَانَةَ عَلَى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَٱلْجِبَالِ فَأَبَيْنَ أَن يَحْمِلْنَهَا وَأَشْفَقْنَ مِنْهَا وَحَمَلَهَا
ٱلْإِنسَٰنُ ۖ إِنَّهُۥ كَانَ ظَلُومًا جَهُولًا ﴾ الأحزاب: ٧٢

*[Nuti amaanaa dachii, samii fi gaarriin irra finnee sodaatanii baachuu didanii jennaan ilmi namaa baate (amaanaa kana fudhate).Inni uf miidhaa fi wallaalaa ta'e jira] (Al-Ahzaab: 72).*

Amantiin Islaamaa kan xumura amantiiwwan hundaa ta'ee fi sochii namaa namaa hunda kan uf keessatti hamate kun gama naamusa isaa kan fakkeenya gaarii ta'eetiin fedhii qabeenyaa fi afuuraa wal-madaalsisuu keessatti harka galfata. Kunis waan ilma namaa sadarkaa uumama isaa kan qulqulluu fi madaalawaa

ta'e sanitti ol guddisuu barbaaduuf. Akkasumas fedhii Rabbiin uumamaan isa keessatti uume sanis keessatti ajjeesuu hin barbaadu.

Seerri naamusaa kan hawaasa too'atu jiraachuu dhabuun miidhaa fedhiin namaa yoo karaa sirrii irraa dabde dhaqqabsiisutti geessa. Yoo akkas ta'e namni jajjabni isa laafaa nyaata, wal-qixxummaan hin argamtu, madaalli waan hundaa qaawwa godhata. Wantoonni hundi bakkee isaanii sirrii ta'erraa bayuun seerri hawaasaa kufa.

Rabbiin guddaan akkana jedhe:

﴿ وَإِذَآ أَرَدۡنَآ أَن نُّهۡلِكَ قَرۡيَةً أَمَرۡنَا مُتۡرَفِيهَا فَفَسَقُواْ فِيهَا فَحَقَّ عَلَيۡهَا ٱلۡقَوۡلُ فَدَمَّرۡنَٰهَا تَدۡمِيرٗا ﴾ الإسراء: ١٦

*[Ganda wayii galaafachuu yoo feene, ergamtoota keenna itti erginee warroonni waa qisaasessan ajaja san fudhachuu didanii jennaan murtiin keenna isaan irratti dhugaa ta'ee, isaan galaafanna] (Al-Israa: 16).*

*Ammas Rabbiin akkana jedhe:*

قَالَ تَعَالَىٰ: ﴿ وَتِلۡكَ ٱلۡقُرَىٰٓ أَهۡلَكۡنَٰهُمۡ لَمَّا ظَلَمُواْ وَجَعَلۡنَا لِمَهۡلِكِهِم مَّوۡعِدٗا ﴾ الكهف: ٥٩

*[Sun ganda galaafatamaniidha, jiraattonni isii lubbuu isaanii miidhanii jennaan. Galaafataman isaanii saniifis beellama galaafatamiinsaa gooneef] (Al-Kahf: 59).*

Fakkeenyota hawaasa badii dalaganii kanneen dhibbaan lakkaayamanii keessaa fakkeenya tokko (matta'aa fudhachuu) osoo fudhanneesunnaan Rabbi karaa godhe kan yoomiyyuu duubatti hin deebine sun silaa ifa nuuf taati. Hawaasni matta'aan keessatti babal'atu bu'uurri haqqummaa isa keessatti kufaadha.

Namni matta'a nyaatu mataa isaa, nama biraa fi seera hawaasa isaa miidha.

Lubbuun isaa immoo xiqqeeffamuun kabajaa fi safuulee haqqummaa irraa qullaa taati.Namoota isa moggaa jiran immoo miidhaan isarra gayuun haqxi isaa gara nama biraatti jalaa geeffamti. Seerri hawaasichaa immoo sababa gocha nama saniitiin seera ummata bal'aa hawaasa tokko uumuuf deemuu san irraa akka namni itti amanamummaa dhabu taasisa.

Seerri naamusa Islaamaa kan kaayyoo madaalawaa nama dhuunfaa fi hawaasa keessatti uumu, wantoota addaa isa bu'uura ta'an lamaan adda baafama:

**Inni Jalqabaa:** inni seera dimshaashawaa jireenya hunda uf keessatti hammatuudha. Kana jechuun geengoon naamusaa Islaamummaa keessatti baay'ee bal'aadha. Dalagaalee nama dhuunfaa hunda, ykn kan nama biraatiin walitti hidhata qabu hunda uf keessatti qabata. Namni kun nama dhuunfaa, garii ykn mootummaa ta'uu danda'a. Hariiroon biyyoonni waliin qabanis geengoma kana keessa seenti.

**Inni Lammataa**: amantii Islaamaa keessatti naamusni bir-qabiinsa osoo hin taane, dhugaa yeroo maraa hin moofne kan wahyii Rabbiin biraa dhuferraa kan burqeedha. Kunis ilaalcha Islaamummaa kan argama bifa wal-qixa ta'een ilaaluu irratti kan bu'uureffameedha. Adeemsi amantiin Islaamaa argama (uumamarratti) qabu hunduu, bu'uura madaalawaa fi hidhata qaburratti bu'uure malee sona wal-faallessaa dhugaan dhaabbataa ta'e hin jiru jedhurratti hin bu'uureffamne.

قَالَ تَعَالَى: ﴿ مَّا تَرَىٰ فِي خَلْقِ ٱلرَّحْمَٰنِ مِن تَفَٰوُتٍ ۖ ﴿٣﴾ ﴾ الملك: ٣

*[Uumaa Rabbii keessatti wal-dabriinsa (hanqina) wayiituu hin argitu] (Al-Mulku: 3).*

Hiikkaan keeyyata kanaa kun waan nuti olitti jenne kanaaf ragaadha. Kanattis dabaluun saayinsiin Fiiziksii ammayyaa boca atomii keessa wal-faallessi wayiituu akka hin jirree fi hundee argamaa keessas walitti bu'iinsi akka hin jirre raggaasisa.

Amantiin Islaamaa akka naamusni ilma namaa haala tasgabbaayarra gayu fedha. Innis kallattiiwwan lamaan bocamiinsa namaa jiddutti akka namni fedhii qabeenyaa jala fiiguun kararraa dabee gabra fedhii isaa hin taane godha. Fedhiin lubbuu tunis jireenya loonii kan baay'ee gadi bu'aa ta'e sanitti nama kuffisti.

Rabbiin guddaan gadi dhaababatiinsa kana hedduu faarse, sadarkaalee naamusni namaa irra gayuu qabu keessaa gadi dhaabatiinsi fiixxee waan ta'eef abbaan isaa galata sadarkaa jalqabaa akka argatu Qur'aana keessatti nuuf hime:

قَالَ تَعَالَى: ﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ قَالُواْ رَبُّنَا ٱللَّهُ ثُمَّ ٱسْتَقَٰمُواْ تَتَنَزَّلُ عَلَيْهِمُ ٱلْمَلَٰٓئِكَةُ أَلَّا تَخَافُواْ وَلَا تَحْزَنُواْ وَأَبْشِرُواْ بِٱلْجَنَّةِ ٱلَّتِي كُنتُمْ تُوعَدُونَ ﴿٣٠﴾ نَحْنُ أَوْلِيَآؤُكُمْ فِي ٱلْحَيَوٰةِ ٱلدُّنْيَا وَفِي ٱلْأَخِرَةِ ۖ ﴾ فصلت: ٣٠ - ٣١

*[Isaannan Rabbiin keenna Allaah jedhanii, eega kanaa achirratti gadi dhaabbatan, (guyyaa du'a isaanii) Malaa'ikaan itti dhuftee hin sodaatinaa hin nayinaa, Jannata hundee keessa jiraattan kan waadaa isinii galamte saniin gammadaa jedhaniin. Nuti ganda addunyaa fi ganda boodaattis jaalallee keessan] (Fussilat: 30-31).*

Gadi dhaabatiinsi sadarkaa kanarraa nama geessu tun kan fiixa baatuun dhugumaan onnee irraa Rabbii ol’aanaa ta’etti amanuu, isa tole jedhuu, waan inni ajaje fudhachuu fi waan inni irraa dhoorge irraa dhoorgamuuf guutumatti harka isatti kennachuuni.

Kunis bifa sirrii ta’een guutuu ta’ee kan argamu yoo sodaa Rabbii qabaatan qofa. Sodaan Rabbii ulaagaa Rabbiin jidduu ilma namaa waan jiruu fi jidduu ilma namaa fi Rabbii isaan uumee jiru ittiin murteessuuf lafa kaayeedha. Sodaa jechuunis ilmi namaa waan Rabbii isaa dallansiisurraa of eeguu, waan lubbuu isaa fi namoota biraas miidhurraa uf eeguudha. Karaa dhugaarratti gadi dhaabachuu fi sodaa Rabbii qabaachuun kun gama lubbuu ufii badii irraa qulqulleessuu fi wantoota gaggaarii irratti leenjisuutiin dhufa. Rabbiin guddaan akkana jedha:

قَالَ تَعَالَى: قَدْ أَفْلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ﴿٩﴾ وَقَدْ خَابَ مَن دَسَّىٰهَا ﴾ الشمس:9 - ١٠

*[Namni isii (lubbuu isaa) qulqulleesse dhugumaan milkaaye. Namni isii xureesse dhugumaan hoongaye] (Ashams: 9-10).*

Lubbuu badii irraa qulqulleessuuf amantiin Islaamaa sirna gabbartii kan akka: salaataa, soomaa, Hajjii, qabeenya ufii irraa zakaa baasuu, Qur’aana dubbisuu, bifa itti fufiinsa qabuun Rabbiin kadhachuu baay’isuu, gabrichi gara Rabbii isaatti fuula deebi’ee yeroo hundaa qajeelluma isarra barbaaduu fa’a.

Seerri naamusaa kan safuulee amalaa fi jireenyaa amantii Islaamaa keessatti daangessu, bifa barbaadamu irra gayuu kan danda’u yoo seerri Rabbiin gabbariinsaa bira jiraate qofa yoo jenne waan bira dabarsine hin qabnu. Seerri sunis ilma namaa bociinsa cimaa fi gaarii ta’een karaa Rabbii irratti boca,

wantoota sadarkaan isaanii guddaa ta’etti ol nama hiixachiisa, akka namni wantoota xixinnoo irraa uf eeganii fi dhimmoota gadhee namaan hin mallerraa akka fagaatan isaan kakaasa.

Seenaalee keessatti, keessattuu amantii Islaamaa kan Rabbiin amantii fi ergaa samii hunda ittiin guute keessatti, barbaachisummaan sirni naamusaa kun qabu baay’ee guddaadha. Sammuun meeshummatti amantu kan qarooma ammayyaa ammaa keessatti argaa jirru tun, waan bu’uurri isaa Rabbi hin jiru jechuu ta’eef, sirna naamusaa argamsiisuu dadhabde. Namni Rabbi hin jiru jedhee mormu immoo sirna naamusaas ta’ee kan gabbartii Rabbiis jala hin deemu. Kan inni itti amanu bu’aa isaa qofa.

Saayinsiin hawaasummaa kan warra Dhihaa biratti qabeenya qofatti amanuu irratti bu’uureffame kun sirna naamusaa hundeessuu hin dandeenne. Sababni isaas itti gaafatamummaan isaa guddaan irra gubbaa hawaasaa kana hubatee sababa akkas isa godhe itti barbaaduu qofa waan ta’eefi.

Bu’uura cimaa kanarraa ka’uun hawaasa qarooma sanii biratti guddisa amantii irratti hajaa jajjaba akka qaban ni mul’ata. Hawaasa keenna keessattis guddisa madaalawaa fi dimshaashawaa ta’e isaan barbaachisa. Kunis dhaloonni keenna Rabbitti amanuu fi safuulee ifaa isaa irraa burqan kan samii fi dachiin ittiin ifte kana irratti akka guddataniifi. Seerri guddisa fi naamusa Islaamummaa yoo sirritti qayyabannee fi hubanne, jireenya keenna kan dhuunfaa fi gareelee keessatti akkamitti akka hojirra oolchinu yoo hubanne, dhaloota gaggaarii nuuf uumuuf ga’umsa gahaa qaba.

Wal’aansoon namoonni dhuunfaan godhanii fi gorsi asii fi achitti godhamu qofti gahaa miti. yoo mootummaan dirqama naamusaa isarra jiru bayatee ummataa fi dhaloota hunda naamusaa fi amala gaggaarii irratti guddise malee.

Mootummaan gadaa hunda keessattuu dhaabbata hariiroo hawaasa isaa kallaattii hundaa fi sadarkaalee guddinaa fi dagaagina hawaasichaa cimsu bakka bu’a. Sadarkaa guddina hawaasaa kana keessatti ogummaan ifatti baya, anniisaan cima, karoorri ifatti baya, itti gaafatamummaan namootarra qoqqoodamti. Yeroo san xiinxalli ilma namaa duratti deema, tuuftaaleen oomishaas gama carraaqqii hawaasaa qaamoleen mootummaa gara garaa qindeessanii fooyya’aa dhufa. Ilmi namaa kan Rabbiin sammuu waa ittiin xiinxallu kenneef kunis haala akkanaa kana keessa sammuu fi fedhii isaatiin sosocho’a. yeroo san gahee isaa kan qarooma ijaaruu fi dhaloota dhufu tajaajiluuf akka qaroomichis itti fufuu qabuu godhuu sanis bayata.

Hawaasa tokko keessatti barbaachisummaan mootummaa guddaadha. Dhugaa abbaa dhugaatiif galchuuf, roorristoota harka qabuu fi ilmaan namaatiif haga danda’ameen gammachuu, nagayaa fi tasgabbii argamsiisuuf qaama cimaa humna qabu kan namoo irraa bakka bu’uu hin dandeenneedha.

Kanarraa ka’uun hayyootiin xiin-sammuu, hawaasaa fi hayyoonni falaasamaa walii galtee mootummaan hawaasa ilma namaa uumama biraa irraa addaan baasuuf barbaachisaadha jedhurra gayan. Eega dhugaan akka dhara injifatu godhuuf humna cimaa malee karaan biraa hin jiru ta’e, eega lubbuun namaa tun guutumatti waan gaggaarii qofa ykn guutumatti waan

badii qofa ka hin feetu ta’e, gamni tokko gama isa kaan injifachuun akkaataa guddisa dhuunfaa fi gareetiin wal-qabata. Kunis babal’ina badii dhoorguuf, madaala hawaasaa tiksuuf, fedhiin daangeffama hin qabne kan ilma namaa namummaa isaarraa hin baafne akka nama hin hubne eeguuf haalli mijaayuudhaani.

Kana ka’umsa godhachuun, warroonni jaalala meeshummaa qabanii fi isaannan amantii fi siyaasaa gargara baasutti amanan waan naamusaa fi amala gaariif iddoo hin kennineef, mootummaan hawaasa keessa harka galfatee qilleensa gaarii safuuleen keessatti dagaagan mijeessuun sirrii miti jedhaa turan. Mootummaan naamusa gaggaarii nabiyyootaa fi ergamtoonni, xiinxallitoonni fi hayyoonni falaasamaa itti yaaman, kan ilmi namaa bu’aa isaa jaarraa hedduuf dhandhamaa ture, kan hawaasa walitti fiduuf, hiree qabeenyaa fi afuuraa gaarii isaaniif guutuuf, wal-qixxummaa, haqqummaa, amanamummaa fi walabummaa yeroo dheeraaf isaanii tiksuuf gahee guddaa taphataa ture kana keessaa harka qabaachuu hin qabu jedhaa turan.

Warroonni meeshatti amananii fi kan amantii fi siyaasni addaan fagaatuu qabu jedhan kunniin mootummaan naamusa hawaasaa sakatta’uu keessaa harka qabaachuun hojii isaatii miti jedhu. Isaan biratti hojiin mootummaa dhimmoota diinagdee qindeessuu, tooftaalee oomisha dabalan argamsiisuu fi kan jiru fooyyessuu, dhaabbilee siyaasaa fi waraanaa bulchuu ykn gaggeessuudha jedhu. Kanaafuu isaan kallattii naamusa hawaasaa daangessuu dhabutti yaamu. Inumayyuu mootummaa fi naamusni (amalli gaariin) addaan bayuu qabu jedhu.

Amantiin Islaamaa naamusa hawaasummaa waan daangessuuf, fakkeenyota naamusa gaarii kan haala yeroo fi bakkeetiif gadi hin jenne, kan uumaa ilma namaa waliin deemanii fi kanneen dhaabbataa ta’an waan raggaasisuuf, warroonni meeshatti amanan immoo faallaa kanaa yaa’uun amantii fi mootummaan addaan bayuu qabu jechutti yaaman.

Mootummaan jalqabumayyuu kan hundeeffameef, dhimmi ilma namaa jajjabni waan argameefi. Dhimmi cimaan kunis ilma namaa bineensa amalaa fi sosochii isaa too’achuu hin dandeenne irraa gara ilma namaa seer-qabeessa ta’eetti jijjiiruufi.

Jireenyi namaa kun kallattiiwwan heddu qaba. Sammuu fi balaqqa’iinsi inni jireenyarratti qabu, lubbuu fi gara laafinni gurguddaan isiin uf keessaa qabdu, addunyaa fi fedhiiwwan gara garaa isiin uf keessatti hammatte, qaamni kutaalee gara garaa uf keessaa qabu; kun hunduu haala jireenya ilma namaa kanaaf kutaalee adda addaati. Mootummaanis jalqaba kan hundeeffameef, hariiroo humnoota kana jidduu jiru qindeessuu fi seera qabsiisuufi. Akkasumas jidduu jaraatti madaala uumuu fi akka kutaalee isaanii jiddutti walitti bu’iinsi hin uumamne ittisuufi.

Kutaalee kanniin jiddutti wal-madaaliinsa argamsiisuufis, gaheen mootummaa kutaalee san hunda kan hunda ilaalu ta’uu qaba. Mootummaan kallattiiwwan jireenyaa hunda bakka bu’a waan ta’eef, qaama siyaasaa, dhaabbata diinagdee, waldaa naamusaa fi amala gaarii, giddu-gala qaroomaa ta’uu qaba. Jireenyi guutuu addaan hin qoodamnee fi kutaalee isii addaan qoqqooduun isii bakkaa sososchoosuudha, miidhaa ilma namaa irraan gayuus danda’a.

Namoonni qarooma warra Dhihaa hoogganan mootummaa fi amantii ykn amala gaarii addaan baasutti waan yaamaniif, waan shaakalaan miira isaaniitiin arganitti malee hin amanan waan ta'eef, akka namoonni karaa dhugaa irraa daban godhan. Hireega isaanii keessa Rabbitti amanuu fi waan ijaan hin arginitti amanuu wanti jedhamu hin jiru. Hundeewwan naamusa hawaasummaa fi fakeenyummaa ol'aanaa kan tasgabbii lubbuu fi miiraa namaaf argamsiisan, kan dhiphina, jibbaa, bololaa fi wal-qeeeiinsa jidduu namaatii dhabamsiisaniif iddoo hin kennan.

Wanti kanarraa ifa nuuf ta'u, yaamichi gahee ykn hojii mootummaa kallattiiwwan jireenyaa keessaa gama muraasa qofarratti gabaabsuuf godhamu kun uumaa ilma namaa faallessa, seerota hawaasummaatiin walitti bu'a, dhugaa seenaalee ummatoota kanaan dura turanii uf duuba deebinee dubbisuun argannu sanniin irraa nama maqsa. Dhagayaa! Mootummaan daawwitii jireenya ilma namaati waan ta'eef, kallattii isaa hunda qixxisa.

Haalli jireenyaa akka mootummaan kallattiiwwan jireenya adda addaa hunda qindeessu, akka garii isaa isaan hafaniin walitti hidhu, bifa ilma namaa hundaaf gammachuu argamsiisuun akka qajeelchu yoo ka dirqama isarratti goodha ta'e, seerri mootummaan itti gaafatamummaa isaa kana hunda galmaan gayuuf irratti irkattu seera dimshaashawaa, madaalawaa fi yeroo waliin deemu ta'uu qaba yoo ta'e, seerri akkasii kun bifa sirrii fi guutuu ta'een mirkanaayuu kan danda'u seera Islaamaa jalatti yoo ta'e, mootummaan dhaloota naamusa

gaarii irratti yoo hin guddisin hojiilee bu'uuraa raawwachuu irratti ni fashala.

Naamusa Islaamaa mootummaa irraa addaan baasuun akka namoonni dhuunfaan qofti naamusa kana hordofan itti gaafatamummaa isaanirratti gatuu jechuun; sonoonni Islaamaa hedduun hojiin ala ta'u jechuudha. Namni Muslimaa tokko waan Rabbi isa itti ajaje hojiin mul'isuu fi murtiiwwan shari'aa fi naamusa isaatiin daangeffamuuf haala mijataa hin argatu jechuudha. Sababni isaas, kutaan guddaan kan hojitti jijjiiramuu danda'uun hawaasni hundi walitti gamtoomuuni waan ta'eefi. Hojiin gamtaan hojjatamu kunis dhaabbilee hawaasaatiin osoo hin taane, qaama mootummaatiin gara hojiitti jijjiirama.

Tariitii namni wallaalaan tokko tokko, kuni dhala namaa duubatti deebisuu, jireenya durii salphaa sanitti deebisuudha jechuu danda'a. Wanti inni kana jedhuuf, akka ilaalcha isaatti rakkooleen qarooma ammaa kun gara caalu wal-xaxaa ta'uun amantiin Islaamaa furmaata gadaa ammaa waliin deemu kennuufii hin danda'u jedhee waan yaaduufi.

Deebiin nuti isaaf kenninu, namni kun hundeewwan amantii Islaamaa hin qayyabanne, seerota shari'aa fi iccitii osoo hin faalamin haga har'aa turuu isaa hin qoranne, qorannoolee ammayyaa kanneen amantiin Islaamaa qarooma addunyaatiif gumaacha guddaa godhan jedhan hin dubbisne. Namni kun ilaalcha hayyoota falaasamaa, abbootii seera fi hayyoota saayinsii ummataa kanneen Islaamummaan jireenya dhuunfaa fi hawaasummaatiif furmaata kennuuf seera cimaa gadi bu'iinsaan waa ibsuudha jedhan irraa fagoo jira.

Namni kunii fi fakkaatonni akka isaa ufii isaanii fi qorannoolee isaanii irra deebi'anii ilaaluun miira qu'annoo saayinsii kan dhugaa qofa barbaaduutiin qorannoo isaanii kana Islaamummaan wal-biratti qabanii, jallinarraa fagaachuun hidda jibbiinsaa isaan keessatti biqilee guddate san uf keessaa buqqisuun dhugaaf ija banatuu qabu. Maddi jibbaa isaan Islaamummaaf qaban kunis taatee seenaa keessatti argamteef ta'uu danda'a, duula namoota amantii keessaa baasuu fi duula kolonii kanneen dhageettii Islaamaa xureessanii akka ilmi namaa jibbu taasisanii, Islaamummaa irratti akka isaan jibbiinsa guddaa horatan godhaniif ta'uu danda'a.

Akkuma namoota dhugaa barbaadan kamittuu qorannoo osoo gaggeessanii, shakkii tokko malee dhugaalee amantiin Islaamaa qabatee dhufe sanitti ni gayu turan. Dhugaan kunis Islaamummaan seera Rabbiin biraa dhufe kan dhala namaa hundaaf gammachuu argamsiisuu danda'u, ilaalchi inni naamusa irratti qabu lubbuu namaa qajeelchuu, amala gaggaarii hawaasa jiddutti facaasuu, namoota gaarii miira namaaf rifatu qaban kanneen mirgoota namaa sarbuu fi nama miidhuu xireeffatan horachuu irratti gahumsa qabaachuu isaa saayinsiiwwan ammayyaatuu raga bayaniifi jiru.

Miirri naamusa Islaamummaa kun miira hawaasni ilma namaa kanneen falaasama qabeenyaa fi sekulaarizimii itti barbaadaniidha. Kunis sababa ilaalchonni kunniin sababoota goggogiinsa ilma namaa fi balaawwan isaan mudatanitti geessan beekuu dhabuu isaatiifi. Sababa kanaaf jecha beektonni saayinsii hawaasummaa, haaromsitoonni fi xiinxallitoonni duula

saayinsaawaa ta’e seera ilma namaa hundaaf waan gaarii kamiyyuu hin argamsiisin irratti gaggeessaniituran.

Hayyoonni rakkinoota dhala namaa qunnamanii fi haala jireenya isaanii kufaa kana hubatan kan irratti walii galan, rakkinni guddaan jireenya qarooma ammayyaa kana qunnaman furamuu kan danda’aniin yoo mootummaan miira sammuu ilma namaa guddaa fi xinnaa hunda keessaa dhabame kana deebisuudha. Seerri naamusaa kan akka Islaamummaa miira gaarii kana namaaf cimsu hin jiru. Qabatamni seenaalee Islaamaa olola isarratti oofamanii fi dukkanoota ija namaa haguugan hunda namarraa dhabamsiisa. Seenaan Islaamaa dhala namaa kanneen fakkeenyota gaggaarii namaaf ta’an, kanneen naamusaa fi amala gaariin beekaman oomishuu danda’ee jira. Dhaloonni isaa dhugumaan dhaloota hundee waan gaggaarii fi dhugaa ta’ee hawaasa ilma namaatiif argamsiisaniidha.

# Kitaabni Kun

Qorannoo imaammata guddina Islaamummaa qoratu irraa dubbata, waan mazhabni Islaamaa fi seeronni isaa kan walii galaa dhimma kanarratti gumaachuu danda'anis ibsa. Kitaabichi dhimmoota isa keessatti kaafaman bifa imaammata Islaamummaa mazhaboota fiqhii hundaaf banaa ta'een dhiyeessa, hojiiwwan shaakallii kanneen ijaarsa ummataa tumsan, ijaarsaa fi kunuunsa dachii, qarooma ummanni Muslimaa amaanaa galmaan gayuu isaa ragaa bayuuf mirkaneessuu fi itti gaafatama dachii tanarratti bakka bu'aa ta'uu bayachuu irratti hojjachutti nama yaama.

Kitaabichi sababni sagantaalee fi karoorri misooma ammayyaa nama gammachiisanii akka inni jireenya gaarii jiraatu taasisuu dhabutti geesse; seera xiinxalaa fi qaroomina sagantaalee kana duubaan jiran yaada jedhurratti dhugaa jirtu lafa kaayee jira. Seerri kufaatii kanatti geesses seera meeshummaa qofa irratti fuulleffachuu, tiyoorii barri baay'een irra taree fi tiyooriidhan hawaasaa kanneen gadaa ammayyaa keessa argaman wabii godhachuun ilma namaa qixuma bineensota biraa ilaalaniin wal-qixa ilaaluudha.

Kitaabichi imaammata/adeemsa misooma Islaamummaa kan wal-guutu, kan hiddi isaa lafa keessa gadi lixe, kan qaamaan aqiidaa, qaroomaa fi haala jireenya hawaasa Islaamaa waliin hidhata qabutti gayuuf jecha, gama ilaalchotaa fi xiinxala Islaamummaatiin yaaddan gara hojii misoomaatti nama qajeelchan bocuuf yaalii taasisee jira.

Xiinxala Islaamummaa keessaa kutaan kun, kutaa baay'ee barbaachisaa barreessitoonni Muslimaa hedduun irratti hirmaachuun waa'ee isaa ifatti baasanii namaaf ibsuu barbaaduudha. Barruuleen baay'een waa'ee kanaa irratti dhiyaachuun, fedhii Rabbiitiin imala dheeraa karaa gabaabaan keessa qaxxaamuruun gufuu duubatti nama hambise kana dhabamsiisee jireenya Islaamummaa gaarii san jiraachutti nama geessa jennee abdanna.